## BAAFATA QABIYYEE


Gabaajee faayida qabeessa yaada bal’a macaafa kanaa……………………………….............1
Yaadannoo barreessichaa: akka tooftaa hiika kanaatti guduunfaa gabaabaa………….............2

**SEENSA**

I. Waa’ee hiika Macaafa Qulqulluukallatti barumsa addaa hiika muraasa…………….....4
II. Akkaataa hiika barsisuudhaan muxannoo barreessichaa…………………………........10
III. Dhimma taayiitaa…………………………………………………………….............11
IV. Mala kan hin taanee kan galumsa barbaachisummaa hiikaa ………………….........13
  A. Dhabamuu fedhii amantoota gidduutti
  B. Kan kootu sirridha jechuu amantoota gidduutti
V. Hundee qabeessa tilmaamaa dursa waa’ee Macaafa Qulqulluu……………................15
VI. Waa’ee tooftaa qabiyyee barreefamaa ibsa wali galaa…………………...................16
VII. Guduunfaa yaadaa tokko tokkoo dubbissaadhaaf……………………………..........17

**MACAAFA QULQULLUU**

I. Fudhatama kan qabuu macaafa qulqullootaa (canon)………………………………......18
II. Naaf ta’uu qaba jedhanii gaaffii dhi’eessuu yaada afuuraan liqimfamuu…..................19
III. Kaayyoo Macaafa Qulqulluu………………………………………………..........20
  A. Macaafaa seeraa miti
  B. Macaafaa saayinsii miti
  C. Macaafa moortuu miti
IV. Dursa tilmaama barreessichaa waa’ee Macaafa Qulqulluu…………………………......22
V. Ragaa uumaamaa olii, kan yaada afuuraan liqimfamuu,fi kan taayitaa Macaafa Qulqulluu........................................................................................................…23
  A. Dursee raajamuu
  B. Argama hafteewwan qaamaa
  C. Dhaabbataa ta’uu ergaawwanii
  D. Dhabbataatti namoota jijjiraman
VI. Rakkoowwan keenya hiika Macaafa Qulqulluu wajjin kan wal qabatee ..……………..24
VII. Kan ammayyaa Macaafa Qulqulluu keenya burqawwaan barreefamaa gurguddaa…….25
  A. Kakuu Moofaa
  B. Kakuu Haaraa
  C. Barreefama ceephoo yaad-rimee ibsa gabaabaa
  D. Barreefama ceephoo ibsawwan hundee amanti
  E. Rakkoo galalacha barreefama harkaa fakkeenyawwan muraasa
  F. Qooqaa tokko irraa gara qooqa biraatti hiikuudhaan rakkoo jiru
  G. Waaqayyoon mul’isuu irratti rakkoo qooqa namaa

**ABOO MACAAFA QULQULLUU**

I. Ibsa dursee tlmaamuu barreessichaa………………………………………………..33
II. Barbaachisummaa hiika mirkaneefamee…………………………………….......33
III. Fakkeenyawwaan miidhaa hiikaa…………………………………….............34

**KAN HIIKU**


I. Haala tilmaamaa duraa …………………………………………………………....36
II. Haaloota abbaa wangeellawummaa fakkeenyawwan muraasaa…………......................37
III. Maal gochuun danda’aamaa?...............................................................................41
IV. Itti gaaffatamummaa kan hiikuu…………………………………………….......42


**KAN HIIKUU MACAAFA QULQULLUU TOOFTAAA QABIYYEE BARREEFFAMAA**


I. Seenaa isaatii fi guddina isaa……………………………………………………………43
   A. Hiika kan Yihudootaa
   B. Barsiisa kan Alaksandariyaa
   C. Barsiisa kan Antiwochiyaani
   D. Barsiisa kan Anitihochiyaanii ibsa hundee amantii
II. Gaaffiillee kan hiikaa……………………………………………………………....46
   A. Barreessaa inni jalqabaa kan inni jedhe maal turee?
   B. Barreessaan jalqabaa maal jechuu isaati?
   C. Barreessaan jalqabaa bakka biratti dhimma mata duree wal fakkaatuu irratti maal turee kan inni jedhee?
   D. Kan biroon barreessitootni Macaafa Qulqulluu dhimma mata-duree wal fakkaatuu irratti maal turee kan isaan jedhan?
   E. Dhageefatootni jalqabaa ergicha akkamitti hubatanii deebii laatan?
   F. Dhugaan kun bara koottii akkamitti hoji irra oolaa?
   G. Dhugaan kun jireenya koo irratti akkamitti hojii irra oolaa?
   H. Itti gaafatamummaa kan isa hiikuu
   I. Macaafni gargaartuun tokko tokkoo


**RAKKOON HIIKAA WANTOOTNI YAADAMUU TOKKO TOKKOO**


I. Kan lamanuu, kan adeemsa amansiisaa fi xiyyaafannoo kan barreefamaa hiikaaf barbaachiisuu isaa……………………………………………………………….....66
   A. Kan barreefamaa qabiyyee barreefamaa
   B. kan seenaa qabiyyee barreefamaa
   C. Barreefama shaarbe
   D. Seer-luga/xinhima
   E. Jecha jalqabaa hiikawwaanii
   F. Keeyata wal cinaa akka ta’utti fayyadamuu
II. Hiika gaaffillee shananii fakkeenyoota faayidaa akka malee……..........................…67


**SEEROOTA HIIKA HOJI IRRA OOLU**


I. Kan afuuraa kallatti.........................................................................................73
   A. Afuuraa fi gargaarsa kadhadhaa
   B. Yaalii nama dhuunfaaf kadhadhaa
   C. Beekumsa wayyuuf jaalala Waaqayyootiif kadhadhaa
   D. Dhugaa haaraa jireenya dhuunfaa keessanitti akkuma sanaan hojii irra oolchaa
II. Adeemsa amansiisaa (kan loogikii) ………………………………………………....73
   A. Hiika baay’eedhaan dubbisaa
   B. Macaafa guutuu yookaan barrefama tokkoo gadi taa’uu tokkootti dubbisaa

C. Hubannaa keessan barreessaa
1. Kaayyoo guddaa dubbifamichaa
2. Wal qabata keeyata dubbifamichaa shaarbe
D. Tuqaawwan kanaa bu'aa qayyabannaa Macaafa Qulqulluu kan biroo wajjin wal bira qabaa
E. Macaaficha guutuu yookaan ifa ta'u barreefamichaa irra deebitanii dubbiftanii guutuu ta'u barreefamicha isa jalqabaa yaada ijoo teesiisaa (jechuun, dhugaan isaa) fi dhimma seenaawwan isaa ilaalaa (jechuun, barreessaa, guyyaa, kan barreefameef, tibba)
F. Kan biroon qabayyannaa Macaafa Qulqulluu bu'aa isaa wal madaalchiisaa
G. Faayida qabeessa kan ta'aan keeyata wal cina ta'an wal madaalchisaa
H. Namootni gara bahaa akkaataa isaan itti dhugaa dhi'eessan bifa falmii wanta lama wal bira qabuutiin
I. Tooftaa barumsa afuuraa
J. Akkaataa fayyadama dubbifama wal cinaa
III. Meeshaan kan ittiin sakkata'uu fayyadamuudhaa fi galumsawwan yaadamu qaban ….80

Yaadannoo qabachuu fi ramaddii kan fakkeenyaa
I. Kan dubbifama... ………………………………………………………..........................82
II. Seerawwan hiikaa..…………………………………………………...…………..84
III. Seera hundee qabeessa Kakuu Haaraadhaaf kan barumsaa qayyabannaa jechaa……...86
IV. Kan hiikaa qajeelfamaa guduunfaa gabaabaa ..…………………………………......87
Kan filatamaan yaada kan kennanmeeshaawwan qorannoo tarreefamaan garee gareedhaan.
I. Macaafa Qulqulluu ……………………………………………………….................89
II. Qorannoo waa'ee akkamitti adeemsiisuu…………………….......................................89
III. Akkataa tooftaa hiikaa…………………………........................................................89
IV. Macaafa Qulqulluudhaaf macaafni seensa hunde qabeessa……………......................89
V. Kan Macaafa Qulqulluu Insayikilopediyaa fi galmee jechoota……………..................90
VI. Walitti qabama yaada bal'aa…………………………………….............................90
VII. Qayyabannaa jechaa…………………………………………………….................91
VIII. Kan aadaa yoomii fi eessaa…………………………………………………...........91
IX. Kan barumsa afuuraa……………………………………………......................92
X. Kan ittisaa dooktrinii…………………………………………….......................92
XI. Akka barbaadanitti kan hin argamne (rakkisaa) Kan Macaafa Qulqulluu ......................93
XII. Yaada barreefama ceephoo ilaalu.........................................................................93
XIII. Hiika jechootaa...................................................................................................93
XIV. Gatiin isaanii kan gadi bu'ee macaafa bituudhaaf weeb-site ........................................93

Waan gaariidhaa fi qajeelfama dubbifama Macaafa Qulqulluu: dhugaa mirkanaa'ee Qorannoo dhuunfaa..........................................................................................................94
Hiika irratti dhiibbaa kan qaban kan Ibirootaa boca gochama ibsa gabaabaa
I. Seenaa guddina gabaabaa Ibirootaa…………………………………………………..101
II. Kallattiwwan yaadamuu qaban …………………..…………………………………...102
A. Gochama
B. Hundeewwan

C. Haalawwan
D. Waw (qubee Ibirootaa)
E. Kan hin murtoofnee
F. Kan gaaffii
G. Kan alta'aa
H. Himoota haalaa
Hiika irratti dhiibbaa kan qaban ibsa boca seer-luga Girikootaa
I. Yeroo……………………………………………………………………….........................108
II. Sagalee...........................................................................................................109
III. Haaloota …………………………………………………………..............................109
IV. Meeshaa qorannoo Girikootaa …………………………….....................................110
V. Maqoota ……………………………….....................................................................110
VI. Dur galootaa fi wal qabsiiftuwwan ……………………………..........................111
VII. Hima haalawwanii ……………………………………………………………........112
VIII. Kan dhorkan ………………………………………………………………...….112
IX. Keeyata…………………………………………….....................................112
X. Cimsa kan argisiisan karaawwa……………………………………..........................112
Fakkeenyowwan yaadannoo fudhachuu
I. Kan barreefamawwan fakkeenya rimiddi –Roome 1-3………………………………..116
II. Fakkeenya macaafa Kakuu Haaraa- Tiitoo …………………………...................121
III. Qabsiisa yaadannoo barreefama ibsa bal'aa Door-Atiley fakkeenya
A. Efesoon 2……………………………………………………………………......127
B. Roome 5………………………………………………………………………........149
C. Roome 6…………………………………………………………………….....163

**DABALATA**

Dabalata tokkoo, Kakuu Moofaan akka seenaatti…………………………………………......174
Dabalata lamaa, kan Kakuu Moofaa seenaan
teessuma lafaa kan barichaa wajjin yeroo wal dorgomsifamuu Aadaan baha dhi'oo…........178
Dabalata sadii seenessa seenaa afaan Ibroota .....................................................................180
Dabalata afur kan Kakuu Moofaa raajamee.........................................................................183
Dabalata shan, kan Kakuu Haaraa raajamee........................................................................188
Dabalata ja'aa kan kan seer-luga Ibirootaa...........................................................................191
Dabalata torba kan Ibirootaa barreefama ogummaa ..........................................................194
Dabalata sadeeti kan raawwii raajii ....................................................................................198
Dabalata sagal fakkeenyawwaan hiikuu..............................................................................200
Dabalata kudhan hiika irra kan oolaan jechoota .................................................................204
Dabalata kudha tokkoo macaafa waabee fi macaafa heeran ................................................215
Dabalata kudha lama ibsa amantii........................................................................................219
Kan barnoota hiika walaloo (barataa duraatiin)...................................................................221

# Ibsituu Kana Keessatti Gabaajee hojii irra oolan

| | |
|---|---|
| AB | *Anchor Bible Commentaries*, ed. William Foxwell Albright and David Noel Freedman |
| ABD | *Anchor Bible Dictionary* (6 vols.), ed. David Noel Freedman |
| AKOT | *Analytical Key to the Old Testament* by John Joseph Owens |
| ANET | *Ancient Near Eastern Texts*, James B. Pritchard |
| BDB | *A Hebrew and English Lexicon of the Old Testament* by F. Brown, S. R. Driver and C. A. Briggs |
| IDB | The Interpreter's Dictionary of the Bible (4 vols.), ed. George A. Buttrick |
| ISBE | *International Standard Bible Encyclopedia* (5 vols.), ed. James Orr |
| JB | Jerusalem Bible |
| JPSOA | *The Holy Scriptures According to the Masoretic Text: A New Translation* (The Jewish Publication Society of America) |
| KB | *The Hebrew and Aramaic Lexicon of the Old Testament* by Ludwig Koehler and Walter Baumgartner |
| LAM | *The Holy Bible From Ancient Eastern Manuscripts* (the Peshitta) by George M. Lamsa |
| LXX | Septuagint (Greek-English) by Zondervan, 1970 |
| MOF | *A New Translation of the Bible* by James Moffatt |
| MT | Masoretic Hebrew Text |
| NAB | New American Bible Text |
| NASB | New American Standard Bible |
| NEB | New English Bible |
| NET | NET Bible: New English Translation, Second Beta Edition |
| NRSV | New Revised Standard Bible |
| NIDOTTE | *New International Dictionary of Old Testament Theology and Exegesis* (5 vols.), ed. Willem A. VanGemeren |
| NIV | New International Version |
| NJB | New Jerusalem Bible |
| OTPG | *Old Testament Passing Guide* by Todd S. Beall, William A. Banks and Colin Smith |
| REB | Revised English Bible |
| RSV | Revised Standard Version |
| SEPT | The Septuagint (Greek-English) by Zondervan, 1970 |
| TEV | Today's English Version from United Bible Societies |
| YLT | *Young's Literal Translation of the Holy Bible* by Robert Young |
| ZPBE | *Zondervan Pictorial Bible Encyclopedia* (5 vols.), ed. Merrill C. Tenney |

## ERGAA BARREESSAA:
## IBSIISTUUN KUN AKKAMITTI SI GARGAARA?

Hiikkaan kitaaba Qululluu walabaafi adeemsa afuuraan kan gargaaramee, yaada barreessitoota duriihubachuunergaan Waaqayyoo akka hardhas hubatamee hojiirra oolu kan xiyyeeffatamedha. Adeemsi afuuraa baayyee murteessaa garuuu moo ibsuufis rakkisaadha. Waaqayyootti of gadhiisuufi banaa ta'u gaafata. Dheebotuu (1) Isaaf, (2) Isa beekuuf, fi (3) Isa tajaajiluuf jiraachu qabu. Adeemsi fedha
godhachuu gaafata. Hiikkaa keessatti hojiin afuuraa, guddinaa, kiristaanonni jaboo akka Birooottii waan hubataniif murteessaadha.

Adeemsa walabaa ibsuun salphaadha. Fedha dhuunfaa keenyaa ykn amantii keenyaa jala hingaliin qabiyyee wajjiin ifaafi madaalawaa ta'uun dirqama. Nuyi cufti keenya seenaadhaan haalaan qabamneerra. Eenyuyyu namni hiikaa qajeelaafi walabaa ta'ee hin jiru. Ibsituun kunis rakkina ilaalcha keenya hiikkaa iratti nu rakkisu hambisuu qajeelcha hiikkaa sadii dhiyeessitee jirti.

### Qajeelcha duraa

Qajeelchi duraa seenaa yoomessa kitaabni qulqullu itti barreeffame qabachuufi haala seenaa barreessichaati. Barreessaan ka'umsaa kaayyoofi ergaa dabarfatu ni qaba. Qabiyyeen barreeffamichaa nuyiifi homaa jechuu miti akkuma barreessicha kaka'umsa argatee isa durii, duraa sani. Fedhiin isaa seenaa, miirama, aadaa ufiifi bu'uura keenya miti furtuudha. Hojmaanni cinaacha hiikkaa adda itti hin baanedha, garuuu hiikkaan sirrii hojmaata dursuu qaba. Qabiyyeen kitaaba Qulqulluu hiikkaa tokkoofi tokko qofa qabaachunsaa dirqama. Hiikkaan kuni fedha barreessaa kitaaba Qulqullu jalqabaa hoggansa afuuraan ergaa inni warra hardhaaf dabarsuu barbaadedha. Hiikkaan tokkitiin kun garuuu hojumaata hedduu haalaafi aadaa adda addaa keessatti qabaachuu ni danda'a. hojumaanni kun dhugaa giddu gala kan barreessaa duraa wajjiin wal dhuguu qaba. Kanaafu, ibsituun qajeelchaa qo'annoo kun kitaabooa kitaaba Qulqulluu tokkoo tokkoof seensa akka ta'uuf qophaa'e.

### Qajeelcha lammeesso

A. Barruu Giriik Yunaayiti Baayibil Soosaayiti maxxansa afuraffaa (YBS4). Barruun kun hayyoota bammayyaan kan buufaamedha.

B. Hiikkaan Niiw Kiingi Jamsi Vershin (KJHH) aadaa Giriikoota Teekistuu Reseptas jedhamee beekkamuun hiikkaa jechaa jechatti hiikkamedha. Dheerinni buufatasaa hundarra ni caala. Kun ammoo bartoonni qabiyyee gumoofte akka hubatan isaan gargaara.

C. Hiikkaan Niiw Rivaayizdi Isaandard Vershin (NRSV) hiikkaa hammayyaa jechaa jechatti godhamedha. Hiikkoota hammayyaa lameen giddutti wiirtummaa kan uumedha. Hiramsi buufatasaa ijoo baafachuuf baayye gargaaradha.

D. Hiikkaa Tuudeyis Ingilish Vershin (HIH) isa maxxansa Yuunaayitid Baayibil Soosaayiti maxxanseen kan gituu maxxansa addaati. Akkaataan hiikkaa 'saas akkaataa iti dubbistoonniifi dubbattonni afaan Ingilizii bara kanaa itti afaan Giriiki hubachuu danda'aniin kan qophaa'edha. Irra guddessa, keessattu Wangeela, buufaa akkaataa dhimmicharra akkaatta isa dubbateen kan hiredha, akkuma NIV. Akkaataa hiiktootaaf hin fayyadu. YBS4 fi HIH lameenu buufataan gargar haa ta'an malee maxxansaansaanii qaama tokko ta'uu hubatamu qaba.

E. Hiikkaan Jerusaalem Baayibil (JB) hiikkaa gita kaatolika Faransaayi kan ta'e hiikka adaati. Kallattii buufata Awurooppaanotaan madaaluuf baayyee gargaaraadha.

F. Caafanni kun hiikkaa Niiw Amerikaan Sitaandard Bayibil ((NASB) harawaa 1995ti, hiikaa jechaa-jechatti. Qeeqni lakkoofsa-lakkofsattis buufatatti hordofee jira.

## Qajeelcha Sadeesso

Qajeelchi sadeessoo hiikkaa kitaaba qulqulluu adda dubbisudha. Kunis hiikkaa balloo jechoonniifi jechamni kitaabichi qabaachuu danda'u ittiin argachuudha. Yeroo hedduu jechii ykn jechamni Giriiki karaa hedduun ni hubaama. Hiikkaan gargaarii kunis carraa kanaafi barruu Giriiki adda baasuufi ibsuuf gargaare jira. Kun doktiriinii hin miidhu, garuuu duubatti deebinee yaada bareessitoota jalqabaa cufame akka argamu ni gargaara. Ibsituun kun barataan akka dafee hiikka ofii ilaalu gargaara. Kunimmoo hiikko ta'u miti, garuuu caalatti odeeffanno kennuufi yaada kakaasudha. Hiikkonni Biroo ammoo **ofitoo**, **dogma'uu** fi **bu'uuroo** akka hin taanes ni gargaara. Hiiktonni barruun durii hangam takka rakkisoo ta'uu akka hubataniif carraa bal'oo hiikko isaan barbaachisa. Kiristaanoa kitaaba Qulqulluu madda dhugaasaanii godhaan giduu waliigaleen jiru xiqqaachuun rifachiisadha.

Qajeelfamni kun haal seenaa kiyya irra aanee barruu durduriin akkan qasaa'u na dirquun na gargaaree jira. Abdiin kiyyas isinifiis eebba akka ta'udha.

Bob Utley
East Texas Baptist University
Waxabajjii 27, 1996

# SEENSA

## I. Waa'ee kallatti hiika Macaafa Qulqulluu kan hiikaa barumsa addaa jecha muraasa

Nan yaadadha, akka amanaa haaraatti, waa'ee Yesuus, waa'ee jireenya kiristaanaa, fi waa'ee Macaafa Qulqulluu baay'ee beekuun na gammachiisa ture. Macaafa Qulqulluu qayyabachuun tokkoon tokkoon amantootaa gammachuudhaa fi gammachuu ta'uu isaa natti hima ture. Macaafa Qulqulluu dubbisuu yeroon jalqabuu ammam abdii kutachiisaa akka ta'ee nan yaadadha. Jabina gammachiisaa ta'a jedhee kanan yaadee gara abjuu jeequmsaatti jijjirame.

"Qayyabannaa Macaafa Qulqulluu dhuunfaa yaadii isaa baay'ee isaanii kiristaanoota ni sodaachisa. Innis leenjii dhaabbataa tokkoo illee malee baay'ee rakkisaa fakkaata. Faarf. 119 ciminaan akka nu argisiisuu tokkoon tokkoon kiristaanaa sagalee budeenna afuuraa isaa nyaachuun akka irra jiraatu argisiisa." (Maayihu 1986, 45).

Haa taa'uu malee abdiin tureeraa. Leenjii kan amantaa Macaafa Qulqulluu dhuunfaa kootti hubachuudhaaf meeshaa barbaachiisaadhaa fi mala akka naa kennuu natti himamee ture, kana ta'us garuu gara dhugaa muraasaatti jijjirame. Dhugaadha, leenjiin kan amantaa karaa ajaa'ibsiisaa baay'eedhaan Macaafa Qulqulluu naa ibsee ture. Ta'us, akkuma sanaan immoo kan naaf mirkaa'ee, barumsa dabalataatii fi barumsaa addaa barbaachiisaa ture, Macaafa Qulqulluu dhugumatti hubachuudhaaf. Akka tasaa kanaan hubadhee waa'ee barnoota hiika afaanii, kan hiikaa, kan ibsaa, fi kan barumsa afuuraa beekumsa addaa barbaachiisuu isaati, Macaafa Qulqulluu guutuu guutuutti hubachuudhaaf. Yeroo kanatti, sadarkaa barnoota kootiin akkan hubadheetti, ogeesootni na leenjisan Macaafa Qulqulluu bifa tokko ta'een hiikuu dhiisuu isaanitiin, (Silivaa 1987, 2-3). Tokkoon tokkoon isaanii akka cimsa laataanitti kara ogummaa isaanitiin beekumsi adda ta'ee murteessaa ta'uu isaa ni ibsu, hiika macaafa sirrii ta'e. Akkasumas keeyatni rakkisaa ta'ee tokko tokkoo akkamitti akka hiikamuu osoo wali hin galiin itti fufan.

Yaadi kun barnoota kiristaanummaa cimina irratti murteessaa jechuu miti, garu abdii kennamee hundumaa kennamuu akka danda'amuu beekamtii laachuu dha. Al tokko tokkoo, isa tokko biratti, karaa tokko tokkoon barnoota irra kan caaluu ni jiraata.

"Macaafni qulqulluun baay'ee salphaa kan ta'ee dha, isa dhumaa barumsa kan hin qabne illee hundee ergaa isaatti hubachuu kan danda'uu, akkasumas gadi fagoo dha, beekaan beekamaan illee hiika isaa guutuu hubachuu kan hin dandeenye" (Siikultiizi fi Hinchii 1976, 9).

Osoo hin beekamiinis hiika Macaafa Qulqulluu gara adda hin baaneetti rimiddii barnoota ogesootaatti ni jijjira. Namoota akkasumaanii Macaafa Qulqulluu barrefamee fudhannee caroomuu, baay'ee kan qarooman ogeyyoollii fi ni laana.

Wikiiliif akka barreeseetti, "Kristoosii fi ergamootni isaa sabicha kan barsiisan sirritti qooqa beekaniin. Kan mirkaneefatee amantaan kiristaanummaa dhugaan isaa baay'ee ifaa kan ta'uu amantaadhaan baay'ee mataan isaa yoo beekamee dha. Kanaafis, doktriniin isaa laatini qofaan ta'uu hn qabu, qooqa biraatiinis immoo male, amantaan waldaa kiristaanaa sagalee isaa irratti akka hundaa'ee, isaan kunnis caalaatti kan beekaman miira dhugaadhaan haala wayyanii dha. Amanaan kan biraan amantaa hubachuutu irra jiraata, akkasumas ibsa amantii sagallee isaa irraa akka ta'ee, amantootni sagalicha argachuu kan qaban guutummaa guutuutti qooqaa hubataniini dha" (Meeyihu 1986, 106).

Hiiki geggeefamaa kan godhamee wal cina kan ta'ee (1), Yihudootni ogeessaa seeraa isaanii, barreesitoota isaanii godhaniiru, (2), Ginoostikoonni cimsa beektootaa irraa fi beekumsa

dhokkataa wajjin godhataniiru, isaan qofti kan qoodatani fi (3), jaarraa giddu galleessatti waldaan kiristaanaa Roomaa katoolikii lubootaa fi amantootaan laman isaaniitiin ni godhu, hanga bara ammaatti osoo itti fufee. Nuyis itti fufnee Macaafa Qulqulluu namoota yagutoo irraa fuuneerra, dhugaa isaa ogeessaa fi akka argamuu gochuudhaan. Kan hiika macaafa qulqulluu, walaansaa ogeessaa fayyaatiif akka ta’ee gooneera, tokkoon tokkoon qaama namaa ogeessa adda ta’ee akka qabuu, ta’es isaan ogeeyyolliin kun yeroodhaa yerootti qorannoodhaa fi walaansaa irratti akka wali hin gale. Baayinaan wal fakkaataa kallatti jireenya ammaayyaatiin bakka kamitti iyyuu ta’eera, kolleejjii kiristaanootaati fi saaminaarii dame barnootaa dabalatee.

Har’a kan argamuu ragaan irraa hafee, ogummaa adda ta’ee kan qaban karaa mataa isaanitiin illee turuu hin danda’an. Kanaaf kiristaanni akkasumaanii akkam godhee beekumsa macaafa qulqulluuttiin eegamuu danda’aa “ogeessii” kan jedhaman illee gochuu kan hin dandeenyee? Gordeen Fee sagalee Waaqayyoo hiikuu kan jedhu macaafa isaa irratti ibsa kana laateera,

“Barrefama kana irratti yaadonni dhi’aatan nama akkasumaanitii fi baay’ee kan ijaaraman itti fakkaachuu danda’a, irra guddaan macaafni qulqulluun kan dhi’aataniif, hiiki kunnis dhimma ogeessoota akka ta’e. Gaarummaan isaa, afuurri akka qilleensaatti ‘gara jaallatutti qilleensa’a’ (Yoha 3:8), fi karuma kanaan, inni karaa ajaa’ibsiisaa ulfina isaatiinogeessa darbee nu bira kallattiidhaan ni ga’a” (Siikooltizii fi Hinchi 1976, 126).

Naannoo kanatti hiikaan (geggeefama hiika macaafa qulqulluu) fi tarreessuudhaan (hiikaa hojii irra oolee irratti) kan nutti wali gallu Macaafa Qulqulluu yeroo hubannu dursi kan kennameef waan fudhannuuf. Daani’eel Weebisteer dhimma kana irratti yaada isaa kenneera.

“Ani akkan amanutti Macaafa Qulqulluu hubachuus ta’e fudhachuun kan irra jiraatuu ifatti, ifa kan ta’ee hiika keeyataatiin, akkasumas mataa koo irratti wali hin galchu, kunnis macaafichi kan yaadamee addunyaa maraaf fayyinaa fi jijjirama ta’ee osoo jiruu hiika isaa argachuudhaaf haga kanaa dhoksaadhaa fi shakkii hin barbaachiisu, eenyu niyyuu osoo hin ta’iin falaasamtootni kan akka isaan argatanitti” (Meeyhuu 1986, 60).

Inni kan fakkaatuu barnoota fooya’ee dhiibbaa fedhii, kunnis Macaafa Qulqulluu hiikuudhaaf isa guddaa barbaachiisaa gochuu isaa dhugumatti dogogora. Kunnis baayinaan irra caalaan addunyaa raawatee kana hin ture, qabaachuus raawwatee hin danda’u, haara’umsa booda Awuroopaadhaa fi Ameerikaa kan jiru leenjiin barumsa afuuraa.

“Tarii namootni baay’een kan isaan yaadan macaafa waabii akka ibsaa fi akka jecha galmee jechootaa macaafa qulqulluutti, qayabannaa macaafa qulqulluuttii fi meeshaa barbaachiisoo akka ta’aanii dha, gargaarsa isaanitii fi shakkiin tokko iyyuu hin jiru. Isaan beektoota Macaafa Qulqulluu keessa isaanii nu argisiisa. Kristaanoonni hedduun keessumaatti sadarkaa gadi aanaa irra kan jiran gargaarsa kana argachuu hin danda’an. Isaan sana amma argatanitti Macaafa Qulqulluu hin qayyabatanii? Akkana yoo ta’ee, warri tokko tokkoo bara baraan eeguu isaanii” (Sitiirtii 1973, 33).

“Inni tokkoo amanachuu qabaachuu danda’a, kan guyyaa guyyaa qooqii baay’inaan qabiyyeen seer-lugaa, isaanis barreefama Macaafa Qulqulluu hubachuu kan dandeesisuu qabateera jedhe. Kun dhugaa yoo hin taane, baay’een kutaan kirstaanummaa qayyabannaa macaafa qulqulluutiif kan hin geenye ta’a, akkasumas macaafni qulqulluun nama muraasaaf kan filamaniif qofa ta’a jechuu dha” (Tiraayinaa 1985, 81).

Waldaan kiristaanaa dirqamatti gara ejjennoo madaalli sirritti deebi’utuu irra jiraata (1), Barumsaa fi (2), Uumamaa ol kan ta’ee kennaa gidduu. Baay’een wantoota guddaa hordofaa,

ergaan Macaafa Qulqulluu siritti hubachuudhaaf jechuun yoo xinaatee dadamaqiinsaa afuuraa, kennamuu fi kennaa isa hiikuu. Nama leenji'ee haala gocha tokko tokkootiin kan faaya'ee beekumsa akka qabaatuu ifadha, haa ta'uu malee isaan grguuddaa isaanii ta'uu dhiisuu danda'a.

"Jiraachuu afuura qulqulluutii fi dhugaa wajjin wal qunamsiisuu kan danda'uu wali galtee qooqaa dabalatee Macaafa Qulqulluu mataa keessanii qayyabachuu fi hiikuu kan isin barbaachiisuu hundumaa isiniif kenna" (Heenirikeseen 1973, 37).

Macaafa Qulqulluu hiikuun kennaa ta'uu ni danda'aa, ta'es dame barnootaa? kana jechuun kiristaanootni hundumtuu Macaafa Qulqulluu ofii isaanii hiikuudhaaf mirgaa fi itti gaaffatamummaa hin qaban jechuu miti, haa ta'u male barnoota oli kan ta'ee ni jiraata ta'aa? Fakkenya wayyuu ta'uu kan danda'uu kennaa abbaa wangeelawummaati. Naannoo dhuga-baatiitti kennaan kun jiraachuun isaa ifaa dha. Bu'a qabeessummaa isaatii fi ija qabessummaan isaa ifaa dha. ta'us, kun dhugumatti dhuga baatiidhaaf kan filataman, muraasa warra kennaa qaban qofa itti gaaffatamummaa Macaafa Qulqulluu akka qabanitti hin argisiisuu yookaan gadi hin qabu. Amantootni hundumtuu barachuudhaa fi kan wayyuu gochuu ni danda'au, bifa fooya'een amantaa keenyaa qooduudhaaf leenjiidhaa fi shaakala dhuunfaatiin. Kunnis hiika Macaafa Qulqulluu ni ilaalata jedheen amana. Afuura qulqulluu irratti hirkatummaa keenya gochuu qabna (Siilvaa 1987, 24-25) keessa barumsaa irraa fi bu'aa shaakala gochaa wajjin.

"Hanga tuqaa kanaatti hiika macaafa qulqulluutii fi barnoota kan hin taanee galumsa akka degeruutti fakkaachuu danda'a. Dhugumaan dhimmi isaa isa kana miti. Spurjiwoon of nu eegachiisa akkana jechuun, 'warri tokko tokkoo afuurri qulqulluun akka isaani ibseetti hedduu yeroo dubbatan adda nutti fakkaachuu danda'a, kan birootiif immoo xiqqoo qofa akka ibseefitti yaaduudhaan'" (Heenirikeesen 1973, 41).

Kunnis dhugaa ifaa lamaan kanaa akkamitti madaallii isaa akka eegnu gaaffii kaasaa: Dandeentii Waaqayyoo, karaa sagalee isaatiin namoota hin barannee qunaamuudhaaf barnootni akkam adeemsa isaa akka ariifachiisu.

Tokkooffaan, cimsuu kanan barbaaduu carraa barachuudhaaf qabnuu dhugumatti tilmaama keessa galuutu irra jiraata. Baay'ee kan itti kennamee, baay'eetu irraa barbaadama (Luqa 12:48). Kristaanootni baay'een foyaa'insaa fi kaka'umsa hin qaban, carricha osoo hin taane. Tiksummaan keenyaa carraa keenya qofaaf miti, kakka'umsa keenyaa fi amala keenya dabalateetti malee.

"Waaqayyo hiikaa ofi isaatiti, haa ta'uu malee barataan qulqulluu sagalee isaati namuusa kan qabuu sammuu akkasumas laphee o'aa qabaatee dhufuutu irra jiraata. Amantaan karaa muraa tokkoo iyyuu hin qabuu, itti gaaffatamummaadhaan kan guutamee dubbifama Macaafa Qulqulluu irraa kan hafe. Yoo hin taanees hiika Macaafa Qulqulluu ogeyyoollii muraasaa fi dhiisuun nurra hin jiraatu. Eenyuu keenya illee hojii hiikuu dhabamsiisuu hin dandeenye. Yeroo hundumaa inni tokko yeroo dubbatu kan dhageenyuu, yookaan inni tokko kan barreesse yeroo dubbisnu, waan jedhamee ni hiikna. Macaafa qulqulluus yeroo banannuu adummaa hin qabu. Gaafficha hiikuudhaaf waan barbaanneef miti, haa ta'uu malee akkamitti gaarii goonee yookaan balleesinee hiikuu keenyaa dha" (Jaanseen 1968, 17).

Laphee o'ee barbaachisummaa isaa, dabaluu kanan barbaaduu, ammam illee lapheen keenya yoo o'ee amma iyyuu cubbamoota (Siilvaa 1987, 23, 118). Of eegannaa gochuu qabna, hubannoo Macaafa Qulqulluu irratti qabnu yaada Waaqayyotii wajjin wal argisiisuudhaaf. Durattis hundumti keenya akkanuma ture, itti fufeenyannis ni taana, jireenya cubbuudhaan miidhame. Ibsi yeroo darbee qajeelfama hiika gaarii yoo hin taanees akkaata galumsa ibsaa yoo

hin taanees laphee o’ee gara cubbuutti harkifamuu nuyii qabnuu hambisuu hin danda’u. Gadi of qabummaan hiika keenya faana deemuu ta’uu qaba.

“Hiika fayya-qabeessa ta’ee kan galumsa gadi of qabummaa gaaffata. Kunnis kan biroo irraa barachuu gadi of qabummaa qofa miti, haa ta’u malee baay’ee karaa hiika qabuun inni tokkoo jecha inni hiikee firdii jala gadi of qabuumaadhaan dhufuu dha. Ammam illee hojiin hiikaa qayyabannaadhaa fi murtii yoo gaaffatees, galmi isaa dhummaa kan ta’uu jechi inni qayyabatuu gara isaa ga’ee akka waamuu fi aboomamuudhaaf gahaa akka godhuu” (Goordeen Fii Sikultizii fi Hinchi akka heerameetti 1976, 127).

Kan biraan hiikii yaadamuu qabuu hanga hiikaatii fi sadarkaa isaa adda baasuu dha. Anaaf ifa kan ta’e namoota hin leenjinee waan gadi fagoo ta’ee qabaachuu hin danda’an, kan leenji’ee kan hiikuu haga inni qabu. Ta’us, kunni beekumsa hin xuuramnee dogogora kan qabuu beekumsa jechuu miti.

“Sagalee Waaqayyoo ni hubanna jechuun keessa isaa kan jiruu hundumaa ni hubanna, rakkoo hiikaa hundumaa ni hiikna, gaaffii keenya hundumaatiif deebii ni arganna jechuu miti. Kan wantoota tokko tokkoo hiikii ifa ta’ee amma iyyuu dhoksaa fakkaata” (Striit 1973, 16).

Akkana yoo ta’ee, beekumsi namaa hundumtuu ramaddii wal fakkaata irra. Hojiin afuuraa ijoollee Waaqayyoo gara dhugaatti geggeessuu (Yoha 14:26, 16:13-14, 1[ffaa] Yoha 2:20-21) bal’achuu kan danda’uu dandeetti beekumsa keenyaa qofa dha. Hundeen amantaa kiristanummaa eenyuun iyyuu beekaamuu danda’a, Macaafa Qulqulluu salphaatti dubbiisuudhaan, inni/isheen hiika hubachuu danda’aniin. Barnootni kiristaanummaa gatiidhaan kan hin tilmaamne gargaarsa kan ta’uu bilchinaa fi naannoo madaalitti. Naannoo hiikaatti afuura qulqulluutti amanachuu dandeenya. Dhugumatti hiikii waliin dha’amee fi rakkoon barumsa afuuraa jiraachuu danda’u, ta’us garuu beektootni kun hin argamanii?

Waldaan kiristaanaa isheen ammayyaan wanta guddaa barbaachiisaa amantoota hundumaa gara waan hiika qabutti kan dhuunfaa, qayyabannaa Macaafa Qulqulluu guyyaa guyyaatti ofi isaaniitiin akka godhan dandeesisuu dha. Kunnis leenjii waldaa kiristaanaa of keessatti qabata, malli hiikaa, isaannis beekuudhaa fi hoji irra oolchuu kan danda’an.

“Wal’ansoon waldaa kiristaanaa kan ta’uu dhuunfaatti qayabannaa macaafa qulqulluu, Macaafa Qulqulluu warra amanan giddutti cimsanii adeemsisuudhaaf” (Hoosboornii fi Wood Waardi 1979, 13). Kunnis cimsa dabalataa itti kennameera:

Qayyabannaa Macaafa Qulqulluu gadi fagoo, akka ilaaleetti, ta’uu kan qabuu tokkoon tokkoon amanaatiif, nama hin barannee barataa sagalee isaatti yookaan ogeessaa hojjeetaa kiristaanaati. Dirqamatti yaadachuu kan qabnuu Waaqayyoo yeroo jedhuu sammuu akka qabaanuu nuu hin gaaffanne, haa ta’uu malee amanamoota akka taanuu nurraa eegama. Yeroo irraa hafee fudhatee Macaafa Qulqulluu qayyabachuu sammuu qaramaa nu hin gaaffatu, haa ta’uu malee amanaa namuusa qabuu gaaffata. Amanamummaanii fi namuusi roga saantima garlameeti” (Oosbooriinii fi Wood Waardii 1979, 82).

Mala hiikaa gara yaad-rimee hubannaa miiraatti gadi buusuutu isin irra jiraata, dhugumatti isaan wanta adda ta’ee of keessati hin qabatan, gara amanamummaa yaada namootaa irraa hojii irra oolchuu dandeettii qooqaa irraa kan hafee ( Fee 1982, 16, Siir 1980, 51). Waaqayyoo nu wajjin baay’ee qunamtii barbaada, akkuma amantootni sagalee isaa hubachuu barbaadan. Malli isaa kan nama dhuunfaa adeemsa hiika ofi isaatii madaalaa gochuu ni barbaaduu, gaarii dha, waabii wantoota mirkanaa’ee dhi’essuudhaan, safisa danda’ameen

adeemsa isaatiin. Kunnis kan adda ta'een kan seenaatii fi wantoota aadaa durii irratti ta'a. Goordeen Fee isaan yaada gargaaran kana ni kenna.

"Ogeessaa yoo hin taanees kan nufuu kan hin taanee haa ta'uu, ta'uu garu dabalataan qayyabachuuf qophaa'aa haa ta'u, akkasumatti kennuu qofa miti. Qorachuudhaaf isaan meeshaa guddaa kana fayyadamuutu irra jiraata (A) tokkoo ol hiika gaarii bara kanaa. Kunnis filatamuu kan danda'uu wantootni tokko tokkoo yeroo uumamaanii dha. Inni mirkaneefataa ta'uu qaba hikoota fayyadamuudhaaf, isaaniis dubbifama akkasumaanii fi walaloo gidduu garagarummaa jiruu beekamtii kan laataan, akkasumas keeyata irratti xiyaafannoo kan kennan (B) yoo xinaatee yaada bal'aa gaarii tokkoo, keessumatti barreefama kana irratti kan hammataman tilmaama qajeelfama hiikaa keessatti ha galchan (Miisa. C.A. Baareet, 1[ffaa] Qoro. Irratti F.F. Biruus, Ibiroota irratti, R.D.Braawun Wangeela Yoha. Irratti). Ammas, baay'ee isaanii qorachuudhaaf fillannoo adda addaa ilaaluu dandeesisa. (C) Kan mataa isaatiin qaamaa miiraa. Qulqulluun sagalee isaa hiika dhokataniin kan guutaman miti, qonna albuudaa dukkanaan bowwaa keessaa qotamee akka ba'uutti miti. Barreessaa macaafichaatiin ifatti maal jechuu akka barbaadee argachuuf yaaluu dha. Kaayyoon kunnis yeroo hundumaa kan inni qabaatuu gara kutaa olii yeroo ta'uu ilaaluus kan inni barbaaduu muraasa gara seer-lugaa yookaan seenaa keessatti ilaaluu dha. Yeroo hundumaa inni kan argamuu fuulduratti yeroo ta'uu, akkasumas ogeessichi ni dhaba sababni isaa inni kan inni shaakalee immoo dursee qotuudhaan booda irratti ilaaluu dha. Tuqaa kana irratti ogeessa kan hin taanee ogeeyyoollii baay'ee barsiisuu danda'a (Goordeen Fee sagalee Waaqayyoo hiikuu?" Sikultizii fi Hinchii akka heerameetti 1976, 127).

**Ergaa amantootaaf**

Namoota ogummaa addaa hin qabnehedduudhaaf guddachaa kan adeemuu miira dhabuu fi dhimma irraa dhabuu dirqamatti qayyabannaa Macaafa Qulqulluu irrati argama. Baay'een isaanii namni biraan Macaafa Qulqulluu akka isaaniif hiikuu ni barbaadu. Kunnis qajeelfama Macaafa Qulqulluu kan ta'ee "hojii lubummaa amantootaa" fuula ibsa, kunnis haara'umsaan miira ho'ee kan cime ture. Nuyii hundumti keenya karaa Kristoos Waaqayyoon beekuudhaaf akkasumas mataa keenyaaf fedha isaa jireenya keenyaan hubachuuf itti gaaffatamummaan nurra jira (jechuun, dandeetti lubbuu). Itti gaaffatamummaa guddaa kana kan birootiif bakka bu'umsaa kennuu fi ija jaabaachuun nurra hin jiru, ammam illee nama sanaa yoo kabajnees. Hundumti keenya Waaqayyoodhaaf deebii keenya ni laana, waa'ee Macaafa Qulqulluu hubannaa keenyaa fi akkamitti akka itti jiraannee (wal bira qabi, 2[ffaa] Qoro 5:10).

Duraan dursee kan wal fudhatee qayyabannaa Macaafa Qulqulluu irratti (lalaba, tarreefama) xiyaafachuun bara kanatti maaliif babalatee? Jalqabatti, akka natti fakkaatuutti hiikooti lakkoofsa guddaa qaban aadaa warra lixaatiin baay'ee argachuu jeequmsa guddaa uumeera. Kunnis eenyu iyyuu Macaafa Qulqulluu irratti kan wali hin galee fakkaata. Dhugumaan dhimmii isaa kana miti. Ta'us, tokko dirqamatti adda ba'uu qaba, warra gurguddaa seenaa dhugaa gidduu fi dhimoota wal qabatan gidduu utubaa amantaa warra gurguddoo kiristaanootaa gamtaa kiristaanaa amantootaa hundumaatu hirmaata. Kana jechuun koo hundeen amantaa isaanii, jechuun Kristoos irraa nama ta'uu fi hojii dhaa wajjin kan wal qabatan Waaqayyoo fayyisuudhaaf fedha inni qabu, akkasumas kan Macaafa Qulqulluu giddu galessummaa isaa kan biro dhugaa wal fakkaatuu kiristaanoota hundumaa biratti kan baratamanii dha. Namootni akkasumaanii dirqamatti leenji'uutu irra jiraata. Qamadii abaqii irraa adda baasuudhaaf. Hiiktootni baay'een yoo jiraatanis illee xiyyaafannoo yaada barreessaa macaafa qulqulluu, innis haala qabiyyee macaafa qulqulluuttiin kan fooya'an kan ta'aan itti gaaffatamummaa filachuu keenyaa hin hambisan.

Gufuu kan ta'uu hiikoota adda addaa qofa miti, haa ta'uu malee gamtaan amantoota kan isa hiikuu aadaanis immoo malee. Yeroo hundumaa, namootni gamtaan Macaafa Qulqulluu maal akka jedhuu beekuu isaanii dursanii yaaduu, osoo hin qayyabatiin yookaan raawwatanii ofi isaanitti osoo hin dubbisin. Yeroo hundumaa namuusa barumsa afuuraa isaanii baay'ee nuuf mijata, isaan kun seera namni hojjete seenaa waldaa kiristaanaa keessatti rakkoo isaan uuman irraanfachaa. Dabalatannis immoo ammam adda adda kan ta'aan, yeroo hundumaa kan faalessan kan fakkaatan, seeroti waldaa kiristaanaa keessa akka jiruu ni hiraanfanna. Kakaasuu qabnuu wajjin mataa keenyaa of qabuu ija jabummaa isaa hin qabnu! Mataa keenya aboomuun nurra jiraata, hiri'ina gamtaa amantootaa, sammuudhaan seeraa fi Macaafa Qulqulluu irratti ilaalcha qabnu bara kanatti ifa dhabamsiisuutu nurra jiraata. Gamtaa amantootaa fi seera aadaa hubachuu danda'uu, haa ta'uu malee isaan yeroo hundumaa Macaafa Qulqulluu jala ta'uu qabu, galagaltoo osoo hin taanee. Dursinee kan dubbane immoo qorachuu kan barbaachiisuu dha, haa ta'uu malee akkas gochuun keenya murteessa dha, sadarkaa nama dhuunfaatti maatii irraa adda ba'ee, soortuu irraa, barsiisa irraa, kaadhima irraa yookaan hiriyoota irraa.

Dirqamatti hubachuu kan qabnu dhiibbaa kan nurraan ga'aan maatii, bakka dhaloota keenyaa, yeroo dhaloota keenyaa qofa miti, haa ta'uu malee shaakala dhuunfaa keenyaatii fi eenyummaa keenyaan malee. Isaan kun hundumtuu baay'ee dhiibbaa geesisuu, akkamitti Macaafa Qulqulluu akka hiiknu. Wantoota kana jijjiruudhaaf yookaan balleessuudhaaf hin dandeenyu, haa ta'uu malee jiraachuu isaanii beekuu dandeenya, kunnis salphaatti dhiibbaa isaanii jalatti akka hin kufneef nu dandeesisa. Hundumtii keenya haala seenaa keessa jira.

Amerikaatti amanaa taraa ta'ees lalabdootni Macaafa Qulqulluu yeroo isaan itti beekan tureera, haa ta'uu malee kan keenya yeroon addaa beekumsaa fi bara keenyatti kan jiru midiyaan, ogeessaaf kenamneera. Ta'us, hiika Macaafa Qulqulluu mataa keenyaan dirqamattiin gochuun nurra jiraata. Kana jechuun garuu kennaa kan qaban, kan waamaman, fi kan leenji'an kiristaanootaa fi geggeesitoota hin marisifnuu jechuu miti, haa ta'uu malee hiikii isaanii kan keenya akka ta'uu hiyyamuun nurra hin jiraatuu jechuu dha, kadhata kan hin qabnee, kan nama dhuunfaa kan hin taanee tarreefama macaafa qulqulluuti ala. Hundumti keenyaa cubbuudhaan miidhamneera, erga fayyinee booda illee yoo ta'es kunnis waa'ee Waaqayyootii fi waa'ee hojii isaatiif hubannaan nuyii qabnu tokkoon tokkoon kallattii isaa dhiibbaa irraan geesisa. Dhugaa isa guddaa hubachuun nurra jiraata, jechuun hubannaan keenya raawatee hubannaa Waaqayyoo akka hin taane. Utubaa kiristaanummaa isa gurguddaa wajjin walitti maxanuutu nurra jiraata, haa ta'uu malee kan ol jedhee ibsa hiikaa fi gocha daangawwaan irratti yookaan baay'ee bakka faayidaa hin qabne irratti akka ta'uu hiyamuutu nurra jiraata. Daangaan isaa eessa akka ta'ee dirqamatti murteessuun nurra jiraata, akkasumas akka ta'utti jiraachuudhaaf amantiidhaan, jaalalaan deddeebi'uutu nurra jiraata, ifa qulqulluu sagalee isaa keessaa arganeen.

Guduunfaan isaas, akka natti fakkaatuutti waldaan kiristaanaa humna ishee hedduu xiyyaafannoo yaada qajeelfama barreesitoota Macaafa Qulqulluu dabarsuudhaaf irra oolchuu kennamuutu irra jiraata. Nuyi akka dubbistoota macaafa qulqulluutti shaakala mataa keenyaa, itti galchuudhaan, gamtaa amantootaa, seera irratii kan xiyaafatee waaqeffannaa akkasumaanii hir'isuutu nurra jiraata, xiyyaafanoon barsifata Macaafa Qulqulluu ergicha dhugaadhaan barbaaduudhaan, ammam illee isaan kun loogii dhuunfaa murtii yookaan seera gamtaa amantootaa yoo raasaniis. Kan mataa keenyaa "barreefama qulqulleessuudhaaf" mala dhiisuun nurra jiraata, isa dhugaadhaa fi hiika qabiyyee barreefamaa isa guddaa barreesitoota macaafa qulqulluu. Liqimfamuun xiyyaafannoo nama dhuunfaa qophaa isaa hiikuu Macaafa Qulqulluu inni guddaan barreessaa dha. Amantootni dirqamatti galma isaanitii fi yaada keessa isaanii immoo qoruutu irra jiraata, akka Efe. 4:11-16.

## II. Muxannoo barreessaa, hiika waldoota kiristaanaatti, kutaa keessatti, fi seeminaaritti barsiisuun

Akka tikseetti waggaa kudha shanii fi akka Piroofeeseera Yuniversitiitti kudha ja'aa fi carraa hedduun na quunameera, dhimma hiikaa garee gamtaa amantoota hedduu irraa kan dhufan kiristaanoota biratti hubachiisuudhaa fi mari'achiisuu. Gara lixaatti waldaa kiristaanaa cuuphaa tiksee ta'ee tajaajileera, akkasumas bakka sadii lixa mana barumsaa Paapistiitti barsiiseera (Waayilaand Paapistii Yuniversitiitti walitti fufeenyaan Luubook, Teeksaas, Ispaanik mana barumsaa barumsa afuuraa Luubool Teeksaas fi ba'a Teeksaas Yuniversitti Paapistii, Maarshaal, Teeksaas,) fi afuura qulqulluu irratti kan xiyyaafate kolleejii giddu galeessa mana barumsaa Macaafa Qulqulluu (sadan tokkummaa dhaabbata mana macaafaa, Luboo Teeksaas). Sooroma booda waggoota dheeraa koorsota barsiiseera Oamas Ima'us simineeritti Keep Hayitiyaan, Haayiti, kan Paapisii Harmeeniyaa simineeritti Yirvaanitti, Harmeeniyaa fi simineerii gamtaa amantoota Yinee Noovizooditti, Saarviyaa. Akkasumas gamtaa wali gala Metoodis waldaa kiristaanaa fi waldaa kiristaanaa Pirepeeteriyaal Ameerikaatti miseensaa degeraan ture. Hojii doktirnnii koo simineerii gamtaa amantoota Bebeyiini dha kanan hojjedhe, sadan tokkummaa abbaa wangeelawummaa barumsa afuuraa naannoo Chigaagoo. Kunnis sarara gamtaa amantootaa waggaa dheeraadhaaf akka tajaajilu na dandeessiseera. Ibsa kana irratti wanti qabatamaan beekamu tokkoo gabifameera, innis ifaa kan ta'ee yaad-rimee hiikaa fi seera hir'ina leenjiitti. Kiristaanoonni baay'een haala Macaafa Qulqulluu hiikuutiin, amantiin isaanii

1. Barreefama qulqulleessuu
2. Akkuma jirutti ilaaluu
3. Kan fakkeenyaan/safuu wajjin kan wal qabatee
4. Hundee amantaa gamtaa amantootaa
5. Muuxannoo dhuunfaa
6. Haala kan aadaa irratti.

Fedhi dadhabe qaba, cimaa kan ta'e, kan qorameef, barrefama irratti xiyyaafataa kan ta'e hiika galumsaa, hiika macaafa qulqulluutiif. Murteessaa kan ta'ee qajeelfama hiikaatiif kan dhi'aatu (1), Jecha ogummaa malee (2), Qajeelfama salphaa ta'an, fi (3), faayidaa baay'ee fakkeenya Macaafa Qulqulluu ibsuu kan danda'an qajeelfama yoo ta'ee dha.

Namootni yagutoon batalumatti deebii laatuu, salphatee kan dhi'aatuu barumsa hiikaa, jechuun baay'ee dhaabataa kan ta'ee bifa qorameen haala jiruun galumsa dhi'aatu, jecha hiika dhuunfaatiif ta'u. Baay'een namootni yagutoon baay'inaan qayyabannaa Macaafa Qulqulluu sadhatawaa ta'een kan adeeman waldoota kiristaanaa naannoo irraa ogbarruu kiristaanaa fi midiyaa irraa (Reediyoo, Televishini) kan dhi'aatanii dha. Hiika yoomii fi eessaa hedduun barsiiseera.

1. Magaalaa kan qabatee wal ga'ii barumsaa
2. Waldoota kiristaanaa naannootti wal ga'ii barumsaa
3. Mana barumsa sanbataa kutaa keessatti
4. Kolleejii giddu galeessaa kutaa keessatti
5. Kutaa Yuniversitiitti

Bakka kana hundumaa keessaatti nama yagutoo banamoodhaa fi dheebootoo ta'aani argadheera deebii yeroo laataan, dhaabbataa, kan qoramee kan ta'ee galumsa qayyabannaa macaafa qulqulluu. Mirkanaa'aa kan ta'ee saphanni jira, Macaafa Qulqulluu hubachuudhaa fi isaanis ifa barnootaatiin jiraachuuf. Akkasumas abdii kutachuun mirkanaa'ee jira.

1. Kan baay'atan hiikawwan

2. Hiika sadhaatawummaa
3. Hiika tokko tokkoo wajjin kan wal qabatee jiruu boqu jabummaa gamtaa amantootaa
4. Maqaa Waaqayyootiin maal akka isaanittti dubbatee sababa dandeetti cimsuu dhabuu.

Barreefamni kun kan malaa, hunduma kan hammatee, ibsa hiika barnootaa akka ta'uu hin qindoofne haa ta'u malee sadarkaa giddu galeessaa irraa amanaa jiruu fi akka seensaati, galumsa qabiyyee barreefamaa innis kan barreefama irratti xiyaafatuu kan ta'ee mana barnootaa hiikaati malee (jechuun, kan sooriyaa Aantihooni) fi qajeelfamni isaan kanaa dhuunfaadhaan raawwaachuu guyya guyyaadhaan qayyabachuu fi jiraachuu. Seensi isaa shanitti kan qoodaman naannoo irratti kan xiyyaafatu ta'a.

1. Barbaachisummaa leenjii hiikaa
2. Hiika Macaafa Qulqulluu qabiyyee barreefamaa/ kan barreefamootaa qajeelfama
3. Rakkinootni gurguddaan tokko tokkoo, hiika bara ammaatiin
4. Geggeessaan tokko tokkoo mala galumsaa, fi
5. Burqaa qayyabannaa macaafa qulqulluu, isaaniis namoota taraa qooqa ingilliffaa dubbatan ammayyaa kan ta'aaniin kan qophaa'e

Barreefamni kun kan qophaa'ee fedhii kirstaanootaatii fi hawwii isaanii kakaasuudhaaf, qulqulluu sagalee isaa ofi isaanii irratti akka hiikaniif. Inni ta'uu kan qabuu sadarkaa jalqabaa qofa, ta'us sadarkaa isa olaanaa. Macaafni waabii tarreefamni isaa burqaa dabalataa hedduu dabalata qayyabannaa macaafa qulqulluutiif mala kaa'a. Kara Macaafa Qulqulluu hiikuutiin yeroo isaatti tooftaa beekaamaan rakkoon akka jiru fudhachuu fi akkasumas kan fooya'ee dhaabbataati, galumsa mirkanaa'ee nama taraadhaa fi akka argamuu argisisuuf galma guddaa macaafa kanaati. Sababi isaa adeemsa maayilsi kumaa tarkaanfii tokkoon waan jalqabamuuf, seensi kunnis namoota taraa adeemsa karaa isa sirrii ni jalqabsiisa, gammachisaa fi tooftaa jireenya raawwii qabuu, kan guyyaa guyyaa, qayyabannaa Macaafa Qulqulluu dhuunfaadhaan adeemsisuuf.

## III. Dhimma taayiitaa

Kan jiraachuu Waaqayyoof jiraachuu dhiisuun gaaffii dhuunfaa kootii dhugumatti raawwatee dhimma koo miti. Anni barreesitoota Macaafa Qulqulluu duukaa bu'ee jiraachuu Waaqayyoo nan hubadha. Tuqaa kana irratti falmii kan falaasamaa akka naaf cimsaniif raawwadhee irratti wali hin galu. Kan Toomas Akinoos Waaqayyoodhaaf mirkaneefannaa shani hubachuu kan danda'an ragaa sababaa wajjin kan barbaadaniifi dha. Ta'us, dheebuu falaasamaa kan qaban falmii yoo ta'ees dhugumatti kan Macaafa Qulqulluu argama Waaqayyoo, abbaa, gooftaa keenyaa Yesus Kristoosiin mirkaneessuudhaaf hin dandeenyee. Isaan baay'ee kan cimsan fedhii amansiisaa, kan hin rafaamne sochii, yookaan argama waan hundumaati.

Dabalataanis, nuyi Waaqayyoon beekuu ni dandeenya gaaffii jedhuuf (faalasamni Girikii) anaaf dheebuu guddaa ta'ee hin beekuu. Ani kanan yaaduu Waaqayyoo nu wajjin wal arguudhaaf akka yaalli godhuu dha. kunnis dhugummaan isaa mulina uumamaatiin qofa miti, (1)Uumamaan dhuga baatiin Waaqayyoo (Faarfr.19:1-6, Room 1:19-20) fi (2), kan namaa dhuga baatii safuu keessa isaati (Roome 2:14-15) haa ta'uu malee bifa adda ta'een Waaqayyoodhaaf ibsi barreefamee ($2^{ffaa}$ Ximo 3:15-17). Waaqayyo nuufi haalootaan, seera isaatiin, fi karaa raajootaatiin nutti dubbateera (wal bira qabi Maati 5:17-19). Innis bifa ol jedheen karaa ilma isaa dubbateera (Yoha 1:1-14, Ibir 1:1-3, Maati 5:21-48).

Gaaffii inni guddaan Waaqayyoo maal jedhe kan jedhuun deebi'eera. Yaadi kun jireenyi

Kiristaanummaa kun baay'ee dursee guddachaa kan dhufee dha. Macaafa Qulqulluu beekuudhaaf barbaaduun kara hundumaatiin hiika sagalee isaa adda adda ta'een miira hin mijaneen qaba ture. Innis kan natti fakkaatu tokkoon tokkoon Macaafa Qulqulluu irratti yaada

mataa isaa akka qabuu dha, yeroo hundumaas eenyummaa dhuunfaa irratti kan xiyaafatuu, seenaa durii gamtaa amantootaa, muxannoo dhuunfaa, yookaan leenjii maatii. Humndumtuu baay'ee amansiisaadhaa fi kan amansisan turan. Ajaa'ibsifachaa dhufuun jalqabe, inni tokkoo dhugaa beekuudhaan ammam illee mirkaneefataa, Waaqayyoo maal akka jedhe.
Semineeritti dhumma irratti "taayitaa macafa qulqulluu" yaad-rimee jedhuu wajjin wal bare.

Anaafis ifaa ta'e macaafni qulqulluun amantaadhaafis ta'ee gochaaf qophaa isaa hundee akka ta'ee dha. Kunnis mala aadaa isa tokkoo barumsa afuuraa dhorkuudhaafi kan irra deddeebi'ee nufisiisu miti. Inni dhugumatti dhimma taayitaatii fi deebii addaa ture.

Aboo Macaafa Qulqulluu warra fudhatan illee yoo ta'ee, akka ta'utti hiikuu irratti, ammas taanaan dhimmi rakkisaan akka jiruu dha, seera hiika isa kam irra iyyuu kan fooya'ee ta'uu isaatiin. Hiika irratti kanan argee wal fakkaataa kan wal rukkutee kan ta'ee jeeqamsi naannoo ibsuu irrattis natti dhaga'aameera akka dhugaa isaa yoo ta'ee, kan adda addaa kan ibsamaniis ta'ee kan hin ibsamin ta'I jedhees kan ta'ee osoo hin beekiin, qajeelfamni hiikii godhamani tarii baay'achuu hiikaatiif sababa ta'eera. Qajeelfamni ibsaa ibsuudhaa fi baay'ee rakkisaa dha sababii isaa isaan mataan isaanii liqimfamoo miti. Haa ta'uu malee seera barumsa afuuraa adda ta'ee fi jeequmsa seenaa keessatti guddachaa kan dhufanii dha. kun kara hundumaatiin seeroota adda addaatiin hiiktooti gaariin jiru. Inni tokko akkamitti murtaa'uu danda'a, seera isa kami akka fayyadamu? Anaaf dhimma koo guddaa kan ta'uu "kan ittin of qore" fi "kan ittiin cimee" dha. Nan beeka, kun kan ta'ee mala saayinsiitiin dhiibbaa keessa yeroo ta'eetti keessa jiraachuu kooti. Ta'us hiikaa irratti daangaan tokko tokkoo taa'uun isaanii dirqama. Miiri walmakaan hiika irratti sababni inni jiraatuuf inni kennaa lamaan (ogummaa) fi qajeelfama amansiisaa walitti dabalachuudhaan kunnis qooqa namaa (saayinsii) hubachuudhaan ta'uu isaati. Ammam illee qajeelfama hiikaa yoo ta'aanis, isaan ilaalcha lamaan kana madaalawwaa gochuutu isaan irra jiraata.
Aantihooni (kan Sooriyaa) manni barnootaa hiikaa filatamaa amansiisaa madaalli dhi'eessera.

Kan isaa qabiyyee barreefamaa xiyyaafannoo kan barreefamaa yoo xinaatee dhugummaan isaa madaalli qabata. Wali galtee raawwatee hin qabaatu haa ta'uu malee yoo xinnaatee Macaafa Qulqulluu ifaa kan ta'ee bifa amansiisaa hiikuun akka irra jiraatuu cimsa laata.

Galumsi isaa ka'umsumma irraa kan fakkeenyaa kan ta'ee fi kan Eleksaandariyaa (Gibxi) mana barumsaa deebii seena qabeessa ta'uu isaa dirqamatti fudhachuutu barbaachiisa. Kun baay'ee kan salphisamee dha (Siilvii 1987, 52-53), haa ta'uu malee inni ammas ta'u gargaaraa dha lamanuu kan waldaa kiristaanaa hiikii Macaafa Qulqulluu galumsa guddaa hiikuudhaaf. Manni barumsaa Antihoota mana Aristootili wajjin, gahaa kan ta'ee sababawwan haara'umsaaf/Rinaseensi hiika gumacha, kunnis kan warra ammayyaa yaada saayinsawaa keenya sadarkaa isaa walitti dabaluun. Qabiyyeen barreefamaa/ kan barreefamaa galumsa hiikaa fi, Macaafa Qulqulluu duraan dursee waa'ee yeroo mataa isaa (hiika tokkoo) akka dubbatuu ni hiyyama isa boodaas waa'ee yeroo keenyaa (gocha heedduu /ibsawwan). Innis kan yerootii fi aadaa qaawwaa isaatiif riqicha ta'uun malaan walitti fida, bara keenyatti kan jiru barataan hawaasaa bifa fudhatama qabuun. Isaan kan fudhatan hundeema irraa mala wal fakkaataa jechuun hundumaa ogbarruudurii ibsuudhaafi kan ittiin fayyadaman ta'uu isaatii fi kan keenya bifa yaada barumsa ammayyaa wajjin waan wal simatuuf.
Tajaajila kootiif hiikii dhimma isa guddaa akka ta'e, lallaba, barumsaa, fi barreefama amantaa of

Egannaadhaan qorachuun jalqabe. Maqaa Waaqayyootiin kan uumamee wanta sirrii hin taanee kan hin mijanne ture. Waldaan kiristaanaa Macaafa Qulqulluu gallateefachaa achi irraas booda irra ergaa isaa walin dhooftee turte. Kunnis dhugummaan isaa nama taraadhaaf qofa hin ture, garuu immoo geggeefama waldaatiifis male. Dhimmi isaa kan kabajaa hin turee haa ta'uu malee qajeelfama hiikaa hunde qabeessa irraa ifatti walaalummaa ture. Kaayyoon barreesitoota jalqabaa (yaada) karaa hubachuutiin Macaafa Qulqulluu beekuudhaan gammachuun argadhuu akkasumatti salphaatti wantoota ajaa'ibsiisaa hedduu irraa kan kennaman, amantoota jaalalaa

bifa addaa hin qabanee. Macaafa qopheessuun murteesse, namoota taraadhaaf qajelfama isa guddaa beeksisuudhaaf, Antihoon qabiyyee barreefamaa/kan barreefamaa irratti mala xiyyeefatu dha. Yeroo sanatti (1977) hiika kan ilaalatee macaafni hedduun hin argamu ture kunnis keessumatti amantootaaf dhugaa ture. Fedhii gabifachuun yaale, hiika dogogoraa keenya jedhees ta'ii jennee kan nuyi goonuu dursa murtoo saaxiluudhaan. Kunnis qabiyyee barreefamaa/mala kan barreefamaa fi hiika keessatti kan mul'atuu dogogora barumsa afuuraa xiqqaa gabaabaatti ibsuudhaaf kan nu wajjin dhaabate ture. Dhuma irrattis, galumsa duraa boodaan kenname, inni tokkoo gocha ibsa adda addaa ta'e keessatti deemuudhaaf kan isa dandeesisu, akkasumas meeshaa qorannoo ilaaluudhaaf kan dandeesisuu sa'atii ga'aan teesifameera.

## IV. Mala waa uumuu kan hin taanee barbaachisummaa galumsa hiikaa

A. Fedhiin dhabamuu amantoota gidduutti

Rakkoon kunni akka tiksee fi Pirofeeseeraatti laphee koo keessa waggoota heedduudhaaf jiraateera. Amantoota gidduutti kan jiruu wali gala beekumsa Macaafa Qulqulluu gadi bu'aa dhufuu isaa kan irratti wali na galchisiisuu yoo ta'ee hubadheera.beekumsa dhabuun rakkoo nama baay'eetiif sababa guddaa ta'eera, waldaa kiristaanaa ammayyaatiif. Amantootni ammayyaan akka isaan Waaqayyoon jaallatan nan beeka. Dhaloonni darban isaaf sagalee isaa akka jaallatan hundumaa. Kanaaf sababi isaa maalii dha gadi bu'uun dhalootaa beekumsa keenya irratti, qabiyyee qulqulluu sagalee isaati qofas miti haa ta'u malee maal akka jedhuu fi amma akkamitti hojii irra akka ooluu?

Akka yaada kootitti miira abdi kutachuu kiristaanoota baay'ee nufuudhaa fi dhimma kan hin qabne akka ta'an isaan godheera, Macaafa Qulqulluu qayyabachuu fi hiikuu kan ilaalate. Nuffuun kun jireenya ammayyaatti naannoo hedduutti ifatti mul'ata. Tokkoffaan rakkinni guddaan kan baasii (kan dinagdee fayyadamuu) irratti kan qabnuu gar tokkootti jechuu kan aadaati. Nuyis akka sabichaa tokkoon tokkoon fedhii keenyaa amansiisaa libsuu ijaatti akka qabaatuu baranneera. Aadaan keenyaa gara "nyaata ho'aa" gara yaada warshaatti jijjiramee seera aadaa ta'eera. Qophaa'aa ta'ee kan argamuu fi libsuu ijaatti faayidaa irra kan ooluu oomisha fayyadamuun baranneera. Bilchinni kiristaanummaa innis beekumsa Macaafa Qulqulluutti fi tooftaa jireenya guyyaa guyyaa irratti kan hundaa'ee dheebuu aadaa kana fakkaatuu hin keessumsiisu. Beekumsi Macaafa Qulqulluu argamuu kan inni danda'uu kadhatan dhuunfaatti gatii baasuudhaan, ciminaan, leenjiidhaan, qayyabannaa dhaabbataa, fi hojii dhuunfaa qofaan. Dhugaan isaa baay'een amantootni ammayyaa jaarraa digdamii tokkooffaa sarara safisaa irra jiru, kan wantoota ijaan argamuu Ameerikaa akkasumas kan akka kanaa dhuunfaatti gatii baasuu hin barbaadan.

Dabalataanis, Macaafa Qulqulluu kan hin taanee lamanuu lubaa fi amaanaa taraa gidduu rakkoo isaa cimsee argisiisa. Inni guutuu guutuutti ta'uu baatuus kan fakkaatuu "qaawwee kiraa" yaadi keenyaa namootni taraa baay'een Macaafa Qulqulluu dhuunfaa isaanitti akka hin qayyabannee fi akka hin hubannee isaan dhibbeeseera. "Lalabaa haa godhuu" ta'eera yaada keenya. Rakkoon yaada kanaa kan ta'uu, "Paasteerichii waliin dha'ee yoo hiikee hoo?" yookaan "isin Paasteerii yoo jijjirtani hoo?" kan jedhuu dha. Haalli miira kana dhabuu dhugaa Macaafa Qulqulluutii fi kan haara'umsaa lamaffaa cimsuu (Luuteer) kan inni ta'e "mudaa malee ta'uu "dorgomtummaa lubbuu" (1^ffaa Pheexi 2:5, 9, Mul'ata 1:6). Innis kan keenya "hoomaa hawaasaa" gar tokkootti jechuu cimsa. Innis itti gaafatamummaa afuuraa nurraa fudhatee gara namoota birootti kennuu irratti xiyyaafata. Geggeesitootni waldaa kiristaanaa kan wali galchan yookaan nama amantaa taa'aniiru "leenjisaa kadhataa" bakka ta'uu (Efe. 4:11-12). Jireenya aadaan qoqodame qofa miti kan qabnu, kan amantaa kan hin taanee fi kan qulqullaa'ee kan jedhuu kan qoqoodanii, garuu kan qulqullaa'ee bakka kan bu'aan bakka buufneera.

Naannoo qayyabannaa Macaafa Qulqulluutti kan biraan amantoota baay’ee biratti inni guddaan sababi nufuu ogummaa adda ta’een (Ispeeshihaalahizeeshin) irratti guddachaa kan dhufee haala jiruu dha. Qayyabannaan Macaafa Qulqulluutti kan leenjifaman ogeeyyollii kan mala daangaa ta’eera. Qajeelfamaa fi seerri isaa baay’ee kan wal xaxee dha, akkasumas inni tokkoo dooktiretii baay’ee digirii:Lingustikiidhaan, Girikiidhaan, Hibiruudhaa, hiikaadhaan, fi barumsa afuuraa kan biraa irraa ga’aa akka ta’ee itti hin dhaga’amuu “Kan ammayyaa Ginoostikoonii” balaa argisiisa, kunnis dhugaa afuuraa beekaa baratee biratti qofa kan argamuu godha. Dhuguma, beekaannis irratti wali hin galu. Kan fakkaatuu mala dandeetii illee wali galtee walii wajjinni akka hin fidnee dha.

Kunnis nufuu sababa itti aanuu biratti nu geessa, jechuun baay’achuu hiikaa. Garagarummaa gamtaa amantootaa jeequmsa qofa miti, haa ta’u malee tokkoon tokkoon gamtaa amantootaa keessattis yaadi wal irraa fagaatan ni jiraatu. Wali galtee dhabuu kana keessatti amantootni baay’een bitaacha yoo itti galees kan nama ajaa’ibsiisu miti. Inni yeroo hundumaa humnaan kan guutamee bifa safartuutiin kan dhi’aatuu dha.

**B. Kan kootu sirrii dha jechuu amantoota gidduutti**

Adeemsa hiikaa keessatti hirmaachuudhaa fi jeequmsaa fi diduun jiraachuun isaa kan nama ajaa’ibsiisuu dhaa? Kanaa olittis isaan kana dura dursee kan heeraman wantoota guddaa alaanii, kan biroon baay’een kan keessaa jiru. Qayyabannaa Macaafa Qulqulluu irratti hirmaachuu irratti dhibba’inni yoo jiraatee, inni kan fakkaatuu al tokkicha murtoon erga godhamee, nufuu sanaa mo’uudhaa fi, bataluma sanatti faallaadhaa fi adda ba’uu hordofa. Sadarkaan kan kootu sirrii dha jechuu  kan ammayyaa warra lixaa baratoota Macaafa Qulqulluu gidduutti baay’ee guddaa dha.

Kuunis wantoota baay’ee kan of keessatti qabatu fakkaata. Inni jalqabaa yeroo hundumaa kan inni ittiin wal qabatuu inni tokkoo kan ittiin guddatee aadaa afuuraa wajjinii dha. Safartuun yeroo baay’ee maatii keenyaa irraa yookaan barsisoota waldaa kiristaanaa irraa deebii baramuu dha. kunnis kan ta’uu inni tokkoo yaada isaanii irraa fi gocha irraa adda baatii xumuramee qabachuu yookaan ejjennoo isaanii guutuu guutuutti fudhachuu dhiisuu dha. Jijjiiramni kun, wal fakkaachuu, yookaan deebii alta’aa dhuunfaatti qayyabannaa Macaafa Qulqulluu irratti yeroo hundumaa hin mul’atu. Yeroo hundumaa dursa ejennoo keenyaa dursa tilmaama keenyaa, fi kan dursa laanuuf maatii irraa kan darbanii dha.

Maatiin keenya ilaalcha afuuraa isaanitiin yoo nurratti hin feenee achi irraas baay’ee dhugummaadhaan gamtaan amantootaa keenyaa ni godha. Baay’inaan kan nuyi amanuu bu’aa qayyabannaa dhuunfaa Macaafa Qulqulluu miti, haa ta’uu malee gamtaa amantootaa hundee amantaa kan tuquu male. Har’a baay’ee muraasa kan ta’an waldaa kiristaanaatti karaa mala ta’een maalittii fi maaliif akka amanan kan barsiisan. Rakkinni kun dhiibbaa kan qabu gamtaa amantootaa qofa miti, haa ta’u malee waldaa kiristaanaa gamtaa amantootaa haala teessuma lafaatiin male. Ifaa kan ta’ee yeroon isaa (ammayyummaa booda) jireenyi keenya seera amantii keenyaa irratti dhiibbaa qaba, akkasumas haala teessuma lafa keenyaatiin. Kan kan yaadi isaa dhiphoo akka maatii fi seera gamtaa amanootaa dhiibbaa qaba. Waggaa sodomaa ol bukkeedhaan wangeelaan hirmaadheera akkasumas miseensa waldaatii fi baratoota adeemsa ergamaa irratti qabee deemeera, biyya alaa kan jiraatan waldoota kiristaanaa gamtaa amantoota wajjin hojjeechuudhaaf. Kanan ajaa’ibsifadhee aadaa wal fakkaataa ta’ee waldoota kiiristaanaa gamtaa amantootaa karaa adda adda ta’een amantaa isaanii akka raawwatanii dha! kun dhugumatti ija koo naa baneera dooktirinii gamtaa amantootaa fi kan yaadi isaa dhiphoo (dubbifama Macaafa Qulqulluu osoo hin taane) hunduma keenya irratti dhiibbaa isaa akka geesise.

Amantoota gidduu kan jiruu kan kootu caala jechuu lamaffaan sababa guddaa haala dhuunfaa wajjin wal qabata. Yeroodhaan, bakkaan, fi dhiibbaa maatii akka nurra geesisuu hundumaa matuma keenya irratti mala dhuunfaa dhiibbaa nu keessa bulcha. Yaad-rimeen

kun tarreefamaan macaafa kanaan kutaa boodaa irratti ni bal'ata haa ta'uu malee jalqaba irratti maalummaan dhuunfumaa keenyaa shaakalii dhuunfaakeenyaa fi kennaa afuuraa hiika keenya irratti ammam illee dhiibbaa akka geesisan ibsuun barbaachiisaa dha. Safartuun yeroo hundumaa kan inni mul'isuu ana irra kan ga'uu yoo ta'ee, isin irra ga'uun isaas hin ooluu fi "ana irra raawwatee yoo hin geenyee isin irras raawwate hin ga'u" kan jedhu yoo ta'e lamanuu dogogora.

## V. Tilmaama dursa kan waa'ee Macaafa Qulqulluu

Tuqaa kana irratti amma danda'amee irratti ifaa ta'uun barbaada, akkasumas kan mataa kootii tilmaamaan ittiin hojjedhuu argisiisuun yaala. Haaloota Macaafa Qulqulluu hin taanee baay'ee dhiibbaa narra geesisuu yoo hin taanee macaafni kun maaliif asi irratti barreefama walitti aanuu isa tokkoo hin taanee? Anaa wajjin akka wali galtanii osoon yaaluu miti, haa ta'uu malee ejjennoo fooya'ee kan qabuu mala qoramee dhuunfaadhaaf, kan tooftaa kan hin taanee qayyabannaa Macaafa Qulqulluu kennuudhaafan. Tooftaan isaa liqimfamuu miti haa ta'uu malee garuu kan fooya'ee waldaa kiristaanaa ishee durii kan argisiisuu dha. kan koo hundeen tilmaama duraa kan ta'an.

A. Macaafni qulqulluun, lamanuu Kakuu Moofaa fi haaraan, isa tokkoo keessaa qophaa isaa uumaan, oolchaan Waaqayyoo dha. Innis namootni meeshaa ta'uudhaan nuuf kennee, isaa fi fedha isaa jireenya keenyaatti akka beeknuu fi akka hubannuu (2[ffaa] Ximoo 3:15-17). Inni raawwatee kan abooti.
B. Macaafni qulqulluun, akka seera hiikaatti mataa isaatiin kan xumuraa miti, haa ta'uu malee Waaqayyoo dhaa wajjin kan ittiin wal arginuu galumsa dhuunfaati Gaaraantii fi Tireesii 1984, 177, Karsan 1984, 11, Siilvaa 1987, Vi). Waaqayyoo duraan dursee Macaafa Qulqulluudhaan nutti dubbateera, akkasumas baay'ee ifatti karaa ilma isaa Yesuus Kristoos (Ibiro 1:1-3). Kristoos qulqulluun sagallee isaa hundumtuu xiyaafannoo dha. Inni kan isaa gonfoo raawwannaatii fi galma. Inni gooftaa sagallee qulqulluuti. Isaaniis mul'atni ni raawwata ni xumuramas (Yoha. 1:1-18 , 1[ffaa] Qoro 8:6, Qolaa 1:13-20).
C. Macaafni qulqulluun kan barreefamee kan baratamee kan malaa qooqaa hin taaneen. Xiyaafannoon isaas ifaa kan ta'ee hiika baratamee dha kan jechaa, kan gaalee, kan himaa (Siilvaa 1987, 42). Afuurri qulqulluun salphaa kan ta'ee ibsa dhugaati kan inni kennu. Kana jechuun macaafni qulqulluun walin nama hin dha'u jechuu miti kan aadaa dubbi ogummaa hin qabu yookaan dubbifama rakkisaa hin qabu jechuu miti, tuqaa kanaaf yeroo kan barreefamaa dogogoraa. Ta'us, kan dhokatee yookaan hiika dhokataa hin qabu. Kan nu hafe miti (fakkeenya amantii) ammam illee Ayaa'oota Di'aleektikoota faallawwan dhugaa gidduu yoo jiraatees.
D. Ergaan Macaafa Qulqulluu dursuun kan fayyisuu dha, jechuun namoota hundumaaf (His 18:23, 32, Yoha 4:42, 1[ffaa] Ximoo 2:4, 4:10, 11, Phexi. 3:9). Innis addunyaadhaaf adda kan ta'ee Israa'eliif osoo hin taanee (Uuma 3:15, 12:3, Keess.deebi 19:5-6). "Isa badeefii dha" (isa kufee) biyya lafaa, waldaa kiristaanaa qofaaf osoo hin taane. Nama akkasumaanitiif, ilmaan namaa hundumaatiif, kan afuuraatiin yookaan kan beekumaatiin kennaa kan qabaniif qofa osoo hin taane.
E. Afuurri qulqulluun gara cinaatti qabuu kan hin danda'amne geggeessa dha akka ta'uutti hubachuudhaan
   1. Yaalli namaatiif tola (2[ffaa] Ximoo 2:15) fi geggeesummaa afuuraa gidduu madaalliin dirqamati jiraachuu qaba (Yoha 14:26, 16:13-14, 1[ffaa] Yoha. 2:20-21, 27).
   2. Macaafa Qulqulluun kan hiikamee kennaa afuuraatiin ta'uu kan qabuu (kan abbaa wangeelaa, kennuu, yookaan kadhata), akkasumas inni gocha tokkoon tokkoon amanaatiif. Ammam illee kennaa yoo ta'es, kennaa tarreessuudhaan, hundumti keenya hojii wayyuu hojjechuu ni dandeenya,
   3. Kallatti afuuraa qaba, namoota irraa daangaa beekumsaati ol kan ta'e. Bareesitootni ol aanoon yeroo hundumaa kan isaan galmeessan kan hubataniin ol kan ta'ee dha Isaanitti ol

ta'ee dha (dhugaa dhufuu qabu, adeemsa irra kan jiran kalatti mul'ataa, al takkaa ol raajii raawwii qabu). Dhageefatootni jalqabaa yeroo hundumaa ergaa liqimfamuutii fi dhugaa isaa hin hubatan. Afuurri qulqulluun hundee qulqulluu sagalee isaa yaada barreesitootaa akka hubannuuf nuuf ibsa. Barreefama hundumaa hubachuu dhiisuu dandeenya, isa irraas, eenyuu dhaa? Afuurri qulqulluun qulqulluu sagallee isaa hundumaa barreessaa dhugaa dha.

F. Afuurri qulqulluun tokkoon tokkoon gaaffi ammayyaatiif kallaatiidhaan hin dubbatuu (Hispir 1980, -82). Bakka baay'eetti walin nama dha'a. Tokko tokkoo seenaa yoomii fi eessaa isa jalqabaa itti cufameera (Fakkeenya. 1ffaa Qor 15:29) kutaa biraanis dhokkataniiru, "sichii dha" seenaa jedhuu Duuba (Fakkeenya Daani'eel 12:4). Yaadachuun kan irra jiru, macaafni qulqulluun dhugaa wal qixa ta'uu isaatiin dhugaa xumuramee osoo hin taanee innis amantiidhaaf jireenyaaf gahaa dha. Wanta hundumaa beekuu hin dandeenyu waa'ee Waaqayyoos ta'ee waa'ee adda kan ta'ee sagallee isaa doktriinii, barbaachiisaa kan ta'ee garuu beekuu dandeenya (Siila 1987, 80).

## VI. Waa'ee qabiyyee barreefamaa/ mala kan barreefamaa ibsa wali gala

Macaafni kun qabiyyee barreefamaa/kan barreefamaa yookaan mala fuulduraan seensaati, Macaafa Qulqulluu hiikuudhaan. Malli kun guddachaa kan dhufee bara haraaraa jaarraa sadaffaatti Antihoota Sooriyaa, mala fakkeenyaa faalleessuudhaan, innis duraan dursee Aleeksaanderiyaa Gibxii babala'tee kan ture. Malli durii kun guddina seenaatii fi ibsa isaa kutaa itti aanutti ni mul'ata seensa kutaa kanaatti waa'ee mala Antihootaa ibsa wali gala tokko tokkoo nan godha.

A. Inni kan argamuu qophaa isa mala, kunnis hiika irratti to'annaa kan laatuu, kan biroon akka mirkaneessan kan dandeesiisuu dha barreefama isaa irraa, hiika ni kenna. Kunnis dhaabbataatti wabii kan qabuu safartuu laata, inni tokko dubbifamicha akka ta'utti akka hiikuu, isa jalqabaa yaada barreefama liqimfamuutiin. Goordeen Fee akka jedhuutti "wanti kam iyyuu macaafni qulqulluun, waa tokkoo illee hin jedhu."

B. Malli kun beektootaa fi yookaan geggeesitoota waldaa kiristaanaa qofaaf kan ta'u miti, haa ta'uu malee dhageefatoota jalqabaa deebinee galumsa arganuu dha. Isaan dhageefatootni jalqabaa kun ergicha haala qabiyyee mataa isaanitii fi haala aadaa hubataniiru. Qooqa yerichaatii fi sababa aadaatiif yoomii fi eessa isa duraatiin gochi ergicha hubachuu rakkisaa ta'uu isaa dabalaa dhufaa jira (Veerkileer 1981, 19-20). Innis walumaa galatti, seena bade, aadaa, yookaan jecha ogumaati. Waan ta'eef, kan seenaatii fi beekumsi aadaa isa guddaa dha. Beekumsa qooqaa inni guddaan, qindaa'umni isaa, fi jecha ogummaa baay'ee hubatu. Kan aadaa irraa fi kan qooqaa qaawwaa jiru rraa kan ka'ee qayyabatoota taaneera, yookaan yoo xinaatee qayyabatoota fooya'aan kan dubbisnu.

C. Hiika irratti inni dursuu fi gocha isa dhumaa jecha qulqulluu barresitootni yeroo isaanitti maal akka jedhan amma dandanda'ameetti sirri hubachuu dha, dhageefatootni jalqabaa maal akka hubatanii , fi dhugaan kun bifa kamiin aadaa keenyatti fi jireenya dhuunfaa irratti hojii irra oolani dha. Safartuu kana keessaa yoo deebi'ee hiika wayyu hin qabaatu!

Tuqaa kana irratti qabiyyee barreefama baay'ee fi qabiyyee gaafii ni teesisa, inni tokkoo tokkoon tokkoon barreefama qulqulluu gaafachuun kan irra jiraatu!

1. Barreessaan jalqabaa maal jedhee? (ceephoo barreefamaa)
2. Barreessaan jalqabaa maal jechuu isaati? (hiiki isaa)
3. Barreessaan jalqabaa bakka biratti dhimma mata duree wal fakkaatuun maal jedhe? (keeyata wal cina jiru)
4. Kan biroon kan Macaafa Qulqulluu barreessan dhimma mata duree wal fakkaatuu irratti maal jedhan? (keeyata wal cina jiru)
5. Dhageefatootni jalqabaa ergicha akkamitti hubatan, akkamittis deebii laatan? (isa jalqabaa hojii irra oolchu)

6. Ergaan inni guddaan yeroo kootii akkamitti hojii irra oolfama? (kan ammayyaa hojii irra oolu)
7. Ergaan inni guddaan jireenya koo irratti akkamitti hoji irra oolaa? (dhuunfaan hojii irra oolchu)

## VII. Dubbistootaa fi yaada wali gala tokko tokkoo

A. Cubbuun tokkoon tokkoo hiikaa ni miidhaa (fayyina boodas), barumsa, kadhataa fi tooftaa. Anas akka na miidhee nan beekaa, haa ta'uu malee yeroo hundumaa eessaa fi akkamitti akka ta'e naa hin galu. Kanaaf, tokkoon tokkoon keenya qayyabannaa keenya isa nu keessa bulu afuura qulqulluu adda baasuutu nurra jira. Fakkeenya koo ilaala, loojokii koo qoradhaa yaad-rimee keessan akka isinii bal'isuuf naaf hiyyamaa.

B. Adaraa keesssan macaafa kana irratti hin murteesinaa yookaan hin morminaa, yeroo hundumaa kan dhageessaniin yookaan amantan irratti hundaa'uudhaan. Yoo xinaatee hubannaa aadaa keessani ejennoo keessan irratti carraa naaf kennaa. Kutaa keessatti yeroo hundumaa nan jedha, "raawwattee dhageessani waan hin beekne sababan dubbadheef nama keessaa ba'aa miti!"

C. Fakkeenyin itti dhimma ba'u kan nama dudubachiisuu dha. Isaanis kan dhuunfaa barumsa afuuraa keessanii fi kan qayyabannaa Macaafa Qulqulluu mala keessanis immoo akka qorataniif kan isin dandeesisanii dha. Adaraa keessan qajeelfama hiika kanaatiin yookaan galumsa ibsaan baay'ee hin fudhataminaa, dhi'aachuu tooftaan barbaaduu akka hin dogogoretti. Fakkeenyi koo kan isaan jedhan
   1. Fillannoo hiika argisiisuu
   2. Sirrii ta'uu dhiisuu hiikaa argisiisuu
   3. Qajeelfama hiikaa argisiisuu
   4. Miira keessan argachuu fi qabachuu

D. Adaraa keessan yaadadhaa, osoon yaaluu kanan jiru kan dhuunfaa koo barumsa afuuraa isin irratti dabarsuudhaaf akka hin taane, haa ta'uu male, hiika kiristaanummaa durii malaa fi akkaataa hoji irra oolchu. Irratti wali galuu keessan hin barbaadu, garuu akka wal'ansoo ittiin qabdan nan yaala, galumsi hiikaa isaanis yeroo hundumaa gaaffii keenya kan hin deebifne, garuu inni tokkoo waa'ee qulqulluu sagalee isaa dubbufamni baay'ee yookaan baay'ee xiqqoo jechuu fi yaaluu isaa hubachuuf akka isin gargaaru.

E. Macaafni kun duraan dursee kristaanoota haaraadhaaf hin qopheefne. Inni kan qophaa'ee bilchaachuudhaa wajjin wal'aansoo kan wal qaban amantoota, akkasumas amantiin keessanis ramaddii Macaafa Qulqulluutiin ibsuudhaaf kan yaalan. Bilchinnii faallaa-mool adeemsa mataa ofii qoruu fi mala jireenya amantaa. Inni adeemsa afuuraati raawwatee kan hin dhaabbanee.

# Macaafa Qulqulluu

## I. Fudhatama kan qabuu Macaafa Qulqulluu (safartuu)

Macaafni kun ka'umsumma irraa Macaafa Qulqulluu hiikuudhaaf qabiyyee barreefamaatii fi seensa qajeelfama barreefamaa ta'uu irraa kan ka'e, duraan dursee Macaafa Qulqulluu mataa isaa Ilaaluun barbaachiisaa ta'uun isaa ifa dha. Kanaaf kayyoon qayyabannaa kan fudhannuu geggeefama afuura qulqulluuti. Macaafa Qulqulluun fudhatama kan qabu gochuudhaaf (tilmaama dursaa isa guddaa).

A. Kan barreesichaa wali gala dursa tilmaama
   1. Waaqayyo jiraataa dha, kanaaf akka isa beeknu barbaada.
   2. Inni mataa isaa nutti of mul'iseera.
      a. Seenaadhaan godheera (ibsa)
      b. Namoota muraasa filateera, gochicha akka galmeessanii fi akka ibsaniif (yaada afuuraan liqimfamuu)
      c. Afuurri isaa kan dubbisuu (dhageefataa) ni gargaara ibsa barreefame kana dhugaa jalqabaa akka gargaaree (ibsuudhaaf)
   3. Afuurri qulqulluun qophaa isaa burqaa amanamaadhaa, waa'ee dhugaa Waaqayyootiif (waa'ee jireenya Yesuusiif barsiisa isaa karaa Macaafa Qulqulluu qofa kan inni beeku). Inni qophaa isaa kan qindaa'ee burqaa gocha amantii keenyaati. Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa macafoota kan barreessee haaloota murta'aaniif yeroowwan ta'ee amma yaada afuuraan liqimfamuudhaan haala hundumaatiif qajeelfama baraa ta'a. Ta'us haalli aadaawwan tokko tokkoo qabeera, yeroo mataa isaanitiif aadaa ol kan hin jennee (jechuun, gaa'ila tokkoo ol, lola qulqulluu, garbummaa, durbummaa, bakka dubartootaa, uffata marachuu, dhunguu qulqulluu, k.k.f).

B. Adeemfa fudhatama qabuu qulqulluu sagalee isaa adeemsa seenaa ta'uu isaa nan hubadha, mudannoo gaarii hin taanee tokko tokkoo irraa fi haalootaa wajjin, kun garuu dursa tilmaamaa kooti, Waaqayyoo guddina isaa kan ittiin geggeesse. Waldaan kiristaanaa isheen duri beekamtii kan argatan macaafa Kakuu Moofaa fudhateetti, Yihudootaan fudhatama kan argatan. Haalaa qorannooo seenaatiin kan fakkaatu, waldaan kiristaanaa durii, wal ga'ii durii qofa osoo hin taane kan Kakuu Moofaa fudhatama kan qabu Macaafa Qulqulluu murteessan. Walummaa galatti safartuu itti fufee jiru of keessatti qabateera, ta'I jedhees ta'us muraasni .
   1. Macaafni qulqulluun fudhatama qabuu kan piroteestaantii macaafa yaada afuuran liqimfamuu hundumaa qabateera, macaafni qulqulluun fudhatama qabus cufameera! (jechuun, "amanti" Hoji. Erg 6:7,13:8, 14:22, Galaa 1:23, 6:10, Yihu lakk.3, 20).
      a. Kakuu Moofaa Yihudoota irraa fudhateera
      b. Macaafa digdamii torba Kakuu Haaraa irraa (adeemssa seenaa itti fufeenya qabu)
   2. Macaafa Kakuu Haaraa Yesuus irraa yookaan ergamootaa wajjin wal qabatu (adeemsa seenaa itti fufeensa qabu)
      a. Yaaqoobi fi Yihudaan Yesuusi wajjin (obboloota isaa muraasa)
      b. Maariqoos Pheexiroosi wajjin (lallaba isaa Roomeetti gara wangeelaatti kan jijjiran)
      c. Luqaas Phaawulosi wajjin (hidhata hojii misihoonootaa)
      d. Ibirootni haala aadaatiin Phaawuloosi wajjin
   3. Tokkummaa barumsa afuuraa taayitaa ergamootaa wajjin (booda irratti "seera amantii" jedhame kan waamame). Wangeeloota kan barreessan baay'ee isaanii macaafa kakuu haara booda.
      a. Sababa ka'umsa manaafiqummaa (jechuun, shakkii, Ginoostizimii, Maasihonizimii fi Montanizimii)
      b. Deebi'ee dhufuun isaa sababa turuu isaatti
      c. Sababa du'a ergamoota kudha lamaatiin

4. Dhabbannaa kan qabuu fi haala safuutiin kan dhageefatootaa jireenya jijjirame, macafootni kun yeroo dubbifamanii fi fudhatama yeroo argatan
5. Waldaan kiristaanaa duriiti fi walga'iin waldaa kiristaanaa boodaa wali galtee wali galaa haala durii fudhatama qabuun tarreefama Macaafa Qulqulluu keessatti argamuu danda'a.
    a. Origini (bara araaraa 185-254 wangeeloota arfanii fi ergaan ergamootaa waldoota kiristaanaatti tamsaa'aa akka turan cimsa laata.
    b. Kan Mooraatoriyaan Firagiment (hafteen) bara araaraa 180-200 gidduu kan jru Roome irraa (galagalchi har'a jiru qophaa isaa miidhamni irra ga'eera, barreefamni Laatinii inni boodaa). Innis Inaazaanu macaafa 27 ni tarreessa, akka pirotestaanti kakuu haara (garuu mul'ata Pheexiroosi fi kan Shipeerdi Hermansiin ni dabala).
    c. Kan Qeesariyaa Iyusibas (bara araara 265-340) adda baatii sadan isaanii teesiseera (origini akka godhe) barreefama kiristaanaa ibsuudhaaf, (1), "Irra fuudheera" kanaafi simateera (2), "Galmeefameera" fi kanaafis hiiki isaa waldoota kiristaanaa tokko tokkoo, hunduma osoo hin taanee, fudhataniiru, fi (3), "Shakaniiru" fi kanaafis baay'ee waldoota kiristaanaa hedduu biratti fudhatama hin arganne, hin dubbifamanis. Inni tokkooffaan ramaddii jeequmsaa kan ture isaanif dhumma irratti fudhataniiru, Yaaqoob,Yihuda 2ffaaPheexiroosi fi 2 fi 3 Yohannis turan.
    d. Kan Chelteenhaam tarreefamni isaa (laatiniidhaan) kaaba Ameerikaa (bara araara 360) kan wal fakkaatu macaafa 27 qaba (Ibiroota, Yaaqoob, fi Yihudaa irraa kan hafe [Ibirootni adda ba'ee hin heeramne garuu maal qaba ergaa Phaawuloos bakka bu'ee ta'a]), pirootestaantiin tokko Kakuu Haaraa, garuu duraa booda hin baratamneen.
    e. Kan Atinasihoos ergaan Faasikaa bara araaraa 367 macaafni digdami torbaa tarreefaani isa dursaati (osoo hin dabaliin osoo hin hir'atiin) akka kakuu aaraa pirotestaanti.
    f. Yaad-rimee macaafa adda ta'aanii fi qabiyyee kan taayitaa tarreefama kan seenaatii fi guddina barumsa afuuraa ti.
6. Dubbifama heeran
    a. Kakuu Haaraan Macaafa Qulqulluu fudhatama qabuu Birus Meetizagariin, oxfordii Pireesiin maxanfame
    b. Keeyatni Macaafa Qulqulluu fudhatama qabuu, Londorvaan kan suuraa Macaafa Qulqulluu Insayikilopidiyaa guca tokkoo fula 709-745
    c. Macaafa Qulqulluu kan dursuu Weeli'am E. Nikiisi fi Noorman Geesleer, mood Pireesitti maxanfame, 1968 (keessumatti chaartii fuula 22)
    d. Macaafonni qulqulluun- barreefama qulquulluu: safartuun kiristinnaa durii Joon Paartooniin, West Ministeeritti Joon Nookaas maxansitootaan maxanfame.
7. Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraan kan baha dhi'oo warra durii bu'aa barreefama isaaniti "kan safartuu" kan ta'an keessumatti kaayyoon afuuraa kan mul'isanii fi Zaam irraa kan dhufan. Tarreefamni amantaa biraa hin jiru, safartuu irraa (jechuun, kan aboo) gidduu fi safartuu kan hin taanee garagarummaa barreefama amanta kan godhu. Akkamitti, maaliif, fi yoom adeemsi seenaa kanaa geggeefame.
    a. Bara araaraa jarraa 3ffaa fi 4ffaatti murtii walga'ii waldaa kristaanaatii?
    b. Jaarraa lamaffaatti barreesitoota Kristaanaa faayida irra ooluu isaati?
    c. Jaarra tokkooffaa dhuma hanga jaarraa arfaffaatti waldoota kiristaanaatii?

## II. Dhimma yaada afuuraan liqimfamuu

Yeroo keenyatti Macaafa Qulqulluudhaan, aboo Macaafa Qulqulluutiin, fi hiika irratti kan ka'aan gaaffiin jeequu fi labsii irraa kan ka'e, barreefama qulqulluu waa'ee mataa isaa kan jedhu irratti xiyyaafachuun baay'ee faayida qabeessa ta'aa dhufeera. Kan barumsa afuuraatii fi marii falaasamaa fi gaaffiin isaaniis kan booji'uu dha, kan yaada afuuraan liqimfaman garuu miti. Garee

namootaatii fi qindeessuun yeroo hundumaa baleessaan gura guddiftuu irratti mul'ata. Macaafni qulqulluun waa'ee mataa isaa akka dubbatuuf dhiisuun isa guddaa dha.

Yesuus kan amantii keenyaatii fi kan doktirinii keenyaa xiyyaafannoo hanga ta'eetti, dhimma mata duree kanaa irratti yeroo dubbatu, kan nuyi argannee baay'ee kan gargaaruu ta'a. isa kanas Maati 5:17-19 irratti godheera, "lallaba gaaraa" jedhamee kan waamamuu kutaa seensaa irratti (Maati 5-7). Inni ifatti tareessera, barreefama qulqulluu waan jedhamuu qaama isa jalqabaa kan qabuu ilaalcha, Kakuu Moofaa jennee kan waamnu. Cimsi isaas bara barummaa isaatii fi jireenya amantootaatiif amantaa faayiidaa qabu irratti ta'uu isaa hubadhaa. Akkasumas bakka giddu galessummaa isaa kaayyoo isaatii fi raawwii isaa irratti. Dubbifamni kun liqimfamuu afuuraa kan qabuu Kakuu Moofaa qofa hin degeru, haa ta'uu malee mul'ata sana xiyyaafannoo cimaa mataa isatiif ta'uu isaa malee (ramaddii Kristoos irratti xiyyaafate). Ta'us, inni immoo salphaatti hubachuudhaaf kan gargaaruu dha lakk.21-26, 27-31, 33-37,fi  38-40 irratti inni walumaa galatti immoo kan ibseedha, kan Kakuu Moofaa hiika kan aadaa, bara isaatti kan turee haala kan barsiisaa Yihudootaatiin. Qulqulluun sagalee isaa mataan isaa kan afuuraan liqimfamuuti, kan bara baraa, fi Kristoos irratti kan xiyyaafatuu dha, hiika namummaa keenyaatiin garuu miti. Kun raawwatee gatii kan qabu hundee amantiiti. Macaafni qulqulluun, hubannaa isa irratti qabnu miti, kan bara baraatii fi kan yaadaa afuuraan liqimfamee kan ta'e. Yesuus kan aadaa, seera irratti kan xiyyaafatuu gocha tooraa jabeesse, akkasumas kan hin danda'amne gartokkotti kan jedhu, kaka'umsa, fi sadarkaa yaada keessaa ittiin ga'e.

Qulqulluun sagalee isaa duriii labsiin yaada afuuraan liqimfamuu ergamoota irraa gara ormootaatti kan dhufe, Saa'ool nama Xeersees. 2[ffaa] Ximoo 3:15-16 Phaawuloos adda baasee teesiisa "kennuu Waaqayyoo" (akkuma jirutti Waaqayyo kan itti afuura baafate) sagalee isaa qulqulluu. Tuqaa kana irratti haala barreefamichaatiin mirkanaa'aa miti, barreefama Kakuu Haaraa hundumaa of keessatti qabachuu isaa labsii kanaan kan beeknu. Ta'us, walumaa galatti dhugumatti kan of keessatti qabatanii dha. Akkasumas, 2[ffaa] Pheexi 3:15-16 barreefamni Phaawuloos "qulqulluun sagalee" ramaddii keessatti ammata.

Kan biraan kan degeruu dubbifamni qulquluu sagalee isaa, Phaawuloos irraa, kan yaadaan liqimfamuu kan ilaalate kan argamuu 1[ffaa] Teso. 2:13 irratti. Isaan kun akkuma duraa, xiyyaafannoon isaa Waaqayyo irratti, jechi ergamaa burqaa dhugaa akka ta'e. kunnis dhugaa wal fakkaatuu ergamaa Pheexiroosiin dubbatameera 2[ffaa] Pheex 1:20-21.

Macaafa Qulqulluu qofa hin ture ka'umsa irratti akka afuuraati dhi'aachaa kan turan, kaayyoon isaas immoo. Qulqulluun sagalee isaa amantootaaf kan kennamee amantiidhaa fi jireenya isaaniitoof (Roome 4:23-24, 15:4, 1[ffaa] Qoro 10:6, 11, 1[ffaa] Pheexi 1:10-12).

## III. Kaayyoo Macaafa Qulqulluu

A. Macaafa seeraa miti

Qulqulluu sagalee isaa kan ilaalate baay'een hubannaan waliin dha'aamaan kan jalqabamuu yaada dogogoraa irraati, kaayyoo isaa kan ilaalate. Wanti tokko maal akka ta'ee mirkaneefachuudhaaf karaa inni tokkoo, isa kan hin taanee teesisuu dha. Gartokkootti jechuun nama kufee gara seera-qabeessumaatti, baay'ee kan gargaaruu dha, Farisoota giddutti jiraataa fi nagaa ta'ee waldoota kiristaanaa keessan keessas ni jiraata. Gartokkotti jechuun kun Macaafa Qulqulluu gara seera jaabateetti jijjira. Amantootni ammayyaa qulqulluu sagalee isaa guutuu guutuutti osoo hin taane gara macaafa seeraatti jijjiraniiru, "Taalmudii kiristaanaa" kan akkasi. Inni dirqamatti humnaan taa'uutu irra jiraata, qulqulluun sagalee isaa duraan dursee kan irratti xiyaafatuu fayyisuu akka ta'e. Jechuun, falmuudhaaf, amansiisuu, fi mucaa deebisanii gara Waaqayyootti fiduu (Miikii Kiyulikiin 183,49). Xiyyaafannoon duraa fayyinaa (2[ffaa] Ximoo 3:15) innis gara kristoosiin fakkaachuuti kan geggeessu (2[ffaa] Ximoo 3:17). Kiristoosiin fakkaachuun kun immoo galma isa guddaa dha (Roome 8:28-29, 2[ffaa] Qoro 3:18, Galaa 4:19, Efe. 1:4, 1[ffaa] Teso 3:13, 4:3, 1[ffaa] Pheexi 1:15), garuu inni bu'aa galma jalqabaati. Yoo xinaatee tokkooffaa irratti kan yaadamuu qindaa'uu Macaafa Qulqulluutii fi amala fayyisuu fi kaayyoo

dha malee mala macaafa seera miti yookaan macaafa doktiiriinii (jechuun Taalmuudi kiristaanaa kan hin taane). Macaafni qulqulluun hundumaatiif gaaffii beekuumsaaf deebii hin laatu. Dhimmi baay'een kan nama walaalchisan yookaan karaa hin xumuramiini dha kan isaan dhi'aatan. Macaafni qulqulluun guddinaan kan inni qindeefamee akka mala barumsa macaafa afuuraatti miti haa ta'uu malee Waaqayyo uumama isaa finciluu wajjin kan ittin wal argee seenaa filatee dha male. Kaayyoon isaa seera taraa miti walitti dhufeenya male. Innis bakkawwan ni mul'isa, jaalalaan adeemuudhaaf akka dirqisiifamnuuf (1[ffaa] Qoro 13), seera miti (Qola 2:16-23). Duraan dursinee ilaaluu kan qabnuu bifa isaatti namoota uumaman ta'uu qabu (Uuma. 1:26-27), seerawwan miti. Walitti qabama seeraas miti, amala haaraa malee, xiyyaafannoo haaraa, jireenya haaraa dha, kan inni kennu.

Kana jechuun seera qulqulluu hin qabaanee jechuu miti, waan qabateef, haa ta'uu malee isaan bakka hundumaa hin uwwisan. Seerri yeroo hundumaa kan isaan ta'aan gufuu dha, riqicha ta'uu caalaa, ijoolleen namaa Waaqayyoon barbaaduu irratti. Macaafni qulqulluun ragaa gahaa nuuf laata, jireenya Waaqayyoon gammachiisuu akka jiraanuuf, innis immoo qajeelfama tokko tokkoo daangaa nuu kenna. Ta'us, kennaan duraa isaa "geggeesumaa" dha qajeelfama osoo hin taane. Geggeessaa beekuu fi duukaa bu'uu isa hanga fakkaatanitti isa lamaffaa galma qulqulluuu sagalee isaatiti.

B. Macaafa saayinsii miti

Kan biraan namni Macaafa Qulqulluu fakkeenya raajii gaaffachuu isaafis deebii kennuudhaaf naannoo hin qindeefamnee .kan ammaayyaa gaaffii saayinsiiti, baay'een qulqulluu sagalee isaa ni dirqisiisuu, seera uumaamaatiif, damee falaasafaa akka ta'uuf, keessumatti "mala saayinsiif" yaada tarreefamaa. Macaafni qulqulluun seera uumamaati macaafa afuuraa miti. Inni diina saayinsii miti, saayiinsii dursa! Kaayyoon isaa duraa naannoo kanatti miti. Macaafni qulqulluun ammam illee gaaffilee kanaaf kallattiidhaan yoo dubbachuu baatees, waa'ee dhugumaa qaamaa ni dubbata, akkas kan inni godhu garuu ibsa qooqaatiin (jechuun qooqa ta'en), saayiinsii osoo hin taane. Dhugaa ibsa, yeroo mataa isaatitti. "Ilaalcha biyya lafaa" ni dhi'eessa, "suura biyya lafaa" caalaa. Kana jechuun baay'ee kan inni irratti xiyaafatuu "eenyuu" kan jedhu irratti dha, "akkamitti" kan jedhuu caalaa. Wantoota kan inni ibsu akkam akka ta'aanii dha (jechuun, qaama miiraa shaman) nama taraadhaaf. Fakkeenyoota tokko tokkoo

1. Warri du'an dhugumatti lafa keessa jiraatuu? Aadaan warra Ibiroota akkuma keenya nama du'aa isaanii ni aawwallu. Kanaaf, ibsa qooqaatiin isaan lafa keessa jiru (si'ool yookaan gaanab).
2. Lafti dhugumatti bishaan irra bololaatii? Kun yeroo hundumaa kan inni ittiin wal qabatuu abbaa roga sadii lafa Yuniversi moodeli dha warri durii bishaanii lafaa gadii akka turee beekaniiru (jechuun, burqaa lafa gammoojjii). Guduunfaa isaanii kan ibsuu qooqa fakkeenyaatiin ture.
3. Nuttis yoo taanee yeroo keenyatti ramaddii kana keessa kan nuyi dubbannu.
   a. "Aduun baatee"
   b. "Fixeensi bu'ee"

Naannoo kanatti macaafni na gargaaraan isaan kana

1) *Kan amantaatii fi saayinsiin ammayyaa ka'uun isaanii R. Ho'ikaas*
2) *Dhaabbata saayinsii fi amantii kiristaanaa Maalkoom A. Jevaas*
3) *Ilaalcha kiristaanaa saayinsiidhaa fi qulqulluu sagallee isaa irratti Beer Naardi Raam*
4) *Saayinsii fi hiika isaa Vern S. Paayitiraas*
5) *Daarwinawineeti yeroo qoratuu Fillipitti Johnsan*
6) *Macaafa gaarii hedduu Huufroosiin, Feensakoola kan Macaafa Qulqulluu waldaa kiristaanaa Peensakoolaa, FL,*

7) *saayiinsi fi amantaa, gaaffii fi deebii abbaa wangeelawummaa Peenir P fi jeemi Deevis*
8) *waranaa kan jalqabaa Deel Raasischi*
9) *saayinsii wajjin gara nagaatti dhufuu Daani'eel Fook*
10) *Kiristinaa salphaa saayinsii fi beekumsa Willihem Demoski akka qopheesseetti.*

C. Macaafa moortuu miti

Macaafni qulqulluun macaafa seeraa miti yookaan macaafa saayinsii miti, macaafa moortuus miti. Jaalala Macaafa Qulqulluudhaaf qabnuu karaa adda ta'een akka qabannuu nu godheera. Fedha Waaqayyoo argitanii hin beektanii erga kadhatanii booda Macaafa Qulqulluu quba keessan fuula ta'ee irratti bantanii lakkoofsicha irratti argisiisuudhaaf? Shaakalli taraan kun Macaafa Qulqulluu akka moortuu Giloob yookiin moortuu afuuraan godhu fakkeessa. Macaafni qulqulluun ergaa dha, kan ammaayyaa Uriinii Tumiin osoo hin taane (Ba'u 28:30). Bu'aan isaa ergicha irratti kan foonii argamuu isaa osoo hin taanee. Akka kiristaanaatti Macaafa Qulqulluu keenya qabanne gara hospitaalaatti adeemna, dubbisuu hin dandeenyu, dhukkubbuu keenya irraa kan ka'e. Akkas kan nuyi goonuu argamuun Waaqayyoo nu wajjin ta'uu isaa bakka waan bu'uuf. Kiritaanoota ammayyaa hedduudhaaf macaafni qulqulluun qaama waaqa tolfamaa ta'eera. Qaaman argamuun isaa humna isaa miti, haa ta'uu malee waa'ee Waaqayyootiif kan inni qabu ergan isaa Yesuus Kristoosiif male. Macaafni qulqulluun keenya baqaqfamee kan hodhame irratti gochuun dafee akka fayyee hin godhu. Ciisicha keenya bira qofatti macaafni qulqulluun hin barbaachiisu, ergaa isaatu laphee keenyaaf barbaachiisa.

Namootni isaanitti hin tolee akka jiran dhaga'eera inni tokko macaafni qulqulluun isaa yeroo harkaa kufuu, yookaan irra isaatti yeroo barreessu. Macaafni qulqulluun waa tokko iyyuu jechuu miti, gogaa sa'aa kan caluu (mi'aa yoo jettan), waraqata mukaa fi qalama. Inni qulqulluu kan ta'u Waaqayyoo wajjin walitti dhufeenya jiru qofa macaafni qulqulluun bu'aa hin qabu hanga hin dubbifamneetti, hanga duukaa hin buuneetti. Aadaan keenya Macaafa Qulqulluudhaaf yeroo ulfina laatuu Waaqayyo irratti garuu ni fincila. Duraan dursee seera mana murtii keenyaa inni tokkoo dhugaa isaa dubbachuudhaaf harka isaa Macaafa Qulqulluu irra kaa'ee kakata. Hin sobu akka fudhannu nu gochuu danda'a.

Macaafni qulqulluun qindeessaa moortuu miti. Innis barreefama kan ta'e, kan xumurame, macaafa hin cuunfamne ta'ii uumamaa irratti, innis "kan Ho'iil" macaafa urjii lakkaa'uu miti, jireenya irratti ibsa qajeelfamaa kan laatu, bakka hundumaati. Inni ergaa Waaqayyo irraa ta'ee dha, seenaa namootaa keessatti kan hojjetu. Inni gara ilma isaati kan argisiisuu dha, innis quba isaa gara hameenya keenyaatti kan argisiisuu dha.

## IV. Dursa tilmaamaa barreesichaa waa'ee Macaafa Qulqulluu

Ammam illee macaafni qulqulluun dheebbuu ilmaan namaatii fi fayyadamuuf akka hin taaneetti yoo ajajees innis ammas ta'uu qophaa isaa qajeelfama gochaa fi amantiitti. Waa'ee Macaafa Qulqulluu kanan qabu dursi tilmaamaa dhi'eessuun barbaada.

Macaafni qulqulluun, lamanuu Kakuu Moofaatii fi haaraan, qophaa isaa mul'ata dhuunfaa Waaqayyoo akka ta'ee nan amana. Kakuu Haaraan kan Kakuu Moofaa raawwatee kan xumuruu fi hiika (Kakuu Moofaan ilaaluu kan qabnuu mul'ata Yesuus isa haaraa karaa Kakuu Haaraatiin, innis jijjirama hundeetiin kan ta'ee abdi Israa'eloota gara Addunyaalleessatti kan jijjiire). Inni tokkoof qophaa isaa kan bara baraa fi, uumaa, kan fayyisuu Waaqayyoo safartuu keenya qulqulluu sagalee isaatti barreessuuf ka'umsa ta'uu isaa nan amana, namoota filataman yaada afuuraan liqimfamoo gochuuf gochaa isaa akka galmeessanii fi ibsan, nama dhuunfaatii fi jireenya sabaa keessatti. Macaafni qulqulluun qophaa isaa waa'ee kaayyoo Waaqayyoo ifa kan ta'ee burqaa ragaati (waa'ee Yesuus kanan beekuu fuula Kakuu Haaraa irraa qofa). Ibsa mul'ata (Iyob 38-39, Faarf. 19:1-6, Room 1:19-20, 2:14-15) gatii qaba, garuu hin xumuramne. Yesuus Kristoos ibsa Waaqayyoo dhagaa goleeti, waa'ee mataa isaa, (Yoha. 1:18, Qolaa 1:14-16, Ibi 1:2-3).

Macaafa Qulqulluu ibsuun kan irra jiraatu afuura qulqulluudhaan (Yoha 14:23, 16:20-21, 1[ffaa] Qoro 2:6-16) sirritti hubachuudhaaf (kalatti kan afuuraa). Ergaan isaa kan aboo, gahaa, kan bara baraa, kan hin kufnee fi kan amanamee dha, wantoota hundumaa biratti. Haala dhugumaa yaada afuuraan liqimfamuu nutti hin mul'anne, haa ta'uu malee amantootaaf ifaa dha, macaafni qulqulluun uumamaa ol kan ta'ee macaafa ta'uu isaatiin, uumamaan namoonni kan barreessan gegeefama adda ta'en.

**V. Uumamaa ol kan ta'ee kanyaada afuuraan liqimfamuu fi kan aboo kan ta'ee ragaa Macaafa Qulqulluu**

Ammam illee ibsi olii dursa tilmaamaa ta'us akkuma beekumsa nama biraa hundumaa, fudhatama kan qabuu ragaan degeruu hin jiru jechu miti. Tuqaa kana irratti ragaa tokko tokkoo sakkataana.

A. Macaafni qulqulluun ifa kan ta'ee kan raajaman qabateera (kan seenaa, ramaddii osoo hin taanee[Hosee 11:1] yookaan raawwaata raajii [Zak. 9]) waa'ee dhufaatii beekamaa, kan namatti wal hin fakkaanee qindaa'ina, haa ta'uu malee adda kan ta'ee fi yeroo hundumaa kan sodaachisu dhugummaa. Fakkeenyi gaariin lama kanatti fufanii jiru.
   1. Tajaajilli Yesuus Galiilaa ta'uun isaa raajame ture Isaa 9:1. Kunnis hawaasa Yihudootaatiin baay'ee kan hin eegamne ture, sababni isaa Galiilaan seera-qabeessa jedhamee waan hin eegamneef, mana qulqullummaa irraa bakka fagoo waan ta'eef. Ta'us baayinaan tajaajilli Yesuus Kristoos kan godhamee bakka teessuma lafaa kanatti.
   2. Bakkii dhaloota Yesuus adda ba'ee galmaa'eera, Miki 2:5 irratti. Beteheleem mandara xiqqaa turte kan dubbatamuufis maqaan ishees maatiin Iseehi achi jiraachuu isaaniti. Ta'us dhaloota Yesuus waggaa 750 dura macaafni qulqulluun bakki kunni Masihiin kan itti dhalatuu akka ta'ee adda baasee argisiseera. Manni mootummaa Heroodisis beektootni barsisootaa illee kana beekaniiru (Maati 2:4-6).tokko tokkoo mamuu danda'uu kan waggaa haraaraa dura jaarra lamaffaa kan lamanuu Isaayaasii fi Miikiyaas ta'es, sababa saptuwaajentiitiin (kan isaa hiika Girikiitiin kan ta'e sagalee qulqulluu Ibirootaa waggaa araaraa dura 250-200 tti naannoo kanatti jalqabe), baay'ee xiqqeefamee illee yoo ilaalamee raajiin kun raawwii isaanii irraa waggaa dhibba lamaan dura kan inni raajame.

B. Ragaa biraan kan ammaayyaa saayinsiin qorannoon boca durii dame beekumsaa wajjin adeema. Gara dhumaatti xiqqoomatti waggoota kudhaniif baay'ee kan ol jedhee boci durii argameera. Ani amman beekuutti seenaa dhugaa Macaafa Qulqulluu kan kufisu argannoon tokko iyyuu hin jiru (Neelsaan Giluuk, bishaan lafa gamoojjiitti fuula 31, "ammam illee boci durii ibsa qulqulluu sagalee isaa faalleessuu yookaan kufaa gochuu raawwatee hin dandeenye"), raawwatee faallaa isaa. Qorannoon boca durii dabalee dadabalee kan mirkaneessu fidaa jira, waa'ee kan seenaa Macaafa Qulqulluu.
   1. Fakkeenyi tokkoo, maqaa Mesopotaamiyaa Nuuzinaa Maarii gabatee barreefamaa irratti fayyadamuu isaati, waggaa araaraa dura bar-kumee lamaffaan, innis seera uumamaa irratti dabalee kan mul'ate. Egaa isaan kun saba wal fakkaatu tokko miti, garuu maqaa wal fakkaatu qabu. Maqoonni yeroo adda ta'ee fi bakkaa fi amala. "Taaraa" fi "Naahoor" maqoonni jiran galmee Macaafa Qulqulluu fi gabatee barreefama durii irratti kan barataman turan.
   2. Eshiyaa xiqqootti qarominni Qeexiwootaa jiraachuun fakkeenya isa biraadha. Waggoota baay'eedhaaf (jaarraa 19ff[aa]) seenaa kan amantaa hin taanee tokkoo illee waabii hin qabuu, kan cimee fi, baay'ee aadaa guddateef maqaa kanaan kan waamamuu (Arkeer 1982, 96-98, 210). Ta'us, uumama 10 fi seenaa Macaafa Qulqulluutti yeroo baayee heereera (2[ffaa] mootota 7:6, 7, 2[ffaa] Seenaa 1:17). Qorannoon boca durii jiraachuu isaanii qofa mitikan inni mirkaneesse, garuu immoo dheerina yeroo isaatii fi humna isaaniis dabalatee malee (jechuun, 1950 qoratoonni boca durii mana macaafaa kan mootoootaa argataniiru, boca baalaa kan qabuu kuma lama gabatee barreefamaa, sabichis Antooliyaa fi Keexihanoota jedhamani ni waamamu turan).

3. Jiraachuun Bilxaasoor, isa dhumaa mootiin Baabiloon (Daani.5) yeroo hundumaa ni ganama ture. Moototni kurnan Baabiloon tartibii isaanii seena biyya lafaa irratti jira, galmee Baabiloon irraa kan fudhatame, tokkoon isaanii garuu maqaa Bilxaasoor hin qaban. Dabalataniis kan godhamee argannoon qorannoo boca durii Bilxaasoor yeroo sanatti itti aanaa bulchaa fi itti waamamaa abbaa taayiitaa akka ture ifaa ta'eera. Abbaan isaa, Naaboonidaas, haatii isaa waaqoollii ji'aa, Ziin, waaqeffachiiftuu kan turte, Ziinin (Nana) waaqeffannaa irratti baay'ee ni hirmaata ture, achi irraas gara Teemaa (Arabiyaa) tti ce'e, qulqulluun magaalaa ishee, duula loltuu waggaa kudhanii Gibxi irratti yeroo ture. Mucaa isaa Biilxaasooriin dhiise, inni yeroo hin jireetti Baabiloon akka bulchuuf.

C. Macaafni qulqulluun uumaama oli kan ittiin ta'ee ragaa kan biraan dogogora dhabuu ergaa isaatiti. Kana jechuun, macaafni qulqulluun Ayaahoota (wantoota ifaa hin taanee) hin qaban jechuu miti, wali hin faalleessu malee. Kun nama ajaa'ibsiisa, waggoota 1600/1400 yeroo kana keessatti macaafichi hubannoo keessa yeroo galu (Seera ba'uu irratti hundaa'uudhaan, jechuun dhaloota Kristoos dura waggaa 1495) baay'ee kan wal irraa fagaatee kan barnoota fi kan aadaa garagarummaa seenaa boodaa barreesitootni kan isaan dhaban macaafichi, Mesopotaamiyaa dhaa hanga Gibxiitti. Innis heedduu seera barreefamaa wal fakkaatu of keessatti qabata, ta'es qooqa gara garaa sadiidha kan inni ittiin barreefame (Ibiruu, Haramaayik fi Konee Giriki). Gara garummaan isaan kana gidduu hundumtuu ergaa tokkummaa qabuudha kan dhi'aate (jechuun, sarara seenaa).

D. Dhumma irrattis macaafni qulqulluun liqimfamuu akka ta'ee inni tokkooffaan ragaa ajaa'ibsiisaa dha, dhirootas ta'ee dubartoota haala safuutiin dhaabbataati, jireenya jijjiramee qabaachuu isaaniiti, seenaa keessatti aadaa adda addaa keessatti, sadarkaa barnoota adda addaa, fi sadarkaa dinaagdee adda addaa kan dhufan ta'aanii osoo jirani. Macaafni qulqulluun callisee yeroo dubbifamuu dhaabbataatti jijjirama jireenyaa hundeedhaan uuma. Macaafni qulqulluun matuma isaatiin tolaa kan godhuu dha.

## VI. Macaafa Qulqulluu hiikuu keenyaa wajjin rakkoowwan wal qabatan

Gara olitti kan heeramee, hubachuudhaaf salphaadha yookaan Macaafa Qulqulluu wajjin kan wal qabatee rakkoon tokko tokko hin jiru jechuu miti. Uumama qooqa namaa irraa kan ka'ee, waraabii og-baruu irraa kan ka'ee, rakkoo hiikaati wajjin kan wal make Macaafa Qulqulluu ammayyaa keenyaa dirqamatti hiikuun kan irra jiraatuu tarreefama hundee qajeelfama ibsaatiin.

Kan ammayyaa Macaafa Qulqulluu isa dubbisu kan mudatuu rakkoon jalqabaa barreefamoonni adda addaa ta'uu isaati. Dhugaan kunnis Ibirootaa fi Kakuu Moofaa qofa miti, kan Girikiis Kakuu Haaraas male. Dhimmi mata duree kanaa ol kan jedhee bifa hoji irra ooluun boqonnaa itti aanuutti in ibsama, amma garuu rakkicha haa ilaalu. Inni yeroo hundumaa barreefama karaa adda addaa ilaaluu jedhamee waamama. Inni ta'us kan inni yaaluu jecha Macaafa Qulqulluu isa guddaa murteessuudhaaf. Rakkoo kana kan ilaalate macaafni waabii tokko tokkoo

A. *Macaafa Qulqulluu ceephoo, kan seenaa, haala barreefamaa fi kan barreefamaa Baabii.K.WLk, D.Gutter,Gordeen Fee , fi R.H. Harseen*
B. *Macaafni Kakuu Haaraa walbira darbuun ergaa isaa balleessuu isaatii fi deebi'uu isaa Birus M.Misgaar*
C. *Tarreefamni barreefama Kakuu Haaraa fi barreefama maramaa, fi seensa Macaafa Qulqulluu BJ. H. Girinili*
D. *Macaafaa fi Birannaa F.F.Bruus*
E. *Waraabii Kakuu Haaraa duriii Bruus Misgaariin*
F. *Galmee Kakuu Haaraa: mirkanaa'aadhaa? F.F Bruus*
G. *Falmii waraabii Kingi Jamsii: deebii dhugaatii fiD.A. Karsen*
H. *Baha durii fi Kakuu Moofaa K.A.Kichiin*
I. *Kan sagalee isaa kallatiidhaan kan bade Baarti D. E. Hermaan*

J. *Kan barreefama Kakuu Haaraa karaa adda addaan ilaaluu fi xinxaluu Devid Alen Pich kan qophaa'ee*

**VII. Kan ammayyaa macaafni qulqulluun keenyaa burqaa kan barreefama isa ol aanaa**

Kan Ibirootaa Kakuu Moofaan barrefama ammayyaa barreefama Maasooratik jedhama (dubbifama barreefamaa mijatu, Raabii Akuubaadhaan bara araaraa 1000tti kan qindaa'ee). Inni tarii yeroo Yesuusitti Farisootaan hojii irra kan oole barreefama ta'uu danda'a, isaanis bara araara 70tti Yerusaaleem Tiitoodhaan erga barbaadaa'ee boodaa jireenyatti kan hafan qophaa isaanii garee amantaa ta'uu hin oolan. Mogaasi isaas kan inni dhufee garee beektoota Yihudootaatiin, tuqaa dubbachiftuu seera tuqaalee, fi yaada barrefamootaa kan warra duritii fi, kan hin heriin (dubbachiiftuu kan hin qabne) barreefama Ibirootaa kan fayyadamaniif (bara araaraa dura jaarraa9[ffaa] kan xumurame). Kan itti fufee jiru kan Kakuu Moofaatii fi burqaan Kakuu Haaraa tarreefama yaada gabaabaa guddaati.

A. Kakuu Moofaa

1. Barreefamni Maazoraatiki (MT) – kan Ibirootaa dubbifama mijata bifa kan barreefamaatiin kan qindaa'ee Raabii Akuubaadhaan ture bara haraaraa waggaa 100tti. Dabalataan tuqaan dubbifamaa,akkaataa itti haasa'an yookaan dubbatan, baay'ee xinnoo,yaadannoo seera tuqaallee, fi argisiisa yaadannoo kan xumuraman bara haraaraa jaarra sagalitti beektoota Maazoraatikiitiin. Bifi barreefama kanaa Mishaanaay, Taalmuud, Taargums (hiika Arabiffaa), Peeshita (hiika Sooriyaa), fi (Vaal geet hiika laatinii) irratti heerameera.
2. Saptuwaajentiin (LXX) –akka seera isaatti kan jedhamuu beektoota Yihudootaa 70 guyyaa torbaatamatti Aleeksaanderiyaa Gibxitti mana macaafaatti kan inni qophaa'e. Inni in gaaffatame kan jedhamuu geggeessaa Yihuudii ture, mootii Peetoloomi 2[ffaa] yeroo Aleeksaanderiyaa jiraataa tureeti (Dhaloota Kristoos dura waggaa 280-246). Kan Peetoloomii bulchitootni Gibxii addunyaa irratti mana macaafaa guddaa akka qabanitti of jaju turan. Seerichi kan dhufee "xalayaa Arsitiyaas irraati). LXX Raabii Akuubaa (MT) Seera barreefamaa Ibirootaa adda ta'ee laata. Seerri kun lamaan galaana du'aa macaafa maramaa keessatti hammatameera.

   Rakkoo kan uumuu barrefama lamaan kana osoo walii hin galin. Akkasumas macaafi Ermiyaasii fi Hosee raawwatee gara gara. Macaafa maramaa galaana du'aa bara 1947 erga argamanii booda lamanuu barreefamni Maazoraatikii fi Saptuwaajentii barreefama harkaa durii akka mirkaanaa'ee ifaa dha. Barreefamni Maazooraatikii yeroo hundumaa akka barreefama dhaabataatti fudhatama qaba, Kakuu Moofaatiifis Saptuwaajeentifis akkasumas dubbifama rakkisaafis yookaan dubbifama badan irratti akka degersaatti tajaajila.

   a. LXX MT hubachuudhaaf gargaara (Fakkenya 1)
      (1) LXX Isaayaas 52:14,"baay'een isa ajaa'ibsiifatu"
      (2) MT Isaayaas 52:14 "baay'een si irratti akka ajaa'ibsifatan"
   b. Muubaax MT hubachuudhaaf gargaareera (Fakkenya tokkoo)
      (1) Muubaax (IQ Isaayaas ) Isaayaas 21:8- "Achi irraas raajichi iyyee iddoo dhaabbatani eegan irra …"
      (2) MT Isaayaas 21:8 –"Akkasumas leenca jedheen iyyee! Gooftaa koo, yeroo hundumaa iddoo dhaabatani eegaan irra nan dhaabadha, guyyaadhaan…"
   c. Lamanuu LXX fi Muubaax hubannoo keenya gargaareera Isaayaas 53:11
      (1) LXX fi Muubaax – "Rakkina lubbuu isaa booda ifa arga, dheebuu ba'as"
      (2) MT- "rakkina lubbuu isaa arga. Dheebbuu ba'a" (MT gochamicha irra deebi'eera, harkifata jalqabaa garuu Hir'iseera).

   Barreefama harkaas ta'ee barreefama jalqabaa hin qabnu barreessan macaafaa qulqulluu jalqabaa, kan galagalfamee galagalfame galagalfamee qofa kan qabnu.
3. Macaafa maramaa galaana du'aa (Muubaax) kan barrreefamee dhaloota Kristoos dura bara Roomaatti yeroo Kakuu Haaraatti wajjin walitti dhi'aatee, Yihudootaan namoota adda ba'aan (isaan waaqeffannaa mana qulquluummaa dhiisanii turan, angafii lubaa yeroo sana sanyii

Haaroon waan hin taaneef), "Iseenes" kan jedhamu. Barreefamni harkaa Ibirootaa (MSS) 1947 kan argame, bowwaa heedduu keessaa, garba du'aa cinaa. Isaaniis kan maatii barrefama Ibirootaa qabateera, lamaanuutiin MT fi LXX duubaan.

Naannoo kanatti rakkoo biraan Kakuu Haaraati kan heerame barreefamni Maaseratik Kakuu Moofaa gidduu kan jiru wal fudhachuu dhabuu dha fakkeenya gaarii kan nuu ta'u tokko seera lakk. 25:9 irratti 1^ffaa Qoro 10:8 waliin madaaluu dha. Waabiin Kakuu Moofaa 24,000 akka du'an yeroo teesisuu Phaawulos immoo 23,000 akka du'an jedha. Asitti rakkoon nu mudatee barreefama durii harkaan barreefameedha. Kun dadarbuudhaani dogogora barreefamaa uumame ta'uu danda'a, yookaan Phaawuloos kan inni yaadachiisuu kan inni heeree ta'a shaakala barsiisummaa irraa. Kun baay'ee akka nutti dhaga'amuu nan beeka (waa'ee yaada afuuraan liqimfamuu kan nuyi qabnu dursa tilmaamaa irraa kan ka'e) wal falleessuu kana fakkaatuu argachuun, dhugaan wantichaa garuu kan ammaayyaa hiika Macaafa Qulqulluu kana kan fakkaatan rakkoo xiqqaa qabaachuu isaati.

Rakkoon kana fakkaatuu Maatihoos 27:9 irratti argama kunnis Kakuu Moofaa irra Emiyaasiin kan heeramee Zakariyaas irraa kan dhufe kan fakkaatuu ta'ee osoo jiruu. Ammam wal fudhachuu dhabuun akka jiru isinitti argisiisa, kanaaf wal faalleessuun harkifataa kan ta'ee sababa tokko tokkoo isiniif in kenna.

1. Kan jaarraa 5^ffaa galagalchi Sooriyaa, Peeshtaa kan jedhamuu "Ermiyaas" maqaa jedhuu akkanatti ambisa.
2. Agustinoos, Luteer, fi Keehil barreefama Maatihoos irratti dogogorri jiraachuu isaa cimseera.
3. Originii fi Eyoosebus galagalcha isaa dogogorri uumamuu isaa cimseera.
4. Jeroomii fi Ewaalid kan Ermiyaas yoo ta'ee kan bade hojiin cinaanii heeramuu isaa ni cimsu Zakariyaas irraa raawwatee kan heerame osoo hin taane
5. Meediin cimsa laata, Ermiyaas, Zakaariyaas9-11 macaaficha
6. Laaytifuuti cimsa laata, Ermiyaasi tarreefama raajootaa keessaa dursaa ta'ee galmaa'uun isaa mogaassa kanaan raajoonni biraan hundumtuu tokkummaa ni qabaatu.
7. Heeligistiin Bergi Zakaariyaas Ermiyaasiin heeruu isaa cimsa laata.
8. Kaalviin dogogorina karaa hin beekamneen gara macaafichaa fiduu isaa cimsa laata.

Yaad rimee baay'een, yoo baratan, namoonni gaariin karaa sirri ta'een dhimma sirrii ta'e akkanumatti walaaluu keenya dha. Rakkoo sana garuu (#1), deebii ta'uu hin danda'u. Irra deddeebii irraa yookaan dursa tilmaamaa boodaan dhokkachuun rakkoo sana salphisuu hin danda'u. Hiiki ammayyaa Macaafa Qulqulluu rakkoo tokko tokkoo qabu, dirqamatti bifa qabsiisuun kan nurra jiru. Nama taraadhaaf kun hojii irra ooluu kan danda'uu hiika ammayyaa waliin madaalchisuu dha. Yaada gocha salphaa ta'uu kan danda'uu qayyabannaa ammayyaa Macaafa Qulqulluu keessan guddina irratii, "kan duritii fi kan fooya'ee barreefamoota Giriki irra kan hin jire" kan jedhu yoo qabaate, barreefama kana irratti dooktiriini keessan hin hundeesinaa. Dubbifama wal cina jiru barbaadaa, doktirinii ifatti barachuun kan danda'amu.

B. Kakuu Mofaa

Yeroo 5300 garaaa barreefama harkaa (guutuutis ta'e muraasa) kan Girikii Kakuu Haaraan har'a ni argama. Isaan gidduu dhaa 85Paapires irratti barreefaman. 268 (geengoo irratti kan barrefamee) barreefama harkaa qubee guddaadhaan kan barreefaman ni argama. Booda irratti bara haraaraa jaarraa salgaffaa, barreefama walitti guguduunfame (gadaanaa) babal'achaa dhufe. Bifa kanaan kan barreefaman barreefamni harkaa Girikii naannoo 2700 ta'u. Akkasumas 2100 tarreefama galagalcha macaafa qulqulloota qabaata, yeroo waaqeffanaatti faayidaa irra kan oolan barnoota jedhamanii kan waamaman. Kan itti fufuu burqaan Kakuu Haaraa tarreefama yaada ijoo dha

1. Paapirees- 85 kan ta'an barreefamni harkaa Girikii kutaa Kakuu Moofaa kan qabatan, Paapirees irratti kan barreefaman bara haraaraa umuri jaarraa lamaffaa kan lakkaa'aan amma

iyyuu ni argama, baay’een isaanii garuu bara haraaraa jaarraa sadaffaa fi arfaffaa dha. Isaan kana keessaa tokkoon isaanii illee barreefama harkaa guutummaa Kakuu Moofaa hin qabane. Tokko tokkoo kan qophaa’an barreesitoota ogessaan yeroo ta’u, baay’een isaanii kan galagalcha namoota giddu galeessaan ariitiidhaan kan warabamee dha. kan durii ta’uun isaa qophaa isaa, matuma isaati, kun sirri dha isa hin jechisiisu.

2. Kodeesk Sinaatiks- Ibirootaan “A” (Alfa),א, (01) kan beekamuu dha. Innis Kaatirini qulqulluudhaan Gadaamii gaaraa Siinaa irratti argama, Betischen Doriif. Innis bara haraaraa jaarraa afraffaa kan qabuu dha. Inni lamanuu Kakuu Moofaa fi haaraa qabateera. Innis “barreefama Aleksandeeriyaa” kan akkanaati. Kan akka Koodeks B.
3. Seerata Aleksanderiinis – innis “A” (Alfa) (o2) jedhamuun beekama. Innis kan bara haraaraa jaarraa shanaffaa barreefama harkaa yeroo ta’uu Aleeksanderiyaa Gibxitti kan inni argame. Wangeeloota qofa “barreefama Aleksandeeriyaa” kan akkanaa kan ta’an.
4. Koodeks Vaatikaan – innis “B” yookaan (03) jedhamuudhaan beekama, innis mana macaafaa Vaatikaanitti Roomitti argama, yeroon isaas bara araaraa giddu galleessa jaarraa arfaffaati as. Innis lamanuu Kakuu Moofaa fi haaraa qabateera. Innis “barreefama Aleeksanderiyaa” kan akkanaa, kan akka Koodeekidd א dha. Hundeen isaas deebi’ee gara jaarraa lamaffaatti deema, P[75]
5. Koodeks Ifiraam – innis “C” yookaan (04) jedhamuun beekama, barreefama harkaa kan bara haraara jaarraa shanaffaa yeroo ta’uu, walakaan isaanii kan badanii dha. Hundeen isaas deebi’ee gara jaarraa sadaffaatti P[45] . Kodeeks W, jaarraa shanaffaa irraa immoo maatii barreefama kanaati.
6. Kodeeks Beezee – innis “D” yookaan (05) jedhamuudhaan beekama, innis shanaffaa yookaan kan jaarraa ja’affaa barreefama harkaati. Hundeen isaas, kan akka Eldeen Jehi EP gara jaarraa lamaffaatti deebi’ee deema, hiika Laatinii duriitii fi Sooriyaa durii irratti hundaa’uudhaan, akkasumas cicitaa baay’eePapirees wajjin. Ta’us, Kurti fi Baribaraa Heelaan tokko illee Papireesiin hin galmeesine, asitti maatii barreefama kanaa wajjin kan wal qabatee isaanis kan isaan teesisan jaarraa arfafaa irratti, achi irraa osoo hin fagaatiin, haa ta’uu malee isaan xiqqoo dursanii Paapiresii gargaaruu tareesaniiru (jechuun, P[38], P[48], P[69]). Innis bakka bu’aa isa guddaa dha, “barreefama warra lixaa kan jedhamuu” innis barreefama hedduu qabateera, akkasumas dhugaa baatiin guddaa Girikiiti. Raasmees irraa maxansaa sadaffaa Girikii duuba Kakuu Haaraa irratti, innis dhuga baatii Girikii kan ture, hiika Kingi Jamsiiti.

Barreefamni harkaa kan Kakuu Haaraa sadiitti, yookaan afuritti barreefama harkaa maatii ramadamuu danda’u, amala muraasa kan wal irraa hirmaatu.

1. Kan Aleeksanderiyaa “walda naannoo” barreefama, innis kan inni of keessatti qabatuu
   a. P[75], P[66] (naannoo bara haaraa 200tti), wangeelooti
   b. P[46] (naannoo bara haraara 225) ergaa Phaawulos
   c. P[72] (naannoo bara haraara 225-250) Pheexirosii fi Yihudaa
   d. Koodeksi B, Vaatikaan kan jedhamu (naannoo bara haraaraa 325), innis guutummaa Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa kan of keessatti qabatuu
   e. Originiin kan heeraman
   f. Kan biroon barreefamni harkaa ija macaafichaa kan argisisan א, L, W, 33
2. Kan kaabaa Amerikaa barreefamaa kan warra lixaa kan of keessatti qabatan
   a. Kan kaaba Amerikaa irraa heerame, Taartuli’aan, Saayipiliyaan, fi Laatinii durii
   b. Hernahoos irraa kan heeramee
   c. Kataatiyaanii irraa fi Girikii durii irraa kan heerame
   d. Kodeeksi D “Beeze”
3. Barreefama beezaantayiin
   a. Barreefama harkaa 5300 80% ol kan calaqisiise (caalaatti barreefama geengoo xixiqqoo)

b. Geggeesitoota Antihoota Sooriyaatiin kan heerame, Kaapadooqiyaa, Kirisisitom, fi Terdoreet
c. Kodeeks A wangeeloota keessa qofa
d. Koodeeks E (jaarraa sadeeffaa) guutummaa Kakuu Haaraatii fi

4. Kan akka harkifataa afuri “Qeesariyaa”
   a. Jalqaba Maariqoositti kan mul’ate
   b. Dhuga baatiin isaa tokko tokko $P^{45}$, W, Ha dha

C. Ibsa gabaabaa rakkoo isaatii fi “tarrefama giduu galeessa” yaad-rimeen isaa akkasumas “kan barreefamaa tarreefama” jechuudhaan beekama.
   1. Gara garumaan isaa akkamiti uumamuu danda’ee?
      a. Osoo hin yaadamiin yookaan akka tasaa (baay’een isaanii akkataan uumama isaanii)
         (1) Rakkoo ijaan uumame
            a) Yeroo harkaan barreesanitti, jecha wal fakkaatuu irraa fi jala ta’anii akka tasaa yeroo dhufan giddutti jechootni jiran akka jirutti hir’achuu (Homotiliton)
            b) Hidhata jechaa lamaa yookaan gaalee hiri’suu (Apilogiraafii)
            c) Yeroo harkaan barreefamutti yaadaan hatamu, gaalee yookaan sarara irra deebi’uu, barreefama Girikii (Ditoogiraafii)
         (2) Dogogora gurraa, yeroo harkaan barreefamuutti, jechaan osoo dubbatuu, dogogorri dubbifamaa yeroo uumamu (Itaasizim) jecha sagalee wal fakkaataa qaban.yeroo baay’ee kun dogogora dubbifamaa sagalee wal fakkaataa kan qaban jecha Girikii keessatti uumama.
         (3) Barreefamni Girikii jalqabaa boqonnaas ta’ee kutaa dubbifama akkasumaanii hin qaban turan, muraasa yookaan tokko illee seera tuqaallee hin qaban, qubeedhaa fi qubee gidduu adda baatiin hin jiru
      b. Ta’ii jedhamee
         (1) Barreefama inni gala galchuu boca seer-lugaa sirreesuuf jecha jijjirama godhaman
         (2) Kan biroo barreefama Macaafa Qulqulluu wajjin mirkanaa’aa akka ta’uu fi jijjiramni godhaamaa turee (tokkumaa wal cinaan)
         (3) Lama yookaan isaa ol kan ta’an dubbifama adda addaa ta’an barreefama tokkootti jijjiruudhaaf jecha jijjiramni godhaman (wal makaa)
         (4) Barreefama keessatti dogogorri kan jiru fakkaatee yoo yaadame sirreessuudhaaf jijjiramni godhamuu (Baartii E Hermaan, kallattiidhaan qulqulluun sagallee isaati baduu, fuula 146-150, Ibiroota 2:9 kan ilaalate
         (5) Jijjiramni ni godhama ture, barreefamicha haala dooktrinii wajjin kallatiidhaan gochuudhaaf (1ffaa Yoha 5:7-8)
         (6) Raga dabalataa, teessuma seenaa irraa yookaan hiika haala hiika ta’uu irraa barreessaa tokkoon kan teechifame yaadannoon miila jalaa barreessaa biraatiif immoo barreefamicha keessa akka galu yeroo godhamu (Yoha 5:4)

D. Tarreefama kan barreefamaa hundee qajeelfama kan amantaa (warabii kan tasaa)
   1. Baay’ee rakkisaan yookaan galumsi seer-lugaa keessummaa kan ta’ee barreefama isa guddaa ta’uu danda’a, sababi isaa barreefamicha dadhabsiisuudhaaf waan barbaadaniif
   2. Barreefamichai gabaabaan isa guddaa ta’uu danda’a, sababi isaa barreefamichi ragaa dabalataa yookaan gaaleen dubbifamicha cinaan dabaluu waan barbaadaniif (kun dhi’ooti wal cina qabanii qayyabachuu Papires irratti mormiin dhi’aateeraaf)
   3. Barreefamni durii erga jiraatee ulfina tokko malee ni kennaaf, isa jalqabaadhaa wajjin walitti dhi’eenya seenaa ni qabata jechuudhaan, wanti hafe wal qixa ta’ee
   4. Haala teessumaa lafaatiin barreefamni adda addaa ta’an yeroo hundumaa dubbifama jalqabaa ni qabaatu
   5. Gara garummaan akkamitti akka uumaman kan ibsan yaalii. Kun beektoota baay’ee biratti baay’ee faayida qabeessa doktirinii amantaa ta’ee fudhatameera

6. Mala barreessaa tokkoo qulqulluu sagalee isaati, jechaa fi barumsa afuuraa tarreessuudhaa fi jechi jalqabaa murteessuudhaaf carraa laata.
7. Haala Doktiriniitiin barreefama dadhaboo, keessumatti marii isaan jalqabaa barumsa afuuratiin wajjjinin kan wal qabatee, barreefamni harkaa jijjirama yeroo godhamutti, 1ffaa Yohaa 5:7-8 akka jedhutti kan akka sadan tokkummaa, filatamoo ta'u. Tuqaa kana irratti macaafa KJ. Harolidi Greenili , seensa tareefama macaafa Kakuu Haaraa irratti heeruun barbaada.

    "Barreefama wal nama falmisisan doktirinii kiristaanaa kamiin irratti iyyuu itti hirkachuun irra hin jiraatu, akkasumaas barataan Kakuu Haaraa of eegachuun kan irra jiraatu barreefamni isaa baay'ee kallattiidhaan yookaan haala doktiriniitiin yaada afuuraatiin liqimfamuun jalqabaa cimaa akka ta'u barbaachuu dha" (fuula 68).

8. W.A. Kirsi weel Laagirik Kaarisan waa'ee Beerminghaam news yeroo dubbatuu, jechuun inni (Kirsiweel) Macaafa Qulqulluu keessatti jecha argamu tokko tokkoo yyada afuuraan kan liqimfamee dha jedhee amanuu isaati, "yoo xinnaate jechi tokkoon tokkoon saba ammayyaadhaaf kan kennaman, baroota keessatti hiiktoota" Kiris Weel dabalee yeroo dubbatuu, "ani mataan koo ibsa kan barreefamaati baay'ee kanan amanuudha. Akka fakkeenyaati kanan yaaduu, Maariqoos 16 maxantuu walakaa dhumaa yaada afuuraan liqimfamaa osoo hin taane, akkanumatti kan itti dabalameedha… barreefamoota sana of irra deebitani adda baaftani yoo wal bira qabdan, akka guduunfaa Maariqositti hin argamu. Tokko iti dabaleetti ta'a…"

    Abboonnii Esibis dhugumatti yeroo cimsani "dabalata" gochuu isaa Yohaa 5:4 ragaa dha, waa'ee Yesuus ibsi laatame, cuuphaa Beetesayidaatti. Innis lamaanuu yaada adda addaa Yihudaan mataa isaa baleessuu ibseera (Maati. 27 fi Hoji.erg.1) "kunnis ilaalcha adda ta'ee dha mataa ofi waa'ee baleessuu" jedheera Krisweel. "Macaafa Qulqulluu keessatti osoo ta'ee ibsa ni qabaata. Kanaaf lamanuu waa'ee Yihudaaan mataa isaa baleessuu yaadi kun Macaafa Qulqulluu keessa jira" Krisweel itti dabaluu "ibsi kan barreefamaa matuma isaati saayinsii ajaa'ibsii dha. an yeroodhaanii miti, akka malee kan ajajuus miti. Damaqaadhaa fi giddu galeessa."

    Macaafa ingilliffaa kan ammaayyaa galagalchi Macaafa Qulqulluu rakkoon inni dabalataan qabu, barresitoota ol aanoo irraa kaasee hanga konkolaataa maxansuu falasamuutti, macaafni qulqulluun harkaan ture kan galagalfamuu. Isaan galagalchitootni kun yaada mataa isaani itti dabalu ture, yookaan kan galagalchaan barreefama harkaa "ni sireessu" ture. Kun baay'ee isaanii oolaanoo kan hin taanee dabalata Kakuu Haaraa irratti fideera.

E. Kakuu Haaraa Girikiitti warabiin barreefama harkaa irratti rakkinootni jiran fakkeenyi tokko tokkoo.
   1. Maariqoos 16:9 – barreefama harkaa Girikii irratti Maariqoosiin raawwii adda addaa afur qaba. Kingi Jamsi irratti kan argamuu kan dheeraatu abbaan lakkoofsa kudha lamaa xumura א fi B irratti hin argamu. Barreefamni Girikootaa, Aleeksanderiyaa Kaalementitii, Origini, Iyusibihuus, fi Jeeroom faayidaa irra kan oolaan kun raawwii dheeraa itti hiri'isa. Raawwiin dheeraan kan itti argamuu barreefamni harkaa A, C, D, K, U fi א dha. Kanaaf raawwiin dheeraan raawwii durii, karaa abboota Haranaahusitti (bara araaraa 177-190tti kan tajaajile) fi Di'aatisaaroon (bara araaraa 180). Dubbifamichi kan Maariqoos ta'uu dhiisuun isaa ifaa dha. (Jechuun yaada afuuraan liqimfamaa kan hin taanee).

      Lakkoofsootni kun jechootaa fi barumsa afuuraa qabateera, Maariqoos keessatti bakka biratti kan hin argamne. Isaan immoo yaada kallatiidhaan hin taane dabalatee qabateera (jechuun,summii dhuguu fi bofa qabuu).
   2. Yoha. 5:4 – lakkoofsi kun $P^{66}$, $P^{75}$ keessa hin jiru, akkasumas barreefama harkaa adda addaa keessatti א, B, C yookaan D. kun kan fakkaatuu seera jecha Yihudootaati namootni dhukkubsatootni baay'een iddoo cuuphaa sanatti maaliif argaman kan jedhuu gaaffii

deebiisuudhaaf. Ergamaan Waaqayyoo biishaan raafamuun hin fayyisu dursee kan seenee fayyina foonii akka fudhatuuf.

3. Yoha. 7:53-8:11tti – dubbifamni kun barreefama harkaa Girikii durii kam irra iyyuu yookaan kan durii abboota waldaa kiristaanaa biratti hin argamu hanga bara haraaraa jaarraa jahaffaatti Beezii jedhamee kan waamamuu “B” hanga barreefama harkaati. Tokko illee abbootni waldaa kiristaanaa Girikii, hanga bara haraaraa jaaraa kudha arfaffaatti dubbifama kana irratti yaada hin laane. Yaadichi bakkoota baay’ee barreefama harkaa Girikitti Yohaannis irratti argama 7:36 booda, 7:44 booda, fi 21:25 booda. Dabalataanis Wangeela Luqaas irratti argama Luqaas 21:38 booda. Inni dhugumatti kan Yohannis miti (jechuun, yaada afuuraan kan liqimfamee kan hin taane). Inni tarii jecha ta’uu danda’a jireenya Yesuus irraa. Sagallichi baay’ee isa fakkaata, haa ta’uu malee kan yaada afuuraan liqimfamuu ergamootaa qalama isaanii miti, kanaaf akka sagalee isaatti hin fudhadhu.
4. Maatihos 6:13 – lakkoofsi kun א, B, yookaan D barreefama harkaa irratti hin argamu.inni K, L fi W barreefama harkaa irratti argama, garuu gararummaadhaan. Innis kan durii abboota waldaa kiristaanaa yaada isaanii, kadhata gooftaa irratti hin argamu (jechuun Tertuliyaan [150-230 bara haraaraa], Origiin [182-251] fi Saayipiyaan [248-258 bara haraara]). Innis hiika Kingi Jamsi irratti argama, maxaansaa adaffaa Harsmas irratti barreefama Girikii keessatti sababa ammatamuu isaatiti.
5. Luqaas 22:43-44 – lakkoofsotni kun Giriki duriitiin adda kan ta’e barreefama harkaa keessatti argameera א, א[2] D, K, L, X, fi Delta. Isaanis immoo Jaastiin maartir, Heerinahuus, Hipolites, Hiyosabiyuus fi Jeeroom irratti heeramanii argamu. Ta’us, MSS $P^{69\,[tarii]\,75}$ א, A, N, T, fi W irratti hir’ateera, akkasumas Aleeksenderiyaa Kelementii fi barreefama harkaa Origin keessatti. Yetemeqso[4] hirinni isaani “sirritti beekuu” (A)sadarkaa laateeraaf.

   Baartii D.Hi’irmaan, baduu sagallee isaa kalattiin, fuula 187-194, lakkofsoota kana kan durii kan jaarraa lamaffaa dabalata akka ta’eetti tilmaamama, kan Doktiki (Aginostiik) kiristaanoota ceepha’uudhaaf, isaanis nama kiristaanaa ta’uudhaaf rakkina isaa kan ganan. Waldaa kiristaanaatii fi walitti bu’iinsa manaafiqa kiristaanootaa barreefama harkaa durii hedduudhaa fi burqaa jijjiramaa ta’eera.

   NASB fi NRSV lakkoofsota kana ammattuu keessatti yeroo teesisan NKJV,TEV fi NIV akkasumas immoo akkana kan jedhuu yaadannoo miila jalaa qabu “barreefamni harkaa durii tokko tokkoo lakk. 43 fi 44 ni hiri’su.” Ragaan kun wangeela Luqaas irraa adda kan ta’ee dha.
6. 1[ffaa] Yohannis 5:7-8 –lakkoofsotni kun א, A, yookaan B irratti hin argaman akkasumas barreefama harkaa Girikii kam irratti iyyuu, waggaa haraara jaarraa kudha lamaffaa irratti kan ta’an kan afur irraa hafe. Barreefamni kun abboota Girikii tokko tokkoon hin heeramne yaad-rimeen Waaqummaa Yesuus deebii itti kennuuf illee yookaan sadan tokkummaa. Isaaniis hiiktoota durii hundumaa irratti hin argaman kan Jeeroom Vaalgeet dabalate. Isaan walummaa galatti booda irratti kan dabalamanii dha, gaarii kan yaadan namoota gara galchaniin, dooktiriinii sadan tokkummaa degeruudhaaf. Hiika Kingi Jamsi irratti ni argamu maxaansaa sadaffaa Arasmas irratti sababa isaan keessa galaniif (maxaansaan kun qofti) Kakuu Haaraa Girikii.

   Kan Macaafa Qulqulluu hiikoota keenya ammayyaa tokko tokkoo rakkoo barreefamaa qabu. Ta’us kun garuu doktirinii isa guddaa irratti dhiibbaa hin geesisu.isaan kan ammaayyaa hiika Macaafa Qulqulluu amantiidhaa fi gochaaf waan barbaachiisuu hundumaaf amanachuu dandeenya. Inni tokkooffaan RSV kan hiiku, F.C.Griant akkana jedha, “amantiin kiristaanaa kami iyyuu keessa deebi’uudhaan dhiibbaan irra ga’uu hin danda’u, sababa salphaa, dubbifama barreefama harkaa adda addaa kumaatama gidduu dha, tokkoon doktiriinii kiristaana irra deebi’uun bifa dandeesisuun fageenya jijjiruun hin deemne.” “Beektoota baay’eedhaaf kan isaan hin fayyadne 90% ol kan ta’aan kan adda addaa barreefama Kakuu Haaraa hundumaaf deebii argataniiru sababi isaa yeroo baay’ee kan adda addaa kan biroo isa

guddaa bifa fooyya’een waan ibsaniifiidha. Kunnis immoo warra jalqabaatiin fi kan fooyyee qaban dhuga baatootaan degersa argateera” (Goorden Fee, ibsa tareefama Macaafa Qulqulluu gildi tokkoo fuula 430).

Fakkeenyoota kana kanan heeree hiika ingilliffa keenyaa qorachuun akka nurra jiraatu argisisuuf (Fee fi Situwaarti 1982, 30-34). Rakkoo kan barreefamaa qabu. Gara garummaa kan barreefamaa kanatti hin gammadu, isaan garuu ni qabaatu. Innis lamaffaa kan mirkanaa’ee dha, isaan xiqqoo ta’uu isaanitii fi eenyu isaanitiin dooktrinii kiritaanummaa isa guddaa dhiibbaa waan irra hin geessifneef. Akkasumas immooogbarruu duriiti wajjin yeroo wal bira qabamuu, macaafni qulqulluun garagarummaa muraasa qabaatu.

F. Rakkoo qooqa tokko irraa kan biraatti hiikuu.

Rakkoo garagarummaa barreefama harkaa dabalataan rakkoo qooqa tokko irraa kan biraatti hiikuutu jira.dhugummaan isaa, hiikootni hundumtuu ibsa gabaabatanii dha. yaad-rimee hiikaa hubachuudhaaf akka danda’amuti (1) qayyabannaa keenya irratti hiika tokkoo ol ta’e akka fayyadamnu nu jajabeessa (2), Wanta isa kamiin wal madaalchiisu akka fayyadamnu nu jajjabeessa. Hiiktootaa fi mala hunde qabeessa sadiitu jira.

1. Galumsa akka jirutti jecha jechaan kaa’uu yaaluu.
2. Ciigoo ciigoodhaan galumsa gaalee yookaan tarreefama karaa walaloo fi seer-luga fayyadamuu yaala, jecha osoo hin taanee, barreefama durii wajjin wali galtee uumuudhaaf
3. Yaada yaadaan galumsa yaad-rimee isaa fayyadamuu yaala qabatamaatti kan argaman jecha duraa irraa fi bakka gaalee.

Isa kana chaartii itti fufee jiru ifatti ilaaluu dandeenya.

| | | |
|---|---|---|
| KJV | NIV | Macaafa Qulqulluu ibsaman |
| ASV | NAB | hiika Fillipsi |
| NASB | TEV | LB |
| RSV | JB | |
| | NEB | |
| | Hiika Willihaam | |
| Akkuma jirutti | ciigoo ciigoodhaan | yaada yaadaan |
| Jecha jechaan | gaalee gaaleen | hiika bilisaa |
| Wal-gita sirnaa’aa dhi’eessu | jijjirama hiikaa | waan dubbatame gabaabsani |

Kan fooya’ee yaad-rimee ibsa hiika irratti argama, Goorden Fee fi Daagilaas Sitiward, Macaafa Qulqulluu faayidaa isaa guutuu wajjin akkamitti dubbifama, FUULA 34-41. Akkasumas naannoo kanatti gargaarsi guddaan ni argama, gamtaawali galtee sosyiti Macaafa Qulqulluutiin kan maxanfame Ugiin A.Niidaa gocha yaad-rimee hiikaatiin.

G. Waaqayyoon ibsuudhaaf rakkoo qooqa namaa .

Bakka tokko tokkootti barreefama hin mirkaneefanne qofni nu hin mudatan garuu immoo konee Ibirootaa duriitiin Girikii sirittii yoo hin beekne hiikni ingiliffaa adda addaa nu mudatu.rakkicha baay’ee kan wal xaxaa godhuu murtaa’ummaa eenyummaa keenyaatii fi cubbuu dha. Qooqi namaa mataan isa ramaddii ibsa afuuraatii fi daangaa isaa ni daangeessa ni murteessas. Waaqayyo fakkeenyaan nutti hima. Qooqi namaa waa’ee Waaqayyoo dubbachuudhaaf ga’aa dha haa ta’uu malee hundumaa kan walitti qabee yookaan kan gahaa ta’e miti. Waaqayyoon beekuu ni dandeenya garuu murtaa’ummaa tokko tokkoon.murtaa’ummaan kun fakkeenya gaarii kan nuf ta’uu Antiroo komorfizimii dha, jechuun, waa’ee Waaqayyoo namummaadhaan, kan fooniitiin, yookaan jecha xiin-sammuutiin ibsuu. Kan biraan tokko iyyuu kan itti fayyadamne hin jiru. Waaqayyo qaama akka ta’eedha cimsa kan itti laatnu, akkasumas

waa’ee qaama isaa kan nuyi beeknu hunduu rimidii namaatiin. Rakkoon kanaa fakkeenyootni tokko tokko itti fufaniiru.

1. Antiropomorfiziim (Waaqayyo jecha namaatiin yeroo mul’atu)
   a. Waaqayyo qaama namaatiin
      (1) Adeemuu –Seera uumamaa 3:8, 18:33, Lewoota 26:12, Keessa deebii 23:14
      (2) Ija – Seera uumamaa 6:8, Keessa deebii 33:17
      (3) Teessoo irra nama taa’ee – Isaayaas 6:11,Daani. 7:9
   b. Waaqayyoo akka dhalaatti
      (1) Uuma 1:2 (afuurri akka simbiroo dhalaatti)
      (2) Keessa deebii 32:18 (Waaqayyoo akka haadhaatti)
      (3) Ba’uu 19:4 (Waaqayyo akka Joobira haadhaatti)
      (4) Isaayaas 49:14-15, 66:9-13 (Waaqayyoo akka haadha hosiiftuutti, akkasumas Hosee 11:4 ta’uu danda’a)
   c. Waaqayyoo dogogora akka molquu (1[ffaa] Mootota 22:19-23)
   d. “Harka mirgaa Waaqayyoo” fakkeenyoota Kakuu Haaraa (Luqaa 22:69, Hoji. Erg. 7:555-56, Roome 8:34, Efe1:20, Qolaa 3:1, Ibii 13:1, 8:1, 10:12, 12:2, 1[ffaa] Pheexi 3:22)
2. Mogaasa namaa Waaqayyoon waamuudhaaf faayidaa irra kan oole
   a. Tikee (Faarf. 23)
   b. Abbaa (Isaayaas 63:16, Faarf. 103:13)
   c. Go’eel -fira oolchu (Ba’uu 6:6)
   d. Kan jaallatu- abbaa manaa (Hosee 1-3)
   e. Maatii, abbaa fi haadhaa (Hosee 11:3-4)
3. Waaqayyoon ibsuudhaaf faayida irra kan oolan qaama foonii
   a. Kattaa (Faarf.18)
   b. Daanoo dhokkanaa (Faarf. 18)
   c. Gaachana (Seer.uumamaa 15:1, Faarf. 18)
   d. Gaanfa fayyinaa (Faarf.18)
   e. Muka (Hosee 14:8)
4. Qooqi ilma namaatiin ibsa bifa Waaqayyoti, cubbuun garuu bifa jiraachuu keenya hundumaa balleesse qooqa keenya hundumaa illee.
5. Waaqayyo amanamaadha, nuyis akka ta’utti wal qunamne, sun osoo hin taanee hanga danda’ameeti, waa’ee beekumsa mataa isaa. Kunnis yeroo hundumaa faallaa isaa, fakkeenya, yookaan fakkiduun.

   Macaafa Qulqulluu haala hiikuutiin rakkoo guddaan nu mudatee, kan heeramee gararaa, cubbamoota ta’uu keenya. Wanta hundumaa ni miciira, Macaafa Qulqulluu illee dabalate, fedhii keenya wajjin akka wal nu simatu irratti wali gala. Raawwanee galma hin qabnu waa’een ilaalcha Waaqayyoof qabnu kan hin jijjiramneedha. Waa’ee addunyaa keenyaas waa’ee mataa keenyaas.Naafummaa keenya kana hundumaaf Waaqayyo amanamaa dha. Waaqayyoodhaa fi sagalee isaa beekuu kan nuyi dandeenyuu Waaqayyo akka nuyi goonu waan nuyi iyyameef (Siilivaa 1987, 118). Inni wanta nu barbaachiisu hundumaa nuuf kenneera, afuura qulqulluudhaan ibsuudhaan (Kaalviin). Eyyee, rakkoon jiru, garuu immoo kennaan irraa hafan jiru. Rakkoon sun safartuu keenya daangeesse kadhannaadhaan galata dhi’eessuu of eegaanaadhaan Macaafa Qulqulluu dubbisuu nuuf dabale. Karichi salphaa miti, inni garuu nu wajjin adeema. Galmichi kiristoosiin fakkaachuu dha malee hiika sirrii qofa miti. Hiikiichi meeshaa galmichaati isas karaa ilma isaa dukkana keessaa isa nu waamee beekuudhaaf, tajaajiluu fi galateefachuuf (Qolaa 1:13).

# ABOO MACAAFA QULQULLUU

## I. Ibsa dursa tilmaama barreessichaa

Baayeen kiristaanootaa Macaafa Qulqulluu amantaa dhaa fi gochaa fi qophaa isaa burqaa akka ta'etti wali galu. Kun dhugaa yoo ta'ee maaliif hikootni hedduun adda addaa jiraatu? Hedduun maqaa Waaqayyoo kan faalleessan hiikooni akka jiran ni dubbatu. Eenyuun akka amanatan maaliin beeknaa? Gaaffilleen kun hawaasa kiristaanaa ammayyaa jequumsa inni keessa jiru callaqisiisu, dhimma yaadessaa dha. Amantoonni taraan kan isaan dhagaa'aaniif dubbisan akkamitti madaaluu danda'u hundumtuu kan Waaqayyoo dhugaa dha osoo jedhaanii? Anaaf deebiin isaa kan dhufuu "aboo Macaafa Qulqulluu" kan of keessatti ammattuu kan jedhu ibsa dursa tilmaamaa koo irratti dha. Naannoo haala kooti irraa kan ka'ee deebii akkan kennu hubadheera ammaaf filannoo biraa waanan qabuuf. "Waa'ee dursa tilmaamaa" dubbachuu kootiin isin nufisiiseera ta'a, akkasumas baay'een hundumaa illee osoo hin taanee gaaffiin jireenya inni guddaan haala kanaan kan dhi'aatan, haala sababa uumama namaa. Wali gala haaloota kanaatiin waan hin danda'amnee dha tokko yaaduu danda'a, aadaa irraa "kan kennaman" osoo hin qoratiin akka ittiin wal fakkaane.daangaa tolchuudhaaf, matuma kootiif "kan naaf kenname" qofa osoo hin taanee garuu immoo kan biroos immoo daangaa tokko tokkoo kaa'uudhaaf yaaleera Macaafa Qulqulluu hiikuu irratti. Akkan hubadheetti kana jechuun kan ta'u qabuu dhugaa tokko tokkoo fudhachuu akkan hin dandeenyee dha, garuu inni aadaa irraa kutaa amantaa irraa fi yaalii irraa hiika dogogoraa irraa akka na eeguu natti dhaga'ama. Dhugumatti, qabiyyee barreefamaa/mala kan barreefamaa waa'ee Macaafa Qulqulluu xiqqoo akka dubbanuu nu dirqisiisa haa ta'uu malee amantaa kristaanaa isa guddaa utubaa irratti akka xiyaafannu nu gargaara.

Anaaf, "aboon Macaafa Qulqulluu" akkanumatti kan ibsamu Waaqayyoo amantii Macaafa Qulqulluu irratti ta'eedha akkasumas aboo isaa. Anaaf hubannaa kan ta'uu barreessaan qulqulluu sagalee isaa yerootti maal akka jiruu fi dhugaa sana bara kooti hoji irra oolchuu dha. Kana jechuun mataa koo bara saati, akka yaada isaati, fi gocha isaati kaa'uudhaaf nan yaala jechuu dha. Dhageefatootni jalqabaa akka dhageefatanitti dhageefachuu nan yaala. "Achi irraas kan inni jedhuu qulqulluu sagallee isaa barreessaan .macaafa, amanamaa, fakkeenyan k.k.f wajjin wal'ansoo wal qaba. Kan birooti argisiisuudhaaf danda'uun kan narra jiraatu, barreefama Macaafa Qulqulluu isaati irraa akkamitti, maaliif, eessatti, hiika jedhuun. Hiyyamuuf yookaan gochuuf, jechuu kan inni barbaadu jechuu irraa bilisa miti (Lifildi 1984, 6). Dubbachuuf bilisa ta'un qaba, dhugaa kanaa dhageefachuuf itti firoomuuf namootaaf dabarsuuf qophaa'aa ta'uun qaba. Yaada barreessa jalqabaa yoon hubadhe qofa, akkasumas dhugaa bara baraa barakoo fi jireenyakoof yoon dabarse qofa isa dhugaa "aboo Macaafa Qulqulluu" irratti hirmaadheera kanan jedhu. Dhugumatti "achi irraas" fi "Amma" bifi hiikaa wali galtee dhabuu tokko tokkoo ni qabaata haa ta'u malee hiiki keenya Macaafa Qulqulluu irratti murtaa'utu irra jiraata. Akkasumas hubannaan keenya fuula isaa irratti cimsuu.

## II. Barbaachisummaa hiika mirkanaa'aanii

Balleessaan hara'umsa Pirooteestaanti inni tokkoo baayaachuu hiikaati kutaan amantaa kan ammayaa (kan uumama) kunnis (gara Macaafa Qulqulluutti haa deebinu" sochi jedhuu irraa kan uumame. Karaa kan afuuraa kanaa wali galteen mirkanaa'ee hin uumama jedhee abdi hin godhadhu, haa ta'uu malee gara qulqulluu sagallee isaati deebi'utu nurrajiraata, ciminaa fi dhugummaadhaan kan hiikame. Hundumti keenya ifa mataa keenyaa keessa adeemutu nurra jiraata, haa ta'u malee bifa abdi kennuun Dooktrinii keenya (amantaa fi gocha (jireenya) qulqulluu sagalee isaatiin eeguu danda'uutu nurra jiraata. Qulqulluun sagalee isaa akka dubbatu hiyyamuutu irra jiraata kan mataa isaatiin kan barreefama, kan seer-lugaa fi qabiyyee seenaa isaatiin akka dubbatu. Hiika keenya eegsiisuu kan nuyi qabnuu

A. Fayyadama qooqa dhaabbataa ilma namaatiin
B. Keeyata yaada barreessicha isa guddaadhaan
C. Madaallii sagallee isaa hundumaan
D. Ifa Kristoosiin fakkaachuutiin.

Adeemsa ammayyaa kan ta'ee barreefama qulqulleessu fi kan afuuraa gochuu waldaa kiristaanaa miidheera. Manaafiqotni mala keenya barataniiru, jedhanis akkam godhamee bu'a qabeessa fooya'aan akka fayyadaman (Siir 1980, sagalee isaa miciiruu, Karsan 1984, falaasama hiikaa, Siilvaa 1983, jecha Macaafa Qulqulluu hiika isaanii). Abdiin macaafa kana mala hiikaatiif kennuu qofa miti garuu immoo hiikoota biraas sakata'uu akka dandeesiisu malee. Hiika mataa keenya akka ta'utti ibsuudhaaf hikoota biraas ibsuu danda'uutu nurra jiraata. Akkamitti akk goonu as jira.

A. Qulqulluun sagallee isaa barreesitootni kan baratamee qooqa namaa fayyadamaniiru, hubachuun akka danda'amus ni amanan.
B. Hiiktootni ammayyaa yaada barreesichaa isa guddaa ni barbaadu, ragaa hedduu walitti qabachuudhaan.
   1. Kan barichaa kan aadaa fi kan seenaa yoomii fi eessaa
   2. Kan barreefamaa qabiyyee barreefamaa (macaaficha guutuu, kan barreefamichaa ifa kan ta'e, keeyata)
   3. Waan wal fakkaatuu (tarreefama seenaa, raajii, seera, fakkeenya, raawwii raajii
   4. Yaada ijoo (Yoha 3-Misteer kan amantaa fi Yoha4-Miis. Amantaa kan hin qabne)
   5. Galumsa (walitti dhufeenya seer-lugaa fi bifa isaa)
   6. Jecha guddaa fi hiika isaa
      a. Kakuu Moofaa
         (1) Qooqa wajjin kan adeeman (qooqa Seem)
         (2) Macaafa maramaa garba du'aa
         (3) Samaaritaan Peentatihoota (macaafa seera Musee)
         (4) Barreefama kan barsisootaa
      b. Kakuu Haaraa
         (1) Saptuwaajentii (barreesitooni Kakuu Haaraa beektoota Ibirootaa turan, kan baratamee Girikii kan barreessan)
         (2) Paapirees Gibxii ergameera
         (3) Og-barruu Girikii
C. Madaalliin qulqulluu sagalee isaa hundumtuu (dubbifama wal cinaa) barreessaan afuuraa tokko waan jiruuf (afuura).
D. Kristosiin fakkaachuu (Yesuus galma qulqulluu sagallee isaatiif raawwii dha. innis raawwatee mudaa kan hin qabne afuura ibsaa fi nama dhugaa fakkeenya mudaa hin qabneedha).
   Hundee kan ta'ee dursa tilmaamaa tokkoon tokkoon barreefamaa tokkoo fi tokkoo qofa hiika akkuma beekamuu akka qabuu dha, sunnis yaada barreessaa isa jalqabaati.kunnis barreesichi tokkoo hojii irra oolchuu isa guddaa qaba. Hojii irra oolchuun kunnis (bu'aan isaa) haaloota adda addaatiin baay'achuu danda'a, haa ta'uu malee tokkon tokkoon isaa osoo adda adda hin ba'in yaada isa guddaa wajjin wal qabachuutu irra jiraata (kaayyoon hiikaa E.D.Hiirsichi).

## III. Fakkeenya walaalchiisuu hiikaa

Hiika ta'uu hin qabne bal'achuu isaanii kan ilaalate tuqaa koo ibsuuf (abbaa wangeelawootaa gidduutti dabalatee) fakkeenyoota filatamoo itti fufanii jiran hubadhaa

A. Seera keessa deebii 23:18 faayida irra kan oolee amantoonni saree isaanii "gurguruun" akka isaan irra hin jire argisisuufii dha. Saroonni seera keessa deebiiti ejjitoota dhiiraati, kan Kana'aan waaqeffannaa wal baayisuu.
B. 2[ffaa] Saamu'el 9 fayyadama irra kan oolee cubbuu keenya akka haguugeeti fakkiduu ayyaanaa kan Memi fi Boseete Shaaba miila isaani "cubbuu keenya" fakkeenya akka ta'e, akkasumas teessumi Daawiiti isaaniin argamuu akka isaan dhorkee akka fakkeenya ayyaana Waaqayyooti (namoonni durii miila isaanii miinjaala jala godhanii hin taa'aan).
C. Yoha. 11:44 fayyadama irra kan oolee "waa'ee wantoota hidhamanii" dha, shaakala sirrii hin taane, fedhiwwan, fi gochawwaani.

D. 1[ffaa] Qoro 13:8 faayidaa irra kan oole afaan hin beekamnees dursee akka afuu argisisuudhaaf, akkasumas mataa isaaniitiin, akka qabiyyee barreefamichaatiin hunduma isaa keeessaa jaalala qofa kan hin banne.
E. Qolaa. 2:21 fayyadama irra kan oole of qabuu wali gala argisiisuuf, barsisoota sobduu irraa yeroo heeramuuti!
F. Mul'ata 3:20 fayyadama irra kan oole akka dubbifama abbaa wangeelaati, kan waldoota kiristaanaa torban isa tokkoof yeroo ergamu.

Barreefama qulqulleessuu fi miidhaa namoota afuuraa baayachuu isaanii.

A. Himootaa fi, yaadoota, yaada qabiyyee barreefamaa isa guddaa irraa hojiin addaa baasuu bal'aadha Phaawulos irratti yeroo hojii irra ooluu. 'Barreefma wali irraa adda ba'ee qulleessuu' jedha piroofeseer H.A.A. Keneed, 'hundumaa irraa yaadoota kallatiin hin taane irraa caalaa waliin kan rukkutame barumsa afuuraa irratti fida'" namni Kristoosiin Jamsi Situwardiin, fuula 15.
B. "Ergaa Phaawuloos hiikuudhaaf mala barreefama qulqulleesuu, isaaniis uumaama ol akka ta'e fedha Waaqayyoo ibsa kallattii godhee ilaaluu, gara namootaatis kan bara baraa, daangaa yeroo kan hin qabne dhugaa ta'ee kan darbee, sunnis mala ta'ee kan xumuramee barumsa afuuraa argamsiisuu kan dandeesiisu, Waaqayyo sagallee isaa namootaaf kennuu kan gammachiisuu galumsa gara cinaatti godha" G.E. Laad, barumsa afuuraa Kakuu Haaraa, fuula 379

   Kanaafis, maaltuu godhamuun danda'amaa? Hundumti keenya taayitaa kan Macaafa Qulqulluu qajeelfama gocha keenyaa immoo sakkata'uun nurra jiraata. Hiiki keenya barreessaa jalqabaa yookaan dhageefatoota kan ajaa'ibsiisuu yoo ta'e, tarii Waaqayyoonnis ni ajaa'ibsiisa ta'a. Maqaa isaatiin kan dubbannu yoo ta'ee, nuyi dhugumatti qalbi jijjirannaa dhuunfaa, kadhata, fi qayyabannaa cimaa fi gatii kaffaluutu nurra jiraata. Hundumti keenya beekaa ta'uun nurraa hin barbaachiisu, haa ta'uu malee damaqaa, dhaabbataa, barataa Macaafa Qulqulluu ga'aa ta'uun nurra jiraata (jechuun, dubbistoota Macaafa Qulqulluu gaarii, qabiyyee baafataa ilaali, "dubbifama Macaafa Qulqulluu qajeelfama gaarii"). Gadi of qabummaa, baratummaa, fi tarkaanfii amantii guyyaa guyyaa kiyyoo heedduu irraa nu eega. Keeyatni tokko tokkoo dhugaa guddaa tokko akka qabuu yaada dhaa (jechi hiika himaa qofa qabaata, himootni hiika keeyata qofa qabaata, keeyatootni ramaddii barreefama murtaa'ee wajjin adeemuutu irra jiraata). Tarreefama hiikaa of jajuu irraa eega dhaa (afuurri amantoota gargaara, dhugaa keeyaata isa guddaa akka argataniif)!

# Kan Hiiku

## I. Haala dursanii tilmaamuu

Hundumti keenya haala seenaa keessa jira. Wali gala kan tureen kan danda'amuu miti (Karsan, hiika Macaafa Qulqulluutii fi waldaa kiristaanaa 1984, 12). Ta'us loogii keenya adda baasuu yoo dandeenye yookaan bakka isaan itti argaman, dhiibbaa isaanii to'achuudhaa fi kan wayyine taana. Ibsa ajaa'ibsiisaa a'etu argama, dursa hubannaa keenyaa irratti, Dunkaan Fargusan seera hiika Macaafa Qulqulluu, fuula 6-22.

"Hundumti keenya dursa murtii fi yaad- rime wal dha'e waan qabnuuf qulqulluu sagallee isaa keessa ilaaluu fi wanta barbaannu qofa salphaatti ilaaluu dandeenya, akkasumas isa haaraadhaa fi ibsa qulqulleessu, innis dhugaa guutuu kan ta'ee Waaqayyoo kaayyoo inni nuuf qabuu irraa ni dogogora…yaada mataa keenyaatiin qulqulluu sagalee isaa irratti dubbisuun baay'ee salphaa dha, qulqulluu sagalee isaa keessaa kan inni barsiisuu argachuu caalaa, innis yaada keenya kutee gatuu kan danda'uu (Sitibis 1950, 10-11).

Bakki heedduun jira, dursi tilmaamaa keenya dhufuu kan danda'u.

A. Inni tokkooffaan sababi guddaan gosa eenyuummaati. Kunnis amantoota gidduutti jeequmsa hedduu fi wali galtee dhabuu uuma. Namni kam iyyuu akka keenyatti akka yaaduu fi akka tarreessu eegna. Naannoo kanatti macaafni baay'ee gatii qabuu, kiristaanonni Macaafa Qulqulluu irratti maaliif wal loluu kan jedhuu dha, Jon New Paartii fi Williham safartuu. Amantoonni tokko tokkoo baayii loojiikii dha, akkasuamas adeemsa yaada isaanitiin kan qindaa'aan, kan biroon immoo baay'inaan kan miiraatiin wantoota tarreefamaa fi namuusaa fi baay'ee kan hin yaadne. Ta'us amantootni hundumtuu Macaafa Qulqulluu hiikuudhaaf dirqama ifa dhugaa isaatiin jiraachuutu irra jiraata.

B. Kan biraan wanti guddaan yaada dhuunfaa keenyaati, waa'ee kaayyoo keenyaatii fi waa'ee isaati fi immoo muxaannoo nuyi qabnuu dha. Wantootni dhuunfaa qofti miidhaa nurratti hin fidan, garuu immoo dhiiraa fi dubartii ta'uu keenya male. Waa'ee akkaataa hojii sammuu yeroo qayyabannuu akkuma baranne dhiiraa fi dubartiin Addunyaa karaa isaan ittiin ilaalan garagara. Innis Macaafa Qulqulluu akkamitti akka hiiknu dhiibbaa qabaata. Akkasumas immoo muxannoo dhuunfaa keenyaa, yookaan muxannoo nama nutti dhi'aataniitiin hiika keenya irratti dhiibbaa fida. Adda kan ta'ee muxannoon afuuraa yoo nurra ga'e, isa sana fuula Macaafa Qulqulluu irratti sirritti ni barbaanna, akkasumas jireenya nama biraa irratti.

C. Garagarummaa dhuunfummaa irratti kan itti dhi'aatu firooma yoo qabaatee kennaa afuuraati (1ffaa Qoro 12-14, Room 12:3-8, Efe 4:7, 11-12). Kennaan keenya yeroo hundumaa kallattiidhaan gosa eenyummaa keenyaa wajjin adeema (Faarf. 139:13-16). Kennaan kan dhufuu fayyinaan (1ffaa Qoro 12:4, 7:11) dhaloota fooniitiin osoo hin ta'in. ta'us, wajjin deemuu ni danda'a. Kennaa afuuraa jechuun tajaajilaa ulfina qabeessa jechuu dha (1ffaa Qoro 12:7) hiriyaa amantoota, yeroo hundumaa gara walitti bu'iinsaatti oofa (1ffaa Qoro 12:12-30) keessumatti naannoo hiika Macaafa Qulqulluutti. Gosni eenyummaa keenya immoo sagalicha akkamittiin akka qabannu dhiibbaa nurraan ga'a. Warri tokko tokkoo qulqulluu sagallee isaa kan itti dhi'aatan mala ramaddii barbaaduudhaan yeroo ta'u, kan biroon immoo kan dhi'aatan haaluma jiruun, tooftaa kennameenii dha. Gara Macaafa Qulqulluu sababni nuyi dhufnuuf yeroo hundumaa hubannaa keenya irratti dhiibbaa isaa geesisa. Barumsa sanbataa waggoota shaniif barsiisuu jidduu fi Yuniversitii dhaa fi walitti fufeenyaan barumsa qopheessuu garagarummaa qaba. Ta'us adeemsi hiikaa gosa tokkoo ta'uu qaba.

D. Dubbii ijoon inni guddaa kan biraan bakka dhaloota keenyaatti baay'ee kan baay'aatan kan aadaatii fi garagarummaa barumsa afuuraa qaba, Ameerikaa keessatti illee, kunnis aadaa biraatii fi hawaasa gidduutti baay'aachaa deema. Warra cimoo loogiwwan yeroo hundumaa kan nuyi barrannuu aadaa keenya irratti malee Macaafa Qulqulluu irraa miti kan ammaayyaa wanti gaariin fakkeenyi lamaan kunni, kan Amerikaa dhuunfummaa fi Kabitalizimii dha.

E. Bakki dhaloota keenyaa akkuma dhiibbaa nurraan geesisuu hundumaa yeroon dhaloota keenyaas akkanuma. Aadaan wanta geggeedaramuu dha bifa wal fakkaatuun aadaadhaa fi

naannoo teessuma lafa kan jiraatu illee “qaawwaa dhalootaatiin” dhiibbaa irra geesisuu danda’a inni tokkoo dhaloota kana qaawwaa aadaa jaarrawwaan gara guyyaa Macaafa Qulqulluutti deebisee yeroo baay’isuu carraan dogogora uumuu isaa beekamaa dha. Jaarraa digdami tokkooffaatti yaadii kan saayiinsii dhiibbaa nurraan geesisa, akkasumas bifa kan gamtaati fi seenaan. Akkasumas barri kan mataa isaa kan ta’ee “foolii qaba”. Ta’us gara Macaafa Qulqulluutti yeroo dhufnu aadaa yoommii fi eessaa hubachuutu nurra jiraata, gocha hiikaatiif.

F. Dhiibbaa kan nurraan geesisu teessumni lafaa, yeroodhaa fi aadaa qofa miti, kan maatii keenyaatii fi akkaataa leenjifama keenyaati malee. Maatiin dhiibbaan isaanii guddaa dha, al tokko tokkoos bifa faallaa ta’en. Loogiin isaanii yeroo hundumaa gara maatii isaanitti darba kana yoo ta’uu baatees ijoolleen kan maatii isaanii barumsaa fi mala jireenyaa raawwatanii fudhachuu dhiisuu ni danda’u. Inni tokkoo waliin makamuu kana irra qabiyyee kutaa amantaa yeroo itti dabalamuu, kan akkamii kan ta’ee tilmaama dursaa akka ta’u ifaa dha. Wanti gadisiisaan kiristaanummaan gara gare wantootaatti qoqodamuu isaati, tokkoon tokkoon kan biro irratti aboodhaa fi caalmaa akka qabu kan dubbatu, hiika Macaafa Qulqulluu irratti rakkoo guddaa uumeera. Baay’een isaanii macaafni qulqulluun kan inni jedhuu ni beekuu, raawwatanii dubbisuu dhiisuu yookaan dhuunfaa isaanitti qayyabachuu dursanii, sababi isaa yaada murtaa’aa kan doktrinii waan ta’aniif. Barsifatni hamaas gaariis miti. Inni adda kan ta’ee dha, kanaafis immoo baay’ee gargaaruu danda’a. Ta’us tokkoon tokkoon dhaloota amanaa ifa Macaafa Qulqulluuttiin akka qoratuu hiyyamuufiitu irra jiraata, barsifaati nu eeguus nu hidhuus ni danda’a (“wal’aalaan bantii manaa irratti” fiilmiin jedhuu ).

G. Tokkoon tokkoon keenya cubbuudhaa fi hameenyaan kan miidhamnu ture itti fuffeenyaanis akkasuma mul’inattii fi osoo hin beekiin, beeknees osoo hin beekiin. Kanaaf hiiki keenya yeroo hundumaa bilchina afuuraa keenya yookaan hir’ina keenya murteessu. Baay’ee Kristoosiin kan fakkatan amantooti illee cubbuun miidhamuu danda’u akkasumas kan itti caalee amantootni foonii kan keessa buluu ifa afuuraa qabaachuu danda’u. Hundumti keenya, abdii guutuu, guddina keenya itti fufna, Kristoosiin Waaqayyoo dhaa wajjin walitti dhufeenyi qabnu, karaa afuura quluulluu. Ifa qabnun adeemuutu nurra jiraata. Sagalee isaa keessatti kan argamuun ifa dabalataa, karaa afuura qulqulluu. Hiikii keenya dhugumatti ni geedaramani fooyya’aas saba Waaqayyootii fi Waaqayyoon mataa isaa yeroo baay’ee yoo jiraanneef walitti dhufeenya fooyya’aa yoo qabaanne.

Waggoota keessatti waa’ee Waaqayyoo yaadaa haaraa yoo hin qabaannee, “sammuun du’uu” dha!

## II. Haala abbaa wangeelawummaa fakkeenyoota tokko tokkoo

Tuqaa kana irratti fakkeenya qabatamaa tokko tokkoo kennuun barbaada kallatti wal bira qabuutiin tuqaa olitti heeramananiin.

A. Wal makanii daakuu (ijoollee dhiiraatii fi ijoollee dubaraa wal makanii yeroo daakaan) waldoota kiristaanaa tokko tokkootti dhimma irratti nama dubbachiisuu dha, yeroo hundumaa haala teessuma lafaatiin bakka isaanitti kan dhalatan jechuun inni guddaan salphaatti kan ademsifamu.

B. Tampoo fayyadamuun waldoota kiristaanaa tokko tokkootti dhimma duddubachiisuu dha (keessumatti kibba Amerikaati) yeroo hundumaa teessuma lafa bakka sanaatti, miidhaan gurgurtaa biyya sanaa kan hin taaneeti (amantootni, namummaan isaanii boca kan hin qabnee dha, tampoo fayyadamuun foon isaani kan biraa miidhuudhaa fi sababa ittiin komamatamanii dha).

**C.** Ameerikaatti dhugaati alkooholii fayyadamuun obbooloota waldoota kiristaanaa hedduu birratti dhimma guddaa dha, biyya Awuroopaa tokko tokkoo fi kutaa kibba Ameerikaati dhimmuma keessa iyyuu hin galu. Ameerikaa bara 1920 dhiibbaan sochii sirrummaa irra

geessifameera, kan Macaafa Qulqulluu caalaa Yesuus dhuguma waayinii komxaaxee dhugeera. Isin dhuguma Yesuusiin caalaa "nama afuuraati"?

Mata dureen addaa itti fufee jiru ibsa dokter Atiley irraa kan fudhatame dha. Ilaaluuf hundumaa bilisa gala galchuu ni dandeessu.

www.freebiblecommentry.org

**Mataa duree addaa: wayiini fi dhugaatii jabaa**

I. Jechotaa macaafa Qulqullu
   A. Kakuu mofaa
      1. *Yayin* -kun jecha waligalla wayiiniti, innis yeroo 141 fayidarra olee (BDB 406). Hundeen jechaa kana sirritti hin beekamu, sababni isaas hundeen jecha ibirootaa waan hin taneef. Innis kan inni ta'uu dhangaga'aa cunfaa kuduraa fi muduraa, yeroo baay'ee wayiini dha.Dubbisa murasa kan ta'e Uuma.9:21, Seera ba'u.29:40, Seera Lakk.15:5, 10.
      2. *Tirosh*- kunnis guushi dha "daadhii waynii". Garaa bahaa ti halaa qillensaa irraa kan ka'ee, cuunfan wayini erga qopha'ee bodaa kan inni dhangagga'uu jalqabuu sa'aa 6 bodaa dha. Jechii Kunnis kan agarsisuu ademsa dhangaga'uurra wayinii jiruu dha. Dubbifama sirriin Kun Keessa deebi.12:17, 18:4, Isaayas. 62:8-9, Hosee.4:11 ilaali.
      3. *Asis* - kun dhugaati alkolii dha (Iyu'eel1:5, Isayaas 49:26) (BDB).
      4. *Sekar* - kun "dhugaati cimaa" dha (BDB 1016). Innis waan itti dabalamuu tokko jiraa akka nama machesuuf. Jecha ibirootan" machii" ykn" machaa'aa" kan jedhuu fayyadamuu. Akka nama macheessu taasisuuf waanta itti dabalanu qaba ture. *Yayin* kan jedhu irraa bukkoo dha *(*Fak. 20:1; 31:6; Isa. 28:7).
   B. Kakuu Haraa
      1. *Oinos* - jecha Giriikii yayiin wajiin wal gita (Fak.20:1, 31:6, Isaayas 28:7)
      2. *Neos oinos (*guushi wayinii) gita Girikii Tirosh (Mar.2:22)
      3. *Gleuchos vinos* Vinoos (wayinii minya'aa, Esiis) – Wayinii haraa reef ga'aa jiruu (Hoji Erg.2:13).

II. Ittiffayyadama Macaafa Qulqulluu
   A. Kakuu Mofaa
      1. Wayniin kenna Waaqayyoo dha. (Uma 27:28, Far.104:14-15, Mik.9:7, Hos 2:8-9 Iyu 2:19, 24; Amo 9:13, Zak.10:7)
      2. Wayinin kennaa haarsa keessa qaama isaa tokkoodha. (Keess.deebii 29:40, Lewoota.23:13, Seera Lakk.15:7, 10, 28:14 Keessa deebi 14:26 Abota Firdi 9:13).
      3. Wayinin akka qorichaatti ni tajajilaa (1Sam 16;2 Macaafa Fakk.31;6-7)
      4. Wayinin rakkoo qabatama ta'uu ni danda'aa (Nohi- Uumama. 9:21, Looxi- Uumama 19:33, 35, Samson Abbota Firdii16:19 Naabal- 1Sam.25:36 Oriyo 2 Sam.11:13, Aminoon 2Sam.13:28 Ilaah Mot isa 1 20:12, Bitoota- Amots.6:6 fi dubartoota- Amots.4).
      5. Wayinin yadaa nama walin dhahuu danda'uusa akkekachisaa wajiin walitii firomaa (Macafaa Fakk.20:1, 23:29-35, 31:4-5 Isaayas. 5:11, 22, 19:14, 28:7-8, Hoseey.4:11)
      6. Wayinin namoota muraasaf dhorkaa dha (lubooootaf Lewoota.10:9, Hizira 44:21, Nazirawootaf, Seera Lakk.6 fi bulchitoota Macafaa Fak.31:4-5, iIsaayas.56:11-12, Hose7:5)

7. Wayiniin akka dhufaati xumurichati fudhatamera (Amots.9:13, Iyu'eel:3:18, Zak.9:17)

B. Haftee macafaa Qulqquluu
   1. Wayniin yoo hammasaa xiqqessani fayadaman ni gargaraa. (Lal.31:27-30).
   2. Barsistoni akkas jedhuu "wayiniin dawwaa jiraan hundaa irraa isa gudda dha, yeroo wayinin dhumuu dha qorichii biraan kan barbachisuu.'' (BB 58L).
   3. Wayiniin bishaan wajjiin walitii makamee midhaa hin qabu, garuu minya'ina qaba, gamachuus ni dabala (2Macc 15:39).

C. Kakuu Haraa
   1. Yesuus bishaan garaa wayiniiti jijireraa (Yoh. 2:1-11).
   2. Yesuus wayinii fayadamera (Mat.11:18-19, Luq.7:33-34, 22:17).
   3. Phexiroos macha'eraa jedhame komatame "guushi wayini" phenxeqoosxe dhuguudhaan ( Ho.Erg.2:13)

   4. Wayinin akka qorichati ni tajaajilla (Mar.15:23, Luk.10:34, 1 Xim.5:23).
   5. Geggessitooni dhugduu ta'uu hin qabaan. kunis walumaa galati dhugatii fayadamuu dhisuu miti (1Xim.3 :3, 8, Tiito.1 :7, 2 :3, 1Phex 4 :3)
   6. Wayinin tajajilaa amantiif ni garagara (Mat.22 :1, Mulata.19 :9)
   7. Dhugduu ta'uun kan balalefatemedha (Mat.24:49, Luk11:45, 21:34, 1Qor.5 :11-13, 6 :10, Gal.5:21, 1Phex.4:3, Rom.13 :13-14).

III. Hubannoo kan Og-Waaqummaa

A. Waliin mormii faallaa
   1. Wayiniin kennaa Waaqqayyo dha.
   2. Machiin rakkoo isaa guddaa dha
   3. Fakkenyii kenya kiristosii (Mat.15 :1-20, Mar.7 :1-23, 1Qor 8 :10,Rom14 :1-15, 13)

B. Dangaa eyyamameraa amala darbuu
   1. Waaqayyoo maddaa garii hundumati
   2. namnii wan waqayyoo kennef callati fayyadmuun ballesera

Akka malee fayyadamuu irratii malee wantota irra mitii, rakkoon foon uumama irra hin jiruu (Rome.14:14, 20).

IV. Aadaa warra Ibrootaa kan jaarraa jalqabaa akkaataa itti danfisan

A. Dhangaga'u kan eeggalu battaluma sanati, tilmaman sa'a 6 bodaa, wayiniin tumamee erga raawwate, keessumatuu haala qillensa ho'aa fi qulqullini isaa hin eggamnee keessati.

B. Akka aadaa Yihudotaati erra keessa isaatti harofaan giddu-galleessa ta'ee yoo agarsisuu jalqabuu ( milikitaa bilchachuu isaati) yeroo kanatii mabaa wayinii kenuuf ga'aa jechuu dha. (*Ma aseroth* 1:7). Biilchinii wayinii jalqabaa nama machessuu kan ga'uu torbe tokko booda.

C. Kanlammaguyyaa 40 fudhata. Yeroo sanaati akka "wayinii dulloometi" lakka'ama,

D. iddoo arsaa irratis arsaaf ni dhihataa (*Edhuyyoth* 6:1).

E. Sefaafu irratii wayinii ittite (wayini dullome) akka ta'etti lakka'ama, haa ta'uu malee fayidaa irra utuu hin oolin duraa waliin makkamuu qaba

F. Wayinin dullome kan jedhamuu erga bilchaate waggaa tokko booda yoo turee dha. waggaan sadii isa guddaa dha, Wayinii seeraan kuusuuf.Innis "Wayinii dullome" wayinii jedhama.

G. Waggooti 100 darbaan keessatii bakka qulqulluu ka'uuni fi mihesituu itti dabaluun

dhangagaa’umaa isaa hirisuun danda’amera. Kan durii Addunyaan uumamaa dhangagumaa isaa hanbisu hin dandeenye.

V. Ibsa xumuraa

A. Shakalli kee, kan Og-Waaqummaa fi Kan hiikaa Macaafa Qulqullu kan Yesusiif kan amantoota jaarraa jalqabaa yookiin aadaa kiristaanummaa akka hin tuffachiifne of eeggadhu. Jarri gonkuma kan dhugaatii hin qammansne miti.

B. Ani fayyidaa alkooliin uummataam qabuuf kann falmu miti. Baay’een kana irratti yaada Macaafa Qulqulluu waan hoo’iisaniif akkasuma olaantummaa qajeelina irratii kan hundaa’e aadaan/ hundee amantii irratti kan qabu kan qoqqobu waan ta’eef.

C. Anaaf Roma 14 fi 1Qor 8-10 jaalalaa fi kabaja irratti kan hundaa’e qabiyyee fi qajeelfama naaf kennu. Kunis amantootaaf tatamsa’ina wangeelaatiif aadaa hundumaa keessatti, bilisummaa kan dhuunfaa utuu hin ta’in. Macaafni Qulqulluun kophaa isaa gochaa amantiif madda erga ta’ee egaa hundumti keenya waa’ee kana erra deebinee ilaaluu qabna.

Of dhowwuu akka jaalala Waaqayyootti yoo fudhanne, waa’ee Yesus maal jenna? Akkasuma waa’ee aadaawwan bara kanaa akka dhaabbataatti waayinii warra fayyadamanu (fakkeenyaaf, Awuroopaa, Israa’eel, Arjantiinaa)

D. Kurnaffaan yeroo hundumaa kan inni ibsamuu (1)akka karaa sooroma dhuunfaati, haa ta’uu malee sooromni yoo danda’ameef aadaa yookaan (2)murtiin Waaqayyoo karaa ittiin dhabamsiisuu.

Itti fufee kan jiruu mata dureen addaa ibsa Dokteer Atileey irraa fudhatameera.

**Mat dure addaa: kurnaffaa**

Luqaas 11:42 fi Mat. 23:23 waa’ee kurnaffaa qopha isaani kan kakuu haara kan dubbaatan. Kakuu haaran waa’ee

kurnoo in barsiisa kan jedhuu amanta in qabu sababii isaa kun kan wali-gala kan yoommiif eessa “wantoota xixiqqoo irratti kan xiyaafatuu” seera qabeessuma Yihudootaa fi tola mataa ofi mormuu isaati. Ani kanan amanuu kan kakuu haara qajeelfamni, waa’ee kennaa dhaabaata (isaaniis yoo jiraata) kan argamaan 2a Qor 8 fi 9 irraatti yeroo ta’uu, innis kurnoo baasuu irraa fagaate in deema Yihudooti, ragaan Kakuu Moofa qophaa isaa harka dhibbaa keessa 10-30 akka kennuu yoo abboome (Kakuu Moofaa keessatti lamaa, akkasumaas sadii kan abboomaman buusiin jiruu), eega kiriistaani waan jedhamuu olii dirqama kennuu qaba, waa’ee kurnoo mari’achuufiis yeroo in qabaatuu!

Amantootni kakuu haara dirqamatti of-eegachutuu irra jiraata Kiristaanummaa gara wanta haara gocha xiyaafataa seera akka in fidne (kiristanumaa Talmuud). Kan saani Waaqayyoon gamachiisu barbaaduara hundumaa naannoo jireenya qajeelfamaa akka barbaadan sababa isaaniif ta’a. Ta’us, kara barumsa Waaqayyummaa kakuuwwaan moofaan seerata, isaaniis Kakuu Haaraati akka cimaan kan hin godhamne (Hoji Ergamoota 15 safartuu Qanoon gochuun bal’adha, keessumatti isaan (lallabdoota ammoyyamaniin) cimsani yeroo qabamaan, kan badiisa yookaan kan sooromaa fi sababoota akka ta’an jedhamee yeroo fudhatamuu (Mikiyaas 3).

Bakka kanati xiqsii gaariin jira, Frank Stagg, *New Testament Theology*, fuula 292-293

“Kakuu Haaraan al-tokkoos, kurnoo baasuun ayyaana kennuu in beeksisu. Kurnoon kakuu haaratti kan dubbatamee ala sadii qofa:
      d) Inni mataan isaa qabiyyee yoomii fi eessaa wajjin
   (4) Yaadadhaa, baay'een raajiin Macaafa Qulqulluu keessa iyyuu kan Kakuu Moofaa raajii Masihii, xiyyaafannoo lama qabu, kan foonii fi deebi'ee dhufuu (Siilvaa 1987, 104-108).
d. Wangeela afran

(1) Ammam illee wangelootni afran utuu qabaanne dorgomuu yoo dandeenye, kun garuu yeroo hundumaa mala fooya'ee miti, kaayyoo isaa fi hiika isaa argachuuf haala yaalii irraa, kan isa tokkoo barreessa wangeelaa adda ta'ee. Wanticha akkam godhee akka itti fayyadame dirqamatti ilaaluutu nurra jira, kan biroon barreesitootni wangeelaa akkamitti akka itti fayyadaman yookaan akka guddisan ilaalu irra. Dorgomuun ni fayyada, garuu kan adda ta'ee hiika barreesichaa erga murteesitee booda ta'uu qaba.
(2) Seerii barreefamaa yookaan kan seenaa qabiyyeen barrefamaa wanta isa guddaa dha, wangeloota hiikuudhaaf. Walummaa galatti yaada-ijoo daangaa barreefamichaa adda baasuuf yaaluu, kan ibsame, kutaa adda addaa osoo hin taane. Yaada ijoo jaarra tokkooffaatti haala Yihudummaa Filisxeemootaati ilaaluuf yaala.
(3) Yaadachuun faayida qabeessa kan ta'ee wangeelootni gochaa fi jecha Yesuus galmeessuu isaaniti, garuu ergaawwani dha gara waldaa kiristaanaa adda ta'ee yoomii fi eessatti kan hiikan. Kan argawwan wal cinaa ilalaan.
(4) Yesuus qabatamaa kan hin taanee fi wanta rakkisaa dubbateera, tokko tokkoo guutuuman guutuuti hubachuu hin dandeenyu, amma isa adda baafnuuti. Dabalatanis inni ifa kan ta'ee dubbateera _ achi irra jalqabi. Kan beektuun sosocho'I, kan hafe ifa siif ta'aa dhufa. Akkas yoo ta'ee ergichi nuuf ta'uu dhiisuu danda'a, bara keenyaaf (Dani'eel 12:4).
(5) Fakkeenyoota wajjin kan wal qabate
   a) Qabiyyee barreefamichaa mirkaneefadhu. Hubadhu (1)Yesuus fakkeenyicha kan dubbatee eenyuuf, (2)Yesuus kayyoon inni fakkeenyicha dubbatee fi (3)walitti fufiinsaan fakkeenyoota hagamiti kan dubbataman. Bal'isii dubbisi, hiika isaa akka ta'e.
   b) Tarreefamoota hin dhiibbiin. Tuqaa (tuqaallee) isa olaanaa olaantummaan ilaali. Yeroo hundumaa dhugaa giddu galleessa tokkoo dha kan qabaatuu, tokkoon tokkoon fakkeenyaa yookaan kallatti amalaa isa guddaa.
   c) Doktrinii isa guddaa fakkeenyoota irratti hin ijaariin. Dokterinootni hundeefamuu qabuu kan babalatan barumsoota dubbifama ifa irratti dha.

e. Ergawwanii fi seena seenefamootaaa
   (1) Kan biro barreefamoota wal fakkaatuu wajjin yoo wal bira qabaman isaan kun kan duriiti, hiikuudhaaf.
   (2) Furtuu Qabiyyee barreefamaa yoomii eessatti, seenaa isaatinis ta'ee barreefama isaatiin.
   (3) Furtuu keeyaata barreefamaa ifaa ibsa barreefamaa ta'u.

`Hiikoonni adda addaa sadan kun gosa barreefamaa wajjin kan wal qabatan kan itti fufaniii jirani macaafni ajaa'ibsiisaan tarreefamaan ibsameeera.

1. Macaafa Qulqulluu faayidaa isaa guutuu wajjin waa'ee dubbisuu Gorden Fee dhaa fi Daagilaas Situwarti
2. Kan piroteestaantii kan hiikaa Macaafa Qulqulluu Beernand Raamiidhaan
3. Hiika Macaafa Qulqulluutti fi ogessa qooqaa Piteer Kotirii fi Maxi Terneriidhaan
4. Kan galumsa barreefemaa hiika Macaafa Qulqulluuttii fi Tirimbeer Long maniin III
5. Faalasama kan hiikaa D A. Karsaniin
6. Marashaadhaa fi kan dhanni ittiin qabamuu Meenxoo D. Print Sandiin
7. Qajeelfama hundee hiika Macaafa Qulqulluu Robbert H. Istayiniin

5. Galumsaa fi kallattiwwan kan seer-lugaa

Yaada isa guddaa kan barreesichaa yookaan hiika argachuudhaaf kallatti galumsa kan biraa yookaan caasaa seer-lugaa jedhama. Kun yeroo hundumaa rakkisaadha, kan dubbi ogummaatii fi garagarummaa caasaatiin, qooqa Macaafa Qulqulluuttii fi afaan dhalootaa keenya gidduu. Ta'us, naannoo ija-qabeessa, hiika irratti, akkasumas barreefamaan

ilaalamuutu irra jira. Yeroo hundumaa hiikoota ammayyaatii fi beekumsa seer-luga dhaabbataa walin dorgomsiisuuf baay'ee gargaara.

> "Seer-lugii yeroo hundumaa hiika sirrii nu argisiisuu dhiisuu danda'a haa ta'uu malee hiika arkifataa nu argisiisuu danda'a. Isa kan jeequ hiika kam iyyuu hin simanne. Seer-lugi kun baay'ee faayida qabeessa, Macaafa Qulqulluu hubachuudhaaf. Kun wanta keessummaa miti. Ka'umsumma irraa inni kan jedhuu Macaafa Qulqulluu qooqa namaatiin seera baratameen hubachuu dandeenya dha" (Sitiriti 1973, 63).

Seer-lugi, namni taraan fayyadama isaatiin kan beekuu dha, mala ibsaatiin osoo hin taane. Seer-luga kan nuyi barannu dubbachuu yeroo barannuu dha. Seer-lugi hima ijaaruu dha, yaadaan wali galuudhaan. Kan seer-lugaa walitti firoomni isaa ogeessa ta'uun nurra hin barbaachiisu, Macaafa Qulqulluu hiikuudhaaf, ta'us barreessan jalqabaa maaliif akkana akka jedhee hubachuudhaaf yaalii gochuu qabna yeroo hundumaa caaseefamni himaa barreesichi maaliif cimsa itti laatee nu argisiisa. Kunnis karaa hedduudhaani mul'achuu danda'a.

a. Dubbifamicha hiika ingilliffaa hedduu irra yeroo dubbiftan, duraa booda sagalichaa hubadhaa. Kanaaf fakkeenya gaarii kan nuuf ta'uu Ibiroota 1:1 dha. Hiika kingi jamsiitiin abbaan himiichaa, "Waaqayyo" dursee dhufa haa ta'uu malee kan irra deebi'amee hiikni dhaabbataan gaaleen ibsa ta'ee, "karaa adda addaa hedduu" durse dhufe. Kun murteessaa dha sababni isaa yaada dhugaa barreesichaa waan callaqisiisuuf. Qabiyyeen barreefamicha inni guddaan Waaqayyo dubbachaa jira (Mul'ata) yookaan Waaqayyo akkamitti akka dubbatee (yaadaa afuuraan liqimfamuu)? Dhugaa boodaati, sababni isaa hiiki dhaabbataan irra deebi'amee konee Girikii jecha duraa duubaa waan callaqisiisuuf (barreefama gidduutti kan barreefamee waan fayyadamuuf). Dabalataanis mala tarreefamaa jechoota kana irratti duraa boodaa fi dhimma seer-lugaa irratti gargaara.
b. Dubbifamicha hiika ingilliffaa hedduu irra akka turee, gochama hiikichaa yaada dha. Gochamni hiika irratti baay'ee faayida qabeessa. Fakkeenya gaarii kan ta'uu 1ffaa Yoha. 3:6, 9 dha. Inni tokko hiiki Kingi Jamsii hiika ammayyaa wajjin yeroo wal dorgomsifamuu adda baateen isaa ifaa dha. Kun yeroo ammaa gochama. Gochamni kun "cubbuun hin jiru" hin barsiisan "cubbuu gochuu dhiisuu" malee. Guduunfaa macaafa kanaa irrattis kan Ibirootaa fi Girikii jecha seer-lugaa ibsawwan gabaabaan itti dabalameera (baafata qabiyyee ilaali).
c. Hiika ingilliffaa hedduu irratti lakkoofsa dubbifamicha dubbifteen yaada wal qabatee jiru hubadhu. Isaan kun yeroo hundumaa nu gargaaru, kaayyoon galichaa yookaan himaa fi qabiyyeen barreefamaa akka wali wajjin deeman hubachuudhaaf. Kan wal qabatee itti fufee jiru hubadhu (wal cina 1985, 42-43).
    1. Kan yerootii fi yookaan wal qabata tartiibaa
        a) Booda (Mu'ata 11:11)
        b) Akka (Hoj.erg. 16:16)
        c) Kan duraa (Yoha. 8:58)
        d) Amma (Luqaaa 16:25)
        e) Achi irraas (1ffaa Qoro 15:6)
        f) Hanga (Maari 4:25)
        g) Yoomi irraa (Yoha. 11:31)
        h) Akkuma sanaan (kan yeroo) (Maari 14:43)
    2. Kan naannoo yookaan wal qabata teessuma lafaa (Ibiroota 6:20)
    3. Wal qabata kan qabataa fi taatee irratti hundaa'ee
        a) Sababa
           Sababa (Roome 1:25)
           (Roome 1:11)
           Jalqabee (Roome 1:28)
        b) Bu'aa

Kanaaf (Roome 9:16)
Achi irraas (Galaa. 2:21)
Kanaafis (1ffaa Qoro. 10:12)
Yoos (1ffaa Qoro 8:12)

c) Hojimaata
Kanaafis (roome. 4:16)
Kanaaf (Roome 5:21)

d) Faallaa
Amma illee (Roome 1:21)
Ta'us garuu (Room 2:8)
Isaa oliis (Roome 5:15)
Ammam illee (1ffaa Qoro 10:5)
Yoo ta'uu baatee (1ffaa Qoro 14:16)
Sichi (Roome 5:14)

e) Kan ittiin wal madaalchisan
Dabalataannis (2ffaa Qoro 1:11)
Akka (Roome9:25)
Akka ta'e(Roome 5:18)
Akkasuma (Roome 11:30-31)
Bifa wal fakkaatuun (Roome 1:27)
Kanaafis immoo (Roome 4:6)

f) Tartiiba dhugaa
Kanaaf (Roome 2:19)
Hundumaa dursee (1ffaa Ximoo 2:1)
Dhumma irrattis (1ffaa Qoro 15:8)
Yookaan (2ffaa Qoro 6:15)

g) Haala (Fakkeenya. "akka" Roomee 2:9)

4. Kan cimsa wal qabataa
   a) Dhugumatti (Roome 9:25)
   b) Qofa (1ffaa Qoro 8:9)

Yaadni kun wal qabataan yaada kana argisiisuu kan fudhataman kan mala qayyabannaa Macaafa Qulqulluu Robeerti A. Tirihinaadhaan fuula 42-43 irratti dha. Ammam illee ilaalcha isaa baayinaan barreefama Phaawuloos irra caalaan macaafa Roomee irraa kan fudhatman ta'anis fakkeenya gaarii ta'uudhaan ni tajaajilu, yaada wal qabataa kanaatiin akkam goonee yaada keenya akka qindeesinu. Hiikoota ammayyaa wal dorgomsiisuun,kan lamanuu Kakuu Moofaa fi haaraa, isaan kun kan argisisanii fi firoomni isaan ibsan ifaa dha. Tirraayinaan immoo ajaa'iba kan ta'ee guduunfaa qaba waa'ee caasefama seer-lugaa fuula 63-68 irratti. Of eegaataa dubbisaa Macaafa Qulqulluu ta'e.

d. Hiika ingillifaa adda addaa dubbifama yeroo dubbiftan irra deddeebi'a jechaa fi gaalee hubadhaa. Kun immoo karaa biraa dha, caasefama barreessaan jalqabaa cimsuudhaaf, hiika barbaadee kaayyoo dabarsuu akkamitti akka caasefamu. Fakkeenya 1:1

1. Gaaleen seera uumamaa irratti irra deebi'aman "kun kan dhalootaati) (2:1, 5:1, 6:9,10:1, 11:10, 27, 25:12, 19, 36:1, 9:37:2). Gaaleen kun kan inni nu argisiisu barreesichi mataan isaa macaaficha akkamitti akka qoqodee dha.
2. "Boqonnaa" fayyadamni irra deddeebi'amaa Ibi 3:4). Sagalichi hiikoota adda addaa sadii fayyadama irra ooleera
   a) Boqonnaa sanbataa Seera uumamaa 1-2 akka ilaalate
   b) Biyyattiin abdii Seera Ba'uu karaa Iyaasuutiin
   c) Mootummaa Waaqayyoo

Inni tokkoo caafefama isaa yoo dogogoruu achi irraas yaada barreesichaa dogogoruu danda'a, tarii lafa honaatti kan du'an namootni hundumtuu namoota afuuraati badan jedhee yaaduu danda'a.

6. Ciigoo fi qayyabannaa jecha

Dubbifamicha hiika ingilliffaa hedduu irraa dubbisi, keessumatti kan gosa jecha jechaatiin, akka hiika dhaabaataa haaraa kan Amirikaati, kan waan wal qixa wal jijjiiruu wajjin, hiika addunyaalessaa haaraa wajjin kan wal fakkaatan. Kara kanaatiin maloota kana adda baasuun ni danda'ama. Tokkoon tokkoon qooqaa kan mataa isaa adda kan ta'ee amalootaa fi yookaan ibsawwan qabu. Ogummicha akkuma jirutti hiikuudhaaf yaaluun tuqaa sana guutuuma guutuutti dogogoruu ta'a. Fakkeenya gaarii kan nuufa ta'uu jechi Ibirootaa "Jibba" dha. Fayyadamni kan Kakuu Haaraa yoo ilaalee keessumatti Roome 9:13, Luqa 14:26 yookaan Yoha. 12:25 ogummaan kun akka ta'uutti akka hin hubatamne ilaaluu ni dandeenya. Ta'us seenaa Ibirootaa duriitii fi fayyadamnii Seer. Uumaa.29:31, 33 yookaan Keessa deebii 21:15 irratti mul'ateera, achi irraas " jibba" ta'uu dhiisuu isaan ifaa dha, miira ingilliffa keenyaatiin, haa ta'uu malee dubbii ogummaa wal dorgomsifamuu dha. Malli ibsaa bifa kanaan dhuguma ni gargaara. Ibsi kunni fakkeenyoota gaarii lama (1) Kan Tindalee tarreefama wal duraa boodaa fi (2) isa haaraa kan addunyaalessaa ibsa wal duraa boodaati.

Kan gaaffii lamaffaa kanaa kallattiin dhumaa "barreessaan jalqabaa maal jechuu isaati?" jechi jedhuu qayyabannaa dha. Isas dhuma irratti adda baasuudhaaf godheera, sababni isaa qayyabannaan jechaa baay'ee waan wal dha'uuf. Hundeen jechaa yeroo hundumaa kallatti hiika qophaa isaa godhameen waan fudhatameef, inni tokkoo dubbifamicha hiikuudhaaf kan inni itti fayyadamu. Barreefama Jamsi Baar, hiika qooqa Macaafa Qulqulluu D.A.Karsan, hiika kan diigaan, Mohisis Siilva irraa jecha Macaafa Qulqulluu fi hiika isaanii, hiiktoota ammayyaa qayyabannaa jecha mala isaanii immoo akka qoratan gargaareera. Hiiktootni Macaafa Qulqulluu akka gareetti beektoota qooqaa hedduudhaaf akka digamsaatti kan ceepha'amanii dha.

> "Tarrii hiiki qayyabannaa jechaa hiika faalleessuu fi keessumatti burqaa guddaa kan ta'an sababni inni guddaan, lallabdoonni baay'eedhaa fi barsisoonni Macaafa Qulqulluu Giriki qofa haala gaariidhaan beekuu isaanitti, kan hiika isa guddaa yookaan achi irraas kan fooya'e. Waa'ee qooqa Girikii miirri jiru xiqqoofi, kanaafii qayyabannaan kan baratee qoruu fi ilaaluu jalqaba" (Kersan 1984, 66).

Cimsaan kaa'uun kan nurra jiraatuu qabiyyee barreefamaa hundee jechaa osoo hin taanee hiika akka murteessu dha!

"Hundeen wal faalleessan dursi tilmaamaa tokkoon tokkoon hiika jechaatiif akka qabaatuuf boca isaa irraa yookaan kan isa cinaa wajjin kan wal hidhe. Ilaalcha kanaan hiiki kan inni murtaa'uu hundee jechaatiin" (Karsan 1984, 26).

"Irratti wali galuun kan nurra jiraatuu dhugaa ifa ta'ee dha, innis dubbatootni qooqichaa salphaatti kan isaan beekanii dha guddina isaa itti fufee dhufuu osoo hin taane, akkasumas kun dhugumatti barreesitoota irraa fi dubbistoota sagalichaa wajjin dhimma jiruu dha fedhiin keenya sirriin kan Girikii yookaan kan Ibirootaa faayidaa dha, barreesitoota Macaafa Qulqulluutiin damaqiinsa sammuu keesatti ifatti kaa'uudhaaf, dursa tilmaama wantootni galan faayida qabeessa. Qabiyyee konee qorachuuf yeroo Kristoositti" (Siilva 1983, 38).

"Akkaataan fayyadamaa baay'ee faayida qabeessa akka ta'ee, seera isa hiikuuf ta'us, hundee jechaa harka ogeessaa keessatti dhiisuudhaan, mataa isaa damaqinaan qabiyyee barreefamichaatii fi akkaata fayyadama isaatiif oolchuu qaba" (Nikilisaan 1963, 121-122).

Akkaata fayyadamaa isa guddaa barbaaduutu nurra jira, yookaan kara biraatiin kaa'uudhaaf barreessaa jalqabaatiin kan hubatamee fi ta'ii jedhee hiikii taa'ee fi dhageefatoota jalqabaatiin kan hubataman. Jechi Macaafa Qulqulluu fayyadama adda addaa

heedduu qabata (diree hiika). D.A. Karsan kan hiika faalleessan fuula 25-26, tuqaa kana irratti baay'ee kan gargaaruu dha kan nama dhukkubsuu garuu kan gargaaruu. Argisiisuudhaaf, hiki ingilliffaa adeemsa yerootiin akkamitti akka jijjiiraman hubadhu.

a. 1ffaa Tesso 4:15 hiika Kingi Jamsi "warra rafan isaan hin dhorku jedha". Kan Ameerikaa hiikii dhaabbataan jechichii kan hiikaamee "dursuu" "dhorkuu" hiikni akkamitti akka geedaramu hubadhuu
b. Efeson 4:22 hiikii Kingi jamsi "nama moofaa durii haasa isaa of irraa baasaa gataa" jedha. Hiiki dhaabbatan Ameerikaa sagalicha kan inni hiikuu "mala jireenyaa" kan jedhuu dha. "Kan haasaa" hiikii akkamitti akka jijjiiramee hubadhu.
c. 1ffaa Qoro 11:29 Kingi Jamsi "osoo isaa hin galiin kan nyaatuuf kan dhuguu mata isaa irratti yakka muruu fi nyaatee dhuga" jedha. Hiiki dhaabbataa Ameerikaa "yakkamuu" jecha jedhuu "murtii" kan jedhuun hiikeera. Jechichi akka jijjiiramee hubadhaa.

Baay'een keenya jecha Macaafa Qulqulluu ifa mataa keenyaan hubachuuf haala hiika gartokkootti jechuu qabna, sagalicha kutaa amantii keenyaatiin yookaan seera barumsa afuuraa keenyaati. Rakkoon as jiru kan lamaanuuti.

a. Of eegachuu kan qabnuu, hiika isaa yaada barreessaa jalqabaa irraa fayyadamuu keenya, kutaa amantaa mataa keenyaa yookaan aadaa booda keenyaa osoo hin taane.
b. Of eegachuu kan qabnu sagalicha mala mataa keenyaatiin hiika amantaa akka hin qabanne dirqamsiisuu dhiisu keenya. Tokkoon tokkoon qabiyyee barreefamaa yeroo uumamuutti. Barreessaan wal fakkaataan jechumma sana miira adda addaattiin itti fayyadamuu danda'a.
c. Fakkeenyi kan kanaa itti fufa.
   (1) Yohannis akkaataa itti "addunyaa" fayyadame
      a) Addunyaa kan foonii (Yoha. 3:16, 1ffaa Yoha 4:1, 14)
      b) Hawaasi nama Waaqayyoo irraa fagaatee kan ijaaramee fi kan hojjetu (1ffaa Yoha 2:15, 3:1, 5:4-5)
   (2) Kan Phaawulos "qaama" fayyadama
      a) Qaama foonii (Roome 1:3)
      b) Uumama cubbuu (Roome 8:3-4)
   (3) Kan Phaawuloos "mana qulqullummaa" fayyadama
      a) Guutummaan waldaa kiristaanaa (1ffaa Qoro 3:16-17)
      b) Amanaa akasumaanii (1ffaa Qoro 6:19)
   (4) Kan Yaaqoob "fayyina" fayyadama
      a) Fayyina afuuraa (1:21, 2:14)
      b) Fooniin oolu (Yaaqob 5:15, 20)

Hiika sagalee murteessuudhaaf kaaraan deemamuu hiikoota hedduu ilaaluu fi gara garummaa isaanii galmeessuu dha. Tarreefama sagalee isaatti xumurama kan qabuu irratti ilaalaa, akka fakkeenyaatti macaafni qulqulluun tarreefama jechaa Robeert Yaangiin yookaan kan Macaafa Qulqulluu kan xumuramee jecha tarreefamaa Jams Sroongiin. Fayyadamni kan biraan hundumtuu kan qayyabatan barreefama Macaafa Qulqulluu wal fakkaatu irratti ilaalaa, fayyadama hundumaas barreessaa gosa tokkoof ilaalaa. Fayyadamni kan biraan kakuu wal fakkaatu irratti fakkeenya fudhadhaa. Walteer Heenrikeensiin, Macaafa Qulqulluu nama akkasumaanii hiikuudhaaf qajeelfama, 1973 fuula 54-56, sadarkawwan kana laata.

a. Fayyadama sagalee isaa barresichaan.
b. Firooma sagalee isaa itti dhi'eenya qabiyyee barreefamichaa wajjin.
c. Kan sagalichaa fayyadama durii kan yeroo barreefame.
d. Hiika hundee sagalichaa.

Hiika isaa hunde qabeessa kakuu biraa irraa mirkaneessuudhaaf yaalu (barreessan Kakuu Haaraa yaada Ibirootaa kan qabanii fi konee Giriki kan barreessan ta'uu isaani yaadhu).

Achi irraas gara macaafa jecha afuuraa, kan Macaafa Qulqulluu Insayikilipidiyaa, Dikshineerii, yookaan ibsa filachuu dha, hiika mirkaneefachuuf (tarreemaan VII fuula 103 ilaali). Qajeelfama barumsa fakkaatti barreeseera, Kakuu Haaraa fi qayyabannaa jechaa, fuula 98 irratti kan murtaa'e qabiyyee barreefamaa irratti hiika jechaa cimsuudhaaf yaalii ammami illee gochuun akka irra jiru argisiisuuf.

C. D Gaaffilee hiikaa sadaffaa fi arfaffaa

Gaafiileen itti fufanii jiran kan hiiku deebisuudhaaf yaaluun irra hin jiraatu "barreessan wal fakkaauu dhimma mata-duree wal fakkaatu irratti kan biros maal jedheeraa?" kan jedhuu dha. Innis gaaffillee hundee qabeessa afur wajjin itti dhi'eenya qabaata "kan biroon yaada afuuraan liqimfamuun barreesitoota dhimma mata-duree dhi'aatu irratti maal jedhani?" kan jedhu. Isaan gaaffileen lamaan kan wali isaanii gidduu galleeessa kan qaban dubbifama wal cina deemu yaad-rimee ibsuu walitti makamuu danda'u. Ka'umsuma irraa nuyi dubbachaa kan jiru jecha yookaan yaad-rimee barumsa afuuraa akkam godhee bakka biraa afuuraan liqimfamuu barreessaa faayidaa irra akka ooleedha. Geggefamuu hiika akka kanaa "kan qulqulluu sagalee isaa wal fakkaatee" jechuun waamamu.

"Kan hin kufnee seerri hiika qulqulluu sagalee isaa qulqullumma sagalee isaati, kanaafis waa'ee qulqulluu sagalee isaa kamiin iyyuu gaaffiin miira dhugaa guutuu yeroo jiraatutti (baay'eedhaaf kan adda addaa osoo hin taanee tokko qofa) bira ga'uuf beekamuu kan danda'uu baay'ee ifa godhee kan dubbatamu bakka biraati" (Wisti Ministeer yakka ofi himachuu, boqonnaa 9).

Inni tilmaama sadi irratti hundaa'a.

- Kan qulqulluu sagalee isaa hundumtuu Waaqaayyoon yaadan liqimfamuu afuuraati (1[ffaa] Ximoo 3:15-17, Fee Situwarti 1982, 209 wal dorgomsiisi)
- Qulqulluun sagalee isaa wal hin faalleessu
- Baay'ee kan fooya'ee hiiki qulqulluu sagalee isaa qulqulluu sagalee isaatiti (Siilvaa 1987, 68, 93, 94)

Isaan kun dhugaa yoo ta'an egaa dubbifamicha hubachuudhaaf baay'ee karaan fooya'ee barreefama kan yaada afuuraan liqimfamuu giddu galleessa qabiyyee barreeffamaati.

1. Mata duree wal fakkaatuu yookaan jecha wal fakkaataa qabiyyee barreefama dhi'oo (keeyata yookaan ramaddii barreefamaa)
2. Mata-duree wal fakkataa yookaan jechoota wal fakkaataa macaafa kan Macaafa Qulqulluu
3. Mata-duree wal fakkaataa yookaan jechoota barreessaa wal fakkatuun
4. Mata-duree wal fakkaataa yookaan jechoota yeroo wal fakkaatutti, waan wal fakkaatuu yookaan kakuu
5. Mata-duree wal fakkaataa yookaan jechoota Macaafa Qulqulluu keessatti walumaa galatti

Dubbifama murtaa'aan irraa gara fuulduraatti lakkoofsa deemuun, hiikuudhaaf kan nuyi yaaluu, baay'ee kan wali galaatii fi caalaadhumatti immoo bifa kan hin qabanne ta'a, bu'a qabeessummaa wal cinaan.

"Ibsa bal'aa fuula dura qabiyyee barreefama dhiphaa hiikuudhaaf yaalii. Wali galtee wali wajjini irra kan ga'amee, qulqulluu sagalee isaati hiikuun akka irra jiru. Ta'us, hubannoo keessa galuun kan irra jiraatu jechi, dubbifama dirqamatti hiikamuun kan irra jiraatu jalqaba qabiyyee barreefama dhi'oo irraati, haala Macaafa Qulqulluu wali galaa qayyabannaa bal'aa ta'ee hoji irra oolchuu fuula dura"(Osboorinii fi Woodward 1979, 154).

Hiiki naannoo kanaa baay’ee kan degeru ta’a, dubbifamni keenya akkamitti ibsa wali galaa wajjin akka adeemuu (MC Kulkiin 1983, Siilvaa 1987, 93 Sitrit 1973, 86). Ka’umsuma irraa kan nuyi soochonuu

1. hiika (kan olii irraa lakk.1) gara
2. kan Macaafa Qulqulluu barumsa afuuraa (kan olii lakk.2 fi 3, fi 4) gara
3. kan mala dokrtinii (kan olii lakk.5)

kan nuyi sochoonuu kalaa hin taaneen gara dhi’eesse argisuutti (teleskopi) dha. Jalqaba bifa giddu galeessa ta’een kan nuyi ajaju hiika dubbifamaa irratti mirkaneefachuu qabna, gara kan mala doktiriniitti dhi’eessuu keenya fuula dura. Kun isa tokkooffadha kana qophaa isaa yoo hin taanees, kan malaa barumsa afuuraa kaayyoon macaafaa (tarreefma IX barumsa afuuraa fuula 105 ilaali). Sosochichi barbaachiisaa dha, garuu bal’aadha. Seenawwan keenya durii fi, dursi murtii keenyaa, fi doktiriniin kutaa amantii keenyaa yeroo hundumaa uluqanii galuudhaaf qophaa’oo fi kan danda’anidhaas. Dubbifama wal cinaa kan nuyi fayyadamnuu yoo ta’e (fayyadamuutu nurra jira) wal cina sirrii ta’uu isaa mirkaneeffachuu danda’uutu nurraa eegama, jecha wal fakkaata yookiis gaalee osoo hin taane.

Yeroo hundumaa sirritti kan ta’uu dubbifama wal cinaa hiika keenyaa fi madaallii wali gala fiduu isaaniti. Hiikaa irratti shaakala koo kan ta’ee, macaafni qulqulluun yeroo hundumaa Ayaa’oodhaan (Paaradkooksi) yookaan wantoota lama wal faallessan (yaada warra bahaa) barreessuu isaati. Inni tokkoo naannoo dhimma mata dureetti kan qabuu faallaa Macaafa Qulqulluu beekamtii laachuufitu irra jiraata, ibsa salphaa ta’aan uumuudhaaf kaayyoo jedhuu osoo hin dhabamsiisiin, dhugaan garee garee isaatiin teesisuu osoo yaaluu, yookaan kan inni jaallatuu ejjenoo barumsa afuuraa osoo eeguu kan hin taane. Inni tokkooffaan liqimfamuu yaada afuuraa barreefama kan biraa faalleessuuf yookaan kufisuuf fayyadama irra oolchuun irra hin jiraatu! Bakka kana fakkeenyi tokko tokkoo ni jiraata, dhugaa Macaafa Qulqulluu gidduu wal faalleessu jiran.

1. Carraa yookaan fedhii bilisaa namaa
2. Fayyina amantootaa yookaan barbaachisummaa ciminaa
3. Uumamuu cubbuu yookaan kan fedhii cubbuu
4. Kan Yesuus akka Waaqatti yookaan Yesuus akka namaatti \
5. Yesuus abbaan qixee ta’uu isaa yookaan Yesuus akka gargaartuu abbaatti
6. Macaafni qulqulluun akka sagalee Waaqayyooti yookaan taayitaa namootaatiin
7. Cubbuun hin jiruu fi yookaan cubbuu hojjeechuu dhiisuun
8. Ka’umsuma irraa tola kana achiitii fi qulqullaa’uu yookaan qulqullina itti fufeenya qabu
9. Tolli amantii (Roome 4) yookaan hojiin kan mirkanaa’ee tola (Yaaq. 2:14-26)
10. Kan kiristaanummaa bilisummaa (Roome 14:23, 1[ffaa] Qoro 8:1-13, 10:23-33) yoo hin taanees itti gaafatamummaa kan kirstaanaa (Galaa 5:16-21, Efe 4:1)
11. Waaqayyo daangaa kan hin qabne yookaan murtaa’ummaa isaa
12. Kan Waaqayyoo wali galli isaa beekamuu dhiisuu yookaan qulqulluu sagalee isaatii fi Kristoosiin beekamuu isaa
13. Kan Phaawuloos kan fayyinaa hedduu hiikawwan
    a. Mucummaa
    b. Qulqullaa’uu
    c. Tolaa ta’uu
    d. ooluu
    e. Kabajamuu
    f. Carraa
    g. Araaramuu
14. mootummaan Waaqayyoo amma yookaan gara fuula duraatti kan gonfatan
15. qalbi jijjirannaan akka kennaa Waaqayyootti yookaan qalbi jijjiranaan fayyinaaf dirqisiisaa akka ta’ee deebii

16. Kakuu Moofaan dhaabbataadhaa yookaan Kakuu Moofaan darbeera akkasumas duwwaadhaa fi gati kan hin qabnee dha (Maati 3:17-19 yookaan 5:21-48, Roome 7 yookaan Galaa 3)
17. Amantootni tajaajiloota/garboota yookaan ijooleen/dhaaltoota

Mohisees Siilvaa baay'ee kan fayyaduu tarreefama kan faalleessu qaba, qulqulluu sagalee isaa hubachu keenya irratti kan jiru.

1. Macaafni qulqulluun kan afuuraati, ta'us gara keenya kan inni gahee boca namaatiin
2. Aboomiin Waaqayyoo mudaa kan hin qabnee dha, ta'us kan barreefamaa qabiyyeen barreefama seeraa kan inni dhi'aatee bifa giddu galessaan wantoota murtaa'aniidhaan.
3. Ergaan kan afuuraa ifa ta'uutu irra jiraata, dubbifamni hedduun kan waliin nama dha'aan fakkaatu.
4. Aboomiidhaaf nuyi hirkatoo afuura qulqulluuti, ta'us kan baratan ta'uun baay'ee barbaachiisaa dha.
5. Macaafni qulqulluun isaa kan irra irra keessaa dubbifama seenaati fi harkifata kan godhan fakkaata, ta'us hiikii seenaa kan hin taane nu mudatu (fakkeenyawwan)
6. Hiiki sirrii ta'ee hiika bilisummaa dhuunfaa gaaffata, ta'us sadarkaa murtaa'aa kan alaa, kan of keessatti qabatuu taayitaa irratti kan xiyyaafatuu ni uumama.
7. Egaan Macaafa Qulqulluu qabatamummaa barbaachiisa, ta'us dursi tilmaamaa keenyaa kan sammuu kan murtaa'ee adeemsa hiikaa irratti kan dabalamu fakkaata (Siilva 1987, 36-38).

Kan isaan kanaa Paradooksin kallatti isani isa kami sirriin? Isaan kana undumaatiif ana kan natti fakkaattu eeyyee dha, sababni isaa hundumtuu dhugaa waan ta'aniif. Gareen lamaan kan Macaafa Qulqulluuti. Akka gocha hiika keenyaati suuraa guddaa ilaaluu dha, akkasumas kutaa hundumaa tokko gochuudhaaf, isa jaallannu qofa miti, yookaan baay'ee kan beeknu, rakkina hiikaatiif deebiin kan argamuu faallaa isaa dhabamsiifne kan walfalmisiisuu garee isa tokko qofa cimsuudhaan miti (Siilva 1987, 38). Madaaliin kun argamuu kan danda'uu yaadaan wali galuu yookaan kan macaafa tooftaa barumsa afuuraati. Ati kan irraa dhuftee yookaan ilaalcha kutaaa amantii ittiin wali galte yoo ta'ee kan mala barumsa afuuraa qofa degeruu irraa of eegadhu. Macaafni qulqulluun siin ha falmuu, sitti ha iyyuus –suuta jedhee osoo hin taane. Innis kan ati jaallattu yaada qabatamaa hin ta'iin siif dhabamsiisa.

Dhugaadha, doktirinii bifa qabachiisuuf yaaliin yookaan faallaa kan fakkaatan kan Macaafa Qulqulluu wantoota tokko tokkoo wal bira qabuun dursa tilmaamaati, yeroo hundumaas ejjennoo kan dooktiriniiti wajjin wal fakkaata. Kunnis dursuudhaan ibsa kan ta'ee kan Macaafa Qulqulluu barumsa afuuraa irraa kan gadi xiqaatee dhugaa ta'utu irra jiraata. Malli kun (kan maacafa qulqulluu barumsa afuuraa) kan qayyabannaa isaa, wantoota kan Macaafa Qulqulluu irraa cituu xiqaa kan fudhatu. Innis mataa isaa barreessaa tokkoon, bara, yookaan kan wal fakkaatuu ni murteessa. Innis kan mataa isaa ramaddii kan barumsa afuuraa kan marfamee kan daangeefame daangaa waabii Macaafa Qulqulluu qofa baasuu yaali. Kan Macaafa Qulqulluu gocha wantoota murteessuu irratti, nuyi ibsa rakkisaa sagalee isaatti jabeesinee akka fudhannuuf ni dirqisifamna, hiika isaaniis lakkoofsoota biraa wajjin ibsuudhaaf osoo waabii hin kennin kunnis barreesicha kan inni qabuu jabeessinee akka fudhannu nu dirqisiisa. Innis madaallii barbaaduu miti, haa ta'u malee barreessaa macaafa qulqullichaa kan barreechan ibsa ifaa dha. Paraadoksiin Macaafa Qulqulluu daangaa lamaanuu mirkaneessuudhaaf wal'ansoo jabaa dha. Dubbifamni wal cinaa isaan sadan kana naannoo giddu galleessaatti ilaala. Inni tokkoo tokkoon qabiyyee barreefamaa sadarkaa tokkoon tokkoon keessa darbuuf ni danda'a.

1. Barreesichi maal jedhee maal jechuu isaatiis? (hiiki)
2. Bakka biraatti dhimma mata duree wal fakkaatu irratti maal jedhee? Kam biroon baroonni wal fakkatan maal jedhan? (barumsa afuuraa Macaafa Qulqulluu)

3. Guutummaan Macaafa Qulqulluu waa'ee dhimma mata duree wal fakkaatu kanaa irratti maal jedhee? (kan tooftaa doktiriinii)

Kan biraan rakkoo guddaan dubbifama wal cinaa haala fayyadamuutiin "qabiyyen barreefama kufanii faalleessi" jechuudhaan waama.

"Lama yookaan isaa ol kan ta'aan barreefama kan wali wajjin hin deemne tokko akka ta'an gochuuf osoo yaalu, kan kufu qabiyyeen barreefamaa wal faallessaa ni qabaata. Dogogorri dubbifama kanaa keessumatti hiikuudhaaf sababni inni rakkisaa ta'uuf inni raawatee mudaa kan hin qabne geggeefama dubbifama gaarii kan balleessu ta'uu isaanii dha, qulqulluu sagalee isaati wajjin wal dorgomsisuun. Akka dubbisaa gaarii macaafa qulqullti itti gaaffatamummaa qabna, tokkoon tokkoon barreefamaa kan inni qabatee hubachuuf kan barbaannuu dhimma mata duree wajjin fayyadamuu. (Siir 1980, 140).

"Hiiktootaa fi lakkoofsi murtaa'aan wali wajjin gochuuf tayiita kan biroo dhiisuun maal isaanii laata? Tuqaan isaa asitti kan walitti galan hundumtuu garee uumuu, barreefamni biraan hiika irratti dhiibbaa kan geesisan" (Karsan 1984, 140).

Rakkoo kanaaf fakkeenya gaarii kan nuuf ta'uu duraan dursee barreefama kana irratti heerameera- kan Origin wal qabachuun dubbifamaa, fakkeenya irratti, barreefama hin adeemne wajjin macaafa 1[ffaa] Tesolonqee.

Dhageefatootni jalqabaa ergicha akkamitti hubatan akkamitti deebii laataan? Hiika gaaffii arfan kanaati. Innis kan wal fakkaatan murta'ee wajjin adeema (jechuun, tarreefamaa seenaa, wangeeloota, macaafa hoji.ergamootaa). ragichii kan argamu yoo ta'ee baay'ee gargaara sababni isaa akka hiiktootaati galmi keenya kana, "akka itti dhaga'ameeti dhaga'I"

F.G. Gaaffillee hiikaa shanaffaa fi jahaffaa

1. Akkaataa hoji irra oolchuu

Hanga tuqaa kanaati kan nuyi ilaalee barreessaa jalqabaa wajjin kan wal qabatan gaaffiillee hiikaa turan. Amma faayidaa wal qixaa gara isa qabuuti xiyyaafannoo keenya naanesina, yeroo kootii fi jireenya kootii fi hiika inni qabaatu kan ilaalate. Hiiki kam iyyuu raawwatee mudaa kan hin qabne miti, sadarkaan kun yoo bira hin gahamnee fi haala gahaadhaan hanga hin gudumfamneeti. Galmi qayyabannaa Macaafa Qulqulluu beekumsa qofa miti, garuu guyyuma guyyaadhaan Kristoosiin fakkaachuu male. Galmii Macaafa Qulqulluu gadi fagoodhaa fi, walitti dhufenya walitti siqu sadan tokkummaa isaa kan Waaqa ta'ee wajjin gochuu dha. Barumsi afuuraa hoji irra ooluutu irra jiraata.

"Akka Kerku Gardii kan ta'ee kan seer-lugaa, hundee jechaatiin qayyabannaa kan seenaa Macaafa Qulqulluu barbaachiisaa dha, haa ta'uu malee kan dursuu dubbifama dhugaa Macaafa Qulqulluuti. 'Macaafa Qulqulluu akka sagalee Waaqayyooti dubbisuudhaaf inni tokkoo laphee isaatii fi afaan isaatiin, quba guddaa isaatiin dhaabbatee dheebbuudhaan eeguudhaan, Waaqqayyoo dhaa wajjin dubbachuudhaan ta'uutu irra jiraata. Macaafa Qulqulluu akka sagalee Waaqayyootti dubbisuu miti. Inni tokkoo xalayaa jaalalaa akka dubbifamutti yoo dubbisee, akka sagalee Waaqayyootti ni dubbissa'" (Hiika Macaafa Qulqulluu Piroteestaantii irraa Raamiin fuula 75).

Hojii irra oolchuun filannoo miti (Osboornii fi Wodwaardii 1979, 150). Ta'us, hojji irra oolchuun hiika irra kan gadi xiqaatee caasefameera (isa kana kan hiikuu fi labsii kan dubbatuu argannoo fi muxannoo jireenya gara xiyyaafannootti fiduun kan irra jiraatu.qulqulluu sagale isaatiin tokko qofatu yaada guddaa qaba. Kun gara lamatti babalachuu danda'a (kan raajii baay'inaan raawwachuu yookaan fakkeenyoota dheeratan). Yaadi barreessaa jalqabaa yeroo hundumaa dhugaa dha, haa ta'u malee kan yaada afuura qulqulluu guutummatti qabachuudhaaf hin danda'amu. Hoji irra oolchuun yeroo hundumaa kan murtaa'uu kan dhuunfa isa tokkooni dha.

a. Fedhii
b. Haala
c. Sadarkaa bilchinaa

d. Waaqayyoon beekuu fi duukaa bu'uu dheebuu jiru
e. Kan aadaatii fi aadaa kutaa amantaa
f. Kan waqtillee isaa haala seenaa
   "Achi irraas" gara "amma" kan jedhuu filannoo gidduu kan jiru waan qabatamaa hin taanee dha. Waan guddaa hedduu qabu, mula'achuudhaa fi to'achuun kan hin danda'amne malli kan Aligoorii sababi guddina isaa tokkoo kan Macaafa Qulqulluu dheebbuu yeroo fedhii kan hoji irra oolchuuti. Warri tokko tokko akkana jedhu, aligooriin gochaaf barbaachiisa (Siilvaa 1987, 63, 65) ani garuu kana hin fudhadhu. Afuurri qulqulluun gocha irrati geggeessaa kan aboo keenyaati, hiika irratti akka ta'ee hundumaa. Hoji irra oolchuun gochi yaada barreessaa jalqabaa yaada afuuraan liqimfamuu hiika amanamaa wajjin ciminaan adeemuu qaba!

2. Qajeelfamni gargaaruu tokko tokkoo
   a. Barreessaa Macaafa Qulqulluu yaada isaa isa olaanaa hoji irra oolchuuf qophaa'aa ta'i. Tarreefama muraasa dubbisichaa osoo hin ta'in.
   b. Haala keenya ammaa tokkon tokkoon kallatti tarreefamaan akka dhi'aatuu hin eegin. Macaafa Qulqulluun "qajeelfama" qophaa isaa geggeessaa keenya.Ta'es isaan kana kan ilaalate eregi keenya, sadarkaa dabalataa tokkoo dha, yaada afuuraan liqimfamuu irraa kan fudhatame. Dabalataanis, hoji irra oolchuu isaanii irraa yeroo hundumaa baay'ee dursa tilmaati. Hiiktootni tokko tokkoo tokkoon tokkoon barreefama irra geggeessaa Macaafa Qulqulluu barbaadu. Qajeelfamoota kan barsiisaa dubbifama dheeratan daangeesuun gaarii dha. Kana ta'uu yoo baatee qajeelfamni barreefama ifa gochu ta'u.
   c. Dhugaan hundmtuu kanaan asitti yookiin raawwii dhuunfaa ta'uu hin danda'u. Macaafni qulqulluun yeroo hundaa galmeeseera, dhiibbuudhaan kan hin dhaabbaneef. Dabalatan, macaafni qulqulluun dhugaan hundumtuu bara hundaati, haala hundaaf, fi tokkoon tokkoon amanaaf hoji irra hin oolu.
   d. Hoji irra oolchuun kan biro irraa ifa kan ta'ee dubbifamoota Macaafa Qulqulluu raawwatee faallaa ta'uu hin qabu.
   e. Hoji irra oolchuun Kristoosiin amala fakkaachuu raawwatee faallaa fakkaachuu hin qabu.hoji irra oolchuu hamaan jiru hiika irra akka jiruutti hundumaa balaa kan qabuu dha.
   f. Hundeemaan kan ta'e hoji irra oolchu tokko tokkoo , dubbifama Macaafa Qulqulluu hundumaa kan gaaffatan, Richaard MehiyuuMacaafa Qulqulluu dhi'aatan akkamitti mata kee akka hiiktuu, 1986, fuula 64
      (1) Fakkeenyi nuyi duukaa buunu jiruu?
      (2) Abboomooti nuyi kabajnu jiruu?
      (3) Dogogorri nuyi dhabamsiifnu jiraa?
      (4) Cubbuu nuyi dhiisnu jiraa?
      (5) Abdiin nuyi gaaffannu jiraa?
      (6) Waa'ee Waaqayyootiif yaadi haaraan jiraa?
      (7) Qajeelfamootni nuyi ittin jiraannu jiruu?

H. Itti gaaffatamummaa kan isa hiikuu

Tuqaa kana irratti itti gaaffatamummaa nama dhuunfaa isa hiikuu ibsuun kan gargaaruu ta'a, Macaafa Qulqulluu irraa kan bara baraa, dhugaa faayida qabeessaa wajjin, ta'uu kan qabuu waan hoji irra oolu wajjin kan adeemu. Duraan dursee akkuma ilaale galumi kun qabatamaa ta'uuf kan nama rakkisuu ta'us afuurri qulqulluun geggeessaa keenya ta'uutu irra jiraata. Akka kooti naannoo kanatti wanti furtuun yaada keenyaa fi haala keenyaa dha. ifa qabnuun adeemutu nurra jiraata. Anni isiniif itti gaaffatamaa tarkaanfii amantaa miti, isinis anaaf. Yaada keenya jaalalaa fi abdiidhaan, dubbifamuu qulqulluu sagalee isaa yoo qabaane

hubannoo qabnu irraa wali qooduu dandeenya. Qulqulluun sagalee isaa ifa haaraa barbaaduuf fedhii kan qabnu ta'uun nurra jira, itti gaaffatamummaan keenya garuu haguma hubanee dha. ifa qabnuun amantiidhaan yoo deemne, ifi baay'een irratti nuuf eda'ama (Roome 1:17). Tuqaa kana irratti of eegachuu kan qabnu, hubannoon keenya yeroo hundumaa hubannoo warra biro irra akka hin caalee akka yaadannu dha. Roome 14:1-15:13 naannoo kanatti isa guddaa dha, ana garuu yeroo hundumaa na ajaa'ibsiisa, nuyi yeroo hundumaa kan nuyi yaadnu gareen keenya obbooloota jaboo akka ta'eef kan biraan kan nu waajjin kan wali hin galee garee dadhabaa akka ta'ee dha, gargaarsa keenya kan barabaadu. Hunduma keenyaaf gargaarsa nu barbaachiisa hundumti keenya naannoo jabaa fi naannoo dadhabaa qabna, dhugaa afuuraa hubachuudhaaf hiikuu irratti. Anni yeroon dubbadhu dhaga'eera, macaafni qulqulluun warra gaddan akka jajjabeessu fi warra isaaniif mijateef akka hin mijanneef kan godhu. Guddina afuuraatiin gara guutummaa jirutti raawwannee ga'uu hin dandeenyu. Ifa qabdaniin deddeebi'aa-ifa Macaafa Qulqulluu keessatti. "Ifaan deddeebi'aa inni ifa keessa akka jiru"(1ffaa Yoha. 1:17). Tarkaafii keessan itti fufaa.

I. Macaafoota gargaraan tokko tokkoo
    1. *Macaafa Qulqulluu hoji irra oolchuu Jaak Kuhitiskik*
    2. *Macaafa Qulqulluu hubachuu fi hoji irra oolchuu Robertisen Mikikulikin*
    3. *Macaafichaan jiraachuu Howard J.Henidiriks*
    4. *Kiristaanonnii maaliif Macaafa Qulqulluu irratti wal lolu John Niwupaartiin*

# RAKKOON HIIKAA WANTOOTNI YAADAMUU TOKKO TOKKOO

## I. Kan adeemsa laman loogikii fi xiyyaafannoo ogbaruu barbaachisummaa hiikaa

Geggeefamni hiika kanaa akka malee fayyadama irra oolu danda'uun isaanii ifaa dha, sababni hiikaa saayinsii wan hin taaneef. Tokko tokkoo ifa kan ta'an akka tasaa rakkowwaan teesisuun isa ol aanaa dha, isaan fayyadama sirri hin taanee yookaan akka haala barreefamichaatti xiyyaafannoo qajeelfama bu'uuraa fayyadamuu dhiisuu, macaafa kanaan duraan dursee kan dhi'aate. Kun akka haala barreefamaatti/kan barreefamaa tooftaan isaa akka tooftaa saayinsiti. Bu'aan isaa kan biroodhaan mirkaneefamu ni dabalamus. Tooftaa galumsa keenyaatiin, qabtiwwan hiikaatii fi loogikii sakkata'iinsa ifa ta'ee barbaachiisa. Isaan ragaawwan kun kan dhufan isaan baay'een akka haala barreefamaatti fi kan barreefamaa naannoo xiyyaafatuu dha.

A. Kan dubbifamaa ogbaruu qabiyyee barreefamaa
   1. Kan dhi'oo (keeyata)
   2. Keeyatoota walitti dhufeenya qaban heeddu
   3. Ramaddii barreefamaa guddaa (ramaddii yaadaa)
   4. Guutummaa Macaafa Qulqulluu (kaayyoo barreesichaa)
B. Kan seenaa qabiyyee barrefamaadubbifamichaa
   1. Kan barreesichaa duubessaa fi yoomessa
   2. Kan dhageefataa yookaan dubbisaa duubessaa fi yoomessa
   3. Kan aadaa duubessaa fi yoomessa
   4. Dubeessaa fi yooemessa dubbifamicha irratti rakkoo mul'atani
C. Kan ogbaruu shaarbe (gosa ogbaruchaa)
D. Seer-luga/xiinhima (kutawwan keeyatichaa wali wali isaa fi hima naannoo isaa wajjin walitti dhufeenya)
E. Hiika jecha jalqabaa fi hikawwan (ibsa jecha jalqabaa )
   1. Diree hiika jechootaa fi himaa
   2. Akkaata fayyadama barreesichaa
   3. Barreesitootni kan biroon yeroo wal fakkaatuutti
   4. Kan biroon barreesitoota Macaafa Qulqulluu
F. Ta'uu kan qabuu fayyadama dubbifama wal cinaa (kan giddu galeessa faayidaa isaa namoota fedhii wal fakkaataa qaban akka gartuu tokkootti gurmaa'aan)
   1. Ramaddii barreefama wal fakkaataa
   2. Macaafa wal fakkaataa
   3. Barreesitoota wal fakkaatoo
   4. Yeroo wal fakkaataa
   5. Kakuu wal fakkaataa
   6. Guutummaa Macaafa Qulqulluu

Inni tokkoo hiika barreesichaa kutaa tarreefama kanaa irratti hundaa'uudhaan akkamitti akka fayyadaman tarreesuun ni danada'ama. Ammas taanan wali galtee dhabuun jira, haa ta'uu malee yoo xinaate matumma isaa barreefamicha irraa ta'uu danda'a. Baay'ee kan baay'atan hiika sagallee Waaqayyo adda addaa ni dhageefanna ni dubbifnas isaaniis baay'ee barbaachiisa kan ta'aniif bifa tarreefama ta'een gamaagammuu , hanga danda'ameetti ragaa kan qabuu fi xinhima akka ta'utti, isaani wajjin dhuunfaatti kan wali galuu yoo ta'uu baatees.

Akka qunaamtii qooqa nama hundumaatti (kan jechaa fi barreefamaa), wali galuu dhiisuudhaa fi haala cimaa qaba. Sababi isaa xinhiika ogbaruu durii kan qajeelfama hiikuu ta'uu isaati isaan akka malee fayyadamuun isaa ifaa dha. kan tokkoon tokkoon hunde qabeessa Qajeelfama hiikaa beekees ha ta'uu osoo hin beekiin akka malee fayyadamuun jira. Tilmaama keenya duraa bakka isa guddaa kan adda baasuu yoo ta'ee, gara hiika ofi keenyaatti yeroo dhufnuu akka of eegannu nu godha.

**II. Kan jalqabaa gaaffii hiikaa shanan fakkeenyawwan akka malee fayyadamuu**

A. Bifa tilmaama Keenyaa-yeroo hundumaa eenyummaa keenyaa, shaakala keenya, kutaa amantaa keenyaa, yookaan aadaa keenya Macaafa Qulqulluu kalaa isaanitiin yookaan safartuu isaanitiin akka hiiknuuf nu godhu. Kan hiyyamuus nuyi akka inni dubbatuu kan barbaannuu akka jedhuu dha. Kun kan qabaatee loogiin hunduma keenya irratti dhiibbaa qaba haa ta'uu malee yoo irratti damaqnee isaaf kan itti dabalataa akka nuu ta'uu fi Macaafa Qulqulluu fi yeroo isaattii waa'ee mataa isaanii akka dubbatuu hiyyamna, ergaa isaa mataa keenyaa fi aadaa keenyatti hojii irra oolchuudhaaf yaaluu keenya fuuldura. Rakkoon kana fakkeenyooti tokko tokkoo mul'achuu ni danda'u.

**1.** Hiika Williham Baarkiley Maatihos 15:37-39, jechuun dinqii Yesuus nyaaticha baay'isuu namootni sun kan fidan wali wali isaaniif qooduu isaaniti . Kan calaltuu falaasama Barkiley, yaada loogikii kan Maatihos yaada ifaa ta'ee jijjiree. Buddenni caccabaan masoobiin torba hafuu isaa yaada dha (Mat. 16:37).

**2.** Dubartonni dirree tajaajila irratti hiriruun mul'achu danda'a Keessa deebii 15:20, Abboota firdii 4:4, 2ffaa Moototа 22:14 2ffaa Seenaa 2:22, Isaa. 8:3, Luqa. 2:36, Hoji.erg.21:9, Room.16:1, 2ffaa Qoro 11:5 fi 1ffaa Ximoo 3:11. Kun kan hin mijanne lalabdootni wangeelaa ammayyaa, tokko illee ilaalcha dursee yaadame yookaan 1ffaa Qoro. 14:34 fi 2 Ximoo 2:11-15 labsii cimaa, kan isaan kanaa dubbifama biraa ta'uu kan qabuu fi hiika ifaa jijjiruun irra hin jiraatu

Mata dureen itti fufuu dhimma naannoo mata-duree irratti ibsa koo irratti kan argamuu dha.

## MATA DUREE ADDAA: DUBARTOOTA WANGEELA KEESSATTI

1. KAKUU MOOFAA KEESSATTI
   A. Aadaadhuma ta'ee dubartoonni akka qabeenyaatti ilaalamu
      1. Akka qabeenyaatti lakkaa'amu (Ba'u 20:17)
      2. Akka garbaatti hacuucaman (Ba'u 21:7-11)
      3. Dubartootaaf waggaadhaa akka Itti gaafatamummaa hawaasaa fudhata kakuu
      4. Dubartoota akka gargaartota Lola keessatti tajaajila (Lakk. 30).
   B. Gochaan immoo milchaattotadha
      1. Dhiirris, dhalaanis bifa Waaqayyootii uumaman (Uma. 1:26-27)
      1. Abbaa keef haadha kee kabaji (Ba'u 20:12, Kees. 5:16)
      2. Abbaa keef haadha kee kabaji (s.Lew 19:3; 20:9)
      3. Dhiironni, durboonnis Naazireetota (Raajota) ni ta'u (S.Lakk. 6:1-2)
      4. Dubartoonni mirga dhaaltummaa ni qabu (S.Lakk. 27:1-11)
      5. Qaama Namoota kakuuti (S.Kees. 29:10-12)
      6. Barsiisa Abbaa kee fi haadha kee hubadhu (Fak. 1:8; 6:20).
      7. Dhiironnii fi Dubartoonni Hemaan (Maatii lewwii) Mana quqlullummaa keessatti gaggeessitoota Faarfannaan turani (1Seen 25:5-6).
   C. Dubartoota ga'ee gaggeessummaa keessatti
      1. Obboleettiin Musee, Miiriyaam, Raajii jedhamteetti (Ba'u 15:20-21; akkasumas yaadannoo Miiki 6:4).
      2. Dubartoonni mi'a mana quqlullummaa akka hojjetaniif kennaa Waaqayyo irraa fudhatanii eeganiiru (Ba'u. 35:25-26)
      3. Dubartiin Dibooraa jedhamtu Raajummaan gaggeessiteetti (cf. Abo. 4:4-5, 5:7).
      4. Huldah, Ishee Motichi Iyyaasuun, Macaafa Seeraa haaraa argame akka isheen dubbistee hiiktu taasise, Raajii taatee gaggeessifeetti (cf. 2Mot. 22:14; 2Seen. 34:22-27).
      5. Mootittiin Asteer, dubartiin filatamtuun sun, peershiyaa keessatti Yihudoota oolchiteetti.

II. KAKUU HAARAA KEESSATTI

A. Gama aadaatiin Judizimii fi Giriikoo-Roomaa keessatti, Dubartonni akka lammiilee sadarkaa 2 kanneen mirga xiqqoo qaban keessatti ramadamu (Meesoodooniyaa qofatu akkas hin turre).
B. Dubartoota ga'ee geggeessummaa keessatti
   1. Elzaabeetii fi Maariyaam, dubartoota Waaqayyoot jiraatan (Luq. 1-2)
   2. Hannaa, dubartii amantii, mana quqlullummaa keessa tajaajilaa turte (Luq. 2:26).
   3. Liidiyaa, Amantuu fi gaggeessituu mandar kadhataa (HoE 16:14,40).
   4. Dubartoota Filiphisiyus Arfan Rajaii turan (HoE 21:8-9)
   5. Feebeen, Daagonii waldaa Senkriyaa (Rom. 16:7).
   6. Piriska (piriskitla) Phaawuloos wajjiin kan hojjechaa turtee fi barsiistuu Apoloos (HoE 18:26, Rom. 16:3).
   7. Maariyaam, tiriifeenaa, tirifoosaa, Persis, Juliyaa, Obboleettii Mareyus, Dubartoota Phaawuloos waliin hojjetan danuu (Rom. 16:6-16).
   8. Juniya (KJV) Dubartii ergamtuu ta'uu dandeesse (Rom. 16:7).
   9. Iyuudiyaa fi Siintakee (syntyche) warra Phaawuloos waliin hojjechaa turan (Filip 4:2-3).

III. Amantoonni bara kanaa fakkeenya wangeelaa kana akkamitti madaalu?

A. Namni tokko dhugaa karaa seenaa fi dhugaa karaa aadaa jiru akkamitti kan jalqaba haala barreeffamaa ta'e qofaan dhugaa bara baraa waldaalee hundaafuu dhugaa ta'e irraa, amantoota baroota hundaatti, murteessuu danda'a?
   1. Yaada barreessaa jalqabaa, sirritti sadaan (Seriously) fudhachuu qabna. Wangeelli sagalee Waaqayyoo fi kan madda amantiif gcohaa ta'es isa qofa.
   2. Barreeffamoota gama seenaan ifatti kaa'aman/haaleffaman qo'achuu qabna.

      a. Kaaltasii (i.e jilaa fi qophii) Isiraa'elootaa (cf. HoE 15, Gal. 3)
      b. Judisimii jaarraa 1 keessa ture
      c. Seenaa Ifatti Phaawuloos 1 Qoronxoos keessatti ibse
         1) sirna seera Paagaanota Roomaa (1Qor. 6).
         2) Garbummaan hafuu (1Qor. 7:20-24)
         3) Lubummaan (1Qor. 7:1-35)
         4) Durbummaa (1Qor. 7:36-38)
         5) Waaqolii tolfamoof nyaata dhiyaate (1Qor. 8; 10:23-33)
         6) Gocha Irbaata gooftaa irratti ta'u (1Qor. 11).
   3. Waaqayyo guyyoota adda addaatti aadaa adda addaa keessatti, Guutummaan guutuu fi ifumana ifatti ofiisaa ibsera. Mul'ata jriu fudhachuu qabna, garuu kuufama seenaa isaa mara akkuma jirutti miti. Jechi Waaqayyoo jecha namootaatiin barreeffamee, aadaa murtaa'eef, yeroo murtaa'etti kennameera.
B. Hiikaan wangeelaa, yaada tarreessaa jalqabaa fakkaachuu qaba. Baroota isaa keessatti maal jedhee ture? Kunis hiika sirrii keessatti hundeeffama jalqabaa fi kan baay'ee barbaachisaa ta'edha. Kana booda, nutis baroota keenya keessatti hojiirra oolchuu qabna. Amma asitti rakkoon gaggeessummaa dubartootaa ni jira (kan dhugaan hiikame, jecha hiikuudhaani, paastarootaan olitti eessatti hojjetu isa gaggeessaa ta'ee beekkameen olitti? Daaqononni ykn raajonni eessatti akka gaggeessaatti tajaajilu?) kan Phaawuloos 1Qor. 14:34-35 fi 1Xim. 2:9-15tti kaa'e ifa kan ta'e dubartoonni kadhannaa keessatti gaggeessuu akka hin qabne ibsa. Garuu har'a ani kana akkamittan hojiirra oolcha? Ani gama kootiin aadaa Phaawuloos kana hin barbaadu ykn fedhii fi sagalee Waaqayyoo aadaa ilaalee hin daangeessu. Bara Phaawuloos keessa baay'ee daangeeffamaa ture, garuu bara koo keessa immoo bilisaawaa ta'uu danda'a. Jechaa fi barsiisni Phaawuloos kun kan haala irratti hundaa'e ta'uu danda'a, jaarraa 1 keessa haalota naannoon wal qabatee dhugaa ta'uu danda'a. Ani eenyu kan sammuu koo ykn aadaa koo yaada barreessaa fallessusy,

   Ta'uyyuu, yommuu wangeelli gaggeessummaa dubartootaaf kennu (Barreeffamoota Phaawuloos keessattillee taanaan Rom. 16) maal gochuun qaba? Kanaaf fakkeenya gaarii kan ta'u ibsa Phaawuloos waliin kadhannaa 1Qor. 11-14tti kaa'dedha. 14:34-35 irratti akka isaan callisan godhuyyuu, 11-14 irratti mataa isaanii haguuggatanii akka isaan kadhatan waan eeyyame fakkaata. Daaqonoonni (Rom. 16:1) fi raajonnis (HoE 21:9) ni jiru. Kunis yaadota garaagaraa akkan yaada

Phaawuloos adda baafadhaaf kan na gargaaree (akka daangaan dubartoota irra jiru) akka Qorontosii fi Efesoon keessatti daangaan jiru hubadhee. Waldaalee lamaan keessattuu, Rakkoon cimaan, dubartoonni bilisummaa haaraa isanaiif kenname hundeeffachuu keessatti ni mul'ata (cf. Bruce Winter, After Paul Left Corinth) kunis rakkoo cimaa, waldooleen akka ergaa Yesuus galmaan ga'uu irratti dhadhabdu godheera. Bilisimmaan isanaii daangeeffamuu, wangeelli ga'umsa ni qaba.

Baroota koo keessatti, Phaawuloosiif faallaa ta'u, Baroota koo keessatti wangeelli yoo jeeqame ni daangeeffama, dubartonni leenji'anis wangeela lallabuuf hin eyyamamuuf, gaggeessuufis hin eeyyamamuuf! Kaayyoo cimaan kdhata waliinii maalinni? Dhuga-bu'umsaa fi duuka bu'ummaa mitii? Waaqayyoo gaggeessummaa dubartootaan ulfaachuu fi itti gammaduu danda'aa? Guutummaan wangeelaa kanaaf deebii "eeyyee" jedhu kenna.

Phaawuloosiif harka kennachuun qabaa jechuudha. Sirni barsiisa koos hundeen isaa sarara Phaawuloosiin wal qabata. Seera dubartoota Amayyaanis garmalee dhiibamuu hin qabu, ta'uyyuu, waldaa kiristiyaanaa dhugaa wangeelaa mul'ataa kanaaf deebii kennuu ni qabbaneessiti. Addunyaa ammayyaa keessatti Dhiibbaa ykn hamaan ol deemuu dubartootaas ni hir'istee ilaalti. Waaqayyo karaa Kiristoosiin Garbootaa fi dubartootas bilisa baaseera. Kanaaf haalota aadaa ilaalee dubatti isana ittisuu hin qabu.

Qabxii cimaan tokko immoo; akka hiikaa tokkootti, Qoronxoos akka isheen waldaa baay'ee jeeqamtuu turte nan beka. Kennaawwan obsaa (charismatic gifte) mirkanaa'ee kennameeraaf. Dubartoonni as keessatti tarii oli qabamuu danda'u. Akkasumas Efesoon barsiisota sobaan akka jeeqamaa turte nan beeka. Kunis akka dubartoonni mandara kadhataatti, dhiifama kadhataniif carraa baneera.

C. Yaada wantoota dubbifamaniif,

*How to Read the Bible For All Its Worth* by Gordon Fee and Dougstuart (pp 61-77).

*Gospel and Spirit Issues in New Testament hermeneutics* by Gordon Fee hard Saying of the Bible by Walter (C. Kaiser, Peter H.Davids, F.FBruce, and Manfred T.Branch (pp 613-616; 665-667).

**3.** Katoolikummaan Roomaa, seeraa geggeefama Hephis Qophos deggeruuf jecha, Yoha. 21:15-17 barreefama fayyadama. Barreefama mataa isaa irraa "ilmoollee" fi "hoolaa" jechoota jedhan fayyadamuun isaa sirrii miti, Phaphasoota irraa fi luboota gocha rammadii tajaajila isaan tajaajilan wajjin kan wal qabate.

B. Qabiyyee barreefama keenyaa akka malee qabachuu-kunnis kan inni argisiisuu kan dubbifamichaa qabiyyee barreefama lamanuu fi kan barreefama qabiyyee barreefaamaati. Kun tarrii bara keenyatti baay'ee kan baratamee sagalicha walin dha'uu dha dubbifamicha guyyaa barreesichaa irraa fi kaayyoo barbaachiisaa barreesichaa irraa adda baasuun, macaafni qulqulluun tokkoo waan tokko illee akka hin jennee kan godhuu dha. innis baay'ee kan hin barratamnee fi balaa osoo hin taane ta'e, rakkoon fakkeenya kanaa kan nama kolfisiisu kan ta'an turan

1. Yeroo darbanitti lalabichii gurgurtaa sareewwanii mormee ni lalaba ture, Keessa deebii 23:18 irratti hundaa'uudhaan. Kan seenaatii fi kan barreefama yoomessaa dagatameera. "Saree" jechi jedhuu sagaagila dhiiraa irraa (Keessa deebii) gara horitti geedarameera (har'a).
2. Kan ammayyaa kan seera qabeessonni Qolaa 2:21 yeroo fayyadaman, gochi tokko tokkoo seeraan ala gochuudhaaf yeroo barbaadan, lakkoofsi kun Phaawuloos ergaa barsisoota sobduu irraa akka heeree hubachuu dhabuun, rakkichi ragaa ta'a.
3. Mul'ata 3:20 lubbuwwan kan nama booji'uu fayyadama ammayyaa akka cufaa ta'ee "karoora fayyinaatiif" dhi'aateera, waldoota kiristaanootaatti qabiyyee barreefamaa keesatti ta'uun isaa illee hubannoo osoo hin argatiin (Mul'ata 2-3). Barreefamni kun ka'umsa fayyinaa qofa hin argisiisu, garuu kan waldoota kiristaanaa dabalataannis dirqama malee, gamtaa amantoota dhuunfaa irraa kan jalqabu.
4. Kan ammayyaa Momoniyaa adeemsisan 1[ffaa] Qoro. 15:29 ni here "waa'ee warri du'an cuuphamuu". Lakkoofsa kanaaf dubbifamni wal cinaa tokko iyyuu hin jiru. Qabiyyeen

barreefama dhi’oo kan du’aa ka’uu gati kan qabuu ta’uu isaati, lakkoofsi kunnis dhugaa kana kan cimsan fakkeenyoota heeddu keessa isa tokkoo dha.

5. C.I Iskofildii 2ffaa Ximoo 2:15 heereera “dhugaa sagalee qajeelummaan qoodachuu” akka qulqulluu jechaatti degersa godhee fudhateera macaafni qulqulluun gara kakuu adda addaa torbatti qoqooduuf.
6. Yoha.6:52 fayyadamni isaa doktirinnii hirbaata qulqulluu Rooma Kaatoliki jabeesuudhaaf. (Wantootni hirbaata qulqullichaa foonii fi dhiiga Kristoos ta’a) kan biroon rakkoon fakkeenya kanaati. Yohaannis hirbaata Gooftaa mataa isaa hin galmeesinee, ha ta’uu malee kutaa manaa irra keessaa irratti barsifata haasaa godhameeti male (Yoha. 13-17). Dubbifamni kun namoota kuma shank an nyaachisuu qabiyyee barreefamaati malee kan hirbaata gooftaa miti.
      (2) Boca jechamaa (JUSSIVE (internal changes) rammadii sadaaffaan kan hin xumuramiin (ramaddi sadaffaa ta'us in danda'a akka himoota al-ta'aatti) innis kan baratame kan inni ibsu gaaffiin fedhii of eegachisa yookaan gorsan.

b. Yeroo xumurame fayyadama (PERFECT tense with *lu* or *lule)*

Ijaarsi kun ramaddi lamaaffaa irra (SECOND CLASS CONDITIONAL) haala himoota Konee Girikiin wal fakkaatadha. Labsii soba (priteesisi) kan uumu dogogora xumura yaada wali gala (apodoosiis).

c. Kan in xumuramne yeroo Luun fayadama (IMPERFECT tense and *lu)*

Qabiyyee fi Luu, akkasumas raajji kan agarsisuu haala kan mallattoo ibsa fayyadama godha. J. Wash Watts, *A Survey of Syntax in the Hebrew Old Testament* Seera uumama 13:6, Keessa deebi 1:12, Mototaa isa 1ffaa 13:8, Farfaanna 24:3, Isayaas 1:18 fuula 76-77).

D. *Waw* - galagaltoo/itti fufeenya hubachiisa. Kun adda kan ta'e kan Ibiroota (Kana'aanoota) yeroo galumsaa waggootaf jeequmsa guddaa uumera. Innis fayyadama irra kan oole barreeffama galumsaa karaa adda adda hordofuudhaan. Sababi jeequmsa kana beektooti durii warra Awuroppa ta'uu isaanitiif hiikii isaas kan mataa mataa isaani kan ta'e qooqaa afaan ittiin hiikataniin qinda'umma ta'uu isaati. Kunnis yeroo mirka'ana'eeti rakkinichaaf kan isaan gaafatan kan Ibiroota "yaada keessa galchuun" kan durii afaan dur turedha. Yeroo afaan Awurooppa (yeroo) xiyyaafannoo jechammaati.yeroo kan ittiin adda baasan Waaw kan jedhu qubedhaan, innis kan raawwatamee yookaan kan hin rawwataminiin hundee jechamma irratti. Kunnis gochii isaa kara argamee in geedara.

1. Tarreefama seena jechamichi wali wajjin kan wal qabate abba murtii dhabbataa caasati
2. Kan Waaw maxantu dura duraan durse kan turee jechama (jechamoota) walitti firooma adda argisiisa.
3. Barreefama guddaa kan ta'uu yeroo hundumaa kan caasaa jechamaa ibsuudhaa fi furtuu kan ta'eedha. Jechami warra Seem adda ba'anni tarreefamu hin danda'an.

J. Wash Watts, *A Survey of Syntax in the Hebrew Old Testament*yeroo kan inni ibsu kan akkaata fayyadama Waawuu erga xumaaramee fi utuu hin xumuramiin duratti (fuula 52-53). Yaadi darbee kan xumuramee hundee qabeessa akka qabu kan Waawu dabalatii isaa yeroo hunduma gara bifa raajjiti isaan geggeesa. Kunnis immoo dhugaa hin xumuramiinidha, innis yaadi hundee qabeessi kan amma yookiin kan yeroo raajii ta'e dabalamuun Waawu gara darbetti taasisa. Kun kan hin baratamne jijjiraa yerooti kan Waawu dabalataan kan ibsu malee jechamichi mata isaa irratti kan ta'ee jijirama hiika hundee qabeessa miti .Kan Waawuu kan xummuramee raajjii irrati baay'ee kan hojjeetu yemmuu ta'uu Waawuu kan hin xumuramiin immoo seena wajjiin baay'ee hojjeta (fuula 54.68).

Waatiis hiika isaa itti fufa

"Waawuudhaan walitti firoomsuu fi Waawuudhaan kan itti fufuu gidduu garaagarumaa hunde qabeessa jiru haala itti fuufuun hiikii dhiyaatera.

1) Waawuu walitti firoomsuu yeroo hundumaa kan uumamu wal cinaatti argisisuudha.

2) Waawuu waliitti aane yeroo hunduma kan uumamu duraa booda isaa argisisuudhaaf. Innis walitti fuufenyaan kan hin xumuaramiin irratti boca qophaa isaa fayyadammarra ooledha. Walitti dhufeenyi Kan hin xumuramiin gidduu jiruu fi isaan kan walqabate tarii duraa duuba yeroo amakiniyo (loogik) bu'aa, sababa amakiniyo yookaan faalla amakiniyo dha. Dhimmi hundumtuu duraa duuba qaba" (fula 103)

E. Raawwatee kan hin xumuramiin (INFINITIVE) isaanis gosa lamatu jiru.wanti lama kan hin xumaramiin jiru.

1. INFINITIVE ABSOLUTES "jabaa, Naaba, ibsa dinqisisaa isaaniis bu'aa diraama fayyadama irra ooledha. Akka kan saati inni jechaama barreese hin qabu 'ta'uu' jechama dhugumatti ifaadha, haa ta'uu malee jechichi bifa diraamattin kan inni dhabbattee qophaati" ((J. Wash Watts, *A Survey of Syntax in the Hebrew Old Testament,* fuula 96).
2. INFINITIVE CONSTRUCT, Kan hin xumuramnee galumsa isaanis "yeroodhaan kan wal fakkatan himoota walitti firoomaan kan hubachisaan bakka maqaa firoomu isaani wajjiin"fuula 91)

J. Weingreen, *A Practical Grammar for Classical Hebrew*J.Wiingiriin Ibiroota durii rawwatama yeroo ejjennoo mormii isaa ibsa.

“lama (yookaan isaa ol) jechaa baay’ee yeroo waliitti qabsisaan lamaan isaani yaada walitti dabalame tokko uumu. Jecha hirkataa (jecha) kan ta’uu qabu (kan inni ta’u) ijaarsa ejjennoo irra jiru jedhama” (fuula 44).

F. Gaafatoota (INTERROGATIVES)

1. Isaan yeroo hundumaa jalqaba himaa irratti uumamu
2. Fayyadama hiikaa
   a. *ha*-deebii hin eegatu
   b. *halo’* --barresichi “eeyyen” deebi jedhu eega

Alta’oota (NEGATIVES)

1. Isaanis yeroo hunduma kan isaan morman jecha fuulduratti uumamu.
2. Baay’ee kan beekame alta’aa loo dha.
3. Al jechii jedhu kan inni qabu hiika wal qabatee jiru qaba . innis fayyadamarra kan inni oolu wal simachuusaatii fi jechama tartiiba isaa eegate wajjin.
4. Leebihiliit jechii jedhu immoo hiiki isaa “hundedhaan….miti” kan jedhu yeroo ta’u kan hin murtoofne wajjiin fayyadama irra oola.
5. In jechi jedhu fayyadama irra kan inni oole keewata Boozi wajjin.

G. Haalota himoota (CONDITIONAL SENTENCES)

1. Haaloti himoota gosa afur kan qaban yeroo ta’u isaaniis hundeen saani Koone Girikii wajjiin wal-cinaadha.
   a. Wanti tokkoo yeroo raawwatu akka ta’uu yookaan akka yaadamuu godhamee yeroo tilmamamuu ( rimmidii tokkooffaan Girikidhaan )
   b. Wanti tokko dhugaa wajjiiniin kan wal-mormee raawwati isaas kan hin danda’amne (rimmidi lamaaffaa )
   c. Wantii tokko kan danda’amu akkasumas immoo carraa ta’u kan qabu ( rimmidi sadaffaa)
   d. Wantii gadi bu’ee tokko carraa ta’uu kan qabu kanaafiis rawwatami isaa kan nama shakkisisuu ( rimmidi arfaffaa )
2. Adda baasa yeroo (GRAMMATICAL MARKERS)
   a. Dhugummaa yookaan haala sirumma in ta’aa jedhamee tlmaamamu kan argisisuu kan xumurame yookaan keewata Booz yeroo hundumaa fayyadamadha. Akkasumaas jechii isa jalqaba kan beekamee kan
      1) *’im*
      2) *ki* (or *’asher*)
      3) *hin* or *hinneh*
   b. Haala dhugaa wajjiin wal mormuu yeroo hundumaa kan fayadamuu bifa raawwatame jechama yookaan keewwata Booz innis Kaalu yookaan Luuli seensa keewwata Boozi wajjiin ta’a.
   c. Baay’ee kan in ta’a haala yeroo hunduma fayyaduu jechamma hin xumuramne yookaan jechaa dura kan jiruu keewwata Booz yeroo ta’uu yeroo hundumaa Im yookaan Ki akka itti lixaatti keewwatoota Booz fayyadama irra in oolu.
   d. Xiqqaatti kan in ta’a haala kan fayyadu haala hin xumuramiin kan ibsu innis jecha duraa fi yeroo hundumaa kan fayyadamu Im akka galumsa duraati.

## Ibsaa ifaa jechoota seerluga Griikii

Ibsa bal'aa jechoota seerluga Giriikii Konee Giriik, Helenstiik Giriik jechuun beekamu, bara injifannoo Aleksaander Ze gireet (336-323 D.K) qabee hanga waggaa dhibba saddeti (300 D.K-D.B 500)ti afaan biyyoota naannoo galaana Meeditaraaniyaana ture. Afaan Giriik isa salphaa osoo hin taanee, afaan Giriik bifa haaraa ka'ee afaan lammataa addunyaa Meeditaraaniyaanaa fib aha dhiyoo ta'eti.

Kakuu Harawaa addadha sababnis itti fayyadamtoonni Luqaasin barreessaa Ibrootaan alatti, hundi afaan Aramaanaa akka jalqabaatti fayyadamu. Kanaaf barruunsaanii akka dubbii fi caasaa afaan Aramaan cunqurfama isaanumtu moo Septuagint (hiikkaa Kakuu Moofaa Giriik) afaan giriik barreeffame waan dubbisaniif ni waraabbatu ture. Garuu Septuagint hayyoota yihudaan afaan dhaloota Giriik hin qabneen barreeffame.

Kunis Kakuu Harawaa gara caasaa Seerlugaatti akka nutti cimsinee hin dhiibne nu yaadachiisa. Adda ta'ees wanni inni qixxeetti qabu (1) Septuagint (2) barruu yihudootaa kan akka Yoseef; fi (3) Paapirasa Misiritti argameedha. Eegasuu akkamitti xinxala Kakuu Haarawaati dhiyaachuun danda'amaa?

Haalli seerluga konini Giriikaa fi Kakuu haarawaa koyiha Giriikii dhagalaasadha. Yerichi yeroo seerluga salphisan ture. Yaadatu nu hoggana. Jechoonni yaada dheeraa keessatti hiikkaa argatu, kanaaf, seerrilugni kan hubatamu ifaa (1) biddiqa barreessa adda fi (2) yaada adda keessattidha. Hiikkaan xumuraa caasaa fi bifa Giriik tokkoyyu hin danda'amu.

Afaan koyine Giriik afaan dubbiiti. Ijoon hiikkaadhaa gosaa fi bifa dubbiiti. Gaalee heddu keessatti gochimni dursee dhufeeti, caalmaasaa agarsiisa. Gochima Giriik xinxaluuf odeeffannoon maddee sadii hubatamu qaban (1) xiyyeeffannoon henna, sagalee fi muudii (ta'insa ykn mortoolojii); (2) hiikkaa bu'uuraa gochimaa (lexicography) fi (3) dhangalaasa yaadaa (syntax)

I. HENNAA
   A. Hennaa ykn haalli walitti dhufeenya gochimaa sadarkaa gocha guutuu ykn hin guunneeti ilaala.
      1. Hennaa sirraa'aa mudata gocha irratti xiyyeeffata. Odeeffanno dabalataa hin kennu. Egalli, itti fufinsii ykn fiixee hin beekkamu.
      2. Hennaan hin sirraaiin itti fufinsa gochaa irratti xiyyeeffata gocha cinaa, gocha turti, gochi tarkaanfii jechuun ibsamuu ni danda'a.
   B. Hennaan akkaataa barreessaan gochoota ittin ilaaluun kurfeessuun ni danda'ama
      1. ta'eera = AORIST
      2. ta'eera fi jiraa = PERFECT
      3. ta'ee ture fi jiraa, garuu amma miti = PLUPERFECT
      4. ta'aatti jira = PRESENT
      5. ta'eetti jira = IMPERFECT
      6. ta'uutti jira = FUTURE

Fakkeenyi qabatamaa akkatti hennaan kun hiikkaa keessatti fayyadu kan agarsiisu jecha "fayyina" jedhudha Henna gara garaa keessatti deemsaa fi fixee agarsiisa.

      1. AORIST – "fayyeera" (Rom 8:24)
      2. PERFECT – "fayyeera fi fayyuutti jiraa" (Efs 2:5-8)
      3. PRESENT – "fayyaatti jira" (1Qor 1:18; 15:2)
      4. FUTURE – "fayyaatti jira" (Rom 5:9, 10; 10:9)
   C. Hennaa gochimarratti xiyyeeffachuun hiiktooni sababa filannoo barreessan ittin of ibsuu barbaade kaa'u. Sadarkaan henna "maxxarri hin qabne" AORIST dha. Gochima idilee "hin

addoomne" in mallattoomne" ykn "hin tuqamne"dha. Bifa hedduun faayidaa kennuu ni danda'a. Wanni tokkoo ta'uusaa qofa kaa'a. Haalli darbe muudii agarsiisaa keessatti qofa yaalama. Yoo hennaan kan biroo kan fayyadu jiraata, wanni addaa ta'eef xiyyeeffannoon kennama. Garuu maal?

1. Hennaa sirraa'aa kun gocha xumuramee bu'aa amma waliin jiru kan agarsiisudha. Karaa ta'een moo walmakoo AORIST fi HENNAA AMMAAti. Xiyyeen bu'aa jiraa sanidha ykn xumura gochichaati. Fkn Efs 2:5 fi 8, "fayyiteeta, fayyinni kees itti fufeera"
2. PLUPERFECT HENNAA TENSE
   Sirraa'aa ta'eeti bu'aan garuu dhaabbateera. Fkn "Pheexroos ala balbalarra dhaabbatee ture" (Yoh 18:16)
3. HENNA AMMAA (PRESENT TENSE) Kuni gochaa hin sirraa'iin ykn hin xumuramiin dubbata. Xiyyeeffanni itti fufinsa ta'aati. Fkn "kan isaan qabame cubbamuutti hin fufu" "Eenyullee isaan dhalate cubbamuutti hin fufu (1Yoh 3:6 fi)
4. HENNAA HINSIRRAA'IIN (IMPERFECT TENSE) walitti dhufeenyi henna jiru moggoyina sababaan adda bahudha. Hin sirraa'iin kan dubbatu gocha hin xumuramne ture amma garuu dhaabbate ykn jalqabnisa darbeerudha. Fkn: "Yeruusaalem hundi garasaa dhufaa turani" ykn "Yeruusaalemoonni cufti garasaa dhaqaa turan" (Matt 3:5)
5. HENNAA TA'ATU (FUTURE TENSE) kun gocha fulduratti ta'uuf yeroo qabatee jirudha. Kan xiyyeeffatu moo gocha ta'uuf jiru irratti odoo hin taane humna ta'iinsa irrattidha. Mirkana ta'iicha haasa'a. Fkn "Warrii eebbifaman … ni …" (Matt 5:4-9)

II. SAGALEE

A. Sagaleen walitti dhufeenya gocha gochimaa fi abhimaa gidduu jiru ibsa.

B. Sagaleen si'ayina, abbaan himaa gocha gochimaan hojjetuu kan mirkansu karaa idilee, eeggamaa fi cicha hin qabnedha.

C. Sagaleen al si'ayinaa jechuun ab himaa gocha gochima nama alaan hojjetame yeroo fudhatudha. Namni alaa gocha kana godhu Kakuu Harawaa keessatti kan tuqame yoo ta'u durgala fi sababa armaan gadiini.

1. bak bu'aa kallatti dhuunfaa hupo, sababa ABLATIVE wajjiin (Matt 1:22; HoE 22:30)
2. bak bu'aa giddu deemaa dhuunfaa dia sababa ABLATIVE wajjin (Matt 1:22)
3. bak bu'aa namaa ala eru sababa meeshaalee wajjin
4. yeroo garii bak bu'aa nama ykn namaa ala ta'a sababa meeshaalee qofaan.

D. Sagalee gidduu jechuun abi himaa gocha gochimaa hoomishun darbees irratti hirmaachuun beekkama. Fedhi dhuunfaa alfagoo jedhame yaamama. Ijaarsi kun ab himaa ykn ab hirkatoo(clause) muldhisa. Ijaarsi akkanaa Infiliffa keessa hin jiru. Giriik keessatti carraa hiikkaa fi jijjiirraa bal'oo qaba. Fknaaf

1. (REFLEXIVE) – gocha kallattiin abbaan ofirratti godhu fin "of fannies" (Matt 27:5)
2. (INTENSIVE) – ab himaa gocha ofii jedhe uume. Fkn "seeyxanni ofiisaa akka ergama abbaa ifaatti of fakkeesse of dhiyeesse) 2Qor 11:14)
3. Gargalcha (PRECPROCAL) – haasawa walii ab himaa lameen gidduu fkn "walii walii agarsani (Matt 26:4)

III. MUUDII (ykn MODE)

A. Koniye Giriik keessatti moodii afurtu jira. Walitti dhufeenya gochimni dhugaa jirutti qaba agarsiisu, yoo xiqaate sammu barreessaa keessatti. Muudiin ramaddi guddaa lamatti qooddamu: isa dhugaa agarsiisu (AGARSIISAA) fi isa humna ta'insa agarsiisu (SUBJUNCTIVE, IMPERATVE, fi OPTATIVE)

B. Muudiin AGARSIISAA muudii qixaa gocha ta'ee jiru kan agarsiisudha. Ykn yoo xiqqaate yaada barreessaa keessati ta'aa jiru kan agarsiisudha. Muudii Giriik qofatu yeroo sirrii agarsiisa, inni kun ykn sadarkaa lammataati.

C. Muddiin (subjunctive mood) gocha fulduratti feetu ta'uu danda'u ibsa. Hanga ammaa waan hin taane garuu moo ta'uudhaaf kan carraa qabudha. Agarsiisa (Inductive mood) wajjin walfakkeenya ni qaba. Garaagarten jiru (subjucive) shakki hanga tokko waan qabudha. Afaan Ingiliffaa keessatti isaan kun jechoota akka "could" "would" "may" ykn "might" jedhuun ibsama.

D. Muudi (OPTATIVE MOOD) kun fedhii manaamaan ta'uu danda'u kan ibsudha. (subjunctive) caala dhugaarraa sadarkaa tokko fagaata. (Optative) ta'u danda'uu kana hala amuraasa jala kaa'a.

(optaive) Kakuu Haarawaa keessatti baayye xiqqoodha. Itti fayyadamnisaas gaalee jecha Phaawuloos "gonkumaa ta'uu hin danda'u) jedhu yeroo kudha shan itti gargaaramedha. (Rom 3:4, 6, 31; 6:2, 15; 7:7, 13; 9:14; 11:1; 1Qor 6:15; Gal 2:17; 3:21; 6:14). Fkn birooon Tas 1:38; 20:16, HoE 8:20, fi 1Tas 3:11 keessattidha.

E. Muudii (IMPERATIVE Mood) Fedha isa dubbatu irratti hunda'auun ajaja godhamuu danda'uu kan cimsudha. Filannoo Ormaa irratti hundaa'eet gocha qofa mirkaneessa. Kadhataa fi gaaffii nama sadaffaa keessatti itti fayyadama (imperative) addaatu jira. Ajajni kunis henna (Aorist) fi ammaa (present) Kakuu Haarawaa keessatti qofa argama.

F. Seerlugni garii (participle) akka garee muudii tokkootti ni ilaalu. Kakuu Harawaa Giriik keessatti beekkamaadha akka (verbal adjuctive) ti fudhatamas. Gochima itti jiran wajjin walitti fudhamaniitu hiikkamu. Karaa hedduudhaan isaan hiikuunis ni danda'ama. Hiikka afaan Ingiliffaa hedduu ilaalunis gaariidhaa. Tahe bible ni Twenty Six Translation jedhu Bakeerin bareeffame asitti ni gargaara.

G. Aorist active indicative wanna ta'e tokko homaa utuu itti hin dabaliin qixumaan karaa itti galmaa'udha. Hennaan biroo, sagaleen wanna barreessichu dubbisuu barbaadu ibsa addaa qabu.

IV. Name afaan Giriik wajjiin wal hin beekneef gargaartuun qo'annoo itti aanee jiru odeeffanno barbaachisaa ni eknnaaf

A. Firberg, Baarbaaraa fi Ximooty, Analayitical Giriik New Testament, Grand Rapid: Baker 1988
B. Marshall, Alfred, Interlinear Greek-English New Testament, Grand Rapids: Zondervan, 1976
C. Mounce, William D. The Analytical Lexicon to the Greek New Testament. Grand Rapids: Zondervan 1993
D. Summers, Ray Essentials of New Testament Greek, Nashville: Broad man 1950
E. Barnoonni halaalaa fudhatamoo qabu kan afaan Giriikii Dhaabbata Moody Bible Institute jedhu Chikaagooti argachuun ni danda'ama.

**V. MAQOONNI**

A. Maqoonni akk sababaan qooddamu. Sababni moo gosa maqaa walitti dhufeenya gochimaa fi qaama himaa hafetti qabu kan agarsiisudha. Afaan koyinee Giriik keessatti faayidaan sababa kanaa durgaaleen ibsamu. Egaa gosti sababaa kun walitti dhufeenya gara garaa agarsiisuu danda'ani, durgaalli kunneen faayidaa kanatti addaan baatee ifa ta'e ni agarsiisu.

B. Sababaan Giriik garee saddeet itti aanee jiruutti qooddamu

1. Sababa (Nominative case) maqaa baasuuf kan fayyadu ta'eet abbaa himaa ykn abbaa dha. Darbe maqaa predicate nouns fi "to be" ykn "become" wajjin hojjeta.
2. Sababa (Genitive case) ibse kennuuf fayyada ykn jechicha irratti sadarkaa qulqullinaa kennuun ni firoomsa. Gaaffii "gosa kam?" jedhuuf deebii ni kenna. Yeroo baayyee durgaale afaan Ingiliffaa "of" jedhuun ibsama.
3. Sababa (ablative case) bifuma (gentive) ta'eeti, garuu addaan bahiinsa agarsiisa. Kunis addaan bahinsa waan ta'ee yeroodhaan, iddoodhaan, maddaan, uumamaaan, ykn sadarkaadhaan. Durgaala afaan Ingiliffaa "from" jedhuun ibsama.
4. Sababa (dative case) fedhii dhuunfaa agarsiisuuf fayyada. Kun haala gaarii ykn bitaa agarsiisu danda'a. Kun waan harka naannessaan godhamedha. Dugraala afaan Giriik "to" beekkama.

5. Sababa (locative case) Bifuma (dative case) Bifuma 9dative) dha. Sadarkaa ykn iddoo Yeroodhaan iddoodhaan, daanya sirriin agarsiisa. Durgala afaan Ingiliffaa “in, on, at, among, during, by, upon, fi beside” jedhaniin ibsama.
6. Sababa (instrumental case) Bifuma (dative) fi (locative) dha. Fala ykn hidhata kan agarsiisudha. Durgala afaan Ingiliffaa “by” “with” ibsama.
7. Sababa (accusative case) xumura gochaa agarsiisuuf fayyada. Daangeeffamas ni agarsiisa. Faayidaansaa guddaan wanna kallattiin ta’edha. Gaaffii “akkamitti” ykn “hanga kamitti?” jedhuuf deebii ni kenna.
8. Sababa (vocative case) kallattiin gahuu agarsiisa.

## VI. Walitti Gudunfituu fi Qabsiisee

A. Afaan Giriik sababa gudunfituu hedduu qabuuf afaan murteessaadha. Ilaalcha ( hima fi buufata ) gudunfu. Hafuunsaanii barbaachisummaasaanii godhe fi kallatti ilaalcha barreessaa wanna inni qunnamu barbaadu murteessuuf barbaachisoodha.

B. Amma asitti hiikkaan walittiqabsiiftuu fi walitti guduunfituu tarreeffameera (odeeffannoon kun kitaaba Amanual Grammar of the Greek New Testament jedhu, H.E.Daanaa fi Julins K. Maanteyesin barreeffame irraati.

1. Gudunfituu yeroo
   a. epei, epeide, hopote, hos, hote, hotan (subj) – “yoom”
   b. hoes – “wayita”
   c. hotan, epan (dhim) – “yoomiyyuu”
   d. hoes, achri, mechri 9dhin) – “hanga”
   e. priv (infin) – “dura
   f. hos – “egaa” “yoom” “akka”
2. Gudunfituu amansiistuu(logical)
   a. akeeka
      (1) *hina* (dhim), hopos (dhima), hos – ‘sun akka ta’uuf” “sun”
      (2) *hoste* (articular accusative infinitive) “sun”
      (3) *pros* ( articular accusative infinitive, kan dhuma hin qabne ) ykn eis articular accusative infinitive “sun”
   b. firii (bifa seerluga akeekaa fi firii giddii walitti, dhiyeenyi jira
      (1) hima (hin lakka’amu, beekkama) – “akka sanitti” “kanaaf”
      (2) hima (dhim) – “sanaafu”
      (3) *ara* – “egaahoo”
   c. Sababa
      (1) *gar* (sababa/ firii ykn sababa/xumura) – “fi” “sababa”
      (2) *dioti*, hotiy – “sabab”
      (3) *epei*, epeide, hos – “eega”
      (4) *dia* (accusative wajjin) fi (articular dhuma hin qabne wajjiin) “sababa”
   d. goolabbii
      (1) *era*, poinun, hoste – “kanaafuu”
      (2) *dio* (waliingaa goolabbi jabaa) “kanarratti” “eessarratti” “kanaafu”
      (3) *oun* – “Kanaafuu” “egaa” “achii” “itti aanee”
      (4) *tanoun* – “akka kanatti”
   e. faallina ykn fuggina
      (1) *alla* (faallina jabaa) – “garuu” “malee”
      (2) *de* – “garuu “haata’uti” “ammalle” “gama biraan”
      (3) *kai* – “garuu”
      (4) *mentoi*, *oun* – “haa ta’utii”
      (5) *plen* – “yoo kan malee” (keessattu Luqaas keessatti
      (6) *oun* – “haa ta’uuti”

f. morkii
   (1) hos, kattios (gaalima morkii beeksisu)
   (2) kata (jech tishoo, katto, kathoti, kathosper, kathaper
   (3) *hosos* (Ibroota keessa)
   (4) *e* – "achii"
g. fulla'iina ykn fufina
   (1) *de* – "fi" "amma"
   (2) *kai* – "fi"
   (3) *tei* – "fi
   (4) *hina*, oun – "sun"
   (5) *oun* – "achi" (yohaannis keessatti)

3. fayyadama xiyyeeffannoo
   a. *alla* –
   b. *ara* – "dhugaati"
   c. *gar* – "garu dhugaati," dhugaatti
   d. *de* – "dhugaatti"
   e. *ean* – yoo dhibe
   f. *kai* – "yoo dhibe" "dhugaati" "dhugumati"
   g. *mentoi* – "dhugaatti"
   h. *oun* – "dhugumatti" 'waan hundatti"

VII. Hima Haalaa

A. Hima haalaa jechuun gaalima hirkataa tokkoo fi tokkoon ol kan qabatedha. Caasni seerluga kanaa hiikkaa ni gargaara. Sababnisaas haala, sababa ykn ka'umsa gochaa gochimaa itti ta'uu fi ta'uu dhabuu ni agarsiisa. Gosti haallimaa afuurtu jira. Dhugaa kallatti barreessichaan jiru irraa gara hawwitti jiru qofatti dhiibee geessa.

B. Haallima sadarkaa duraa gocha ibsame ykn gama barreessaan dhugaadha jedhame tilmaamamu ykn akeeka isaaf "yoo" dhaan ibsama. Qabiyye heddu keessatti "eega" jedhame hiikkama (Matt 4:3; Rom 8:31) Haa ta'uuti, kun jechuun sadarkaan duraa gara dhuugaatti jiru jechu miti. Irra deddeebia'nii qabxii agarsiisuuf ykn faallaa tuqatuuf fayyadu (Matt 12:27)

C. Haallima sadarkaa lammata "dhugaatti fuggina" jedhama. Waan dhugaa hin ta'iin agarsiisa. Fkn
   1. "yoo dhugumatti inni raajii ta'e, mitiif malee, waa'ee dubartii isatti maxxantee amalaa fi eenyummaa ni beeka ture. Garuu hin beekne." (Tes 7:39)
   2. "yoo dhugumatti Muusee amantan, silaa hin gootani, ana amantani, hin goone" (Yoh 5:46)
   3. Osoon ammallee namootatti gammachiisuuf yaala ta'ee, hin gooneef malee, tajaajilaa Kiristoos isaan amma ta'e kana hin t'auun ture" (Gal 1:10)

D. Sadarkaan sadaffaa gocha fulduratti ta'uu danda'u ni dubbata. Carraa ta'uu danda'uu tilmaamsa. Waan akka carraatti ta'e agarsiisa. Gochi gochima muummee gaallima "yoo" keessatti gochichaaf carraa ta'a. Fkn 1Yoh keessaa 1:6-10, 2:4, 6, 9, 15, 20, 21, 24, 29, 3:21; 4:20; 5:14, 16

E. Sadarkaan afraffaa carraa ta'uu danda'uu irra haqamaadha. Kakuu Haarawaa keessatti ni xiqqaata. Akka carraa ta'ee, Haallimni sadarkaa afraffaa guutuun haalli itti lameen qaamni himaa hiika kennan hin jiru. Fkn sadarkaa afraffaa gaallima baniinsaa 1Phex 3:14ti. Fkn sadarkaa afraffaa gadima xumuraa HoE 8:31.

VIII. DHORKAA

A. Present imperative meparticli gocha ta'aa jiru dhaabuuf xiyyeeffanno godha. Fkn "duurooma lafarratti kuufachuu hin yaaliinaa…" (Matt 6:19) "waa'ee jireenya keesanii yaaduu dhaabaa…" (Matt 6:13) "Nafa qaama keessanii meeshaa cubbuu gootanii dabarsitanii hin kenninaa…" Rom 6;13" Afuura Qulqulluu Waaqayyo hin arrabsinaa…" (Efs 4:30) "dhuganii machaahu dhaabaa…" (5:18)

B. Aorist subjunctive imperative meparticle wajjin moo “gochuu hin eegalin ykn hin jalqabin” kan jedhu qaba. Fkn muraasni “Tilmaamu hin eegaliin…” (Matt 5:17) “hin shakkinaa… (6:31) “hin qanaaftani… (2Xim 1:8)

C. Double negative moodii subjunctive wajjin bitaatadha “gonkuma, yomumaa” ykn “haaluma kamiinuu” fkn “bara baraan hin du’u” (Yoh 8:51) “matuma ani” (1Qor 8:13)

IX. Maqmaxxan

A. Afaan kooyinu Giriik keessatti maqmaxxan murtaa’aa “the” faayida afaan Ingiliffaan walfakkaatu qaba. Faayidaan guddaa “agarsiisumma” gara jechaa, maqaa ykn gaalee ni qaba. Kakuu Haarawaa keessatti tajaajillisaa abbaarraa abbaati gargaridha. Maqmaxxan murta’o dabale kan fayyadu.

1. akka meeshaa fugginaa akka maqdhaal eertuu.
2. matiima ykn nama dursee beeksifame akka mallattooti agarsiisu
3. matiima hima keessa jiru gochima karaatti adda baasanidha. Fkn Waaqayyo afuuradha” (Yoh 4:24) “Waaqayyo ifadha” 1Yoh 1:5 “Waaqayyo jaalaladha.” 4:8,16.

B. Afaan kooyinee Giriik akka afaan Ingiliffaa maqmaxxan ‘a” fi “an” hin qabu. Dhabamuun maqmaxxan jechuun

1. Xiyyeeffanno amala ykn sadarkaa waan ta’e
2. xiyyeeffannoo garee waan ta’ee jechuudha.

C. Hanguma fayyadama maqmaxxana barreessitonni Kakuu haarawaa gargari

X. Kakuu Haarawaa Giriik keessatti karaa itti xiyyeeffanno agarsiisan

A. Kakuu Haarawaa keessatti teekinikni ittin xiyyeeffannoo agarsiisan barreessa irra barreessatti gargar. Barreessitoonni qixaa fi idileedhaan Luqaasii fi barreessaa Ibrootaati.

B. Aorist active indicative sadarkaa fi xiyyeeffannoo hin mallatta’in ta’uu dursee ibsameera, garuu hennaan kanuu, sagaleen

Ykn muudiin barbaachisummaa hiikkaa ni qaban. Kun jechuun Aorist active indicative n miira caasluuga barbaachisau keessatti hin fayyadu jechu miti. Fkn Rom 6:10 (si’a lama)

C. Tartii jechaa afaan kooyinee Giriik keessatti

1. Afaan kooyinee Giriik akka afaan Ingiliffaa hirkataa miti kanaafuu, tartiiba barreessaan waa agarsiisuuf ni jijjiira
   a. waan barreessaan dubbistootatti agarsiisu barbaaduuf
   b. waan barreessichi dubbistoota ni ajaa’ibsiisa jedhe yaade
   c. waan barreessichi hedduu itti dhagahame.
2. Dhimmii tartiiba jechoota afaan Giriik ammalle hin tasgabbaa’in jira. Haa ta’u kan amma jiru
   a. gochima <u>liqimsaaf</u>
      (1) gochima
      (2) matiima
      (3) complementii
   b. Gochimaaf
      (1) gochima
      (2) matiima
      (3) aantima
      (4) aantimeen
      (5) Durgaala gaalee
   c. Maqaadhaaf
      (1) maqaa
      (2) kan haaromsan
      (3) durgalee guutoo
3. Tartiibni jechoota qabxii baayyee barbaachisaadha. Fkn

a.“anaa fi Barnaabaasiitti akka duuka buutuutti harka nutti kennatan” (Gal 2:9) Gaaliin “harka mirgaa” duuka buutu jedhu barbaachisummaa agarsiisutti baqaqsuufi dursu ni danda’ama.

b. “Kiristoos wajjin” (Gal 2:20) dura buufameera. Duuti isaa giddu galeessa.

c.“Karaa heddu kuta kutaan ture” (Ibr 1:1) dura buufameera. Sunis akkaataa itti Waaqayyo ofiisaa of agarsiisu barbaade malee mul’ata miti.

D. Akkuma beekkamu xiqqooshee xiyyeeffannoon kenname

1. irra deddeebi’iin maqdhaal inni dursee gochima keessa jiru fkn ani mataan koo, isin wajjin … (Matt 28:20)
2. Dhabama qirqaabaa, ykn jechonni qabsiistu biroo, gaaleen, gaallima ykn himaa dhabamudha. Kun kan hin qabamne jedhama. Wanni walqabsiisu waan eeggamuuf dhabamuunsaa qalbi hawwata. Fkn.
   a. warra eebbifamoo (Matt 5:3 xiyye kenneef)
   b. Yohaannis 14:1 (mataduree haarawaa)
   c. Roomee 9:1 (kutaa haarawaa)
   d. 2Qor 12:20 (xiyyee kenneefira)
3. Yaada kenname keessatti irra deddeebi’ii jechootaa fi gaalee fkn “ulfina galatasaaf” (Efs 1:6, 12 fi 14). Gaaleen kun hojii sadacha tokkoon tokkoo agarsiisa.
4. Itti fayyadamni akka dubbii ykn jechaa (sagalee dubbii gidduuti. Shoora taphata.
   a. Euphemisis jechuun jechoota safuu akka “ciisee” bakka buusa, du’aa gochuu (Yoh 11:11-14) ykn “miila” qaama dhiiraa (Rut 3:7-8, 1Sam 24:3)
   b. Circumlocution immoo jechoota maqaa Waaqayyoo kan akka “Mootummaa Waaqayyoo” (Matt 3:21) ykn “sagalee jannataa” (Matt 3:17) bakka bu’a.
   c. Fakk dubbii
      (1) jaja hin taane (Matt 3:9, 5:29-30; 19:24)
      (2) himootarratti laafaa ta’a. (Matt 3:5; HoE 2:36)
      (3) namoomsa (1Qor 15:55)
      (4) cigoo (Gal 5:12)
      (5) dubbisa walaloo (Fil 2:6-11)
      (6) sagalee jechoota giddu taphatu
         a.“waldaa”
            i. waldaa (Efs 3:21)
            ii. yaamicha (Efs 4:1;4)
            iii. yaamame (Efs 4:1,4)
         b.“walaba”
            i. dubartii walaba (Gal 4:31)
            ii. bilisumma” Gal 5:1
            iii. walaba Gal 5:1
         c. Akka dubbii – afaan aadaa ta’ee addumma kan qabu
            (1) itti fayyadama fakki “soora” (Yoh 4:31-34)
            (2) itti fayyadama fakki “mana sagadaa” Yoh 2:19; Matt 26:61)
            (3) akka dubbii Ibrtootaa “jibba” (Uma 29:31; Deb 21:15, Tes 14:36 Yoh 12:25; Rom 9:13)
            (4) “Hunda” fi “baayye” Isa 53:6 (hunda) fi 53:11 fi 12 (baayyee) jechoonni moggoyina akka Rom 5:18 fi 19 agarsiisa.
5. Gaalee luugaa guutuu bikka jechaatti fayyadamuu. Fkn “Yesuus Kiristoos gooftaa”
6. Faayidaa addaa autos
   a. Yeroo maqmaxxan wajjinii “sanuma” hiikkama
   b. Yeroo al maqmaxxan wajjinii akka ti hiikkama “isa mataasaa’ “isii mataasii” ykn “isa mataasa”

E. Bartoonni Kitaaba Qulqulluu afaan Giriikiin ala dubbisan karaa heddu xiyyeeffannoo adda baafachuu ni danda'a.

1. Ittifayyadamani xinxalli galmee jechootaa barruu afaan Giriiki fi afaan Ingiliffaa
2. kallatti tiyoorii hiikkaan, hiikkaa afaan Ingiliffaa walbira qabani ilaaluu. Fkn "jechaa jechatti" morkuu (KJV, NKJV, ASV NASB, RSV, NRSV) fi "gita addaan" wajjin (Wiiliyaam, NIV NEB, REB, JB, NJB, TIV). Asitti kan gargaaru. "The Bible in Twent- six Translation" jedhu Baker maxxanfame heddu ni gargaara.
3. Ittifayyadama "The Emphasized Bible, Yoseef Biriyaant Rooterhaamiin (Kregel, 1994) maxxanfame.
4. Ittifayyadama hiikkaa barreeffamaa
   a. The Ameerikaan Istaandaard Vershiin 1901
   b. Yaangis Litiraal Traansileeshion of Baayible, Roobert Yaangin (Gaardiyaan Pireesin 1976) maxxanfame.

Seerluga qo'achuun nuffisiisa ta'uullee hiikkaaf ni barbaachisa. Ibsi hiikkaan, qeeqnii fi fkn kunneen nama afaan Giriikii ala dubbisuuf jajjabainaa fi hidhachiisaaf akka toluufidha. Ibsi kunneen garmalee salphifamaniiru. Akka hubana tolaa Kakuu Haarawaa ta'utti malee, cichummaa fi garfiixummaa agarsiisu miti. Ibsi kunneen dubbistoonni darbanii ibsaa fi qeeqaa Kakuu Haarawaa biroo ilaaluu akka danda'an akka gargaaru abdiidha.

Hiikkaa keenya odeeffannoo Kitaaba Qulqullu keessa jiru irratti hundee godhachuun ibsuu danda'uu qabna. Seerlugni wantoota nama gargaaran keessaa tokko; wantoonni biroo yoomessa seenaa, yaada barruu, itti fayyadama jechoota fi dubbisa cinaayina dabalata.

# Roome 1-3 agarsiisa barreefama fakkisaa

I. Dubbifama tokko
   A. Kaayyoo giddugaleessa:Namni akkamitti Waaqayyoo wajjin sirrii ta'aa, ka'uumsasaanis ta'ee tarkaanfii isaan?
   B. Ergaa furtuu: 1:16-17
   C. Shaarbe barreefamaa: xalayaa
II. Dubbifama lama
   A. Isa ol aanaa murnawwan barreefamoota
      1. 1:1-17
      2. 1:18-3:21
      3. 4:1-5:21
      4. 6:1-8:39
      5. 9:1-11:36
      6. 12:1-15:37
      7. 16:1-27
   B. Cuunfaa isa guddaa murnawwan barreefamaa
      1. Seensaa fi ergaa, 1:1-17
      2. Badiisa nama hundaa , 1:18-3:21
      3. Tolli ayyana 4:1-5:21
      4. Tollii tooftaa jireenyaati, 6:1-8:39
      5. Qunamtiin Yihudootaaa tolaaf, 9:1-11:36
      6. Tolli jireenya guyyaa guyyaa akkamitti jiraachuun danda'ama 12:1-15:37
      7. Dhamsa nagaa fi of eegachiisaan cufuu 16:1-27
III. Dubbifama sadii
   A. Seenaa yoomessaa kan ilaalatee odeefannoo keessaa
      1. Barreesicha
         a. Phaawulos 1:1
         b. Tajaajila Yesuus Kristoos 1:1
         c. Hojii ergamootaa 1:1,5
         d. Ormootaaf, 1:5,14
      2. Guyyicha
         a. Waamichaa fi jijjirama Phaawuloos booda, 1:1.
         b. Roometti yeroon waldaan kiristaanaa jalqabame boodaa fi dhiibbaan guddachaa yeroo dhufe, 1:8.
      3. Fudhatoota
         a. Qulqulloota, 1:7
         b. Roomeen, 1:7
      4. Tibba
         a. Amantiin isaanii sirritti beekameera, 1:8
         b. Phaawuloos guyyaa hundaa isaaniif ni kadhata 1:9-10.
         c. Phaawulos dhuunfaadhaan isaanii wajjin wal arguu ni barbaada, 1:11
         d. Phaawulos kennawwaan afuuraa isaaniif hir'uu barbaada, 1:11, 15
         e. Walitti qabamni isaanii lamaan isaanii ni jajjabeessa, 1:12
         f. Phaawulos akka hin dhufne dhowameera, 1:3.
      5. Seenaa yoomessaa
         a. Waldaa kiristaanaa bittaa bal'aa magaalaa guddoo Roomee jirtuuf kan barreefame.
         b. Phawuloos raawwatee akka achi hin ture ifaa dha, 1:1-13

c. Bittaa Roomee bal’aa, fi keessuma iyyuu Roome mataa ishee, baay’ee safuu-maleessaa fi waaqeffannaan waaqa tolfamaa akka turee ifaa dha, 1:11
   1. Waaqollii tolfamoo, 1:21-23
   2. Saal-qunamti gosa tokko (luuxii), 1:26-27
   3. Sammuu saffuu-maleessa 1:28-31

d. Walumaa galatti lakkoofsa baay’ee kan qabuu saba Yihuudii Roomee ture, 2:17-2:31, 9-11 (amantoota Yihudii ti fi amantoota ormaa gidduu guddaacha kan dhufee cinqiin jiraachuu danda’a.)

B. Radammiwwan keeyata adda addaa

| **ASV** | **Macaafa Qulqulluu Yerusaaleem** | **Wiliihaams** |
|---|---|---|
| (jechaa jechatti kan hiikame) | (Ciigo) | (ciigoo) |
| **Ramaddii 1ffaa, 1:1-17** | **ramaddii 1ffaa 1:1-17** | **ramaddii 1ffaa 1:1-17** |
| 1:1-7 | 1:1-2 | 1:1-7 |
| 1:8-15 | 1:3-7 | 1:8-15 |
| 1:16-17 | 1:8-15 | |
| | **Ramaddii 2ffaa** | **ramaddii 2ffaa** |
| **Ramaddii 2ffaa** | 1:16-17 | 1:16-23 |
| 1:18-23 | 1:18-25 | |
| 1:24-25 | | **ramaddii 3ffaa** |
| 1:26-27 | 1:26-27 | 1:24-32 |
| 1:28-32 | 1:28-32 | |
| 2:1-16 | 2:1-11 | **ramaddii 4ffaa** |
| 2:17-29 | 2:12-16 | 2:1-16 |
| 3:1-8 | 2:17-24 | 2:1-11 |
| 3:9-19 | 2:25-29 | 2:12-26 |
| 3:19-20 | 3:1-8 | |
| 3:21-30 | 3:9-18 | **ramaddii 5ffaa** |
| 3:31 | 3:19-20 | 2:17-29 |
| | 3:21-26 | 2:17-24 |
| | 3:27-31 | 2:25-29 |
| | | **Ramaddii 6ffaa** |
| | | 3:1-18 |
| | | 3:1-8 |
| | | 3:9-18 |
| | | **Ramaddii 7ffaa** |
| | | 3:19-31 |
| | | 3:19-20 |
| | | 3:21-26 |
| | | 3:27-31 |

C. Baafata qabiyyee guudunfaa isaa waliin
1. Seensaa fi ergaa, 1:1-17
   a. Seensa barressaa, 1:1-2
   b. Seensa fudhatootaa 1:3-7
   c. Kadhataa seensaa 1:8-15
   d. Ergiicha , 1:16-17
2. Badiinsa nama hundumaa, 1:8-3:21
   a. Waaqollii tolfamooballeessuun hojii isaanittin ni mul’ata 1:18-32
   b. Yihudiin baduun hojii isaaniin ni mul’ata, 2:1-11
   c. Abdii isaanii biyyolessaa 2:12-3:8

1) Seerri isaanii isaan fayyisuu hin danda'u, 2:12-24
2) Dhagna qabachuun isaanii isaan fayyisuu hin danda'u, 2:25-29
3) Dhaalli isaanii isaan fayyisuu hin danda'u, 3:1-8

d. Badiinsa nama hundumaa, 3:9-20
e. Abdii nama hundumaa, 3:21-31

IV. Dubbifama afraffaa (Fakkisaa, 1:1-3:21, barreefama xiyyaafata qofa)

A. Tarreefama adda ta'ee

1. (ta'us, faakkisi kun 1:1-3:21kan murtaa'ee yoo ta'es kan fooya'ee tareefama fakkeenya adda ta'ee "kanaaf" jecha jedhu irra argama, 2:1, 5:1, 8:1, 12:1, innis dhangalaa'uu karaa guduunfaa yaada Phaawulosiif faayida irra ooleera.)
2. Fayyadama "wangeelaa"
   a. 1:1, wangeela Waaqayyoof kan adda ba'e
   b. 2:9, wangeela ilma isaaf
   c. 1:15, wangeela lallabuuf
   d. 1:16, wangeelatti hin yeela'u
   e. 2:16, akka wangeelaatti

      [tarrefama kanaa fi qabiyyeen barreefamaa waa'ee mataa isaa fi waa'ee wangeelaa mirkanessuu danda'a.]
3. Dheekamsaa fi firdii Waaqayyoo kan eeran
   a. 1:18, dheekamsa Waaqayyoo
   b. 1:24, 26, 28, Waaqayyo dabarsee isaan kenne
   c. 2:3, firdii Waaqayyoo
   d. 2:5-6,(Lakkoofsoota lamaa)
   e. 2:12, ni bada
   f. 2:16, guyyicha…Waaqayyoo dhoksaa namootaa irratti ni farada
   g. 3:6, Waaqayyoo biyya lafaatti ni farada

B. Jechoota furtuu yookaan gaalee

1. 1:1, Ergamaa
2. 1:1, wangeela Waaqayyoo
3. 1:4, mucaa Waaqayyo
4. 1:5, ayyaana..amantii
5. 1:6, kan waamame
6. 1:7, qulqulloota
7. 1:11, kennawwan afuuraa…ijawwan (lakk.13)
8. 1:16, fayyina
9. 1:17, tola
10. 1:18, dheekamsa Waaqayyo…firdii Waaqayyoo
11. 2:4, qalbi jijjiranna
12. 2:7, jiraataa ta'uu, jireenya bara baraa
13. 2:12, seera
14. 2:15, sammuu
15. 3:4, kan tolaa ta'ee
16. 3:24, oolchuu
17. 3:25, dhiifama gochuu

C. Dubbifama rakkisoo

1. Kan barreefamaa yookaan kan hiikaa
   - 1:4, "**<u>A</u>**fuuraa qulqullummaa" yookaan "<u>A</u>fuura qulqullummaa"
2. Inba 2:4 hiika ta'uu qabuRoome 1:1-7irratti ni argamaa?
3. Kan seenaa

- 2:21-23, “isin kan isin lallabdan…” (yoom, akkamitti fi essatti Yihudin isaan kana godhan?)

4. Barumsa afuuraa
   a. 1:4, “..innis humnaan mucaa Waaqayyooakka ta’uus kan mul’ate..” (yookaan Yesuus kan Waaqaa ta’ee dhalateeraa?)
   b. 2:14-15 (2:27), “seera kan hin qabne ormoota qalbii isaanittiin waa’ee seeraa yoo godhan, isaaniif seera ta’aa…” (seericha raawwatanii kan hin beekneef tokko tokkoo kan raawwataniis?)
   c. 3:1, “Yihudummaan faayidaa maalii qabaa?”

D. Barbaachiisaa walcinaa
1. Macaafa wal fakkaataa
   - 1:18-3:21 ramaddii barreefama tokkooti
2. Barreessaa wal fakkaataa
   - Macaafni Galaatiyaa dhugaa doktirinii ni babal’isa
3. Yeroo wal fakkaataa – wal cina kallatiini miti.
4. Kakuu wal fakkaataa_ wal cina kallatinii miti.
5. Guutummaa Macaafa Qulqulluu _ Phaawulos Inba. 1:4 fayyadama. (Innis boqonnaa 4 irratti olaantummaan kan Kakuu Haaraa amalowwan fayyadama.)

E. Barumsa afuuraa kan adda ta’e
1. Mul’ata uumamaa
   a. Uumamaan, 1:18-23
   b. Kan keessa safuu sammuu, 2:14-16
2. Sanyiin namaa hundumtuu badeera

V. Raawwii (fakkisa 1:1-3:21)

Tarreefama qabiyyee yaada ijoo

A. Seensaa fi ergaa (1:1-17)
1. Seensa barreessaa, 1:1-2
2. Seensa fudhatootaa, 1:3-7
3. Kadhata seensaa, 1:8-15
4. ergicha, 1:16-17

B. Badiinsa ijoollee namaa hundumaa 1:18-3:2
1. Badiinsa warra waaqoolli tolfamoo Waaqessanii, 1:18-3:21
2. Yihudiin baduun hojii isaanitiin Ni beekama Hoji.erga.2:1-11
3. Abdii biyyoolessaa 2:12-3:8
   a. Seerri isaani isaan fayyisuu hin danda’u 2:12-24
   b. Dhagna qabachuun isaanii isaan fayyisuu hin danda’u, 2:25-29
   c. Hidda sanyii isaanii isaan

Tuqaallee raawwii

A. Kennaa Waaqayyoo billisaa Yesuus Kristoosiin kan lamaan isaanii waamamu Phaawuloosi fi Romaan akka ta’ee amaneeraa fudhatamas argateera kennaan kun hundumaaf banaa dha

B. Namootni hunduu kan alaa fi jireenya amantaa, yookaan hojii isaaniin ni mul’ata, jiraachuu dhiisuun Kristoosiin hojii raawwatame, hojii isaaniin osoo hin taane

Furtuu guduunfaa dubbifama 1:18-3:31, 3:21-30 dha.

fayyisuu hin danda’u, 3:1-8
4. Badiinsa namoota hundumaa 3:9-20
5. Abdi namootaa hundumaa 3:21-31

# Tiitoo irratti agarsiisa fakkisa barreefamaa (guutummaa macaafichaa)

I. Dubbifama tokkoo
   A. Kan Macaafa Qulqulluu macaafa kaayyoo giddu galeessaa:
      Waldaa kiristaanaa naannoo jaarsollii ishee wajjin adeemsa ijaarsa isaanii, ortodoksii wal irraa hin cine (kallatiidhaan fi)cimina ortopiraaksii kenna.

   B. Furtuu ergaa
      1. Waldaa kiristaanaa naannoo fi jaarsollii ijaaruu, 1:5.
      2. Xiyyafannoo kan itti laanu
         a. Ortodooksi – 1:9-11, 14, 2:1
         b. Ortopiraaksi – 1:16, 3:8

   C. Shaaarpe barreefamaa: xalayaa
      1. Bantuu 1:1-4
      2. Cuftuu 3:12-15

II. Dubbifama lama
   A. Murna barreefama isa guddaa yookaan ramaddii qabiyyee:

| | |
|---|---|
| 1. 1:14 | 5. 2:10b-15 |
| 2. 1:5-9 | 6. 3:1-11 |
| 3. 1:10-16 | 7. 3:12-15 |
| 4. 2:1-10a | |

   B. Murna kan barreefama isa gurguddoo yookaan qabiyyee barreefama ergaawwan cuunfa yaadaa.
      1. Seensa xalayaa barsifata kiristaanaa 1:1-4
      2. Qajeelfama jaarsollii 1:5-9
      3. Qajeelfama barsitoota sobduu murteessuudhaaf 1:10-16
      4. Qajeelfama wali gala amantootaa 2:1-10a
      5. Hundee Qajeelfama barumsa afuuraa 2:10b-15
      6. Qajeelfama rakkoo warra uumaniif 3:1-11
      7. Xalayichii cuftuu barsifata kiristaanaa 3:12-15

III. Dubbifama sadii
   A. Waa'ee macaafichaa kan seenaa yoomii fi eessaa odefannoo keessaa kan ilaalatee
      1. Barreesicha
         a. Phaawulos 1:1
         b. Garbicha Waaqayoo 1:1
         c. Ergamoota Yesus Kristoos 1:1
      2. Yericha
         a. Tiitoof kan barreefamee 1:1
            1) Inni hojii ergamootaa irraatti raawwatee hin eeramne
            2) Inni adeemsa misihoonummaa Phaawulos isa tokkooffaadhaan kan jijjiramee filatame ture Galaa. 2:1
            3) Inni dhagna kan hin qabanne orma turee Galaa. 2:3.
            4) Inni gargaartuu Phaawuloos ture 2ffaa Qoro 2:13, 2ffaa Ximoo 4:10 Tiito 1:4
         b. Phaawuloos Tiitootti isa 1:5
            1) Ergaa kan soortuwwanii sarara deemsaa sababa argisiisuu dhabuu isaanii, hoji ergamootaa waajjin duraa duuba isaatiin wal simachuu hin dandeenyee, kun tarii adeemsa misihonummaa Phaawulos isa arfaffaa ta'uu danda'a.
            2) Phaawulos cuftuu macaafa hojii ergamootaa irratti hidhaa akka hiikamee yaadanna ta'us, lamaffaa hidhamee Neeroodhaan ajeefame, innis bara haraaraa 68 du'e.

3. Fudhataa: hidhati amanamaan Phaawulos, Tiitoo, garuu immoo gamtaa amantoota waldaa kiristaanaatiif kan dubbifamuu.
4. Tibba: waldoota kiristaanaa Qarxeesitti dhaabbuudhaaf tajaajila itti fufinsa qabu.
   a) Jaarsollii muuduu 1:5
   b) Barsisoota sobduu mormuu 1:9-11, 14-16, 3:9-11
   c) Warra amanaman jajjabeessuu

B. Ramaddii keeyata adda addaa

1. Ramaddii keeyata

| Jechaa jechatti kan hiikame | | | wal qixa sochii kan uumuu | |
|---|---|---|---|---|
| NASB | NRSV | Jer.Bible* | NIV* | Williham* |
| Ramaddii 1ffaa | ramaddii 1ffaa | ramaddii 1ffaa | ramaddii 1ffaa | ramaddii 1ffaa |
| 1:1-4 | 1:1-3 | 1-1-4 | 1:1-4 | 1:1-4 |
| | 1:4 | | 1:5-9 | |
| | | | 1:10-16 | |
| Ramaddi 2ffaa | ramaddii 2ffaa | ramaddii 2ffaa | ramaddii 2ffaa | |
| 1:5-9 | 1:5-9 | 1:5-9 | 1:5-9 | |
| 1:10-16 | 1:10-16 | | 1:10-16 | |
| | | Ramaddii 3ffaa | | |
| | | 1:10-14 | | |
| | | 1:15-16 | | |
| Ramaddii 3ffaa | ramaddii 3ffaa | ramaddii 4ffaa | ramaddii 3ffaa | ramaddii 2ffaa |
| 2:1-14 | 2:1-2 | 2:1-10 | 2:12 | 2:1-10 |
| 2:15 | 2:3-5 | | 2:1-5 | 2:11-14 |
| | 2:6-8 | | 2:6-8 | 2:15 |
| | 2:9-10 | ramaddii 5ffaa | 2:9-10 | |
| | 2:11-14 | 2:11-14 | 2:11-14 | |
| 2:15 | 2:15 | 2:15 | | |
| Ramaddii 4ffaa | ramaddii 4ffaa | ramaddii 6ffaa | ramaddii 4ffaa | ramaddii 3ffaa |
| 3:1-11 | 3:1-11 | 3:1-3 | 3:1-2 | 3:1-6 |
| | | 3:4-8a | 3:3-8 | 3:3-7 |
| | | Ramaddii 7ffaa | 3:9-11 | 3:9-11 |
| | | 3:8a-11 | ramaddii 5ffaa 3:12 | |
| | | | 3:12-14 | 3:13-15 |
| | | Ramaddii 8ffaa | 3:15 | 3:15 |
| | | 3:12-14 | 3:12-14 | 3:12-14 |
| | | 3:15 | 3:15 | 3:15 |

2. Qabiyyee cuunfaa yaada bal'aa.
   a. Macaafa Qulqulluu Yerusaalem
      (1) Ramaddii 1ffaa , "qunamtii" 1:1-4
      (2) Ramaddii 2ffaa, "muudama jaarsollii" 1:5-9
      (3) Ramaddii 3ffaa, "barsisoota sobduu mormuu," 1:10-14, 15,16
      (4) Ramaddii 4ffaa, "kan adda ta'aan qajeelfama safuu," 2:1-10
      (5) Ramaddii 5ffaa, hundee jireenya safuu kiristaanaa," 2:11-14
      (6) Ramaddii 6ffaa, "amantootaaf qajeelfama wali galaa," 3:1-3, 4-8a
      (7) Ramaddii 7ffaa, "Tiitoodhaaf gorsa dhuunfaa," 3:8b-11

        (8) Ramaddii $8^{ffaa}$, “yaadachiisa raawatamuu qaban, nagaa dhaamuu fi hawwii gaarii,” 3:12-14,15
    b. Hiika haaraa biyyoolessaa
        (1) Ramaddii $1^{ffaa}$, nagaa 1:1-4
        (2) Ramaddii $2^{ffaa}$, Tiitoo’ raawwii isaa Qaarxees,” 1”5-9, 10-16
        (3) Ramaddii $3^{ffaa}$ “gareewwan addaatiif barachuun kan irra jiru,” 2:1-2, 3-5, 6-8, 9-10, 11-14,15
        (4) Ramaddi $4^{ffaa}$ , “gaarii kan ta’e gochuu,” 3:1-2, 3-8, 9-11
        (5) Ramaddii $5^{ffaa}$, “jecha isa dhumaa,” 3:12-14, 15
    c. Hiika Willihams
        (1) Ramaddii $1^{ffaa}$, “namootni Waaqayyoo hojii isaanittiin beekamu,” 1:1-4, 5-9, 10-16
        (2) Ramaddii $2^{ffaa}$, “Namootni Waaqayyoo tolaaf waamamaniiru,” 2:1-10, 11-14, 15
        (3) Ramaddii $3^{ffaa}$, “amantootni gaarii ta’uutu irra jiraata,” 3:1-2, 3-7, 8-11, 12, 13-14, 15

C. Yaada cuunfaa ramaddii keeyata

1. Seensa ergichaaf aadaa kiristaanummaa, 1:1-4
    a. Eenyu irraa, 1:1a
        1) Phaawuloos
        2) Garbicha Waaqayyoo
        3) Ergamaa Yesuus Kristoos
    b. Maaliif, 1:1b-3
        1) Amantii dadamaqiinsaaf
        2) Isaan gara beekumsa guutuutti geggeessuudhaaf
            a) Abdi jireenya bara baraa, sagalleen Waaqayyoo kan galeef
            b) Waaqayyoo kan hojjetee sa’atti ta’uu qabuu
            c) Waaqayyoo kan ajajee ergaa Phaawuloosiin wal amanuun
    c. Eenyuuf, 1:4a
        1) Tiitoodhaaf
        2) Amantiidhaan mucaa koo dhugaa kan ta’e
    d. Kadhata, 1:4b
        1) Eebba afuuraa
        2) Nagaa
        3) Irraa
            a) Waaqayyoo abbaa keenya
            b) Yesuus Kristoos fayyisaa keenya
2. Qajeelfama jaarsolliidhaaf, 1:5-9
    a. Mudaa kan hin qabne, 1:6,7
    b. Haadha manaa tokkoo
    c. Ijoollee amanan
    d. Jireenya of eegannoo hin goneen kan hin komatamne
    e. Waa’ee aboomamuu dhabuun kan hin komatamne
    f. Rakkisaa kan hin taanee
    g. Kan hin dheekamne
    h. Dhugaatii alkohooliin kan hin machoofne
    i. Nama yeroo hundaa dubbii kaasuu jaallatuu kan hin taanee
    j. Faayida gar malee kan hin hawwinee
    k. Keessummaa kan simatuu
    l. Gaarii kan jaallatuu
    m. Kan of eegatuu
    n. Qajeelaa

o. Jireenya qulqulluu
p. Jireenya isaa kan bituu
q. Ergaa amanee irratti kan jaabaatu
r. Baruumsa gaariidhaan namoota kan biroo jajjabeessuus kan ga'u
s. Walitti bu'iinsa mormuu kan danda'uu (2:15)

3. Qajeelfama barumsa sobaa murteessuu 1:10-16
   a. Kan hin ajajamnee
   b. Jecha akkasumaaniif dubbii waa'ee hin baafne
   c. Yaada mataa isaanitiin kan dogogoran
   d. Wantoota Yihudootaa
      1) Dhagna qabaa, 1:10
      2) Himee Yihudii, 1:14
      3) Seenaa dhalootaa, 3:9
      4) Walfalmii waa'ee seeraa 3:9
   e. Guutummaa maatii isaa kan jeequ barumsa, ta'uu kan hin qabne
   f. Kan hin amanamne bu'aa argachuuf jecha
   g. Qalbii fi sammuu isaani boreessera
   h. Hojiin isaanii isa kan dhiisisuu dha
   i. Dubbii kan barbaadan
   j. Kan hin amanamnee waan gaariidhaaf kan hin taane
4. Qajeelfama amantootaaf 2:1-10a, 12
   a. Namoota gurguddoof, 2:2
      1) Giddu galeessa
      2) Waan gaarii
      3) Of eegataa
      4) Amantaa gaarii kan qabuu
      5) Jaalala gaarii kan qabuu
      6) cimaa
   b. dubartoota gurguddoof , 2:3
      1) adeemsa isaanitiin kan ulfaataan
      2) kan maqaa namaa hin ballesinee
      3) dhugaatti alkohooli baay'ee dhuguu kan hin kajeele
      4) waan gaarii kan ta'ee kan barsiisan
      5) dubartoota shamaranii kan leenjisan
   c. dubartoota dargagoof, 2:4-5
      1) Abbaa manaa isaanii kan jaallatan
      2) Ijoollee isaanii kan jaallatan
      3) Mataa isaaniikan bitan
      4) Qulqulloota
      5) Mana isaanii akka gaariitti kan bulchan
      6) Gaarummaa
      7) Abbaa manaa isaaniif kan abomaman
   d. Dhiroota dargagootaaf, 2:6-8
      1) Kan of eegatan
      2) Waan gaarii hojjechuudhaaf fakkeenya kan ta'an
      3) Kan aboomaman
      4) Barumsa isaaniif kan of eegatan
      5) Ergaa fayya qabeessa
      6) Mudaa kan hin qabne
   e. Tajaajiltoota amananiif

        1) Gooftoolli isaaniif raawwatanii bitamuuf kan shaakalan
        2) Isaaniin kan hin dirqisiifamne
        3) Isaaniin kan hin hatne
5. Qajeelfama isaanitiif hundee barumsa afuuraa, 2:10b-15, 3:4-7
    a. Bareeda gochuudhaaf waan godhan hundumaan barumsa Waaqayyo fayyisaa keenyaatiin 2:10b
    b. Ayyaanni Waaqayyoo ijoollee namaa hundumaatiif akka mul'atuuf, 2:10
    c. Abdii eebbifamaa keenya eeguu (deebi'ee dhufuu isaa) 2:13
    d. Yesuusnamoota kan inni bitee Waaqayyoon mulisuudhaaf, 2:14
    e. Tollii gaarummaa Waaqayyoo mul'ateera, 3:4
    f. Waaqayyoo kan nu fayyisee hojii keenya irratti dhaabbatee miti 3:5
    g. Waaqayyoo kan nu fayyisee araara isaa irratti hundaa'eeti, 3:5
        1) Lamaffa dhalachuun dhiqachuu
        2) Afuura qulqulluun haara'uu
        3) Lamaanuu Kristoosiin kan kennaman
        4) Fuula Waaqayyoo dhaabbachuuf miga qabna
        5) Dhaaltoota jireenya bara baraati
6. Qajeelfama rakkoo uumuu danda'aan, 3:1-11
    a. Abooti taayitaaf aboomamaa, 3:1-2.
        1) Kamiifi iyyuu hojii gaariif qophaa'oo ta'uu
        2) Eenyuun iyyuu jeequu irraa of qabuu
        3) Nama nagaa ta'uu
        4) Hundumaaf raawwatanii amala gaarii argisiisuu
    b. Dhala namaa hundumaaf gaarii ta'uu, sababi isaa 3:3-8
        1) Amantoonni durii waan akkas ta'aaniif
            a) Kan hin hubanne
            b) Kan hin aboomamne
            c) Kan dogogoran
            d) Miira hundumaatiif kan bitaman
            e) Jireenya keenya hamenyaan kandabarsinu
            f) Jireenya keenya miqenyummaadhaan kan dabarsinu
    c. Of eegadhaa, 3:9-11
        1) Faallaa dhiphaa'ummaa
        2) Sanyiin of jajuu
        3) Lola
        4) Waa'ee seeraaf wal falmuu
        5) Qoqodiinsa nama barbaaduu
            a) Jal'aa
            b) Cubbuun kan guutamee
            c) Mataa isaan kan komatuu
7. Ergichaaf cuftuu kan aadaa kiristaanummaa 3:12-15
    a. Bakka bu'umsi Tiitoo ga'eera 3:12
        1) Arxeemaas (yookaan)
        2) Tikiqoos
    b. Tiitoonis dhufee Niqophiloositti na argatee 3:12
    c. Amantootni akka gargaaraaniif jajjabeessuu 3:13-14
        1) Zeenoos (fi)
        2) Aphiloos
    d. Dhaamsa nagaa fi cuftuu 3:11

d. Tuqaallee hoji irra oolan tarreessi: tarreefama kanaan baafata tuqaale guddaa kan fuulaa mogaa gara bitaa irra hojii irra kan ooluu kan yaadamuu dhugaawwan barreefama isa guddaadhaa fi murnaa fi kan tokkoon tokkoon ramaddii keeyata barreessi. Dhugaa hoji irra ooluu ibsa gabaabaa tokkoon hima lafa kaa'ii. Baafata yaada guddaa kanaa tuqaallee lallabaa ta'a.

IV. Dubbifama afur

A. Walcinni inni guddaan (soortuwwan kan biroon)

1. 1[ffaa] Ximoo (keessumatti boqonnaa 3:1-13)
2. 2[ffaa] Ximootihos

B. Tarrefama adda addaa

1. "Fayyisaa" aboo jedhuu gargaaramuu
   a. Waaqayyo fayyisaa keenya 1:3, 2:10, 3:4
   b. Kiristoos fayyisaa keenyaa 1:4, 2:13, 3:6
2. Dhugaan doktirinii wangeelaa, Kristoosiin kan fakkaatuu mala jireenya keenyaa akka hundeetti faayidaa irra kan oole (cf,III., c.5)
   a. 2:10b-14
   b. 3:4-7
3. Jaarsolli ta'uun tareefama rakkoo isaan qaban, 1:7(cf.III., c.2. 1[ffaa]Ximoo wajjin wal madaalchisi 3:1)
4. Barsisoota sobduu kan adda baasaan:c.f, IV. C3.)
   a. 1:10-16
   b. 3:9-11

C. Dubbifama rakkisoo

1. Barreefamaan _1-6b irra kan jiru gaalee kan inni argisiisuu jaarsicha moo ijoollee isaatii?
   a. Jaarsicha _ NASB fi NRSV
   b. Ijoollee jarsichaa _NIV fi Willihaam
2. Kan seenaa_ adeemsa misihoonummaa afraffaa kan Macaafa Qulqulluu yookaan kan seenaa ragaa in qabaataa?
   a. Kan macaafa qulquluu
      1) Phaawulos gara Ispeen deemuudhaan barbaade, Roome 15:24, 28
      2) Kan tiktsumaatiin ergan jiru sararri deemsa Phaawuloos sarara deemsa hoji ergamoota irra jiruu wajjin wal hin simu.
   b. Kan seenaa
      1) Iyusibaas macaafa mana qulqulluummaa isaa irratti, 2:22:2-3 Phaawulos mana hidhaati kan hiikame dhumaa hojii ergamootaa irrati ta'uu ni argisiisa.
      2) Kan biroon amalli waldaa kiristaanaa Phaawuloos wangeela galaana Medentiriyaniyaanii irraa gara lixaatti fudhateera jedhu
         a) Kiliimentii Roomee
         b) Hafteewwan Mureeteriyaan
3. Barumsa afuuraa doktirinii-lamaffaa dhalachuu cuuphaadhaan 3:5 irratti nu deggeraa?
4. Lakkoofsa jeequmsa uuman _ jaarsolliin raawwatanii kan of qaban miti, garuu "daadhii wayinnii baay'ee kan hin kajeele malee" 1:7. Dubartoota dullumaniif wantootni wal wal fakkaatuu eerameera, 2:3.

# Efesoon 2
# Keeyata rimiddii hiikawwan haaraa

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Du'a irraa gara jireenyaatti bilisa | Ayyaanni amatiin | faayidaa Yesuus | Du'a gara jireenyaatti | fayyinni Yesuusii kennaa |
| 2:1-3 | 2:1-6 | 2:1-10 | 2:1-10 | 2:1-10 |
| | | | 2:4-10 | |
| 2:7-10 | | | | |
| Kristosiin tokko tolfamaa kan waaqessan kan fi waaqayyoo wajjin araaramu | dhiiga isaan nutty dhi'atee | | Kristoosiin tokko | Yihudiifi waaqa biro |
| 2:11-13 | 2:11-13 | 2:11-22 | 2:11-12 | 2:11-18 |
| | Kristoos nagaa keenya | | 2:13-18 | |
| 2:14-22 | 2:14-22 | | | |
| | | | 2:19-22 | 2:19-22 |

**Kan dubbifama ramaddii sadii**

Yaada barreessaa isa guddaa sadarkaa keeyatichaatiin hordofuu

Kun <u>qajeelfama</u> qayyabbannaa hiikaa yeroo ta'uu, sana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti kan hiiktuu itti gaaffatamummaa isaa fudhata jechuu dha. tokkoon tokkoon keenya ifa qabnuun adeemuun nurra jiraata. Warri duri hiikan ati, Macaafa Qulqulluu fi afuura qulqulluu dha. kanas deebistee kan hiikte irrati jecha biraadhaan akka hin fudhanne.

Boqonnicha of irra gadi taa'uu tokkoon dubbissi. Yaada ijoo isaa irratti. Ramaddii yaada ijoo keetii olitti kan tarreefaman hiikoota shanii wajjin wal bira qabi. Ibsi guutuun keeyaticha irratti argamuu yoo dadhabees yaada barreesichaa isa guddaa kan ta'ee wanti hiikicha inni guddaan ni argama. Tokkoon tokkoon keeyatichaa tokkoo fi tokko qofa yaada ijoo tokko qabateera.

1. Keeyata jalqabaa
2. Keeyata lamaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. K.K.F

**Hubannoo gadii fagoo qabiyyee barreefamaa 2:1-22**

A. Kan Ginostikootaati fi namoota Yihudootaa cimsa fayyina hojii irratti xiyaafatee cimsa Phaawuloosiin gatii isaa gadi xiqqeessa ture (1)Fillannoo Waaqayyoon, boqonnaa tokko irratti (2)Ka'umsa ayyaanna Waaqayyoo, 2:1-10, fi (3)Barabaraan dhokkatee kan turee dhoksaa karoora Fayyisuu Waaqayyoo (jechuun, Yihudootaa fi ormoota amma Kristoosiin tokkoo) 2:11-3:13. Phaawulos cimsa itti laata ture. Ijooleeen namaa qooda tokko illee kan isaan hin qabnee! Fayyinni guutummaadhumatti kan Waaqayyooti (cf.1:3-14, 2:4-7), namootni garuu dhuunfaa

isaanitti deebii kennutu isaan irra jiraata (cf. 2:8-9) akkasumas ifa Kakuu Haaraatiin deddeebi'utu irra jiraata (2:10).

B. Namni sadii kan kufee dinoonni jiru, lakk.2-3 (Yaaq 4:1, 4, 7) irratti kan ibsamee: (1)Seera biyya lafaa kufee, lakk.2 (2)Jibiinsa ergamoota, seexana, lakk.2 fi (3)Kan kufee mucaa namaa abdii malee fi gargaarsa dhabuu dha, Waaqayyotti adda ba'uu isaatii fi finciluu isaa (Roome 1:18-1:16).
C. Lakk.1-3 kan namaa gaduu fi akka argisiisutti lakk.4-6 faallaa isaa jaalala Waaqayyootii fi badhaadhumaa araaraa isaatti argisiisa mucaa namaa kufeef. Cubbuun namaa gadheedha, jaalallii fi araarri Waaqayyoo garuu ni caala (Room.5:20). Waaqayyoo Kristoosiin kan inni godhee (cf. 1:20), Kristoos amma amantootaaf godheera (cf. 2:5-6).
D. Dhugummaa Kakuu Haaraa kan ta'e faallaan isaa jira, kennaa bilisaa ayyaana Waaqayyoo fi yaallii namaa gidduu. Dhiphinnii kun hidhata yeroo dubbatan dhugaa kan hin fakkaanee garuu dhugaa kan ta'ee ibsuu danda'a:kan argisiisuu (ibsa) fi xiyyaafataa (aboommii), Ayyaana/amantii qabatamaatti (qabiyyee wangeelaa) fi kan wal qabatuu (inni tokko waa'ee wangeelaa kan inni qabuu muxaannoo), dorgomicha ni mo'ata (Kristoosiin) fi dorgomicha ni fiiga (Kristoosiif). Dhiphinni kun ifatti nu mul'ata 2:8-9 irratti, innis cimsa ayyaanaatiif kan inni kennu 2:10 immoo hojii gaariidhaaf cimsa yeroo laatuu. Innis tokko illee/yookaan miti garuu lamanuu/fi yaada barumsa afuuraatti malee. Ta'us, ayyaannii yeroo hundumaa durseetti kan inni dhufuu, akkasumas hundee malli jireenya Kristoosiin fakkaachuuti. Lakk.8-10 wangeela Kristoos cuunfa yaada dhiphina tureeti _ bilisaa, garuu hundumaa gatii kan baasisuu! Amantii fi hojii (Yaaq.2:14-26)!
E. Dhimma mata duree haaraa 2:11-3:13 irratti wal bara. Inni dhoksaa dha, duri irraas kan dhokkate, Waaqayyo ijoollee namaa hundumaa fayyisuudhaaf barbaaduu isaa, Yihudoonni (cf.18:23-32) ormoota (1ffaa Ximoo. 2:4, 2ffaa Pheexi.3:9), amantii dhuunfaa, Masihiidhaan jijjirama gatii. Kun kennaa fayyina wali galaati, Seer.uum. 3:15 fi 12:3 irratti raajameera. Kun adda kan ta'ee dhiifama bilisaa (Roome 5:12-21) Yihudootaa fi hundumaaf an amantaa warra seeraa isaan naasiseera (barsiisoota sobduu Ginostiki, Yihudootaa) fi kan ammayyaa hundumaa "tolli hojiidhaan" kan adeemsifamuu.

## Qayyabannaa jechaa fi gaalee

**Efe 2:1-10**
**1 Isin kanaan dura irra daddarbaa keessanii fi cubbuu keessaniin [karaa hafuuraa]**
**duutanii turtan*. 2 Yeroo sanatti isin toora biyya lafaa kanaa duukaa buutanii deddeebi'aa**
**,aboo qilleensa keessa jiru irratti isa gooftummaa qabuuf abboomamaa turtan; hafuurichi**
**hamaan amma Waaqayyoof hin aboomamne giddutti hojjechaa jira*. 3 Nus hundumti**
**keenya hawwa foon keenyaa duukaa buunee akka fedha namummaa keenyaa fi yaada**
**keenyatti warra akkasii gidduu jiraannerra; kana irraa kan ka'es akkuma warra kaanii**
**dhalootaan dheekamsa Waaqayyoo jala gallee turre*. 4 Araarri Waaqayyoo garuu baay'ee**
**waan ta'eef, jaalala isaa isa guddaa sanaan nu jaallate*. 5 Nuyi irra-daddarbaa keenyaan**
**karaa hafuuraa du'oo taanee utuma jirruu, inni warra Kristosii wajjin jiraatan nu**
**godhate; isin ayyaana Waaqayyootiin fayyifamtan*. 6 Karaa Kristoos Yesus isuma wajjin**
**du'aa nu kaasee, isumaa wajjin bantii waaqaa keessa iddoo nuuf kenne, nu teessises*.**
**7 Inni arjummaa karaa Kristoos Yesus nuuf godhe sanaan, bara dhufu hundumaattuu**
**baay'ina ayyaana isaatii isa hammas hin jedhamne argisiisuudhaaf kana godhe*. 8 Isin**
**ayyaana Waaqayyootiin karaa amantii fayyifamtan; inni immoo kennaa Waaqayyoo ti**
**malee, gochaa ofii keessanii miti, 9 hojiidhaanis miti, namni tokko illee akka ittiin of hin**

**janyetti*.[10]Nuyi hojii harka isaatiti, hojii gaarii isa Waaqayyo duraan dursee qopheesse keessa akka deddeebinuuf karaaKristos Yesus akka deddeebinuuf karaa Kristos Yesus uumamne**

**2:1** lakk. 1-7 yookaan 1-10 Girikidhaan hima tokko ijaara, lakk.5 kan jiruu gochama isa guddaa wajjin. Inni ibsa guutuu tokko tokkoo dha. Jecha Phaawuloos kan of keessatti qabatuu (1)Abdii kan hin qabnee, gargaarasa kan hin qabnee, fi ijoolleen namaa hundumtuu badiisa afuuraati, lakk. 1-3 (2)Ayyaana Waaqayyoo kan itti hin dadhabiin, lakk.4-7, fi (3)Deebii namaa barbaachisummaa isaa, amantiidhaa fi jireenya, lakk.8-10.

▣ **"isin"** Qolaasiyaasii fi Efesoon kun maqa-dhaala hedduu yeroo hundumaa kan inni argisiisuu saba amananii dha (cf.1:13, 2:12).

▣ **"Duutanituu"** kun kan ammaa gocha hojii irra ooluu yeroo ta'uu hiikii isaa "kan du'ee" dha. Kun du'a afuuraa argisiisa (cf.lakk.5, Rome 5:12-21, Qolaa 2:13). Macaafni qulqulluun waa'ee du'aa sadarkawwaan sadii hasaa'aa: (1)Du'aa afuuraa (Seer.uum 2:17, 3,  2, Isaa.  59:2, Roome 7:10-11, Yaaq. 1:15), (2)Du'a foonii (Uum. 15) fi (3)Du'a bara baraa, "du'a lamaffaa" jedhamee kan waamamuu (Mul.2:11, 20:6, 14, 21:8).

▣ **"Dadarbaa"** jechi Girikii kun (*paraptÔma) hiiki isaa "gara garee tokkootti kufuu"jechuu dha* (cf, 1:7). "Cubbuudhaaf" jechi Girikii hundumtuu yaad-rimee Ibirootaa irraa tola Waaqayyoo irraa safartuu isaa irraa finciluu wajjin adeema. "Kallatiidhaan" "sirrii" fi isaan cinaan kan ta'an jechooti Ibirootaan meeshalee ijaarsaa kan ta'ee ulee safartuu wajjin wal qabata. Safartuchi Waaqayyoo dha. Namootni hundumtuu safartuu sana irraa fincilaniiruu (cf. 14:1-3, 5:9, 10:7, 36:1, 53, 1-4, 140:3, Isaa 53:6, 59:7-8, Roome. 3:9-23, 1[ffaa] Pheexi. 2:25).

▣ **"Cubbuu"** jechi Girikii kun (hamartia) hiiki isaa "mallatticha dogogoruu" dha (cf. 4:26). Lakkoofsa 1 irrati cubbuun jecha lamanuu bifa wal fakkaatuun faayidaa irra kan oolan kufaati ilma namaa, haala adda ba'een argisiisuu dha (Room.3:9, 19:23, 11:32, Galaa 3:22).

**2:2 "Isinis duratti adeemaa kan turtan**" "adeemuu" fakkiiduu Macaafa Qulqulluutti, mala jireenyaaf, (cf.2:1, 10, 4:1, 17, 5:2, 8, 15).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"Haala adeemsa biyya lafaa kanaatiin"** |
| **NRSV** | **"Haala adeemsa biyya lafaa kana hordofee"** |
| **TEV** | **"Karaa hamaa biyya lafaa kana duukaa bu'ee"** |
| **NJB** | **"Haala geggeefama biyya lafaa kanaan utuu jiraatanii"** |

Kun kan ammaa addunyaa kufe kana seera (jechuu, bara) akka dinaatti akka namaa ta'eera (Galaa. 1:4). Kun dhala namaa kufee dha Waaqayyo irraa adda ba'ee fedhii isaa hundumaa guutachuudhaaf kan yaalu. Barreefama Yohaannis irratti "biyya lafaa" jedhama (1[ffaa] Yoha. 2:2, 15-17, 3:1, 13, 17, 4:1-17, 5:4, 5, 7,) yookaan "Babiloon"  (Mula. 14:8, 16:19, 17:5, 18:2, 10, 21). Nuun jecha ammayyaa "namummaa jiraachuu Waaqayyoo hin amane" jedhamee waamama. Mata duree addaa ilaali: Kosmos fayyadama Phaawulos Qolaa. 1:6 irratti.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"Qilleensa irratti kan hojjetuu abbaa aboo"** |
| **NRSV** | **"Qillensa irratti kan bituu aboo duukaa bu'ee"** |
| **TEV** | **"Samii irratti kan bituu humnoota afuuraaf aboomamtan"** |
| **NJB** | **"Qilleensicha kan bituu aboof abomamtan"** |

Kun ilma namaa kufee diina lamaffaa dha, seexana, kan komatuu. Ilmi namaa kan qaamaa fi kan ergamaa qoruu kan bitamu ta'eera (Seer. Uum.3, Iyoob. 1-2, Zakka. 3). Innis bittaa addunyaa kanaa yookaan Waaqa jedhamee waamama (Yoha. 12:31, 14:30, 16:11, 2[ffaa] Qoro. 4:4, 1[ffaa] Yoha. 5:19).

Kakuu Haaraatti qilleensi kan bittaa seexanaati. Qilleensi inni gadi aanuu immoo (*aēr)* Girikootaatti kan mul'atuu *qulqulluu akka hin taanee dha, fi kanaaf bakka afuuroota xuraa'ooti. Warri tokko tokkoo "qillensa" kana fayyadama isaa kan* isaan argisiisan bittaan *afuuraa kan ijaan argamuu kan hin taanee uumama godhaniiti. "Butamuun waldaa kiristaanaa" yaad Rimeen isaa kan inni dhufee hiikii* Laatiinii *1[ffaa] Tesso. 4:17 "rara'uu" dha. Kiristaanonni* gooftaadhan *wal arguu,* mootummaa seexanaa gidduu, "qilleensichii' mul'achuu isaa argisiisa! Gadi kan jiru mata duree addaa ilaali.

## MATA DUREE ADDAA: QAAMNI HAMAA

kun dhimma mata duree baay'ee rakkisaa dha, sababawwan hedduuf

1. Kakuu Moofaan kan gaarummaa diina isa guddaa hin ibsuu, haa ta'uu malee kan Yaahiwee tajaajilaa, mucaa namaatiifis filannoo kan dhi'eesuu fi tola mucaa nama ta'uu dhiisuu isaa kan komatu.
2. Kan Waaqayyoo diini inni guddaan qaamaa kan jaabachaa dhufee Macaafa Qulqulluu keessa awaaluu (kanooni kan hin taanee) barreefamoota, dhiibbaa amantaa Faariis jala (Zoraaasitiri'aniziim). Kun tartiba isaa eegatee barsisummaa Yihuudi irratti dhiibbaa guddaa geessiseera.
3. Kakuu Haaraan kan Kakuu Moofaa ergaa bifa nama ajaa'bsiisuun raawwatee mudaa kan hinqabne guddiseera garuu ramaddi filatamaaniin.

Inni tokkoo qayyabannaa isa hamaa haala barumsa afuuraa Macaafa Qulqulluuttiin yoo deemsiisee (tokkoon tokkoon macaafaa yookaan barreessaa yookaan shaarpe kan qayyabatamuu fi barreefama yaada ijoo kan ba'uu fi qopha qophaadhaan), achi irraas baay'ee adda kan ta'ee ilaalchi hamaa kan ta'ee ni mul'ata.

Ta'us, inni tokkoo qayybannaa hamaa Macaafa Qulqulluu kan hin taanee yookaan Macaafa Qulqulluu cinaan ta'uu kan qabuu amantaa addunyaa yookaan haala amantaa warra ba'aatiin yoo adeemsiisee, achi irraas immoo baay'ee guddinni Kakuu Haaraa Faarisitti bifa lama kan qabuu fi Giroki-Roomaa afuuri gaadiduu isaa ni golga.

Inni tokkoo dursa tilmaamaatiin qulqulluu sagalee isaatii fi aboo afuuraa kan kennamee yoo ta'e, achi irraas guddina Kakuu Haaraa ibsa itti fufeenya qabuu ilaalamuutu irra jiraata. Kiristaanonnii mormiidhaan eeguutu irra jiraata, himteen Yihuudootaa yookaan ogbaruun warra lixaa akka darbuu (jechuun, Daante, Milten) yaad-rimee macaafa jecha Macaafa Qulqulluu ambisuudhaaf. Naannoo kanatti ibsi jiru sirridhumatti dhoksaadhaa fi qabatee kan hin qabnee dha. Waaqayyoo kallatti hamaa hundumaa, ka'umsa isaas kaayyoo isaas mul'isuu hin filannee, mo'amuu isaa garuu mul'iseera!

Jecha Kakuu Moofaatti seexanni yookaan komataan isaa garee adda addaa sadii wajjin kan adeeman fakkaata

1. Komataa namaa (1[ffaa] Saamu. 29, 4, 2[ffaa] Saamu. 19:22, 1[ffaa] Mooto.11:14, 23, 25, Faarf. 109:6
2. Komataa ergamootaa (Seera lakk. 22:22-23, Zakka. 3:1)
3. Komataa seexanaa (1[ffaa] Qoro 21:1, 1[ffaa] Mooto 22:21,Zakka. 13:2)

Booda irratti kakuu keessa kan awaalamee bara qofa seera uum.3 bofni seexana wajjin mul'ateera (barreefamni ogummaa 2:23-24 2[ffaa] Henook 31:3), booda irrattis yoo ta'ee filannoon barsisummaa haga ta'utti (cf.sot. 9b fi sanh 29a). Seera uumamaa 6 "ijoollee dhiiraa Waaqayyoo" 1[ffaa] Henook 54:6 irratti ergamoota ta'aaniru. Asitti kan nuyi eeruu dhugummaa barumsa afuura isaa eeruuf miti, guddina isaa argisiisuudhaaf male. Kakuu Haaraatti kakuun moofaa kun hojii irra ooluun isaanii kan ilaalaman ergamaadhaaf, qaamni hamaa dha (jechuun,

seexana) 2ffaa Qoro 11:3, Mul'ata 12:9.

Wanti mul'atuu hamaa dha ka'umsi isaa rakkisaa yookaan kan hin danda'amnee dha (akkuma ilaalcha keessanitti murtaa'aa) Kakuu Moofaa irraa murtessuudhaaf. Kanaaf sababni isaa murna cimaa Israa'el irraa (1ffaa Mooto. 22:20-22, Lalla. 7:14, Isaa 45:7, Amos 3:6). Sababni hundumtuu Yaahiweedhaaf kan inni kennuu, kan isaa kan ta'ee adda kan ta'e fi dursummaa isaa argisiisuuf (Isaa. 43:11, 44:6, 8, 24, 45:5-6, 14, 18, 21, 22).

Iyaafanaan burqaa ragaa yaadannoo (1)Iyoob 1-2 seexanni tokkooffaa "ijoollee dhiiraa Waaqayyoo" (jechuun, ergamoonni) yookaan (2)Isaayaas 14, Isqe. 28 of tuulomaan baha dhi'ootti mootonni (Baabilonii fi Xiroos) of tuulummaa seexanaa argisiisuudhaaf faayida irra ooleera (1ffaa Ximoo 3:6). Xinhima kana irratti miira wal makaan qaba. Isqeel fakkiduu ganata hedeen kan inni fayyadamee mootoota Xiroos akka seexanaatti argisiisuu qofaaf miti (Isqeel 28:12-16), garuu mootota Gibxitiifis malee, isa gaariidhaa fi isa hamaa kan beeksiisuu mukichaaf malee (Isqeel 31). Ta'us, Isaa 14, keessumatti lakk. 12-14, raafama ergamootaa kan ibsu fakkaata sababa of tuulummaatiin. Waaqayyo kan seexanaa uumama adda ta'ee fi ka'umsa isaa osoo nuuf ibsuu barbaadee kun baay'ee karaa dokataadhaa fi bakka ta'a, sana argisiisuudhaaf. Mala barumsa afuuraa kan ta'ee haala isaa eeguun nurra jiraata, xiqqaadhaa fi kutaa qabatee hin qabne kan ta'an adda addaa, dhuga-baatii, barresitoota, macaafoota, fi shaarpewwan fudhachuudhaan waliin makee wanta afuuraa tokkoo kan ta'uu baasuuf.

Alfireed Ideershiimi (kan Yesuus Masihii jireenyaa fi yeroo, jildi 2, odeefannoo dabalataa XIII (fuula 748-763) fi XVI [fuula 770-776]) akka jedhuutti, barsisummaan Yihudummaa Faarisitti bifa lama kan qabuu fi kan seexanaa ragaa kan hin qabnee baay'ee dhiiba kan geesisee. Barsisoonni naannoo kanatti burqaa wayyan miti. Yesuus bifa jijjirama hundee ta'een barumsa makuraabi irraa adda ba'eera. Akka natti fakkaatutti yaad-rimee barsisootaa kan ta'e kadhata ergamootaa fi Museedhaaf gaaraa Siinaa irratti seera akka hin laane mormuu, kan ergamootaa kana boo kan Yaahiwees ta'ee kan mucaa namaa dinummaa kan jedhuu fi yaad-rimee kanaaf balbala baneera. Kan Iraan lama (Zoroasti'aan) bifa lama kan qabuu ergamaa guddaa Hayikimaani fi Hormaazaa, gaariidhaa fi hamaa qabu. Bifa lama kan qabu kun gara Yihudummaatti kan Yaahiwwee fi kan seexanaa murtaa'ummaa bifa lamaa guddachaa dhufeera.

Dhugumatti guddachaa kan deemuu ibsi Kakuu Haaraa keessa jira, akka hamaa guddachaa deemuu, haa ta'uu malee barsisoonni akka labsanitti kan ibsame miti. Kanaaf fakkeenya gaarii kan nuuf ta'uu "hiiriira Waaqa irratti ta'u" achi irrati garagarummaa jiruu dha. Kufaatiin seexanaa hawwii loogikiiti, adda ba'ee garuu hin laatamne. Kan laatames yoo ta'ee shaarbee bara dhumaatiin aguugameera (Mul. 12:4, 7, 12-13). Ammam illee seexanni yoo mo'ameef gara biyya lafaatiis yoo darbatamee, ammas taanan akka garba Yaahiweetti hojjechaa jira (Maati. 4:1, Luqa. 22:32-32, 1ffaa Qoro 5:5, 1ffaa Ximoo 1:20).

Naannoo kanatti of eegannoo keenya jabeessutu nurra jiraata. Hameenya hunma qormaata ijaan argamuu qabaata, haa ta'uu malee Waaqa tokko qofatuu jira, mucaan namaas fillannoo isaaf kan itti gaaffatamuu dha. Lolli afuuraa jira, lamanuutiin fayyina duras ta'e booda. Mo'ichi argamuuf eegamuu kan danda'uu sadan Waaqa tokkoo kan ta'ee qofaan. Hamaan mo'ameera in dhabamsifamas!

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"Ijoollee hin aboomamne irratti"** |
| **NRSV** | **"warra hin aboomane giddutti"** |
| **TEV** | **"namoota waaqayyoodhaan hin aboomamne"** |
| **NJB** | **"finciltoota"** |

Kun ciigoo Ibirootaati, finciltootaa fi kan jaabatee amala hin jijjiramne (cf.5:6)

**2:3** "Nutti hundumti keenya immoo itti jiraanneera" Efesoon irratti "nutti" kan inni argisiisuu amantoota Yihudiiti, dhimma kana irratti Phaawulosii fi garee tajaajiloota isaati. Cuftuun gaalee "akkuma warra biraa hundumaa" akka ta'uu kan isa dandeesisuu, gaaleen kun kan argisiisuu namoota Kakuu Moofaa filataman hundumaati, Yihudoota. Gochamni kun gocha hoji irra oole kan argisiisuu dha. Hoji irra kan oole sagalee jabeesuu dha. Kan inni kennuu kan kufee mucaa namaa kan alaanii hamaa humnoota afuuraa, seexana yookaan afuura hamaa dhiibbaa qabaachuu akka danda'uu dha, lakk. 2 fi 3:10, 6:12 akka eeramanitti.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"yaada foon keenyaa"** |
| **NRSV** | **"miira foon keenya"** |
| **TEV** | **"akka hawwii uumama keenya"** |
| **NJB** | **"jireenya kan miiraa"** |

Namni kufe kun diina sadaffaa dha. Ammam illee seer-luga wal cinaa tarreefama ta'een yoo hin qindoofnees "ka'umsuma irraa…") lakkoofsa lama irra kan jiran dinoota lamaan wajjin, haala barumsa afuuraa cinaan. Mucaan namaa kan kufee ofi isaa irratti kan xiyyaafatuu (Seer.uum 3) diina isaa isa guddaa dha (Galaa. 5:19-21). Innis wantoota hundumaaf eenyuun iyyuu gara mataa isaatti fedhii dhuunfaatti miciira (Room.7:14-25).

Phaawuloos "foon" jecha jedhuu kan inni fayyadamuu karaa adda addaa lamaan. Ogbaruu qofaa dha adda addummaan isaa kan murtaa'uu 2:11, 14, 5:29, 21, 6:5, fi 12 inni kan jedhuu "qaama namaa" dha malee "kan kufee uumama cubbuu" miti, akka kanatti.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"kan foonitii fi fedhii yaadaa dheebbuu baasuu"** |
| **NKJV** | **"kan fooniitiifi fedhii yaadaa raawwachuu"** |
| **NRSV** | **"fedhii foon keenyaa fi miira keenyaa duukaa bu'uudhaan"** |
| **TEV** | **"foon keenyaa fi yaadii keenya gochuu kan inni barbaaduu hundumaa gochuudhaan"** |
| **NJB** | **"matuma keenyaan fedhii qaamaa fi yaada mataa keenyaaf waluma galatti bitamuu"** |

Kun gocha ammaa kan hin murtoofnee yeroo ta'uu kan itti fufuu, adeemsa irra kan jiru, kan baratame gocha jabina laatu. Qaama namaatii fi yaadii matumma isaanitti hamaa miti, garuu kan qormaataa fi cubbuuti fi diree waraanaati (cf. 17-19, Room.6 fi 7).

▣ **"Umamaan"**kun argisisuu uumamaan kallatti Addaam (Uuma.3, Faars. 51:5, Iyoob 14:4, Room. 5:12-21, 7:14-25). Kan nama ajaa'ibsiisuu barsisonni waluma galaatti kufaati namaatii fi, seera Uuma. 3 irrati cimsa laachuu dadhabuu isaaniti. Bakka isaa isaan ejjennoo jabeefatanii ijoolleen namaa yaada lama (Yetzer) akka jiruu dha, inni tokkoo gaarii inni tokko hamaa. Namootis dhiibbaa kan irra geesisan filannoo isaanitiin. Kan beekamee fakkeenyi barsisummaa jira: "tokkoon tokkoon namaa guraachaa fi adiin sareen laphee isaa keessa jira. Baay'ee kan sooruu guddaa kan ta'u isa." Ta'us, Kakuu Haaraan heeddu barumsa afuuraa sababawwan ijoollee namaatiif cubbuu dhi'eessa (1)Kufaatii Addaam, (2)Fedhii kan qabuu beekuu dhabuu fi (3)Filannoo cubbuu.

▣ **"Ijoollee cubbuu"** "Kan…ijoollee" akka "kan…ijoollee dhiiraa" , gaalee ciigoo Ibirootaati, amala namaatiif. Waaqayyoo cubbamummaa fi fincilummaa ni morma, amala isaa irratti. Dheekamsi Waaqayyoo kara lamaninuu kan yeroo (yeroo isaatii) fi raawwata irratti "bara dhumaa" dha.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"akkuma warra kan biraa hundumaa"** |
| **NKJV** | **"wali wajjin akka teenyu nu godhee"** |

**NRSV, TEV "akkuma kan biraa"**
**NJB "akkuma addunyaa biraa"**

Kun kan argisiisuu badiisa ijoollee namaa hundumaati, kan Yihudii fi ormoota (Roome 1:18-3:21). Phaawuloos yeroo hundumaa "kan hafan" jecha jedhuu fayyadama, warra badan argisiisuudhaaf (1[ffaa] Tesoo 4:13, 5:6).

**2:4 "Ha ta'uu malee Waaqayyo araara isaatiin badhaadhaa waan ta'eef isa nu jaallatee jaalala isaa guddaa irraa kan ka'ee"** kana kan fakkaatuu jijjiramni ajaa'ibsiisaan ni mul'ata, abdii kan hin qabnee fi gargaarsa kan hin qabne kan ta'e lakkoofsa 1-3 fi araara ayyaana Waaqayyoo ajaa'ibsiisaa gidduu akk.4-7 irratti.

Ammam dhugaa guddaa dhaa! Araaraa Waaqayyootii fi jaalalli furtuu fayyinaatti (cf. lakk.7). Kan amala araaraa isaatiti (cf.1:7, 18, 2:7, 3:8, 16), hojii ijoollee namaa osoo hin taanee karaa tolaa kan argisiisuu. "Badhaadhummaa yaadannoo jedhu 1:7 irratti ilaali).

Lakkoofsi kun ayyaana Waaqayyoo irratti kan qabuu, keeyata yeroo ammaa fi gocha ammaa kan argisiisuu ta'uun isaa murteessa dha. Waaqayyoo yeroo darbe nu jaallateera itti fufees nu jaallata (1[ffaa] Yoha. 4:10)!

**2:5 "Irra daddarba keenyaan du'oo yeroo turetti"** gaaleen kun lakk.1a wajjin wal cinaa dha. Phaawuloos gara yaada guddaatti deebi'eera, yaada isaa hammatuu keessa jiruu booda (cf.1-3) waa'ee badiisa ijoollee namaa. Rakkoo keenya gidduu Waaqayyoo jaalalaan adeeme (Roome. 5"6, 8).

▣ **"Kiristoosi wajjin jireenya nuu laate"** gaaleen ingilliffaa kun jecha Girikii tokko calaqisiisaa (*suz*Ô*poie*Ô). Himi kun gochama isa guddaa dha (gocha yeroo ammaa argisiisu) lakk.1 irratti kan jalqabe. Kun gocha ma wal makaa sadii kan jalqabaati, durgala Girikii SYN wajjin, hiiki isaas "wali wajjin kan hirmaanaa". Yesuus du'aa ka'eera 1:20 irratti, amantoonis karaa isaatiin jireenya afuuraatii fi ni arifachiisuu (Qolaa 2:13). Amantootni amma dhugumatti Kiristoosii wajjin jireenyatti jiru.

▣ **2:5, 8 "Ayyaanaan fayyitanitu"** kun kan xumuramee hojii irra kan oolu kan dheeratee kan hin murtaa'iin yeroo ta'uu lakk.8 irratti cimsaaf irra deebi'ame. Kana jechuun amantotni yeroo darbee fayyaniiruu, qaama alaa ta'en, bu'aa hin dhaabbaneen, "isaanis fayyisuu Waaqayyootiin itti fufu." Caasefamni wal fakkaataan kun lakk.8 irratti cimsuuf irra deebi'ameera. Mata duree addaa Efe. 1:7 ilaali.

Kun dubbifama Macaafa Qulqulluu 1, waa'ee amanaa fayyinni doktrinii hundee ta'ee (Yoha. 6:37. 39, 10:28, 17:2, 24, 18:9, Roome. 8:31-39). Akkuma dooktrinii Macaafa Qulqulluu kan biroo madaalli isaa eeguutu irra jiraata (faallaadhaan kan qabame)dhugaadhaa fi barreefamoota kan biroo wajjin.

**2:6 "Isaa wajjin nu kaaseera"** kun gocha wal makaa lamaaffaa dha syn wajjin. Amantooni Kristoosi wajjin duraan dursanii ka'aaniiru. Amantootni cuuphaadhaan isaa wajjin Awaalamaniiruu (Qolaa. 2:12, Roome 6:3-11) Kristoosii wajjin abbaadhaan ka'aaniiru (Qolaa 2:13, Room. 6:4-5) innis Yesuusiin kan kaasee (afuuraan ka'eera Roome8:11). Isaan kun fakkeenya oolchuuti. Amantootni jireenya afuuraatiin shaakala Yesuusiin tibbawwan guddaa irratti hirmaateera, fannifamuu, du'a, awaalaa, du'aa ka'uu, fi mootummaa! Amantootni jirreenya isaatii fi rakkina isaa ni hirmaatu, akkasumas ulfina isa ni hirmaatuu (Room.8:17)!

▣
**NASB, NRSV "isaa wajjin nu teesisee"**
**NKJV "wali wajjin akka teenyu nu godhe"**
**TEV "isaa wajjin akka binnuuf"**
**NJB "isaa wajjin bakka nu kenne"**

Kun gocha wal makaa sadaffaa dha syn wajjin. isaa wajjin bakka qabnu kan ammaa, akkasumas kan fuul duraa mo'icha keenyaa dha (Roome 8:37)! Isaa wajjin taa''uu yaad-rimeen jedhuu hiiki isaa isaa wajjin bituu dha. Yesuus mootii mootootaati teessoo Waaqayyoo abbaa irratti kan taa'ee, amantootni ammas illee isaa wajjin mo'aniiruu (Maati. 19:28, Roome 5:17, Qolaa 3:1, 2ffaa Ximoo 2:12, Mul. 22:5). Kan itti fufee jiru mata duree addaa ilaali.

**MATA DUREE ADDAA: MOOTUMMAA WAAQAYYOOTTI BITUU**

Yaada rimeen Yesuusi wajin bituu "mootummaa Waaqayyoo" kan jedhamuu kafaltii ramaddii barumsa afuuraa isaa guddaa dha. yaadirimeen Kakuu Moofaa kun wal qabataa kan dhufee dha, Waaqayyo akka mootii Isiraa'eel isa dhugaati (1ffaa Saamu. 8:7), Inni akka fakkeenyaatti mo'eera (1ffaa Saamu. 8:7, 10:17-19) karaa sanyii gosa Yihudaa (Seera uum. 49:10) fi karaa sanyii Iseeyi (2ffaa Saamu. 7).

Yesus xumura abdii raajii Kakuu Moofaati, Masihiikan ilaalate. Inni mootummaa Waaqayyoo eebbise, Betelehemitti foon uffachuun mootummaan Waaqayyoo lallabba Yesuusiin utubaa guddaa ta'e. Mootummaa isaa guutummaatti isaan dhufee (Maat. 10:7, 11:12, 12:28, Maar. 1:15, Luqaa. 10:9, 11, 11:20, 16:16, 17:20-21).

Ta'us, mootummaan isas immoo kan fuula duraati (kan xumuraa). Kan ammaati ha ta'uu malee hin gonfanne (Maat. 6:10, 8:11, 16:28, 22:1-14, 26:29, Luqaa 9:27, 11:2, 13:29, 14:10-24, 22:16, 18). Yesuus jalqaba kan dhufee akka tajaajilaa rakkina fudhatuutti (Isaa 52:13-53:12), akka gadi of qabaati (cf. 9:9) deebi'ee kan inni dhufuu garuu akka mootii moototaati (Maat. 2:2, 21:5, 27:11-14). "Bituu" yaad-rimeen jedhuu dhugumatti kan kanaa "mootumaa" barumsa afuuraati. Waaqayyoo mootumaa isaa duuka buutuu Yesuusiif kenneera (Luqaa.12:32 ilaalii).

Yaad-rimeen Kristoosii wajjin bituu gaafii kallatti heedduu qabuu

1. Waaqayyoo Kristoosiin amantootaaf kan kennee "mootummaa" dubbifama cimsa laataan kan isaan argisiisan "bituu" dha (Maati. 5:3, 10, Luqaa. 12:32)?
2. Jechi Yesuus ergamoota isaa gurguddoo, jaarraa tokkooffaatti qabiyyeen barrefama Yihudootaa kan isaan argiisan amantoota hundumaati (Maati 19:28, Luqaa 22:28-30)?
3. Cimsi Phaawuloos amma bara kanatti bituu kan ilaalate barreefamaa olii ni morma yookaan wal qabataa dhaa? (Roome. 5:17, 1ffaa Qoro 4:8)?
4. Rakkina fudhachuu fi bituun akkamitti wali wajjin deema (Roome 8:17, 2ffaa Ximoo 2:11-17, 1ffaa Phexi 4:13, Mul.1:9)?
5. Ergaan mul'ata ammaa ulfina bitaa Yesuus Kristoos hirmaachuu dha, haa ta'uu malee inni
   a. Kan lafa irraa 5:10
   b. Kan waggaa kumaa, 20:5, 6
   c. Kan bara baraa 2:26, 3:21, 22:5 fi Daani. 7:14, 18, 27?

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV, NRSV** | **"bakka Waaqa irra"** |
| **TEV** | **"biyya waaqa irra"** |
| **NJB** | **"samii irra"** |

Kun kan inni argisiisuu (bakka) saala kan argisiisuu kan lakkoofsa baay'ee addeessa, "bakka waaqa irra" faayida irra kan oolee Efesoon (cf.1:20, 2:6, 3;10, 6:12). Fayyadama wali gala xinhimaa irraa, kan jedhee bittaa afuuraati dha, kunnis amantootni amma as kan jiraatani dha, samii irra osoo hin taane.

**2:7 "Baroota dhufanitis"** Yihudoonni baroota lamatti amanuu, kan ammaa bara hamaa (Galaa. 1:4) fi kan dhufuu bara tolaa (1:21 irra kan jiru mata duree ilaali). Kun barri tolaa haaraan dhufaatii Masihiin eebbifama, humna afuura qulqulluutiin. 1:20 irra "bara" qeenxee dha, as baay'ee dha (1ffaa Qoro 2:7, Ibi 1:2, 11:3). Tokkummaan kanaas (1) Yoo xinaate baroonni lama jiru yookaan (2)kan baayee faayida irra kan oole barri dhufuu waan xiqqoo fakkeessanii kan argisisanii fi guddisuufi dha _ciigoo barsisootaa "baay'ina surraa" jedhamee kan waamamu kan akka kanaa kan fayyadama baay'ee bifa fakkeenyaatiin kan darban "baroota" dubbifama eeran irratti mul'achuu danda'a (Room. 10:25, 1ffaa Qoro 10:11, 2ffaa Ximoo 1:9, Tiito 1:2).

Beektonni tokko tokkoo akka amananitti kun fakkiiduu bara baraati gaalichi kan dhi'aatee kan amantaa kan hin taanee haala konee Girikii fi haalaa Kakuu Haaraa bakka hedduu (Luqaa 1:33, 55, Yoha. 12:34, Roome 9:5, Galaa 1:5, 1ffaa Ximoo 1:17).

▣ **"Ni argisiisa"** gochi kun gocha giddu galeessa cinaati. Waaqayyo amala mataa isaati mul'inatti mul'iseera (cf.1:5-7). Jechi kun hiiki isaa "mul'inatti argisiisuu dha" (Room. 9:17, 22). Araarri Waaqayyoof kaayyoon isaa Kristoosin mul'inatti ibsameera, ergamootaaf, nama kufeef, qabannaa godheen, cf. 3:10,, 1ffaa Qoro 4:9, 1ffaa Pheexi 1:12).

▣ **"Kan nama ajaa'ibsiisuu"** *Huperball*Ô. Mata duree addaa: akkaataa fayyadama wal makiinsa Huperi Phaawulos 1:19 irratti ilaali.

**2:8 "Ayyaana isaan"** fayyinni Waaqayyoodhaan "ayyaana" dha (Efee.1:3-14. Amalli Waaqayyoo araara isaatiin mul'ateera (cf. lakk. 4-6). Amantootni badhaas jaalala isaatiti. Ayyaanni isaa caalatti kan mul'atuu akan hin dhadhabiin kan nuuf hin taanee jaalala Waaqayyooti. Innis amala Waaqayyoo karaa Kristoos nuuf dhangala'ee, innis kan ta'uuf yookaan kan itti dadhabeef miti, inni waan nu jaallateef.

▣ **"Fayyitanituu"** kun kan xumuramee hojii irra kan oolee gaalee hin murtoofne yeroo ta'uu lakk.5 wajjin wal cina. Cimsa kan itti laatuuf, "amantootni durattis itti fufeenyaanis" Waaqayyoon fayyuu isaanitti.

Kakuu Moofaatti "fayyinni" jechi jedhuu "fayyina qaamaa" dha kan inni dubbatu (Yaaq. 5:15). Kakuu Haaraatti hiiki kun gara kallatti afuuraatti geesera. Waaqayyo amantoota bu'aa cubbuu irraa fayyisee jireenya bara baraa laateeraaf.

▣ **"Amantiidhaan"** amantiin kennaa ayyaanaa Waaqayyoo Kiristosiin fudhatama (Roome. 3:22, 25, 4:5, 9:30, Galaa. 2:16, 1ffaa Pheexi 1:5). Ijoolleen namaa kennaa Waaqayyotiif deebii kennuutu irra jiraata, Kristoosiin ayyaana kennameef araara (Yoha. 1:12, 3:16-17, 36, 6:40, 11:25-26, Roome. 10:9-13).

Waaqayyo ilma namaa kufee wajjin bifa kakuutiin kan ini dhi'aatu. Inni yeroo hundumaa ka'umsa isaa fudhata (Yoha. 6:44, 65) yaada isaa qindeessee daangaa isaa teesisa (Maari. 1:51, Hoji.erga 3:16, 19, 120:21). Innis mucaa namaa kufeef ni hiyyama, fayyina mataa isaanii irratti akka hirmaatan, kennaa kakuutiif deebii akka laataaniif. Deebii barbaachiisaan ka'umsaa fi amanti itti fufiinsa qabuu, qalbi jijjirannaa, aboomamuu, tajaajila, waaqefannaa, fi cimina.

"Amantii" jechi jdhuu fakkiiduu Kakuu Moofaati haala cimininaan itti fufeenya qabu. Innis kan inni ibsuu sirridhumatti, isa amanamaa, itti dhi'aachuun kan irra jiraatuu fi kan amanamee dha. isaan kana keessaa eenyuu isaani illee kan bitee ilma namaa kufee hin ibsuu inni amanamummaa ilma namaa yookaan amanamaa ta'uu yookaan amanamummaa miti, kan Waaqayyoo malee. Kan isaa abdii amanamaa ta'ee ni amanana, amanamummaa keenya osoo hin taane! Aboomamuu kakuu galata irraa dhangala'aa xiyyaafannoon isaa yeroo hundumaa amanamummaa isaa irratti, amantii amantootaa irratti osoo hin taane! Amantiin eenyuunu hin fayyisuu ayyana qofa kan fayyisu, isa kan simannu garuu amantiidhaan. Xiyyaafannoon isaa hanga amantii irratti raawwatee miti (Maat. 17:20), garuu abbaa sana irratti (Yesuus) irratti.

▣ **"Innis"** kun kan Girikii kan argisiisuu durgala (touto) innis saala kan hin qabneedha. Namootni dhi'aatanis "ayyaana" fi "amantii" lamanuu saala dhalaati. Kanaaf kun kan argisisuu adeemsa wali gala fayyina keenyaati, hoji Kristoosiin xumurame.

Kan biraan wajjin deemuu kan danda'uu jira, qindeefama seer-luga wal fakkaatuun, Filli.1:28 irratti. Dhimmi isaa kana yo ta'ee egaa – gaalee dabalgochima kan inni adeemuu amantii dhaa wajjin, innis kennaa ayyaana Waaqayyoo kan ta'ee! Kunnis olaantummaa Waaqayyootii fi dhoksaa fedhii bilisaa namootaati.

▣ **"Mataa keessan irraa miti"** kun gale sadanuu keessaa isa tokkoo yeroo ta'uu innis fayyinni hojii namaa irratti akka hin hundoofne ifatti argisiisa: (1) "Mataa keessan irraa miti" lakk.8 (2) "Kennaa Waaqayyoo" lakk.8 fi (3) "Hojii irraa miti" lakk.8.

▣ **"Kennaa Waaqayyoo"** kun dhimma ayyaanaatti_kan jaalalaa, xaxaa tokkoo iyyuu osoo itti hin godhin (Roome 3:24, 6:23). Fayyinni yeroo dubbatan dhugaa kan hin fakkaanee garuu dhugaa kan ta'ee akkuma kennaa ayyanaa fi itti gaaffatamummaa deebii kakuu hubachuudhaaf nu rakkisa dhugumatti lamanuu dhugaa dha! Fayyinni dhuguma bilisa, ta'uus hundumaa gatii nii baasisa baay'een dooktrinii Macaafa Qulqulluu kan isaan dhi'aatan kan akka dhiphinaan guutee mirree dhugaati (fayyina yookaan cimina, amantii yookaan hojii, olaantummaa Waaqayyoo yookaan fedhii bilisaa namaa, dursa ga'umsaa yookaan deebii namaa fi kan uumamaan olii yookaan kan murtaa'ee.

**MATA DUREE ADDAA: RAGAA KAKUU MOOFAA FAYYUUDHAAF**

1. Inni amala abbaa irratti hundaa'ee (Yohaa 3:16) hojii ilmaatiin (2[ffaa] Qoro 5:21) fi tajaajila afuura qulqullutin (Roome 8:14-16) hoji nmaatiin miti, gatii aboomamuudhaan ta'ee miti, seeras miti.
2. Inni kennaa dha (Roome 3:24, 6:23, Efe 2:5, 8-9)
3. Inni jireenya haaraa dha, ilaalcha addunyaa haaraa (Yaaq. Fi 1[ffaa] Yohannis).
4. Inni beekumsa (wangeela), firooma (amantii fi Yesuusi wajjin), akkasumas tooftaa jireenya haaraatiin (geggeefama afuuraa Kristoosiin fakkaachuu) sadanuu eenyuu iyyuu mataa isaatiin kan hin dandeenye.

**2:9 "Bu'aa hojiitiin miti"** fayyinni hojiidhaan miti (Room. 3:20, 27-28, 9:11, 16, 32:16, Filli 3:9, 2[ffaa] Xi oo 1:9, Tiito 3:5). Barsiisotni sobduu kun kallattidhaan kan falleessanii dha.

▣ **"Kanaaf eenyu iyyuu akka of hin jajne"** fayyinni ayyanaa Waaqayyootiin, yaalii namaatiin osoo hin taanee kana waan ta'eef namni ittiin ulfaachuudhaaf kan ta'u sababi tokko iyyuu hin jiru (Room. 3:27, 4:2). Amantootni of jaju yoo ta'ee Kristoosiin of ha jajan (1[ffaa] Qoro 1:31, innis Ermi. 9:23-24 kan eeramee).

**MATA DUREE ADDAA: OF JAJUU**

Jechi Girikii kun kauchaomai, kauchēma, fikauchēsis yeroo sodomi shan Phaawulosiin nfaayidaa irra ooleera, kana fan Kakuu Haaraatti yeroo lama qofa (laman sunnis Yaaqoob irratti*)*. Irra guddaa faayidaa irra kan oolee 1[ffaa] fi 2[ffaa] Qorontos irratti.

Of jajuudhaan kan wal qabatee dhugaan lama jiru

1. Foon qabeessi kam iyyuu Waaqayyo duratti of hin jajuu/in ulfaatuu (1[ffaa] Qoro 1:29, Efe.2:9)
2. Amantootni kabajamuun kan isaan irra jiru gooftaadhaan (1[ffaa] Qoro 1:31, 2[ffaa] Qoro 10:17 kunnis Ermi. 9:23-24 waajin kan eeree

Kanaaf ta'uu kan qabuu fi ta'uu kan hin qabnee of jajuu/kabajuun jira (jechuun of tuuluu).

1. Ta'uu kan qabuu
   a. Abdii ulfinaan (Room. 4:2)
   b. Karaa Waaqayyoo gooftaakeenya Yesuus Kristoosiin (Room. 5:11)
   c. Fannoo gooftaa keenya Yesuus Kristoosiin (ergaam Phaawulos inni guddaan, 1ffaa Qoro 1:17-18, Galaa 6:14)
   d. Phaawuloos kan inni of jajuu
      1) Tajaajila gatii malee kennamuuf (1ffaa Qoro 9:15, 16, 2ffaa Qoro 10:12)
      2) Aboo Kristoosiin kenname (2ffaa Qoro 10:8, 12)
      3) Hojii kan biroon of jajuu dhiisuu isaa (akka namoota tokko tokkoo Kristoosiin turanii 10:15)
      4) Sanyiin dhaaluu (warri tokko tokkoo Qorontositti akkuma godhaa turan 1ffaa Qoro 17:17, 12:1, 5, 6)
      5) Waldoota kiristaanaatti
         A. Qorontos (2ffaa Qoro 7:4, 14, 8:24, 9:2, 11:10)
         B. Tesolonqee (2ffaa Teso 1:4)
      6) Waaqayyoon jajjabaachuu fi fayyinni iddoo jirutti amanachuu (2ffaa Qoro 1:12
2. Ta'uu kan hin qabne
   a. Dhaala Yihudootaa wajjin kan wal qabatee (Room 2:17, 23, 3:27, Galaa 6:13)
   b. Warri tokko tokkoo waldoota kiristanaa Qorontositti of jajuu turan
      1) Namootaan (1ffaa Qoro 3:21)
      2) Ogummaadhaan(1ffaa Qoro 4:7)
      3) Birmadummaadhaan (1ffaa Qoro 5:6)
   c. Barsisoota sobduu waldaa kiristaanaa Qorontositti of jajuu yaalaanii turan (2ffaa Qoro 11:12)

**2:10 "Isaa wajjin kan hojjenu dhaahoo"** jechi ingillifaa"poem" (walaloo) kan inni dhufee jecha Girikii (*poi'ēma)* jechi kun Kakuu Haaraatti yeroo lama ;faayidaa irra kan inni oolee, bakka kanatti fi Roome 1:20 irratti. Kun ejennoo amantootaati, ayyaanaan. Isaan yeroo dubbatan dhugaa kan hin fakkaannee garuu dhugaa kan ta'ee kan isaa bu'aa xumuramee dha, kunnis amma illee adeemsa irra kan jiru!

▣ **"Kristoos Yesuusin kan uumamne"** gochi kun hoji irrakan oole gochama hin murtoofnee dha. Afuurri qulqulluun amantoota totolcha, tajaajila Kristoosiin, fedhii Kristoosiin (cf. 1:3-14). Kun gocha uumama haaraa afuuraa jecha wal fakkaataadhaan ni ibsa, ka'umsa uumamaa seera uumamaa irratti faayida irra kan oole (cf. 3:9, Qolaa 1:16).

▣ **"Hojii gaariidhaaf"** malli jireenya amantootaa erga Kristoosiin argatanii booda ragaa fayyisa isaaniti (Yaaqobii fi 1ffaa Yohannis). Kan fayyan karaa amantii ayyaanaan, hojiidhaa fi! Kan fayyan tajaajiluufidhaa! Amantiin hojii malee du'aadha, hojiin amantii malee akka ta'ee hundumaa (Maat. 7:21-23 fi Yaaq 2:14-26). Galmii fillannoo Waaqayyoo amantootni "qulqulluudhaa fi mudaa malee" akka Fayyanii dha (cf. 1:4).

Phaawulos yeroo hundumaa ni waranaama, jijjirama hundee kan ta'ee wangeela bilisaa, jireenya gaarii hin taanee kan jajjabeessuu fakkaatee waan ilaalamuuf. Raawwii safuu wajjin kan wal hin qabannee kan fakkaatuu wangeelli gara sirrii hin taanettii geggeessa. Wangeelli Phaawulos ayyana Waaqayyootiin bilisa, haa ta'uu malee immoo ta'uu kan qabuu deebii gaafata. Ka'umsuma isaa irraa qalbi jijjiirannaa qofa osoo hin taane qalbi jijjirana itti fufeenya qabuun immoo malee. Jireenyi gaariin bu'aa isaati, seera maleessa osoo hin taane. Hojii gaariin fayyina kan argamsiisu mala miti bu'aa dha

male. Kun walumaa galatti fayyina bilisa ta'ee fi hunduma gatii kan baasiisuu deebii yeroo dubbatan dhuga kan hin fakkaanee garuu dhugaa kan ta'ee ibsuudhaaf rakkisaa dha, haa ta'uu malee lamanuu dhiphina guutuu madaalii qabachuutu irra jiraata.

Ofitummaan warra Ameerikaa wangeela qabatee dhabsiiseera. Namoonni kan fayyan sadarkaa dhuunfaatti Waaqayyoo waan baay'ee jaallatuuf miti, haa ta'uu malee Waaqayyo nama kufee jaallachuu isaati male, bifa isaatikan tolche. Inni namoota dhuunfaa ni fayyisa ni jijjiras namoota dhuunfaa baay'ee mbira ga'uudhaaf. Xiyyaafannoon jaalalaa inni dhummaa dursee wali gala (Yoha. 3:16) isa garuu sadarkaa nama dhuunfaati kan nutti fudhannu (Yohannis 1:12, Roome 10:9-13, 1[ffaa] Qoro 15:1).

▣ **"Waaqayyo duraan dursee kan inni qopheesse"** jechi cimaan kun (dursa +hetoimos "duraan dursee qopheessuu") yaad rime barumsa afuuraa ta'ee carraa wajjin adeema (cf. 1:14-5, 11) akkasumas asitti fi Roome 9:23 gidduu faayida irra kan oole. Waaqayyo namoota
Filateera amala isaa akka callaqisiisaniif. Karaa kiristoos, abbaan bifa isaa deebiseera, ilma namaa kufe (seera uuma. 1:26-27).

## Efeesoon:2:11-22

**[11]Issin warri saba Waaqayyoo hin ta'in, "Warra dhagna qabatan" waan waan harkaan
dhagna namaa irratti hojjetamuun warra of waaman biratti, "Warra dhagna hin qabatiin"
jedhamtanii akka waamamaaa turtan yaadadhaa*! [12] Yeroo sanatti isin Kristoosi wajjin
homaa walitti hin qabdanturtan; waldaa ijoollee Isira'eelitti orma, kakuu abdii isaanii
keessaaa kan hin qabne, ofii abdii kan hin qabne, biyya lafaattis Waaqayyo malee akka
turtan yaadadhaa*! [13]Amma garu Kristos Yesuusi wajjin tokkummaa qabaachuudhaan
isin warri dur fagaattanii turtan dhiiga Kristosiin dhi'eeeffamtaniittu*. [14]Kristos nagaa
keenya;inni keenyan diinummaa isa gidduu ture deegee, lamaanuu tokko godheera*. [15]Inni
nagaa buusuudhaan qooda gosa lamaaniinamummaa haaraa isatti argamu tokko akka
uumuuf abboommootaa fi toora seera sanaa namoota irraa kaase*. [16]Fannoo irratti
du'uudhaan gosa lamaanuu akka dhagna tokkootti Waaqayyotti araarsuudhaaf, ofii
isaatiin diinummaa balleesse*. [17]Inni dhufeeisin warra fagoo turtanitti, isaan warra dhi'oo
jiraanittis misiraachoo nagaa lallabe*. [18]Nuyi lamaanuu afuuruma tokkoon karaa isaa
akka itti abbaa bira geenyuu qabna*. [19]Egaa isin si'achi warra Waaqayyoof qulqullaa'anii
wajjin warra biyyaa, warra mana Waaqayyootis malee, orma, nama biyya diidaas miti*.
[20]Isin hundee ergamootaa fi raajotaa irratti ijaaramtanittu, Kristos Yesus immoo ofii
isaatii dhagaa golee qajeelchuu dha*. [21]Guutummaan ijaarsa sanaa isumaan walitti
qabamee, mana qulqullummaa Waaqayyoo ta'uudhaaf gooftaatti in guddata*. [22]Isinis
immoo isumaan mana isa Waaqayyo hafuura isaatiin keessa jiraatu taatanii itti ijaaramuu
keessan*.**

**2:11 "Kanaaf**" kun argisiisuu (1)Lakk. 1-10, yookaan (2) 1-3-2:10. Phaawulos jecha kan irra deddeebi'ee fayyadama. Ramaddii barreefama biraa jalqabuudhaaf, ramaddii darban irratti kan jiran dabalata dhugaa irratti ijaaruudhaan (Roome 5:11, 8:1, 12:1)

Kun ramaddii doktirinnii isa guddaa sadaffaa Phaawulosiiti (boqonnaa 1-3). Inni jalqabaa filannoo bara baraa Waaqayyoo ture, isaan amala ayyaanaa irratti kan hundaa'ee, lamaffaan, namni kufee abdii dhabuu isaa, gocha ayyaana Waaqayootiin kan fayyee, karaa Kristoos, isa dirqamatti fudhachuu fi jiraachuun karaa amantiin kan seenu. Sadaffaan immoo fedhiin Waaqayyoo yeroo hundumaa namootni hundumtuu akka fayyan ta'uu isaa (Uuma. 3:15), Yihudiis ta'an orma (cf. 2:11-3:13). Beekumsa nama kam iyuu (jechuun Ginostikii) dhugaan mul'atan kun gargaaruu hin danda'au.

▣ **"Yaadadhaa"** kun xiyyaafataa gocha ammaati. Isaan ormonni kun aboomamaniiruu, duraan dursanii Waaqayyo irraa kan qaban irraa adda ba'uu yaadachiisuu isaanii akka itti fufan ni dubbata lakk.11-12.

▣ **“Duraan dursee isiniin fooniin orma turtan”** kun akkumma jiruutti “uumamatoota” (hthnos) dha. inni kan argisiisuu sanyii Yaaqoobiin kan hin taanee saba hundumaati. Kakuu Moofaaati “sabootaa” jechi jedhuu (go’im) Yihudoonni Yihudoota kan hin ta’in hundumaa gadi qabee karaan ibsu tureera.

▣ **“Kan dhagna hin qabatiin kan jedhamtan”** haala kakuu mofatiin seerri kun amantiin keessaa malattoon alaa tureera Leewwoota 26:41-42, Keessa deebii 10:16, Ermi 4:4). Kan Galaatiyaa “Yihudoonni” kun amma fedha Waaqayyoo akka ta’e ni cimsu, fayyinaafis barbaachiisaa dha jedhu (Hoji.erga 15:1, Galaa. 2:11-12). Fakkeenya isaa kan bakka bu’uu haala afuuraa wajjin akka wal dha’aan of eegadhaa (Hoji.erg. 2:38 fakkeenya biraatiif).

**2:12**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“Kristoos irraa adda baataanii”** |
| **NKJV, NRSV** | **“Kristoosiin malee”** |
| **TEV** | **“Kristoos irraa fagaatanii”** |
| **NJB** | **“Kristoosiin utuu hin qabaatiin”** |

Kun akkuma jirutti “hundee adda ta’ee irratti” jechuu dha. gaalee xiqqaan itti fufanii jiran kun (jechuun, lakk. 12), akka lakk.1-3, gargaarsaa dhabuu ormootaa fi abdii dhabuu ta’uu argisiisa, Kristoosiin malee.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NJB** | **“itti hin dabalamne”** |
| **NKJV, NRSV** | **“orma ta’aanii”** |
| **TEV** | **“galaa”** |

Kun hojii irra kan oolee kan xumuramee hiikii isaa kan hin murtoofne “osoo itti hin dabalamiin turan, itti fufees ni jiraatu” dha. Kakuu Moofaati jechi kun kan inni argisiisuu lamummaa kan hin qabnee jiraatoota, mirga murtaa’ee wajjin (ormoota). Ormootni adda ba’aanii turan itti fufanis adda ba’aaniiru, kakuu Yaahiwee irraa orma ta’uudhaan.

▣ **“Gamtaa Israa’eel irraa”** kun akkuma jirutti “lamummaa” (ponitpeia) dha. Jechi kun gara ingillifaatti “Poletics_) kan jedhuun dhufeera. Innis kan argisiisuu gara kan filataman dhaloota Abirahamiiti. Faayidaan isaaaniis Roome 9:4-5 irratti tarreefameera.

▣ **“Gara kakuu abdii”** Kakuu Haaraan gara Kakuu Moofaatti argisiisuu danda’a akka kakuu tokkootti yookaan akka kakuu hedduuti. Faallaan barumsa afuuraa mul’achuu danda’a, akka kakuu amantaa tokkootti, safartuu adda addaatiin akka ibsameeti. Waaqayyo namoota Kakuu Moofaa kan inni wal argee karaa adda addaatiin. Dubbi inni Addaamiif qabu turee waa’ee wantoota Heddeen ture, Nohii fi waa’ee doonii, Abirahimii fi waa’ee mucaa fi waa’ee bakka inni jiraatu, Museedhaaf waa’ee saba inni geggeesuu, k.k.f. hundumaaf garuusagalee Waaqayyootiif waa’ee aboomamuu ture namoonni tokko tokkoo (kan qoqodan) garaa garummaa irratti kan isaan xiyyaafatan. Namoonni biraan (warri Kalviin) kallatti amantaa tokko gochuu irratti kan isaan xiyyaafatan. Phaawulos kan xiyyaafatee kakuu Abirahaam irratti ture (Roome 4) hundumaan walitti dhufeenyi amantii gareen qooduu gochuuf.

Kakuu Haaraan akkuma Kakuu Moofaa kakuu dha, ibsi Waaqayyoo aboomamuudhaaf amantii dhuunfaa gaaffachuu isaaniti. Kakuu isaati addaa (Ermi. 31:31-34). Kakuun Musee kan xiyyaafatuu aboomamuu ilma namaatii fi hojii irratti ture, Kakuu Haaraan kan xiyyaafatuu aboomamuu Kristoosii fi hoji irratti. Kakuu haaran kun Waaqayyoo Yihudootaa fi ormoota amantiidhaan karaa inni tokko godhee dha (cf. 2:11-3:13).

Kakuu Haaraan, akkuma Kakuu Moofaa lamanuu kan haalaa hin ture (abdii Waaqayyoo) kan haalaa ture (deebii namaa). Innis lamanuu callaqisiisa, olaantummaa Waaqayyoo (murtoo dursa ga’umsaa) fi fedhii bilisaa namaa (amantii, qalbi jijjirannaa, abomamuu, jabaachuu).

**MATA DUREE ADDAA:KAKUU**

Jecha Kakuu Moofaa kan ta'ee beerz (berith) kakuu, ibsuun salphaa miti. Ibironni gochama walsimatuu hin qabu. Hiikii hundee jechaa isaa fiduudhaaf yaaliin godhamuu hundumtuu kan hin amansiifne ta'aaniiru. Ta'us, yaad-rimeen isaa giddugaleessummaan isaa fayyadama jechichaa akka qorataniif beektoota dirqisiiseera, hiika hojii irra oolu sana murteessuudhaaf.

Kakuun Waaqa dhugaa tokkoo uumama isaa nama ta'ee wajjin wali galtee godhamuu dha. yaad-rimeen kakuu wali galtee, yookaan ibsa macafa qulqulluu hubachuudhaaf murteessa dha. Olaantummaan Waaqayyoo fi fedhiin bilisaa ilma namaa gidduu kan jiru wal falmiin yaad-rimee kakuu moofatti mul'ata. Kakuun tokko tokkoo kan isaan iratti hundaa'aan amala Waaqayyoo, gochaa fi kaayyoo irratti.

1. Uumamni mataan isaa (Seer.uum. 1-2)
2. Waamamuu Abirahaam (Seer.uum. 12)
3. Kakuu Abiraahaamii wajjin (Ser.uum. 15)
4. Eeguu Nohii fi abdi(Seer.uum.6-9)

Ta'us amalli kakuu inni guddaan deebii barbaaduu isaati

1. Amantiidhaan Addaami Waaqayyoof aboomamuu fi Ganata Hedeen gidduu muka argamuu irraa nyaachuun irra hin ture (Seer.uuma. 2)
2. Amantiidhaan Abiraham firoota isaa dhiisee, Waaqayyoo duukaa bu'uu, akkasumas, waa'ee sanyii isaa dhufanii amanuutui irra ture (Seer. Uum 12:15)
3. Amantiidhaan Nohii doonii guddaa ijaaree, bishaan irraa fagaatee, bineensoota walitti qabutu irra ture (Seer.uum. 6-9)
4. Amantiidhaan Musen Israa'eloota Gibxii baasee qajeelfamoota murtaa'an amantaadhaa fi jireenya gamtaatii fi kan ta'an kan eebbaa fi abaarsaa abdii fudhaachuutu irra ture (Seera keessa deebii 27-28).

wal falmiin wal fakkaataa ta'ee Waaqayyoo namaa wajjin waa'ee walitti dhufeenya “kakuu haaratti” ilaaleera.Wal falmichi ifatti kan inni mul'atuu Hisqeel 18 fi Hisqeel 36:27-37 wajjin wal dorgomsiisuudhaan. Kakichi kan inii irrati hundeefamee Waaqayyoodhaan gocha ayyaanaatii yookaan bakka bu'iinsa namaaf kennamee itti gaafatamummaa? Kun dhimma o'aadha, Kakuu Moofaati, Kakuu Haaraas dabalatee. Galmi lamaanuu wal fakkaataa dha: (1)Tokkummaan bade deebii'uu, Seer.uum. 3 fi (2)Amala Waaqayyoo kan calaqisiisuu nama tolaa hundeessuu.

Ermiyas 31:31-34 kakuu haaran wal falmicha ni salphisaa, gocha namoota fudhatama argachuu fi kan inni godhuu ambisuudhaan. Seerri Waaqayyoo hawwii keessa ta'ee, gocha alaa ta'uu irraa hafee. Gaarii, saba tolaa galmi ta'uu bifa wal fakkaatuu dha kan dhi'aatuu, haa ta'uu malee malli isaa (xinhima) dha kan jijjirame. Ilmi namaa kufee fakkii bifa Waaqayyoo kan calaqisiisuu dandeetii ta'uu irraa akka hin qabaanne mirkaanaa'eera (Roomee 3:9-18). Rakkoon isaa kakicha hin ture, haa ta'uu malee cubbuu namaatii fi dadhabii dha (Room.7, Galaa 3).

Falmiin wal fakkaatuu Kakuu Moofaatti kan haalaa kan hin taanee fi kakuu haalaa gidduu akka jiruu ni jiraata, Kakuu Haaraati. Fayyinni raawwatee bilisa hojii Yesuus Kristoosiin raawwatamee, haa ta'uu malee qalbi jijjiranaa fi amantii gaaffata (lamanuu ka'umsa irraa kan ta'ee itti fufeenyaan). Innis lamanuu, seera qabeessa labsii kan aboo fi Kristoosiin gara fakkaachuuti waamuu, ibsi argisiisuu fudhatama argachuu fi qulqullummaa barbaachiisaa! Amantoota gocha mataa isaanitiin kan fayyan miti, ha ta'uu malee

aboomamuudhaan (Efe 2:8-10). Waaqayyoodhaan fakkaachuudhaan jiraachuu ragaa fayyinaati malee sababa fayyinaa miti. Dhiphinni kun macaafa Kakuu Haaraa kan ta'an Yaaqoob 1 Yohaannis irratti ifatti mul'ata.

▣ **"Addunyaa kanatti abdii dhabdanii Waaqayyo irraas adda baataanii"** uumaan dhugaan tokkoo waaqni erga jiraatee, Israa'el kan isaa kan fillatamee erga ta'ee, ormootni abdii tokko malee dhabamsifamaniiru, waaqeffannaa waaqa tolfamaa waaqessuu waaqa ormaatiin badaniiru (1[ffaa] Tesso 4:13 fi Roome 1:18-2:16).

**2:13 "Amma garuu"** dhiphinni jira, ormoota irra kan darbee abdii dhabuu gidduu, lakk.11-12, fi isaanii abdii wangeelaa isa guddaa, lakk. 13-22.

▣ **"Isin kanaan dura fagaatanii kan turtan amma dhi'aataniitu"** yaad-rimeen wal fakkaataan kun lakk.17 irratti irra deebi'ameera, achittis Isaa 57:14-19 kan eerame. Isaayaasiin barreefamni kun kan inni argisiisuu hidhamuu Yihudootaati, as Efesoon irratti garuu inni kan argisiisuu ormoota. Kun fakkeenya isa tokkooffaa dha dubbifamni Phaawulos Kakuu Moofaa ramaddii guddaa fayyadamuun isaa. Ergamoonni Kakuu Haaraa abdii Kakuu Moofaa kan wali gaalaa godhaniiru. Akkuma hidhamtootni Yihudootaa Waaqayyo irraa fagaatani turan akkasuma immoo ormootni Waaqayyoti adda ba'aanii turan.

▣ **"Dhiiga Kristoosiin"** kun kan argisiisuu Kristoos kan inni godhee jijjiiramee bakka keenya gatii inni baasee dha (cf. 1:7, Room. 3:25, 5:6-10, 2[ffaa] Qoro 5:21, Qolaa 1:20, Ibi 9:14, 28, 1[ffaa] Pheexi 1:19, mul. 1:5). Maatiin Waaqayyoo kana booda kan sanyiin miti, kan afuuraatiin male (Roome 2:28-29, 4:16-25).

Dhiigii Kiristoos fakkiiduu aarsaa ture (Leewota 1-2) du'a Masihiitiif (TEV). Yohannis cuuphaan waa'ee Yesuus yeroo dubbatuu, "ilaa hoolaa Waaqayyoo cubbuu biyya lafaa kan dhabamsiisuu jedheera" (Yohan. 1:29). Yesuus kan dhufeef du'uuf turee (Uuma. 3:15, Isaa 53, Maari 15:53, 10:45,).

**2:14** Gochamni kun gocha sadii qaba. Inni jalqabaa amma kan argisiisan. Yesuus itti fufeenyaan nagaa keenya, nagaas nuuf laata. Inni lamaffaa fi sadaffaa kan gochaa kan keeyata ammaati. Yihudii fi ormoota gara murna haaraati (waldaa kiristaanaa) fiduudhaaf wanta barbaachiisaa ta'ee hundumaa raawwataniiru.

Nagaan Yihudii fi ormoota gidduutti xiyyaafannoo ramaddii barreefama kanaatti 2:11-3:13tti. Kunnis baroota darbanitti kan fooya'ee dhoksaa wangeelaati. "Nagaa" jechi jedhuu kan inni argisiisuu (1)Waaqayyoodhaa fi ijoollee namaa giddutti nagaa (Yoha. 14:27, 16:33, Roome 5:1-11, Filli. 4:7, 9) fi (2)Nagaan Yihudootaa fi ormoota gidduu lakk.14, 15, 17 (Galaa. 3:28, Qolaa 3:11).

▣ **"Inni mataan isaa nagaa keenya"** "inni mataan isaa" (autos) cimsa. "Nagaa" jechi jedhuu hiikiiisaa" kan gargar cite deebi'uu dha" (walitti araarsuu). Yesuus Masihichi angafa nagaa jedhamee waamama Isaa. 9:6 fi Zakka. 6:12-13) jaalalli Waaqayyoo Kristoosiin kallatti heedduu qabu. Mata duree addaa, nagaadhaa fi kiristaanaa fi nagaa Qola 1:20 irratti ilaali.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"gosa lamaan tokko kan godhee"** |
| **NKJV** | **"lamanuu tokko kan godhe"** |
| **NRSV** | **"garee lamaan tokko kan godhee"** |
| **TEV** | **"Yihudiis ta'ee ormoota saba tokko gochuudhaan"** |
| **NJB** | **"lamanuu tokko godha"** |

Amantootni kana boodee Yihudaas ormas miti, kiristaana malee (cf. 1:15, 2:15, 4:4, Galaa 3:28, Qolaa 3:11). Isa kana dhoksaan Waaqayyoo Efesoonitti kan mul'atee kun karoora Waaqayyoo yeroo

hundumaati (Seer.uum 3:15). Waaqayyo Abirahamiin fillatee saba fillachuuf, addunyaa filachuuf (uum. 12:3, Ba'uu 19:5-6). Kunnis ergaa tokko godhuu dha Kakuu Moofaa fi haaraa (kakuwwan).

⊡

**NASB** **"kan gargar qooduu keenyan daangaa"**
**NKJV** **"kan gargar qooduu keenyaan gidduu"**
**NRSV** **"kan gargar qoodu keenyan"**
**TEV** **"kan gargar baasuu keenyan"**
**NJB** **"daangaa adda baasee ambisuu"**

Kun akkuma jirutti "kan adda adda baasuu keenyan". Kun jecha darbe darbeeti. Qabiyye barreefama isaatiin inni sirritti kan inni argisiisuu seera Museeti (cf. lakk. 15). Yaadi tokko tokkoo akka cimsa laatanitti inni mana qulqullummaa Herodis gidduu kan turee bakka ormootaa fi bakka dubartootaati innis Yihudii fi ormoota waaqollii kan adda baasuu faakkiduu eeruu dha. al fWakkaataan kanaas fakkenyi isaa dhabamsifamuukeenyaanii golgaa mana qulqullummaa olii amma gaditti tarsaa'uu isaa argisiisa du'a Yesiin (Maati. 27:51). Tokkummaan amma danda'ameera. Tokkummaan amma fedha Waaqayyooti (Efe 4:1-10).

JechiGinostizimii kun kan inni eeruu samii fi ardii gidduu kan jiru kan adda baasuu dha, innis tarii Efe. 4:8-10 kan eerameedha.

**2:15**

**NASB** **"dhabamsiisuu"**
**NKJV** **"dhabamsiiseera"**
**NRSV** **"dhabamsiiseera"**
**TEV** **"dhabamsiiseera"**
**NJB** **"balleesseera"**

"Dhabamsiisuu" jchi jedhuu Phaawuloosiin jaallatamaadha (Roome 3:31, 6:6, Qolaa 2:14). Kunnis hiiki deedhiin isaa "duwaadhaa fi gatii kan hin qabne" yookaan "dhiibba ala gochuu" jechuu dha innis kan gocha keeyata ammaati. Yesuus waluma gala dhabamsiseera, seera Kakuu Moofaa murti du'aa (cf. lakk. 16, Qolaa 2:14, Ibi 8:13).

Kan jechuun garuu Kakuu Moofaan afuuraan kan liqimfame miti, amanaa Kakuu Haaraatifis ibsa fayyadau kan qabu jechuu miti (Maati. 5:17-19). Kana jechuun seerri karaa fayyinaa miti jechuu miti (Hoji.erg. 15, Room 14, Galaa 3, Ibi.). Kakuu Haaraa (Ermi.31:31-34, Hisq. 36:22-36) kan inni irratti hundaa'ee laphee haaraa fi afuura haaraa irratti, hoji namaa yookaan barreefama seeraa irratti osoo hin taane. Amanaa Yihudii fi amanaan ormaa amma Waaqayyo duratti ejennoo wal fakkaataa qabaatu _bu'aa tola Kristosiin.

## MATA DUREE ADDAA : DUWWAA DHA FI GATII KAN HIN QABNE *(KATARG)EÔ)*

Kun (*katargeÔ)* Phaawulosiin kanjaallataman jecha tokkooffaa ture. Innis yoo xinaate yeroo digdami shan itti fayyadameera, inni garuu daangaa hiikaa bal'aa qaba.

A. Hundeen jecha isaati argos irrati, hiikii isaas
   1. Damaqaa kan hin taanee
   2. Hojii kan hiikee
   3. Faayida irra kan hin oolee
   4. Bu'a maleeesaa
   5. Kan hin hojjenee
B. Kata wajjin wal make ibsuudhaaf faayida irra kan oolee
   1. Tajaajila malee ta'uu
   2. Bu'a malleessummaa

3. Kan haqame ta'uu
4. Kan xumurame ta'uu
5. Guutuu guutuutti kan hin hojjenne ta'uu

C. Innis Luqaasiin faayida irra oolee, ija maleessa, akkasumas bu'a maleessa, mukaaf ibsameera (Luqa.13:7).

D. Phaawulos isa fayyadama irra kan oolchee bifa fakkiidutiin, karaa dursuu lamaan

1. Waaqayyo kan godhee wantoota hin hojjenne isaanis ijoollee namaa wajjin diina kan ta'an
   a. Mucaan namaa uumama cubbuu Roome 6:6
   b. Seera Musee Waaqayyo waa'ee "sanyii" abdi kennee wajjin kan adeemuu Roome 4:14, Galaa. 3:17, 5:4, 11, Efes. 2:15
   c. Humnootni afuuraa 1ffaa Qoro 15;24
   d. "Nama seera hin qabne" 2ffaa Tesso 2:8
   e. Du'a foonii 1ffaa Qoro 15:26, 2ffaa Ximoo 1;16 (Yaaq 2:14)
2. Waaqayyo isa moofaa (kakuu, bara) isa haaraadhaan bakka buuseera
   a. Wantoota seera Musee wajjin wal qabatan Roome 3:3, 31, 4:14, 2ffaa Qoro 3:7, 11, 13, 14
   b. Seeran faayida irra kan oole waa'ee wal fakkaachuu ga'iilaa Roome 7:2, 6
   c. Wantoota bara kanaa 1ffaa Qoro 13:8, 10, 11
   d. Qaamni kun 1ffaa Qoro 6:13
   e. Bittoota biyya lafaa kanaa 1ffaa Qoro 1:28, 2:6

Jechi kunni karaa adda addaa hedduudhaan hiikameera, ha ta'uu malee hiiki isaa inni guddaan wanta tokko bu'a maleessa, duwwaa, gatii kan hin qabne, kan hin hojjennee, humna kan hin qabne gochuu dha, ha ta'uu malee eenyumaa hin qabuu, dhabamsifameera, badeera, jechuu miti.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"foon isaati"** |
| **NRSV, (2:14)** | **"foon"** |
| **TEV (2:14)** | **"foon mataa isaati"** |
| **NJB (2:14)** | **"qaama mataa isaati"** |

Kun qaama Yesuusiif cimsa laata innis (Qolaa 1:22) ta'es tajaajila fooni isaati (Efes. 4:8-10). Barsisoota sobduu lamanuu hin ganuu, falaasama waa'ee jireenya kan qo'atu laman yaada isaani sababa, afuuraan, isas akka gaaritti kan ilaalanii fi qaama qaqabatamuu akka hamaati kan ilaalan (Galaa 4:2, Qolaa 1:22).

▣ **"Dinummaa"** madaalliin caasaa isaa"dinummaa" (cf. lakk. 16) "aboomamuudhaan kan ta'u taa'itaa seeraa" wajjin wal qixa godha. Kakuu Moofaan akkana jedha "godhaati jireenyatti jiraadhaa" ha ta'uu malee ilma namaa kufee garuu seera Musee gochuu hin dandenye. Al tokkoo yoo cabsan seerri Kakuu Moofaa abarsa ta'a (Galaa. 3:10) "lubbuun cubbuu hojjetuu dhumma irratti ni duuti" (Hisqe 18:4, 20). Kakuu Haaraan dinuuma dhabamsiise, namootaa fi laphee haaraa fi afuura kennuudhaan (Ermi. 31:31-34, Hisq 36:26-27). Hojiin bu'aa dha malee galma miti. Fayyinni kennaa dha, hojii hojjetameef gatii osoo hin taane.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"labsiidhaan kan himamee aboomii seeraa"** |
| **NKJV** | **"labsiidhaan kan himame aboomii seeraa"** |
| **NRSV** | **"labsii isaa wajjini fi labsii kan ta'e seericha"** |
| **TEV** | **"labsii isaa wajjini fi seera isaa kan ta'ee seera Yihudii"** |

**NJB** **"tumaa seerichaa fi labsi"**

Kun kan argisiisuu karaa fayyinaa yeroo ta'uu innis seera Musee raawwachuudhaaf qofa akka argamutti yaadama (Roome 9:30-32Galaa. 2:5-21).

**MATA DUREE ADDAA: SEERA MUSEETII FI KIRISTAANAA**

A. Seerichi yaada afuuraan kan liqimfamee qulqulluu sagalee isaati akkasumas kan bara baraa (Maati. 517-19)
B. Seerichi akka karaa fayyinaatti gatii qaba, yeroo hundumaa qaba ture, haa ta'uu malee mucaan namaa yaalii isaa/ishee ilaaluun gatii kan hin qabne ture (Maati 5:20, 48, Room. 7:7-12, Galaa 3:1, Yaa. 2:10).
C. Wangeelli Kristoos Waaqayyoodhaaf qophaa isaa karaa dha (Yoha. 14:6, Room. 3:21, Galaa. 2:15-21, Ibir. 8:12).
D. Kakuu Moofaan amantootaaf amma illee taanan ni gargaara, namootaa fi fedhi Waaqayyoo hawaasicha giddutti, garuu akka karaa fayyinaatti miti. Barsifati waaqefannaa Israa'eel (seera kan aarsaa, guyyaa qulqulluu, namuusaa fi seerrawwan amantaa) darbeera, Waaqayyoo garuu ammas karaa Kakuu Moofaatiin ni dubbata. Hoji.erg. 15:20 kan heeramee haalonni kan argisiisan dhimma tokkooffatti, fayyinaaf osoo hin taane.

▣ **"Inni matan isaa kan inni godhuu"** "mataan isaa" kan jedhuu cimsa maqa dhaalaati. Kaayyoon bara baraa Waaqayyoo kan ta'ee namoota hundumaa fayyinaan tokko gochuu dha (Seera uum. 3:15) fi tokkummaan mataa isaa danda'ee raawwatameera nama kan ta'e karaa hojii Masihiitiin, kara seera Musee osoo hin taane.

▣ **"Namni haaraan tokkoo"** jechi Girikii kun hiikii isaa"haaraa" dha, gosa isaatiin, yeroodhaan osoo hin taanee. Sabni Waaqayyoo Yihudii iti, ormootas miti, kiristaanoota malee! Waldaan kiristaanaa dhaabbata haaraa dhaa, Kristoosiif (Room. 11:36, Qolaa 1:16, Ibir 2:10).

▣ **"Nagaa fiduudhaan"** jechuuf Phaawulosiif jecha jaallatamaa dha. innis Roome irratti yeroo kudha tokkoof Efesoon irratti yeroo torba faayidaa irra ooleera (cf. 1:2, 2:14, 15, 17, 4:3, 6:15, 23). Innis karaa sadiin kan itti fayyadamu

1. Nagaan Waaqayyoodhaaf mucaa namaa giddutti Qolaa 1:20
2. Waaqayyoof kan bitamuu nagaa karaa Kristoosiin, Yoha. 14:27, 16:33, Filli 4:27
3. Nagaan namootaa wajjin, Efe. 2:11-3:13

Kun keeyata hoji irra oolee ammaati. Kiristoos nagaa gochuu isaa itti fufeera, ijoollee Addaam kufaniif, qalbi jijjiiranaa fi amantiidhaan deebii kan laatan. Nagaan Kristoos awutomatikii iti (gocha wal cinaa lakk. 16), garuu hundumaaf argama (Room. 5:12-21).

**2:16 "Araarsuudhaaf"** jechii Girikii hiikii isaa isa tokko isa tokkoo irraa ejennoo argamuun gara isa kan biraatti ceesiisuu dha. Innis ejennoo dhiphinaa wal jijjiruu argisiisa (Room. 5:10-11, Qolaa 1:20, 22, 2[ffaa] Qoro 5:18, 21). Araarsuu jechuun seer.uum 3 irratti abaarsa jiru dhabamsiisuu dha Waaqayyoodhaa fi ijoollee namaa firooma walitti dhufuu isaanii deebiiseera, jireenya kanaani illee, seera addunyaa kufe kanaati. Kun Waaqayyoodhaa wajjin kan ta'uu araara namooota biroo wajjin walitti dhufeenya haaraa jiraatu ibsa, ga'umsi isaas uumama haaraa wajjin (Isaa. 11:6-9, 65:25, Room. 8:18-23, Mul.22:3). Yihudii ormootas immoo qindeessuun fakkeenya bareedaa tokko, addunyaa keenyatti gamtaa Waaqayyoo hojii gochu.

▣ **"Qaama tokkoon"** fakkiduun tokkummaa karaa adda addaa heedduudhaan barreefama Phaawulos irratti ni ibsama (1)qaama foonii Yesuus (Qolaa 1:22) yookaan qaama Kristoos, waldaa kiristaanaa (Qolaa 1:23, 4:12, 5:23, 30), (2)namummaa haaraa, kan lamanuu Yihudii fi ormoota (cf. 2:16) yookaan

(3) kennaawwan afuuraa tokkummaadhaa fi kan adda addaa ta’uu isaa karaan eeramuu (1[ffaa] Qoro. 12:12-13, 27). Hundumtuu lakkofsa tokkoo wajjin ni adeemaa yaada jedhuun.

▣ **“Karaa fannootiin”** geggeesonni Yihudootaa akka jedhanitti fannoon Kristoos abaarsa ta’uu jechuu dha (Seer. Keessa deebii 21:23). Waaqayyo isa kan itti fayyadamee fayyisuudhaaf (Isaa. 53). Yesuus immoo “abaarsa” ta’e (Galaa 3:13)! Innis konkolaataa mo’ichaa ta’e (Qolaa. 2:14-15), amantootaaf mo’icha osoo kennuu (1)abaarsa Kakuu Moofaa irratti (2)humnooti hamoota irratti, fi (3)dinummaa Yihudii fi ormootaa irratti

▣

**NASB** **“isaan jibiinsa ajjeese”**
**NKJV** **“akkanuma jibiinsa ajjeese”**
**NRSV** **“isaan dinummaa ajjeese”**
**TEV** **“Kristoos dinummaa dhabamsiiseera”**
**NJB** **“karaa foon saatitiin dinummaa ajjeese”**

Hiiki ingilliffaa akka argisiisanitti gaalee kana karaa lamaan hubachuun kan danda’au. Kunnis sababni inni ta’ef maqaa dhaali qeenxeen harkifata kallatiin hin taanee dhiira ta’uu waan danda’auuf (TEV, NJB) yookaan harkifataan kallatiin hin taanee saala waan hin argisiifneef (NASB, NRSV). Haala qabiyyee barreefamaatiin lamanuu ni danda’ama. Cimsi qabiyyee barreefama isa guddaa Kristoosiin kan xumuramee hojii oolchuu irratti dha.

**2:17** kun Isaayaas 57:19 kan eeruudha, yookaan 52:7 ta’uu danda’a. Barsisoonni gara duubaati deebi’anii Iyaasaays 56:6 bira deemu, gaalee kana qabachuudhaan kakuu ormootaa eeruudhaan.

**2:18** Hojiin sadan Waaqa tokkoo macaafa kana keessatti fatti teesifameera (cf. 1:3-14, 17, 2:18, 4:4-6). Ammam illee “sadan Waaqa tokkoo” jechi jedhuu jecha Macaafa Qulqulluu yoo ta’uu baatees, yaad-rimeen isaa dhugaa dha, (Maati 3:16-17, 28:19, Yohaa 14:26, Hoji.erg. 2:33-34, 38-39, Room 1:4-5, 5:1, 5, 8:9-10, 1[ffaa] Qoro 12:4-6, 2[ffaa] Qoro 1:21-22, 13:14, Galaa 4:4-6, Efe. 1:3-14, 2:18, 3:14-17, 4:4-6, 1[ffaa] Tesoo 1:2-5, 2[ffaa] Tesoo 2:13, Titoo 3:4-6, 1[ffaa] Pheexi 1:2, Yihuda 20-21). Mata duree addaa 1:3 irrati ilaali.

▣ **“Nu hundumti keenya dhi’aachuu ni dandeenya”** kun gocha ammaa kan argisiisuu yeroo ta’uu hiikii isaas “itti fufeenyaan dhi’aachuu ni dandeenya” jechuu dha. Yaad-rimeen kun, Yesuus qaama isaatiin amantoota gara teessoo Waaqayyotti fiduu isaatii fi wal bariinsa dhuunfaa gochuu isaati (Roome 5:2, innis immoo miira amanachuuti faayida irra ooleera Ibi. 4:16, 10:19, 35 irratti).

▣ **“Afuura tokkoon”** kunnis immoo Efe. 4:4 irratti cimsi itti laatameera. Barsiisotni sobduun tokkummaan akka hin jiraanne ni godhu turan, afuurri garuu tokkummaa fida ture (gosa tokko ta’uu osoo hin ta’in)!

**2:19** Orma kan turan ormoonni (lakk.11-12) amma guutummaatti ammatamaniiru. Kunnis mul’inatti argameera fakkiiduun barataman kan Macaafa Qulqulluu afur fayyadamuudhaan (1)hidhata lammii (magaalaa) (2)qulqulloota (saba qulqulluu Waaqayyoof adda ba’ee (3)Maatii Waaqayyoo (miseensa maatii) fi (4)Mana afuura (mana qulqullummaa, lakk. 20-22a).

▣ **“Qulqulloota”** mata duree addaa Qola. 1:2 irratti ilaali.

**2:20 “Achi irratti ijaaramtaniitu”** kun keeyata jecha hojii irra ooleeti. Hundeen amantii keenya guutummaati, dhuma irratti, fi walitti qabamee Waaqa sadan tokkoo kan ta’ee kaa’ameera. Sagaleen misirachoo Waaqayyoo ergamootaa fi raajootaan labsameera (cf. 3:5).

▣ **“Hundee raajootaa fi ergamoota irratti”** Yesuus hundee wangeelaa ka’eera (1[ffaa] Qoro 3:11).Kakuu Moofaan mootummaan Waaqayyoo akka dhufuu raajeera, jireenya afuura Yesuusiin guute, jireenya, du’a, du’aa ka’uu isa raawwateera, ergamoonnis dhugaa ta’uu isaa labsaniiru. Qophaa isaa gaaffii kan ta’u,

“Raajii” jechi jedhuu eenyuun akka argisiisuu dha isaan raajoota Kakuu Moofaati yookaan raajoota Kakuu Haaraa (cf.3;5, 4:1)? Duraa boodi jechichaa raajoota Kakuu Haaraa argisiisa (cf. 3:5, 4:11), ha ta’uu malee kan Kakuu Moofaa Masihii fakkiduun eeruu “dhagaa golee” kan argisiisuu raajii Kakuu Moofaati.

Kan Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa garagarummaan raajoota kana giddu jiruu dhimma sababa isaa ibsuu dha. raajoonni Kakuu Moofaa qulqulluu sagalee isaati barreesaniiru. Isaan mi’a Waaqayyoo turanii yaada afuuraan liqimfamuun mata ofi mul’isuun. Ta’us, raajiin kennaa itti fufeenya qabuu dha, kakuu haaratti (1[ffaa] Qoro 12:28, Efe. 4:11). Qulqulluu sagalee isaa barreessuun itti fufeeraa? Gidduu isaanitti garagarummaan dirqamatti ni jiraata, yaada afuuraan liqimffamuu (ergamootaa fi raajoota Kakuu Moofaa) fi ibsuudhaaf abbaa kennaa afuuraa ta’uudhaan (kan Kakuu Moofaa abbaan kennaa amantoota).

▣ **“Dhagaa golee”** kun kan Kakuu Moofaa kan Masiii fakkiiduu dha (Isaa 28:16, Faarfa. 118:22, 1[ffaa] Pheexi. 2:4-8). Ciminni Waaqayyoo Kakuu Moofaatti, jabina, fi obsa yeroo hundumaa “kattaa” ilaalama, akka abbaa abooti (Keessa deebi 32:4, 15, 18, 30, Faar. 18:2, 31:46, 28:1, 33:3, 42:9, 71:3, 71:3, 78:15)

Fakkiduun Yesuus akka dhagaati

1. Dhagaa tufatamaa – Faarf. 118:22
2. Dhagaa ijaarsaa _ Faarf. 118:22, Isaa, 28:16
3. Dhagaa gufanaa Isaa 8:14-15
4. Mo’aadhaa fi dhagaa mo’ichaa (mootumaa)D ani 2:45
5. Yesuus dubbifama kana mataa isaa ibsuudhaaf itti fayyadameera (Maati 21:40, Maari 12:10, Luqaa 20:17)

Furtuun isaa gosa ijaarsaa ture, Kakuu Moofaati seerri waaqeffannaa fi seera qabeessummaan isaa kan tufatamee (Isaa. 8:14).

**MATA DUREE ADDAA: DHAGAA GOLEE**

I. Akkaataa fayyadama Kakuu Moofaa
   A. Yaad-rimeen dhagaa, akka jabaa fi gosa dhaabataati hundee gaarii kan ta’u ibsuudhaaf faayida irra kan oolee Yaahiweedhaaf (Faarf. 18:1).
   B. Innis gara waamicha Masihitti guddachaa dhufe (Seer.uum. 49:24, Faarf. 118:22, Isaa 28:16)
   C. Innis kan inni bakka bu’uu Masihiidhaan kan ta’uu murtii Yaahiweeti (Isaa 8:14, Daani 2:34-35, 44-45).
   D. Kunnis gara fakkiduu ijaarsaati guddachaa dhufe
      1. Dhagaa hundee, jalqaba kan taa’uu, innis kutaa ijaarsa hafee fi golee sanaa amansiisummaadhaan kan baatuu, “dhagaa golee” jedhamee kan waamamuu.
      2. Innis immoo dhagaa walitti qabuu jedhamee eerama keenyanoota iddoo tokkotti kan qabuu (Zakka 4:7, Efe. 2:20, 21) “mataa dhagaa” jedhamee kan waamamuu, Ibiroota irraa Rush (jechuun mataa)
      3. Innis “dhagaa furtuu” jedhamee waamama, kallatti balbalichaatiin ta’ee ba’aa keenyan wali gala kan baatu.
II. Akkaata fayyadama Kakuu Haaraa
   A. Yesuus Faarf. 118 irratti yeroo heedduu waa’ee mataa isaati eere (Maati. 21:41-46, Maari 12:10-11,Luqaa. 20:17
   B. Phaawuloos faarf. 118 itti fayyadameera, Yaahiwee, amantii kan hin qabne, galaa kan ta’ee Israa’eelin fudhachuu dhiisuu isaa wajjin kan wal qabatee (Roome 9:33).
   C. Phaawuloss “mataa dhagaa” yaad-rimeen isaa Efe. 2:20-22 irratti fayyadameera, Kristoosiin eeruudhaaf

D. Pheexiroos yaad-rimee kana Yesuusii fi 1ffaa Pheexi. 2:1-10 irratti eerera. Yesus dhagaa goleeti, amantoonni dhagaa jiratoo dha (jechuun, amantooni akka mana qulqullumaati 1ffaa Qoro 6:19), isa irratti kan ijaarraman (jechuun Yesuus mana qulqullummaa isa haaraa dha, Maari 14:58, Maati 12:6, Yohaa 2:19-20). Yihudoonni abdiin isaani guddaan hundee dha kan isaan hin fudhanne, Yesuusiin akka Masihitti osoo hin fudhatiin.

III. Ibsawwan barumsa afuuraa

A. Yaahiween ni iyamee, Daawiit/Solomoon mana qulqullummaa akka ijaaran. Innis wantoota isaanii, kakuu isaa yoo eegan inni isaan eebbisa, isaani waajiinis ta'aa (2ffaa Saamu. 7), akkana yoo hin goone garuu manni qulqullumichaa kan diigame ta'a (1ffaa Mooto. 9:1-9)!

B. Yihudummaan barsisummaa kan inni irratti xiyyaafatuu bifaa fi seera waaqefannaa irratti yeroo ta'uu kallatiin amantaa dhuunfaa irraa dhimma dhaba (kunni ibsa uwisaa miti, barsisonni gaariin turaniiru). Waaqayyo guyyaa guyyaadhaan, dhuunfaadhaan dhuunfaatti walitti dhufeenya gaarii barbaada, bifa isatti kan uumamani wajjin (Seer. Uum. 1:26-27). Luqaa. 20:17-18 jecha murtii sodaachiisaa qabteera.

C. Yesuus yaad-rimee mana qulqullummaa kan fayyadamee qaama foonii isaa bakka buuseeti (Yoha. 2:19-22). Kunnis itti fufaa fi bal'achaa kan deemuu yaad-rimee dha, Yesusiin akka Masihiitt kan fudhatuu amantiin dhuunfaa, Yaahiwee wajjin jiraachuudhaaf walitti dhufeenya akka furtuutti.

D. Fayyina jechuun fakkaatti Waaqayyoo ijoollee namaatiif deebisuudha, Waaqayyo wajjin tokkummaa akka qabaanuuf. Galmi kiristaanummaa amma Kristoosiin fakkaachuu dha. Amantoonni dhagaa jiraatoo ta'uutu irra jiraata (jechuun, manni qulqullummaa xixiqaan kan ijaaraman/Kristoosiin hordofanii).

E. Yesus hundee amantii keenyaatii fi mataa dhagaa amantii keenyaati (jechuun, alfaa fi omeegaa kan jalqabaa fi dhuma kan hin qabne (dabalataaniis kan gufachisuu fi dhagaa gufuu. Isa dhabuun hundumaa dhabuu dha. bakka kanatti tokko illee giddu galeessi hin jiru)

**2:21-22** Sabi Waaqayyoo kan walittti qabamuu yookaan yaada walitti qabamee lakk. 19 (al lama) 21 fi 22 irratti lakkoofsa baay'eedhaan "qulqulloota" kan jedhuu dha kan ibsame. Fayyinni kan maatii, kan manaa, kan qaamaa, kan qaama mana qulqullummaa ta'uutu irra jiraata.

Yaad-rimeen waldaa kiristaanaa akka mana qulqullumaatti 1ffaa Qoro 3:16-17 irratti ibsameera kunnis waldaa kiristaanaatii fi kan walitti qabamee cimsa uumamaati. Kallattiin dhuunfaa 1ffaa Qoro 6:16 irrratti ibsameera. Lamanuu dhugaa dha!

Lakk. 21-22 tti lakkoofsoonni jiran dabalataanis immoo xyyafannoo kan walitti qabame qabu. Isaan wal makoo syn qabu, jechuun "wali wajjin hirmaachuu". Lamanuu amma kan hoji irra oolanii dha. Waaqayyo waldaa kiristaanaa isaa ijaaruu/itti dabaluu itti fufeera.

Rakkoon barreefama harkaa Girikii gaalee wajjin kan wal qabate qaba, "ijaarsa hundumaa". Kan durii adda kan ta'e barreefamni harkaa א*, B, D, F, fi G keyata hin qaban א$^C$ A, C, P yeroo qabaatan. Gaafiichi, Phaawuloos kan eeruu mana guddaa tokko (NASB, NKJV, NIV, TEV, REB) yookaan mana xiqaa heeddu (ASV, NJB, Fillips) karaa ta'een tokko kan ta'an? Walii galtee The united Bible Society's maxansa arfaffaa sadarkaa macaafa Girikii "B" kenna Anartirosii fi ijaarsa, innis kan argisiisuu "guutuu guutuu osoo hin taanee" sirritti dha jechuun mana tokko kan inni argisiisu. Kunumtuu manni tooko hin xumuramne adeemsa guddinaa irra jira. Waabiin fakkiiduu mannicha mana qulqullummaa afuuraati (saba Waaqayyoo).

**MATA DUREE ADDAA: IJAARUU**

Jechii kun kauchaomai, kauchēma, fi kauchēsis fi kan biroon bifa isaa Phaawulosiin yeroo hundaa

faayida irra kan oolee dha. akkuma jirutti inni kan jedhuu “mana ijaaruu” dha (Maati 7:24), garuu inni fakkiiduudhaan faayidaa irra kan oolee B:

1. Qaama Kristoos, waldaa kiristaanaa, 1ffaa Qoro 3:9, Efe. 2:21, 4:16
2. Ijaaruuf
   A. Obbooloota dadhaban, Room. 15:1
   B. Hidhata hojii, Room 15:2
   C. Wali walii, Efe. 4:29, 1ffaa Tesoo 5:11
   D. Qulqulloota tajaajilaaf Efe. 4:11
3. Kan ijaaramnuu yookaan kan dhaabanuu
   A. Jaalala, 1ffaa Qoro 8:1, Efe. 4:16
   B. Birmadummaa dhuunfaa murteessudhaan, 1ffaa Qoro 10:23-24
   C. Qorannoo dhabamsiisuun 1ffaa Ximoo 1:4
   D. Lakkoofsa warra dubbatanii murteessuun, tajaajila waaqefannaa irratti (faarfatoota, barsiisoota, raajoota, afaan hin beekamneen kan dubbatan) 1ffaa Qoro 14:3-4:12
4. Wanti hundumtuu qulqulleessuuf ta’uu qaba
   A. Taayitaa Phaawuloos 2ffaa Qoro 10:8, 12:19, 13:10
   B. Ibsa wali galaa Roome 14:19 fi 1ffaa Qoro 14:26

**GAAFFILLEE MAREE**

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta’uu, kana jechuun garuu Macaafa Qulqulluu dhuunfaatti kan hiiktan itti gaafatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nu kennameen deemuun nurra jiraata. Hiiktootni nu dursan ati, Macaafa Qulqulluu fi afuura qulqulluu. Isuma kana deebistee hiikuu irratti jecha biraadhaan akka fudhatuuf.

Isaan gaafiilleen mare kun kan kennaman, kutaa macaafa kanaa dhimma gurguddaa akka ta’utti akka qayyabatuu akka si gargaaruufi dha. Kana jechuun akka ta’utti akka itti yaaduu si kakaasuuf malee kana qofaan akka murtooftuu miti.

1. Namootni hundumtuu dhugumatti Waaqayyo irraa adda ba’aaniiruu?
2. Namootni matuma isaaniitiin fayyudhaaf hiika qooda qabu qabuu?
3. Tokkumaan Yhudii fi ormootaa maaliif hagana barbaachiisee?
4. Yesus akkamitti seera “duwwaa fi gatii kan hin qabne” godhee?
5. Seerri Waaqayyoo kan bara baraatii? Kiristaanonni seera Museetii fi Kakuu Moofaa wali galaa wajjin walitti firoomuu?
6. Phaawuloos fakkinya ijaarsaatti maaliif cimsa itti laate, lakk. 19-23 irratti?

# Roomaa 5

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Ba'aa qajeelummaa | amantiin rakkinicha balleesse | qajeelummaa duuka kan bu'an | Waaqayyoo wajjiin sirrummaa | Amantiin fayyina dhuugoomsa |
| 5:1-11 | 5:1-5 | 5:1-5 | 5:1-5 | 5:1-11 |
| | Kiristoos iddoo keenyatti 5:6-11 | 5:6-11 | 5:6-11 | |
| Addaamii fi Kiristoos | Addaamiin du'a Kiristoosiin jireenya | Addaamii fi Kiristoos walfakkeenyaa fi garaagaruumma | Addaamii fi Kiristoosi | Addaamii fi Yesuus |
| 5:12-14 | 5:12-21 | 5:12-14 | 5:12-14b | 5:12-14 |
| | | | 5:14c-17 | |
| 5:15-21 | | 5:15-17 | | 5:15-21 |
| | | 5:18-21 | 5:18-19 | |
| | | | 5:20-21 | |

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

**Qabiyyee barreeffamaa**

A. Lakkoofsa 1-11ti afaan Giriikitti hima tokkodha. Wiirtuu yaada Phaawuloos "amantiin birmadoomuu" (3:21-4:25) jiru dagaagsu.
B. Tooriin Lak 1-11

| | | |
|---|---|---|
| Lakkoofa 1-5 | Lakkoosa 6-8 | Lakoofsa 9-11 |
| Faayidaa fayyinaa | Bu'uura fayyinaa | Mirkansa fayyinaa |
| shaakala dhimma birmadummaa | haqoota birmadumaa | mirkansa birumadumaa fuulduraa |
| Qajeelummaa | eebba dagaagina | ul fina |
| Ximmaada | Xinaamantii | Iskaatolojii |

C. Lakkoofsi 12-21 marii Yesuus akka Addaam lammatatti godhedha.(1Qor 15:21-22, 45-49, filp 2:6-8) yaada tiyoolojii (xinaamantii) lubbuu dhuunfaa fi yakka gamtaa irratti xiyyeffata Phaawuloosiif kufaatiin sanyii namaa (uumamaa) Addaamiin kufe kan rabbii, yaadni gamtooma isaa sooressaa fi barsiisummaa isa cinatti irraa addaa fi garaagari godha. Kunis dandeetti Phaawuloos kaka'umsa jalaan dhugaa gaafa Yeruusaalemiitti Gamaliiyaal (HoE 22:3) jalatti leenjii hubateeti fayyadamuu ykn deggeramu agarsiisa. Doktirinaa lallabaa wangeelaa haarome ka'umsa cubbuu Uma 3 Awgisxoosii fi kalviiniin dagaagsame. Innis namonni hundee dhumarraa cubbamoo ta'anii dhalatan (mulqamani) Farsaan 51:5, 58:3 fi Iyo 15:14;25:4 akka barru mikanfata Kakuu Moofaa fi fayyadu. filannoon tiyoolojii (xinaamantii) namoonni haamilee fi afuuraan ittigaafatamoo filannoo fi qubatasaanii kan jedhu namoota Pilaaziyoosi fi Armiinusiin kaa'ame. Yaadasaanii fis ragaaaan hanga ta'e Deb. 1:39, Isa 7:15, fi Yoh 4:11,Yoh 9:41,15:22.24, HOE 17:30, Rom 4:15 argtama amantaa yaada xinaamantii kanaa ijoolonni hanga umrii gaacimatan itti gaafatama haamitee (barsiisotaaf kun waggaa 13 dhiiraa fi 12 dubartiif) fudhatanitti garraamoota kan jedhudh Gitni giddugalaa lameen dhaloota hammeenya fi umrii Ati gaafatama haamilee giddu dhugaan ni jira. Hammeenyi gamtooma gofa miti, garuuu isa dagaagee gara cubbuutti nama geessudha (caalmaatti waqaayyo iraa nama fageessaa deemu).Dadhabinni namoot adhimma miti.(Uma 6:5,11-12,13, Rom 3:9-18,23) garuuu yoom dhalootatti ykn booda jireenya keessaa?

D. Waa'een Lak.12 tiyooriin hin xuqamne hedduun ni jiran
Nami hundi du'aa sababa cubsuu filateef (Pilaagiyoos)
Cubbuun Addaam uumama hunda miidhe, kanaf, hundi du'an (Lak 18-19, Augisxoos) Dhugumatti feetu walmakoo cubbuu ka'umsaa fi cubbuu fedhinsaa ta'uu danda'a.

E. Walbira qabuun Phaawuloos "akka" in Lak 12 keessatti eegale hanga Lak 18 18 hin xumuramne Lakkoofs 13- 17 golbee uumaa isa amala boreessi Phaawuloos. F. Dhyeessi wangeelaa kan Phaawuloos yaadadha, 1:18-8:39ti dubbii dheeraa tokkodha. Sirritti hiikuu fi raajeffachuuf guutumaansaa laallamuu qaba. G. Martiin Luutaar waa'ee boqonnaa shanii "Kitaaba qulqulluu guutummaa keesa kan akka kanaa baruun gammachiisaan ittiin qixxaata kan Biroooo hin jiru" jedha.

## Qo'annoo jechaa fi Gaalee

**ROOMAA 5:1-5**

**[1]Kanaafis amantiidhaan qajeelota erga taanee, goofta keenya Yesus Kristosiin Waaqayyo biratti nagaa qabna. [2]Karaa isaa ayyaana isa amma miyeeffachaa jirru kanatti amantiidhaan dhi'aachuu arganneerra; abdii ulfin Waaqayyoo irraa hirmaachuu keenyaas gammachuudhaan himanna. 3Kana malees immoo gidiraan obsa akka fid beeknee, gidiraa nutti dhufes gammachuudhaan ni himanna.[4] Obsi qoramanii ba'uu fida, qoramanii ba'uunis abdii fida [5] Sababii Waaqayyo, jaalala isaa isa karaa hafuura qulqulluu nuuf kenname, garaa keenya keessatti dhangalaaseef, abdii immoo nu hin yeellaasisu.**

**5:1-5**

**5:1 "Kanaafis"** jechi kun kan agarsiisu (1) dhimbiibba dhubbii xinaamantii hangaammaa jiruu, (2) goolaba dhiyeessa xinaamantii irratti bu'uraye fi (3) dhiyeessa dhugaa haarawaa ( 5:1,8:1,12:1)

▣ **"amantiidhaan qajeelota erga taanee"** kun(aorist passive indicative) dha Waaqayyo amantoota qayeelcheera kun isa afaan Girikii irratti jalqaba ta'e nyaq gochuu dheraf ( Lak 1-2) Lakkosa 1-11 keessatti tortiibni yeroo waan jiru fakkaata. 1. Lakkoofsa 1-5 shaakala ul finaa keenyaa eyroo ammaa 2. Lkkoofsa 6-8 hojii Kiristoos bakka keenya nuu xumure. 3. Lakkoofsa 9-11 abdii fulduraa fi fayyina mirkansuu toorii B laalli, ilaa qabiyyee keessa

Toor B ilaali, ilaa qabiyyee keessa. Dudduubbeen jecha "qajelaa ( dikai'oo) " Km keessaa" roga qajeela" ykn " wee safaraa" fi dubbii dlagaa Waaqayyo ittiin ibsan godhanii ayarsiisu yaalan matduree addaa qajeeluma 1"17 ilaali. Amallii fi

qulqullummaan Waaqayyoo safara qajeelummaa isa gotaadha (Lxx of Lew 24:22) fi xinaamantii matti 5:48 keessati ) sababa arsaa fi du'a bakka bu'ummaa Yesuus mantoonni yakka hin qaban jechuu osoo hin taane akka dhifama fi.Abbaan ta'e adabicha baaseera ( 2Qor 5:21) amantoonni dhifama argachuu labsame ( Lak 9,10)

▣ **"amantiidhaan"** amantiin harka kennaa Waaqayyoo iraa fudhatudha ( Lak 2, Rom 4:1)Amantiin ol ka'iinsa ykn gad fageenya ol kennaa amantoota irratti hin xiyyeeffatatu (Mat 17:20) amalaa fi abdii Waaqayyoo irratti maleee ( Efs 2:8-9) jechi Km " mantii" agarsiisu kan dhaabbii tolee fidha kunis nama garraamii, abdatama fi manamooma fyyadamuu dhufe. Amantiin amanbamooma ykn amantaa keenyati hin xiyyeefatu, Waaqayyoo irratti maleee Maduree adda amantii 4:5 ilaali.
▣ **"nagaa qabna"** Barreefamni Giriik asirratti gargari. Gochimni kun (present active subjunctive echomen) dha kana deggara yooyu (present active indicative, echomen) ta'e: nageenyatti gammaduu keenya ittumafna" ykn" nagaan gammadaa tura" isa jedhutti hiikkama yoo (subjunctive) ta'e gara" nageenya qabna" jedhutti Hiikama yaadni Lak. 1-11 jiru gorsa miti, waan amantoonni dursanii ta'anii fi karaa Kiristoos keessan qaban labsuudha. Knaafuu gochimnichi (present active indicative)" nageenya qabna" ta'a YSB4n carra kana an" A" kenna ( mirknsa)

Barreefamonni hedduu Giriik keenyaa kan tolfaman hogguu namni tokko dubbisu warri kaan ni barreesu ture. Jechonni dubbisama walfakkaata qaban dogoggora umurii turan Asitti egaa yaaddii fi darbe darbee toftaan barreesaa fi jechoonni bareesaa hojii hiikkaa kan salphisu danda'an.

▣ "**nagaa**" matduree addaa aanee jiru laalli.

## MATDUREE ADDAA: NAGAA

Techi Giriikii kun ka'umsaa waan cabee deebisanii fayyisuu isa jedhudha ( Yoh.14:27,16:33. filp A:7) Kakuu Haaraa keessatti karaa sadii waa'ee nagaa ni kaasa. 1. Kallatti nageenya Waaqayyoon kar Yesuusiin qabnuu (Qo 11:20) 2. Kallatti dhimma nuyi Waaqayyo wajjin sirrii itti taane ( Yoh 14:27,16:33, filp 4:7) 3. Waaqayo gaama haarawa tokko, karaa Kiristoos, gumaa'ee, hameen amantoota Yihudii fi Oromootati (Efs 2:14-17,Qo13:150 Takkaa Waaqayyon walii nagaa taanaan, isaan kaan wajjiinis nagaa ni taana.Inni dalgee isa dheroos ni ta'a. Niwmaanii fi Nidaa Translator's haud book on paulis Letter to the Romans P 92 qeeqa gaarii nagaa" irratti dhiyeessa. Jechi " nagaa" jedhu kun kakuu lameen Moofaa fi haarawa keessati hiikkaa baayyee qaba.Bu'uurrisaa fayyaahimmaa jireenya namoota ibsa, inumaahuu Yihudoota biratti akka naga gaaf fiitti fudhatameyu jechichi hiikkaa barbaachisummaa qabatee Yihudoota biratti fayyinaaMasihichaa ibsa sababa kanaa, yeroo itti bifa walfakkaataan akka "Waaqayyo wajjiin walitti dhufeenya sirriitti" fi tajaajilus ni qaba. Asitti jechichi akka walitti dhufeenyaa namaa fi Waaqayyo gidduu jiru gufaata hin qabneetti agarsiisutu mul'ata. Kun Waaqayyo namaa akka isaaf siratutti waan kaa'ee fi, ful 92)

▣ "**Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiin waqayyo biratti**" Yesuus bakka bu'aa nageenya Waaqayyo biraa fidudha.Karaan nageenyaa Waaqayyoo Yesuus qofadha. (Yoh 10:7-8,14:6, HOE 4:12,1Xm 2:5) jecha maqaa iraa jiruf Yaadannoo 1:4 Yesuus Kiristoos ilaali.

**5:2 "isa amma miyeeffachaa jira…dhyaachu arganneeraa"** kun (present active indicative) dha. Gocha darbe godhamee amma bu'an isaa jiraataa ta'e dubata jechii " miyeeffachaa" inni jedhu "seensa" ykn " fudhatama" (prosagoge, Efs 2:18,3:12).Faayidaan dhufeef (1) dhunfaan garraamachuun dhiyaachuuf ykn (2) gara malkaatti nagaan fidhuuf. Guutoon kun barreeamka Giriikii gargara qaba. Barreeffamani durduri muraasni "amantiin" dabalatu (2) fi laatinni, Vulgeete, Syriyaaq fi hiikkaa Koptiik durii qabu).Barreefamonni Biroooo moo durgala itti dabalu (?,A fi hiikka Vugeet muraasa) Haa ta'u fi, barreeffamni addaa B,D.F fi G huda'uu ni habisu.Waan barreessitonni barasanaa cinaayisa 5:1 fi4:16 (si'a lama) 10, fi 20 guutan fakkaata, " amantii dhaan " qabiyyee jabaa Phaawulos amanati.

▣ **"Gara ulfina kana"** jechi kun (charis) jechuun Waaqayyoof kan hintaane, hidhata kan hin qabne, jaalala qulqullummaa hin qabne (Efs 2:4-9) jechuudha. Du'aa Kiristoosi bakka sanyii namaa cubbamoo ta'anii (Lak- 8) du'een ifatti muldhateera.
▣ **"isa ittiin dhaabbanni"** kunis(perfect active indicative)dha. Nuyi dhaabane, ni dhaabbannas" kun gita xmaamantii amantootaa fi amantiitti turufu, isa fedha namoota fi gargalcha ximamantii birmadummaa Waaqayyoo fi warreegama agarsiisa (Efs 6:11,13,14)

## MATDUREE ADDAA; DHAABBII (HISTEMI)

Jechi kun mira ximamantii hedduun Kakuu Haaraa keessatti fayyada

1. Hundeessuf
   a. Seena Km, Rom 3:31
   b. Qajeelummaa i fii, Rom 1:3
   c. Kakuu haarawa, Ibr 10:9
   d. Komii 2 Qor 13:1
   e. Hugaa Waaqayyoo 2Xm 2:19
2. afuuraan ittiin mormuuf
   a. amajaajii,Efs 6:11
   b. guyyaa murtii , Mul 6:17
3. Dhaabbatanni dandamachuu
   a. haasawa loltumama,Efs 6:14
   b. haasawaa sivihi Rom 14:4
4. Gita dhugaa, Yoh 8:44
5. Gita ul finaa
   a. Rom 5:2
   b. 1Qor 15:1
   c. 1-Phex 5:12
6. Gita amantiin
   a. Rom 11:20
   b. 1Qor 7:37
   c. 1Qor 15:1
   a. d.2 Qor 1:24
7. gita amala bada 1Qor 10:2 Jechi kun lameen ul fina kakuu fi birmadummaa Waaqayyo amantoonni deebii kennuu fi qaban, mantiidhaan ittii hiikan ibsa! Lameenu dhugaa kitaaba qulqulluuti walitti qabamuu qabu.

▣ **"Ni gammadna"** Bifti seerlugaa kun akka (1(present middle indicative)ni gamammadna" ykn (2 ) (present middle subjunctive) haa gammannu. Hayyonni kana irratti walhiru yoo nama tokko " ni qabna" Lak 1ti akka indicative ta'e hiikkaan hanga Lak 3ti qixa. Hiddi jecha "gammachu" "boonuu"dha. (KQSHH,KQJ) Mataduree addaa 2:17 laalli. Amantoonni i fitti gammachuu hinqabaatan (3:27), garuuu isa Gooftaan isanii godheen Erm 9:23-24, jechi hidda Giriik kun Lak. 3 fi 11 keessatti dabalama.

▣ **"Abdiidhaan"** Phaawuloos jecha kana miira garaagaraa ammoooo walitti firoomuun itti fayyadameera.Yaadannoo 4:18 laalli amantii amantootaatti walitti hidhamee muldhata. Kun mmoo akka ul finaatti, jirenyaa barbaaraatti, fayyina dhumaa hin qabnetti, lamata dhufatti kkf ibsameera. Ta'uun saa mirkana, garuuu yeroonsa fulduraa fi hin beekkamu " amantii" fi jaalalatti" hidhata.(1Qor 13:13, Gal 5:5-6, Efs 4:2-5,1 Tas1:3,5:8) Itti fayyadamni Phaawuloos muraasni akka armaan gadii ti.

1. Dhufaatti lammataa Gal 5:5,Efs 1:18,Tit 2:13
2. Yesuus abdii keenya 1Xim 1:1
3. Amtoonni Waaqayyoof dhiyaatu Qor 1:22-23,1Tas 2:19
4. Abdii jannatarraa kaayame Qor 1:5
5. Fayyina dhuma hinqabne,  1 Tas 4:13
6. Ulfina Waaqayyoo Rom 5:2,2Qor 3:12,Qor11:27
7. Mrkansa fayyinaa, 1Tas 5:8-9
8. Jreenya bara baraa, TiT 1:2,3:7
9. B'aa bilchina kiristaanumaa, Rom 5:2-5
10. Lubbuu bitamuu uumama hundaa, Fom 8:20-22
11. Maqaa Waaqayyoo, Rom 15:13
12. Guddifamuu seerummaa, Rom 8:23-25
13. Kakuu Moofaa akka qajeelcha amantoota Kakuu Haaraa  fi,Rom 15:4

▣ **“Ulfina Waaqayyoo”** Guutoon kun jechama Kakuu Moofaa jireenya Waaqayyoo  fi kan agarsiisus amantoonni qajeelumaa amantii Yesyys gaafa dy'aa ka'uun (2Qor 5:21) san  kenneen Waaqayyoo fuldura dhaabachuudha. Jecha xinamantiin “ulfeessuu” (Lak 9-10,8:30) Amantoonni fakeenyummaa Yesuus hirmaatu (1Hon 3:2, 2 Phex 1:140 maduree addaa ul fina 3:23 ilaali.

**5:3**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **“kana qofa miti, garuuu”** |
| **NAJV** | **“sana qofa miti, garuuu”** |
| **KQSHH** | **“sana qofa miti, garuuu”** |
| **TIV** | **“hambise”** |
| **NKQJ** | **“sana qofa mit”** |

Phaawuloos wal makata jecdhoota kanaa yeroo hedduu ittidhima ba'a (5:3,11,8:23,9:10  fi 2 Qor 8:19)

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **“ gidiraa keenyatti ni gammana”** |
| **NKKQJ** | **“ qorumattis ni ulfeessina”** |
| **KQSHH** | **“ gidiraa keenyatti ni boonna”** |
| **ITIV** | **“ dararama keenyattis ni boonna”** |
| **NKQJ** | **“ haa gammannu, dararu, rakkina keenyatti”** |

Yoo addunyaan Yesuusiin jibbite, hordoffoota isaas jibbite jechuudha.(Mat 10:10:22,24:9, Yoh 15:18-21) Yesuus  bilchaataadha, akka namootaatti yoo haasa'amu, wan itti qidirfametti (Ibr 5:8) gidiraan qajeellummaa  fida, isa karoora Waaqayyo amantoota hundaaf qabu san (8:17-19, HDE 14:22 Tomas 1:2-4, 1Phex 4:12-19)

▣ “**Beeknee**” kun (perfect participle) “oida” ti. Bifaan sirriidha akka tajaajilaati kennaa anmmaati .Amantoonni hubannoon dhugaa wangeelaaf  isaan qaban gammachuu fi i fitti amanuun gidiraa jireenyaa fuldura dhaabbachuun, isa haala irratti hundaa'e utuu hin ta'iin, yeroo dhuma qorumsaayu( filp 4:4,1Tas 5:16,18) jabaa ta'uu qaba.

**5:3** “**Gidiraa**” mataduree addaa itti aanu ilaali.

## MATDUREE ADDAA : GIDIRAA

Garaagaruummaan itti fayyadama jecha (thlipsis) Phaawuloosi  fi Yohaannis kan xinamantii ta'uu qaba.

I. Itti fayyadma Phaawuloos (itti fayadama Yesuus)
   A. Rakkina, dararama, hammeenya addunyaa Kufte marse
      1. Matt 13:21

2. Rom 5:3
3. 1Qor 7:27
4. 2 Qor 7:4
5. Efs 3:13

B. Rakkina dararama, hammeenya amantootaan dhufu
1. Rom 5:3,8:35,12”12
2. 2 Qor 1:4,8,6:4,7:4,8:2,13
3. Efs 3:13
4. filp 4:14
5. 2Tas 1:6
6. 2Tas 1:4

C . Rakkina, darama, hammeenya yeroo dhumaan
1. Matti 24:21,29
2. Marq 13:19.24
3. Tas 1:6-9

II. Itti fayyyadama Yohaannis

A. Yohaannis jechoot athllpsis fi orge ykn Thumos (dheekkamsa) muldhata keesatti gargara godheera Thlipsis waan hin amanne warraa amane iratti godhu fi arge waan Waaqayyo warra hin amanetti godhudha.
1. Thlipsis – Mal 1:9,2:9-10,22,7:14
2. Orge Mul 6:16-17,11:18,16:19,19:15
3. Thumos Mul 12:12,14:8,10,19,15:2,7,16:1,18:3

B. Yohaannis jechicha wangeela isaa keessatti rakkole amantoota qunnamu sadarkaa hundatti fayyadame – Yoh 16:33.

**5:3,4 “jabaachuu”** jechichi “fedhinnaa” “ho’iitu” “ sardamtuu” “cimina” jechuudha jechichi obsa ummataa fi haala ti firooma matduree addaa 8:25 ilaali.

**5:4 KQSAH “qoramanii bahuu” KJHH, KQSHH “amala”**
**TIV “bahuu Waaqayyoo”**
**KQJ “amala qorame**”

LXX Uma 23:16,1Mot 10:18, 1sen 28:18 keessatti jechi kun qulqullina sibiilaa qoruuf fayyada ture( 2Qor 2:9,8:2,9:13,13,3, filp 2:22, 2 Xim 2:15, Tom 1:12) Qorumsi Waaqayyoo yeroo hunda jabinaa fi (Ibr 12:10-11) matduree addaa : Qorumsa 2:18 ilaali. 5:5 “sababii Waaqayyoo jaalala garaa keenyatti dhangalaaseef” kun (perfect passive indicative) dha jaalalli Waaqayyoo dhangala’e dhangala’aa jiru” gochimichi afuura qulqullu wajjiin hojjeta ( HOE 2:17,18,33,10:45 fi Tit 3:6) feetu Iyo'el 2::28-29 ni gorsiisa.Guutoon genitive kun immoo “ jaalala Waaqayyoo” seerlugaan kan agarsiisu (1) jaalala Waaqayyoo” seerhugaan kan Waaqayyoo nuuf qabu ( 2 Qor 5:14) Lakkoosi lama filannoo yaadaa qofa.

▣ **“isa karaa hafuura qulqulluu nuuf kenname”** kun(aorist passive participle) bakka bu'ummaa waqayyoo agarsiisuu fi kunmoo amantoonni caalmaatti akka isaan afuura hin barbaannee agarsiisa.isaan hafuura qabu ta'a ykn kiristaanaa mit ( 8:9) kennaan afuuraa mallatto bara haarawaa ti ( Yo'el 2:28-29) kakuu haarawaa (Erm 31:31- 34,-th2 36:22-32)

▣ sadeen tokkummaa buufataa kana keessa jiraachu hubadhaa. 1. Waaqayyo lak 1, 2, 5, 8, 10 2. Yesuus lak 1, 6, 8, 9, 10 3. Afuura Qulqulluu lak 5 Mataduree addaa Sadeen Tokkummaa 8:11 ilaali,

## ROMAA 5:6-11

**6 Nuyi amma illee of-dadhaboo taanee utuu jirruu yeroon yaadame yommuu ga' etti Kristos warra akkuma keeny,Waaqayyo irraa fagaatan hundumaaf du'e. 7 Tarii namni**

**nama Waan gaarii godhe tokkoof du'uuffedha qaba ta'a malee nama qajeelaadhaaf waan du'uuf hin fakkaatu. 8 Waaqayyo garuuu, utuma nuyi cubbamoota taanee jirruu, Kristos nuu:du'uu isaatiin hammam akka nu jaallate ni argisiisa.9 Kanaafis amma nuyi dhiiga isaa isa dhangala' een qajeelot, erga taanee, hammam caalaatti isumaan immoo dheekkams, Waaqayyoo jalaa ooluuf jirra!10 Nuyi amma illee diinota utumajirruu, du'a ilma isaatiin Waaqayyotti erga araaramnee, amma immoo nuyi warri isatti araaramne jireenya isaatiin hammam caalaatti ooluuf jirra !11 Kana duwwaas miti, gooftaa keenya Yesus Kristosiin amma araara waan qabnuufis Waaqayyotti gammaduu keenya ni himanna malee.**

**5:6**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"Nuyi ammallee ifa dadhaboo taanee utuu jirru"** |
| **KJHH** | **"wayita nuyi ammallee jabina maleee jirrutti"** |
| **KQSHH** | **"nuyi ammallee maleee dadhaboota"** |
| **TIV** | **"nuyi ammallee gargaarsa maleee jirrutti"** |
| **NKQJ** | **"nuyi ammallee gargaarsa maleeeyidha"** |

Gochimni kun(present participle) dha kun kufaati sanyi nma uumama Addaan agarsiisa. Namoonni cubbuuraa gargaluuf humna hinqaban. Maqdhaalli " Nuyi" jettu maqdhaal ibsitu Lak 66 " Waaqamaleeeyi" Lakk 8" cubbamoota" fi lak 10" diinoota" jedhuun ni ibsa, ni cinaaya lak 6 fi 8 xinamantii fi caasaan ni cinaayyu.

| | |
|---|---|
| **KQSAH, KQSHH** | **" yeroon yaadame"** |
| **KJHH** | **" yeroo dhumatti** |
| **TIV** | **" yeroo Waaqayyoo filatetti"** |
| **KQJ** | **" battala beellamatetti"** |

Kun seenaadhumaanu kanagarsiisu (1) nageenyi Roomaa tola imaluu hayyame (20 afaan Giriiki walqunnamtii aadaa qaxxamura hayyame (3) duuti waaqolii Giriikii fi Roomaa addunyaa dheebuutaa afuuraa uume (Morq 1:15, Gal 4:4, Efs 1:10, Tif 1:3) xinamantiidhaan akka namaa foon uffachuun karoora, ta'umaa humnaati 9 Luq 22:22,HOE 2:23,3:18, 4:28, Efs 1:11)

**5:6,8,10 "warraa Waaqayyooraa fagaataniif diu'e"** kun (aorist active indicative) dha jireenyaa fi du'a Yesuus akka ta'uma gamtoometti fudhate. "Yesuus waan hinliqeefatiin kafale, nummoo liqaa qabna hin kafallee" (Gal 3:13,1Yoh 4:10) Duuti Kiristoos barreefama Phaawuloos keessatti qabiyyee reefuuti .Techoota gargar fi gaaleetti fayyadameera du'a bakka bu'ummaa Yesuus agarsiisuuf.

1. "Dhiiga" (3:25,5:9,1 Qor 11:27,27,Efs 1:7,2:13,Qor 1:20)
2. "If kenne " (Efs 5:2,25)
3. " Fayyina" (Rom 4:25,8:32)
4. " Aarsaa" (1 Qor 5:7)
5. " Du'a" (Rom 5:6,8:34,14:9,15,1 Qor 8:11, 15:3,2 Qor 5:15, Gal 5:21,1 Tas 4:14-5:10)
6. " Fannoo" (1Qor 1:17-18,Gal 5:11,6:12-14,Efs 2:8,Qor 1:20,2:14
7. " Fannifama (1Qor 1:23,2:2,2 Qor 13:4,Gal 3:1

Durgalli huper jedhu yaada kana keesssatti

1. Bakka bu'umma " bakka keenyaa"
2. Bakka bu'usuu " iddoo keenyatti" qaba"

Hikkaan bu'uuraa jecha 'huper' durgalee wajjini" bakka" (Loowu fi Nidaa) oogii namoonni argaatani ibsa ( The New Internalional dictonary of New Testament Theology, jil 3, ful 1196 haa ta'u fi, huper

miira " farraa" isa "bakkummaa" qaba xinamantiin moo dogoggora dura hojjetameef bakka bu'umaa taasifamu agarsiisa ( Marq 10:45, Yoh 11:50,18:14,2 Qor 5:14, 1Xim 2:6 ) M.J Harris ( NIDOTTEm Jil 3, ful 1197) akki jedhu" garuuu maalii Phawuloos Kiristoos kan du'e anti hemon jechu didee? (1Xim 2:6 itti dhiyaateera. Antiluton huper panton) feetu sababa durgala huper, akka anti walcina bakka bu'amuu fi bakka buusamu ni ibsa ta'a.

M.R Yincent, word studies, jil. 2 akki jedhu "jechi huper jedhu fi jechi anti jedhu walgituun saanii mormisiisaadha.Barreessitoonni durii iddotti waljijjiiran bira gahuuf haala mijeessu… hiikkaan dubbisa kanaa waan ragaaaadhaan hin deggeramnetti mirkansuun hin danda'amu .Durgaalli feetu hiikkaa gandaa qabaachu mala, du'arratti homti dubbisa kanaa murteesaa miti. Kan jedhamuu danda'u huper hiikaa anti akka daangessuudha.Bakka bu'uun irraa caalaa dubbisa kanaa miira isaa fi, bikka jedhu qaba. Ibsi dhugaadhaa, dubbisicha keessatti gaaf fiin, isan, maqaadhaan, du'a Kiristoosiitti hidhata.Gal 3:13 Rom 14:15, 1 Phex 3:18, huper kan inni agarsiisu durgaala waligalaan Kiristoos bakka bu'umma du'e- miira bakkuma dhiisuun dubbisa biroooon qabsiisa.Hiikkaan bikka bu'ummaa dabalameera, garuuu agarsiisuu fi ( ful 692)

**5:7** Lakkoofsi kun jaalala namaa agarsiisa Lakkoof sammoooo jaalala Waaqaa!

| | |
|---|---|
| **KQSAH, KJHH TIV** | **"nama qajeelchaa"** |
| **KQSHH** | **" nama qajeelaaf"** |
| **KQJ** | **" nama gaariif"** |

Jechi kun akkuma Nohii fi Iyoob qajeelota ykn komee hinqabne itti fayyadaman san ammas akkanuma. Waaqaa amantii bara saanii hordofu.cubbu dhabuu hin laallatu. Matduree adda 1:17 ilaali. 5:8. "Waaqayyo …akka nu jaallattu ni argisiise" kun(present active indicative) yeroo ta'u Abbaan ilma erge (8:3,32,2Qor 5:19) fallalli Waaqayyoo miirama miti, garuuyu gochaan makatadha ( Yoh 3:16,1 Yoh 4:10) fi sanuma.

**5.9 "hamman caalatti"** kun ibsa Phaawuloos hedduu jaalaltudha (Lak 10,15,17) egaaWaaqayyoo amantoota baayyee jaalatee, wayita isan cubamoo ta'ani jiranitti amma moo hogguu ijoollee isaa ta'anii jiranitti moo hangam dabalee jaalatarre (5:10,8:22).

▣ **"amma nuyi dhigaasaatiin qajeelooat erga taane"** kun(aorist passive participle) qajeelummaa akka hojii Waaqayyoo xumurameti agarsiisa.Phaawuloos dhugaa Lak. 1 iraa deebi'a.Akkasumas cinaayina jechoota " qajeelaa" (Lak 9) fi "araara" ( Lak 10-11) qalbifata.

▣ **"dhigasaatiin"** kun du'a Kiristoos aarsaa ta'e argarsiisaa (marq 10:45,2Qor 5:21)yaadani aarsaa kun, Lubbuun garraami yakkamtoota bakka ximamanti fimoo Yesuusiin laallate isa 53:4-6. Kitaaba Ibrootaa keessatti miira qo'annoo Kiristoosin muldhata.Kitaabni Ibrootaa Kakuu Moofaa fi kakuu haarawaa alBirooon qabee loola qabxilee gargaraa irratti.

▣ **"jalaa ooluu fi"** kun(future passive indicative) lak1) kun fayyina keenya dhuma hinqabne isa " ulfeessuu" jedhuu agarsiisan Lak 2;8:30, 1Yoh 3:2) Kakuu Haaraa fayyina kennaa gochiima hundaan ibsa. 1. gocha xumurame, HOE 15:11, Rom 8:24,2Xim 1:9,Tit 3:5 2. gocha darbe amma bu'a jiru (sirrii) Efs 2:5,8 3. deemsa dagaagaa (amma) 1Qor 1:18,15:2,2Qor 2:15, 1 Tas 4:14:1Phex 3:21 4. oolii fulduraaf (fuldura) Rom 5:9,10,10:9 Mataduree addaa 10:13 ilaali fayyinni kan eegaluu murtii duraatiinii garuuu gara walitti dhfeenyaatti gaf tokko iddo gudda gahutti dagaaga.Kun jechoota xinamantii sadeenii ibsame.qajeelummaa, jechuun "adaba cubbuu jala bahuu" eebbifamuu jechuun" humna cubbuu jala bahuu", fi ulfeessuu jechuun iddoo cubbuun jiru jala baruu" Qajeelummaa fi eebbifamuun gocha Waaqayyoo bareedaa karaa amantii Kiristoosiin kenname balee homaa miti. Kakuu Haaraa dabalataan eebbifamuun jireenyaan amma Kiristoosiin f akkeenyummaa ta'uu dubbata.Sababa kanaa xinamantoonni "eeba gitaa" fi "eebba guddinaa" jedhanii dubbatu.Kun iccitii fayyina tolaa

jireenya waaqummaa jala lixeeti.

▣ **“dheekkamsa Waaqayyoo”** kun yaada iskaatologiilaalaati kitaabni qulqulluu Waaqayyoo guddaa, kan hin maleee, jaalala gaata hin qabne, garuuu akkasumas mormii cubbuu fi ganuu fi qabu calalee fi kaa'a__ Waaqayyoo karaa fyyinaa fi dhiifamaa karaa Kiristoos ta'uus kaa'eera.Warri isaaa gatanii moo dheekkamsa jala galu (1:18-3:20) kun gaaleeantroopomon fiic fi, garuu dhugaa agarsiisa. Harka Waaqayyoo aaree irratti kufuun hangam suukkanneesa ( Ibr 10:31)

**5:10 “Yoo”** kun (first class conditional sentence) dha innis kallatti barreessichan ykn akkeeka barruuf dhugaa ta'uun tilmaamama.Namoonni uumaa waqayyoo dhuma hin qabnee, diina ta'e! Namni (Uma 3:5) fi saayxanni (isa 14:14,th2 28:2-17) rakkoo walfakkaata qabu, fedhii bihisummaa, fedha to'annoo, fedha waaqumaa.

▣ **“Waaqayyootti erga araaramnee… warri isatti araaramne”** kun (aorist passive indicative) fi (aorist passive participle) dha Gochimni “araara” jedhu “ jijjiiruu” jechuudha.Waaqayyoo cubbuu keenya qajeelumma Yesuusitti (isa 53:4-6) jijjiire Nageenyi deebi'a dhaabateera( Lak-1)

▣ **“karaa du’a ilmasaatiin”** angeelli dhifamaa kan bu'uuraye (1) jaalala Waaqayyoo (2) hojii Kiristoosiin (3) afuufaa afuura qulqulluun, fi (4) amantii /qalbii diddirannaa namoota keessatti karaa Biroooo Waaqayyoon sirrattan hinjiru.(Yoh 14:6 fayyinni mirkanaahaan amala waaqoma sadooma irratti maleee hojii namoota irratti miti ! Gargalchi saa hojiin namaa fayyina boodaa ragaaa fayyina tolaati( Yonaasii fi 1Yohannis).

▣ **“Jireenyasaatiin”** jechi Giriiki jireenyaa “zowii” dha jechi barreefama Yohaannis keessaa jireenya du'a booda jireenyaa bara baraa, ykn jireenya mootummaa yoo mara agarsiisa. Phaawulos miira xinamantoomaan fayydameera.amantaan yaada kanaa dhiifama amantootaaf Waaqayyoo eegi gati gatii hammana gahu kafalee, hojumaatasaa fis sirritti itti fufa isa jedhuudha.

▣ “**Jireenyi**” kan inni agarsiisu (1) du’aa ka’uu Yesuus (8:34,1Qor 15), (2) hojii jaarsummaa Yesuus 98:34,Ibr 7:25,1Yoh 2:1) ykn (3) afuura Kiristoosin nu keessatti tolchu (Rom 8:29,Gal 4:19)dha .Phaawuloos kan inni mirkanse jireenyi Yesuus inni biyya lafaa fi duuti isaa akkasumas jireenyi isaa ol kaafame bu'uura araara keenya ta'uusaati.

5:11 “Kana duwwaa miti, garuuu” yaadannoo Lak. 3 laallii’Buufanni.

▣ **“Gammadu keenya”** yaadannoo ilaali. Kun tajaajila sadafaa “gammachuu abdii ul finaa Lak 2 1. Gammachuu abdii ul fina Lak 2 2. Gammachuu gidiraa keessa Lak 3 3. Gammachuu araara keessaa Lak 11 Boonni faallaa 2:17 fi 23 keessatti muldhata

▣ **“amma araara waan qabnuu fis”** kun(aorist active indicative) gocha xumuramedha. Araarri amantootaas lak 10 keessatti fi 2Qor 5:18-21, Efs 2:16-22,Qor 1:19-23 keessatti ka'ee mariyaafameera.Yaada kanaan “ araarri” fakkaatt xumamantii qajeelummaa: ta’a.

**ROOMAA 5:12-14 12**

**Egaa cubbuun karaa nama tokkoo biyya lafaatti akkuma dhufe, duunis karaa cubbuu akka gale, akkasumas namoonni hundinuu waan yakkaniif duuni sanyii namaa hundumaa wal ga'e. 13Utuma seerichi hin kennamin iyyuu cubbuun biyya lafaa irra jira ture; garuuu lafa seerri hin jirretti cubbuun hin lakkaa'amu. 14 Haa ta'u iyyuu malee, bara Addaamii jalqabee hamma bara Museetti duuni nama hundu- maa irratti mo'e; warruma sanyii irra-daddarbaa Addaamiin hin yakkin irratti iyyuu mo'eera, Addaam fakkeenya isa dhufuuf jedhu sanaa ture'o.**

**5:12 “Kanaafuu”** kitaabni Roomaa jecha “kanaafu” jedhu tarsiimoon buufaman hedduu qaba. (5:1,8:1,12:1) Gaaf fiini ibsa waanitti firmaniidha.karaa itti haasawa Phaawuloos guutummaa ta'uu ni danda'a. Mirkanatti kun seera uumaa fi feetu gara Roomaatti 1:18-32ti firooma.

▣ **“Akkuma cubbuun karaa nama tokko wayyalafaatti dhufe”** gochimni sadeen Lak 12 keesaa

(aorist tense) dha. Kufaatiin Addaam du'a fide (1Qor 15:22). Kitaabni Qulqulluu ka'umsa cubbuu hin naama'u. Cubbuun mootummaa ergamtootale ni jira ( uma 3 fi mul 12:7-9)

Cubbuun Addaam kallatti lama marsa (1) abbomamu dhabuu aboomii murtaa'eef(uma 2:16-17) fi (2) i fitti boonuu ( uma 3:5-6) kun uma 3 isa Rooma 1:18-32) keesatti kae'etti seena.kana Phaawuloosiin ilaalcha barsiisummaa iraa adda isa baase xinamantii cubbuu fi .Barsiisonni Uma 3irratti hin xiyyeeffatani, indagama "indagama "yaaliin" (yetzers) lama jiraachu mirkansu. Techi barsiisummaa isaanii beekkama tokko " Laphee hundumaa keesa sareen gurraatti fi adiin ni jirti" Inni ati caalaa soortu caalaa guddaa ta'a: isa jedhudha. Phaawuloos cubbuun akka gargarbaasaa Waaqayyoo qulqulluu fii uumama isa ta'e arge.Phaawuloos xinamantichi tarsimoo qabu ( Yoonas stewards A man in chrisst) miti. Ka'umsa cubbuu hedduu kenne (1) kufaati Addam (2) qorumsa seeyxanaa fi (3) gaqaniisa namootaa itti fufe. Cinaayisaa fi morkisa xinamantii Addaamii fi Yesuus giddu cinaayisaa fi morkisa xinamantii Addaamii fi Yesuus giddu jiru dubbi keessaa lama qaba. 1. Adddaam nama seenaa dhugaadhaa 2. Yesuus nama dhugaadhaa Dhugaan kun lameen barsiisa sobaa fulduratti kitaabni qulqulluu mirkansu, 1tti fayyadama jecha "nama tokko" ykn "tokkicha" jedhu hubadha.Karaa lama jecha kanaan Addaamii fi Yesuusiin agarsiisuuf si'a kudha tokkoti fayyadameera.

▣ **"duuti karaa cubbuu"** kitaabni qulqulluu sadarkaa du'aa sadii agarsiisa (1) du'a afuura (uma 2:17,3:1-7, Efs 2:1) (2) du'a qaamaa (fooni) uma 5) fi (3) du'a barbaraa (Mul 2:11,20:6,14,21:8).Inni dubbisa kana keessatti dubbatamun du'a afuuraa Addaamidha ( Uma 3:14-19) isa du'a foonii sanyii namaa bu'edha (Uma 5)

▣ **"duuti sanyi namaa hunduma walgahe"** Amantana buufata kanaa inni guddaan duuniyooma cubbuu (Lak.16-19,1Qor 15:22 Gal 1:10) fi du'a ti.

▣ **"Namoonni hundinuu waan yakkanii fi"** Namoonni hundi Addaam waliin yakkaniiru (biffaa cubbamtuu dhaalaan fi fidhii cubbama0 sababa kanaa namni hundi cubbuu gochuuf irraa deddeebi'e filate.Kitaabni qulqulluu xiyyeeffannoo kun kennu namni hundi dhuunfaanis gamtaanis cubbamoota 91 Mot 8:46, 2Qor 6:36, Far 14:1-2,130:3,143:2.Fak 20:9,Lal 7:20:isa 9:17,53:6,Rom 3:9-18 23,5:18,11:32,Gal 3:22, 1Hoh 1:8-10)ti Ammallee yaadni xiyyeeffannoo ( Lak 15-19) dha gochi tokko du'a (Addam) fi gochi tokko jreenya (Yesuus) sababa ta'uusaati.haata'uuti Waaqayo walitti dhufeenya nama waliin qabu caaseesseef deebiin namoota hallotti ijoo " dhabamaa" fi " qajeelumma" irrati barbaachisaadha.Namoonni qubsama saanii fulduraa irratti fedhinnaan hiraatu.Cubbuu ykn Kiristoos fi'atu.Llameen filachuun hin danda'an. Isa isaaniif tolutti maxxanu. Jijjiirama 'sababa" beekkamadha, hiikkaan mormisiisaadha.Phaawuloos Eph ni 2 Qor 5:4, filp 3:12, fi 4:10 keesati miiraa " sababaan" fayyadameera. Knaa fiifu hundi namaa dunfaan cubbuu gochuu fi waqayyoon garuuu filate.Gariin muldhata addaabn gatuun, garuuu hundi muldhate uumamaa gatuunidha. (1:18-3:20)

**5:13-14** Ilaalchi dhugaa kun Rom 4:15 fi HoE 17:30 keessattis hubatameera.Waaqayyoo gaariidha. Namoonni waan isaanitti baraachisaaf qofa gaafatamu.Lakkoofsi kun waa'ee muldhata addaa ( Kakuu Moofaa, Yesuusi, Kakuu Haaraa) dubbata, maleee muldhata uumamaa (Far 19:Rom 1:18-23,2:11-16) KJHH dorgommii lak 12 akka golboo dheeraa ( lak 13-17) fi gargar baheen xumurasaarraa lak 18-21

**5:14**
**KQSAH,KJHH KQJ "duuti dhaala"**
**KQSHH " duuti bittaa shaakale"**
**TIV " duutii mohate"**

Duuti akka mootiitti ( Lak 17 fi 21) dhaala.Namoonni du'aa fi cubbuu akka hacuuccuutti boqonnaa kanaa fi boqonnaa 7 keessatti itti fufeera. Muuxannoon duuniyaa du'aa cubbuu duuniyaa sani namaa mirkansa.Lakkoofsa 17 fi 21 affaanni namoomera.ayyaanni moheera! Namoonni filannoo qabu ( karaa Kakuu Moofaa lameen) du'a ykn jireenya jireenyaa keessanitti eenyutu moyee?

▣ **“Warruma sanyii iraa daddarbaa Addaamiin hin tyakkiin irratti iyyuu mo’eer**a” Addaam abboomii Waaqayyoo tarreeffame cabse, hewaan akka kanatti hin cubbine. Waa'ee mukichaa Addaam irraa dhageesse maleee Waaqayyoo irraa miti. Namoonni Addaam iraa qabee hanga Museetti jiraan gantummaa Addaamiin midhamaniiru. Abboomii Waaqayyoo tokkolee hin cabsine, garuuu 1:18-32, isa qaamaa yaada xinamantii kanaa ta'e, dhugaa ifa uumamaa irraa qaban if gantumaa Waaqayyoof itti gaafatamoodha yaadni cubbamuu Addaam ijoolee isaa hundumatti faca'e..

| | |
|---|---|
| **KQSAH,NKKJV** | |
| **KQSHH** | **“inni dhufuuf jedha kan akkasaati”** |
| **TIV** | **“Addaam fakkeenya isa dhufuuf jedheeti”** |
| **KQJ** | **“Addaam isa dhufuu jedhu dursee garsiise”** |

Kun AddaamKiristoos walfakkeenya karaa jabaa ta'en ibsa.(1(Qor 15:21-22,45-49, filp 2:6-8) Lameenu akka toora duraatti, jalqaba sanyiitti ( 1Qor 15:45-49) ilaallamu. Addaam Kakuu Moofaa keessaa isa qofaadha yoomuu Kakuu Haaraa keesatti “gosa” yoo jedhamu. Mataduree adddaa:Bifa (Tupos) 6:17 ilaali.

## ROOMAA 5:15-17

**15 Kennaan Waaqayyo tola kenne garuuu, akka irra-daddarbaa sanaa miti. Namoonni baay'een irra-daddarbaa nama tokkootiin yoo du'an, ayyaanni Waaqayyoo fi kennaan tolaa inni isa irra guddaa caalu immoo Yesus Kristos namicha tokkicha sanaan, namoota baay'eedhaafin argama. 16 Wanti kennaan Waaqayyoo inni tolaa kun fidu immoo, akka isa cubbuun nama tokkoo fide sana miti. Irra-daddarbaa namicha tokkicha sanaa irratti firdiitu kenname; firdichis yakka kan muru ture. Irra-daddarbaa namoota baay'ee irratti garuuu kennaa tolaatu kenname; kennaan sunis qajeelummaatti kan geessu ture. 17 Irra-daddarbaa nama tokkootiin, sababii nama tokkicha sanaaf duuni erga mo'ee, warri qajeelummaa argatan immoo Yesus Kristos namicha tokkicha sanaan hammam guddaa caalchisanii jireenyatti haa mo'an ree!Isaan ayyaana Waaqayyoo fi kennaa tolaa hamma isaan irraa hafutti fudhataniiru.**

5:15-19 Kun dubbii gaalee cinaayaa fayyadamee dheeratedha.

KQSAH, KQSHH fi TIV buufaticha Lak 18 irratti hiran. Haa ta'uutti YBS 4 , KJHH fi KQJ akka boqonnaatti hiikkani.

Fedha barreessichaa isa dhugaan muummee tokko buufata tokko isa buufata tokki isa jedhu furtuu hiikkoo hubadhu.Jechi “ baayyee” jedhu Lak 15 fi 19 iraa jecha “ hunda” jedhu Lak 12 fi 18 irraat walfakkiidha. Kunis isa 53:11-12 fi Lak 6 keessatti dhugaadha.Garaagaruumaan ximamantii homatuu garee kalviin fi farra kalviin) yaada kanarratti hin bu'ura'u.

**5:18 “tola kenne”** Jechoonni Giriikii lama jecha “ kennaa” jedhu yaada kana keessatti fayyaduuf ni jiru Charisma Lak 15,16(6:23) fi doreal dorama Lak 15,16,17 ( yadannoo 3:24 laalli) garuuu fakkaatiwani. Kun dhugumatti oduu gaarii waa'ee fayyinaa fi kenna tola Waaqayyoo karaa Yesuus Kiristoosi (3:24:6:23 fi Efs 2:8,9) warraa Kiristoositti amanan hundaa fidha.

▣ **“yoo”** (first class conditional sentence). kallatti barreessichaan ykn akeeka barreefamichaaf dhugaa ta'uun mit itlmaamama cubbuun Addaam du'a nama hundaatti fide.Kunis Lak 17ti cunaayinaa qaba.
▣ **“baayyinaan”** mata duree addaa 15:13 ilaali.

**5:16 “ firdiitu kenname qajeelummaa”** lameen kun kan qoranoo jecha seeraati. Kakuu Moofaa ergaa raajotaa akka dhadhachaati dhiyeesse Phaawuloos bifa kana fayyadame ( Rom 8:1,31-34).

**5:17 "yoo"** (first class conditional sentence). kallatti barreessichaan ykn akeeka barreefamichaaf dhugaa ta'uun ni tilmaamama irraa darbaan Addaam du'aa namootaa fida.

▣ **"warrii argatan- guddaa caalchisanii"** Lakkofsi 18-19 xmamantiin walgita mit.Gaalichi yaada Rom 1-8 iraa ada hin ba'u, akka mirkanfata duniyumaatti tjaajila (hundi ni fayyuu) Namoonni dirqama argachuu qabu ( Lak 17b) kenna Waaqayyoo karaa kiristos erge.Fayyinni hundaaf ni tola, garuuu dhuunfaan fudhatamu qaba ( Yoh 1:12,3:16, Rom 10:9-13)

Gantummaa Addaam tokkitti gantumaa saba hudnaatti cehe.Gochi cubbamaa tokko ol ka'e muldahte ! Garuuu Kiristoosiin aarsaan qajeelaa tokko cubbuu nama baayyee haguuguuf akkasumas waldaha cubbuuf ol ka'ee muldhate " Guddaa caalchisuu" Ayyaanni haa baayyaatu !

5:17,18 " kenni qajeelumaa deebie'e jieenyaa keessatti ni mootoma… hundatti yakka mursiisa" Yesuus kenna Waaqayyoof fedhii afuuraa sanyi namoota kufanii guutuuf dhiyaatedha.(1Qor 1:30) Gochimni cinaaynaa kun jechuun (1) namoonni cubbomoon karaa hojii Kiristoos xumurameen Waaqayyoo dura qajeelumaan akka dhaabbata ta'eef kunis jireenya Waaqayyoomaa isanii argamsiisa. Ykn (2) gochimni kun " jireenya barbaaraa" wajjiin fakkaattidha.Yaadichi filannoo duraa deggera qo'annoo jechaaf qajeelummaa irratti matduree adda 1:17 laalli.

## MATA DUREE ADDAA: MOOTUMAA WAAQAYYOO DHAALUU

Yaadni mootomu Kiristoos wajjiinii ramaddii xinamanti dheeraa " mootumaa Waaqayyoo" keessatti argama. Kun yaada Kakuu Moofaa waa'ee Waaqayyoo mootii dhugaa Israa'el (Isam 8:7) irraa dabarsuudha. Mallattoodhaan mootome ( Isam 8:7,10:17-12) kara hidda dhaloota Yihudaa ( Uma 49:10, fi maatii Yesuus ( 2 Sam 7) Yesuus ittiin guutama raajii Kakuu Moofaa waa'ee masihichaati Inni Mootummaa Waaqayyoo Beetehhemitti foon uffatee gammachise mootumaan Waaqayyoos utubaa lallabaa Yesuus ta'e mootummichi guutummatti isan dhufe. ( mat 10:7,11:12,12:28 marq 1:15,Lu1 10:9,11,11:20,16:16,17:20-21) Mootummichis fulduraa (Iskaatolojikaal) Amma tur3 garuu kana ta'e miti (Matti 6:10,8:11,16:28,22:1-14,26:29,Luq 9:27:11:2, 13:29,14:10-24,22:16,18) Yesuus jalqaba akka tajaajiltuu giduramtuuti dhufe ( isa 52:13- 53:12), akka gadi jedhaatti ( (Ich 9:9) garuuu akk amooti moototaatti deebi'a (Matt 2:2,21:5,27:11-14) yaadni " mootomuu" dhugumatti qaama ximamantii " mootumaa" ti Waaqayyoo mootumiich ahordoftoota Yesuusiif kenneera( Luq 12:32 ilaali). Yaadni Kiristoosi wajjiin deebi'anii mootomuu kallattii fi gaaf fiilee hedduu ni qaba.

1. Dubbisni Waaqayyoo mootummicha karaa Kiristoos warraa amaneef kenneera inni jedhu deebi'anii mootomuu ni iloaallataa? ( Maatt 5:3,10,Luq 12:32)
2. Sagalee Yesuus warra duuka buutota ka'umsaaf darbe jaaraa jalqabaa keessa amantoota hundaa ni ilaallata ( Maatt 19:28,Luq 22:28-30)?
3. Phaawuloos debi'anii jireenya kallatti motomu irratti dorgomsiise ykn galateeffatee yaadni inni bse ni jiraa? Rom 5:17, 1Qor 4:8)?
4. Akkamitti gidiraa fi deebi'anii motomuun firoomuu (Rom 8;17,2Xim 2:11-12,1Phex 4:13, Mul:9)?
5. Qabiyyeen mudhataa yeroo ammaa mootummaa Kiristoos isa ul fin aqabeeessti hiramachuudha.
   a. kan lafaa 5:10
   b. Barkumaa 20:5,6
   c. Bara baraaf 2:26,3:21,22:5 fi Dan 7:14,18,27.

## Roomaa 5:18-21 18

**Egaa akkuma irra-daddarbuun nama tokkichaa nama hundumaatti yakka mursiise, qajeelchuun nama tokkoo immoo namoota hundumaa firdii qajeelummaa argachiisee ni**

**jiraachisa. 19Akkuma abboomamuu diduu nama tokkootiin baay'een cubbamoota ta'an, abboomamuu nama tokkootiin immoo akkasuma baay'een qajeelota ni ta'u. 20 Seerri irradaddarbaa baay'isuudhaaf gidduu lixe; garuuu lafa irra- daddarbuun baay'atetti immoo ayyaanni Waaqayyoo caalaatti baay'ate. 21Akkuma cubbuun karaa du'aa mo'e, ayyaannis karaa gooftaa keenyaa Yesus Kristos gara jireenya bara baraatti nu geessuudhaaf qajeelummaadhaan ni mo'a.**

**5:18**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"egaa akkuma iraa daddarbuun namaa tokkichaa nama hundumaatti yakka mursiisee"** |
| **KJHH** | **" karaa hojii qajeelummaa nama tokko kenni tolaa hundaafdhufe"** |
| **KQSHH** | **" hojiin qajeelumaa nama tokko murtii fi jireenya hundatti fide.Kunis"** |
| **TIV** | **" bifawalfakkaatuun gochi qajeeelummaa tokko nama hunda walaboomsee" jireenya isaani kenne."** |

Kun jechuun namni hundi ni fayya ( duniyima) jechuu miti lakkoofsi kunis ergaa kitaaba Roomaa fi yaada batala kanana alatti kopaatti hin jijjiiramu.Kun kan agarsiisu fayyina isa humna qabeesa karaa jireenya) du'aa ( du'aa ka'uu Yesuusiin argamuutii sanyin namaa lafeeraa wangeelaa isa qalbii diddiramnnaa fi mantiin aargameetti deebii kennu qaban ( Marq 1:15, HOE 3:16,19,20:21) Waaqayyoo hoggayu (Hoh 6:44:65) dursa fudhata, garuuu namni hundi dhuunfaan akk a deebii kennu barbaada. (Marq 1:15:Yoh 1:12, fi Rom 10:9-13) Afeeraan isa duniyaadha (1Xim 2:4,6,2Phex 3:9,1Hoh 2:2) garuuu wanni ajaa'ibsiisaan baayyonni " hin ta'uu" jechuu saaniiti. "Gochi qajeelummaa" (1) Yesuus jireenya guutuun abbomamuu fi Abbaa muldhisuu (2) duuti isaa adaatti baka namoota cubbannoodha.akkuma jireenyi nama tokko hunda miidhee ( walta'ina Yihudootaa, 1ya 7) akkanuma jireenyi garraanni tokko hundaaf tola.Gochi kun lameen ni cinaayyu, garuu qixxee miti hundi cubbuu Addaamiin miidhamanii jiru.,garuuu hundi jireenya Yesuusiin fayyaniru, waraa amananii kennaa murtii argatan qofati.Gcohi Yesuus cubbuu hundaa miidhe warraa amanee,kan darbe, ammaa fi kan dhufu fudhatuuf.

**5:18-19** " nama hundumatti yakka mursiise…namoota hundumaa firdii qajeelumama argachiise…baayyeen cubbamoota ta'an" Isaan kun gaaloota cinaayina jechi "baayyee" jedhuu akka inni daangeessaa hin taane garuuu dabalataa ta'ee agarsiisu fidha. Cinaayinni walfakkaataan isa 53:6 keessaa " hundaa" fi 53:11,12 keesaa "baayyee" jedhu jira.Jchi bayyee jedhuu mira daangessu hin fayyadu afeeraa fayyina waqayyoo namoota cubbmoo ergame irratti ( waraa kalvinii fi farraisaalee) (Passive voice)gochima laneeni hubadha hojii Waaqayyoo agarsiisu cubbuun namoota fi walitti dhufeenya amala Waaqayyoo fi akk aamala isaatti moo murtii fudhatu.

**5:19 " Abboomii dhiduun namtokko… abboomamuu namtokkoon**" Pahaawuloos yaada xinamantii Kakuu Moofaa walta'inaa fayyadama. Gochi namtokkoo hawaasa ni miidha (Akkaan Zyyaas 7 keessati) Abboomamuu dhabuun Addaamii fi hewaan uumama hunda irratti murtii wqaqayyoo fede.9 Uma3) uumani hundi bu'aa gantumaa Addaamiin miidhame. (8:18-25) Adddunya tokkomiti.Namoonni tokkomiti.Duuti xumura jireenya biya lafaa ta'e (uma 5) kun addunyaa Waaqayyoo karoofate san miti. Miira walta'ina Yesuus kanaan gocha abboomamu tokkon 'kalvary' kan bu'u (1) bara haarawaa 92) ummata haarawa (3) kakuu haarawa ture.. Xinamantii bakka bu'a namaa kun "taayipoolojii Addaam-Kiristoos" jedhama (filp 2,6) Yesuus Addaam lammeesodha.Inni jalqaba sababoota kufanitti.

▣ **"qajeelummaa ta'e"** mata duree addaa 1:17 ilaali.

**5:20**

**KQSAH** **"seerri irradhaddarbaa baayisuudhaaf giddu lixe"**

| | |
|---|---|
| **KJHH** | **“ irraa caalaa seerri kan lixe yakka bayyisuu fi”** |
| **KQSHH** | **“ garuuu seerri dhufe, irraa daddarbaanis ni baayyate”** |
| **TIV** | **“ doggora baayyisuu fis seerri tumame”** |
| **KQJ** | **“ yoo seerri dhufu carraa kufaatii bayyisuu fi”** |

Akeekni seeraa gonkumaa nama fayyisuuf miti. Garuuu fedhaa fi hirkattummaa sanyi namaa agarsiisuuf maleee .(Efs 2:1-3) fi gara Kiristoositti fiduuf ( 3:20,4:15,7:5, Gal 3:19,23-26).Seeri gaariidha, garuuu sanyiin namaa cubbamoodha.

▣ **“ayyaanni Waaqayyoo caalati baayyate”** kun dheebuu Phaawuloos kutaa kanaati.Cubbuun suukkanneessaa fi daddarbaadha, garuuu ayyaanni baayyate hacuuccaa isarraa darbe.Kun karaaitti waldaa jaarraa duraa keesaa jirtu jajjabeessanidha.Kiristoosii iraa aantoota ( 5:9-11,8:30 ilaali

**5:21 lameen “cubbuu” fi “ayyaanni**” akka mootiitti namoomani jiru. Cubbuun humna dhuuniyaa du'aan mootome ( Lak 14,17) Ayyaanni kan mootome karaa qajeelummaa argamee, karaa hojii Kiristoos xumuramee, karaa amantii dhuunfaa amantootaa fi qalbi diddiramaa gara wangeelaaniti.
Akka saba Waaqayyoo haarawaatti, akka qaama Kiristoositti kiristaanonni deebi'ani ni mootomu.(5:17,2Xim 2:12, Mul 22:5) kun akk amootumma abiyya lafaa ykn barkumaa fakkaata (Mul 5:9-10,20) kitaabni qulqulluu dhugaa walfakkaataa kan adubbata mootummichi qulqullootaalee akk akennamu mirkansuun 9 Matt 5:3,10,Luq 12:32,Efs 2:5-6) mat duree addaa.Mootumaa Waaqayyoo deebisani dhaaluu 5:17 ilaali.

## Gaaffilee maree

Kun ibsituu qajeelcha qo'annooti. Kanaafu hiikkaa keetiif itti gaafatamaadha. Tokkoon tokkoo keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, kitaabni qulqulluu kee fi afuurri qulqulluu hiikkaa keessatti dursitoota. Ibsaa wajjiin walitti laaquun hin qabdu.
Gaaffileen marii kun dhimmoota gurguddoo kutaa kitaaba kanaa irraatti akka xiyyeeffattu sigargaaruuf kan qophaa'edha. Isaanis ilaalcha dadammaqsuuf maleee ibsa kan barbaadan miti.

1. “Qajeelummaa” Waaqayyoo ibis.
2. Garaagaruummaan “xinamantii” eebba gitaa” fi “eebbaa dagaagaa” gidduu jiru maali?
3. Nuyi kan fayyinee ayyaanaani moo amantinii? (Efs 2:8-9)?
4. Maaliifi kiristiyaanni gidiraa arguu?
5. Nuyi fayyineeraa moo, ykn fayyaadha moo, ni fayyinaa?
6. Nuyi cubbamoota waan cubbineef ykn cubbuu goonaa waan cubbamoota taanneefii?
7. Akkamitti jechoonni “qajeelummaa” “fayyinaa” fi “araarri” boqonnaa kana keessatti firoomuu?
8. Maaliif Waaqayyoo cubbuu nama biraaf sanuu waggaa kumaantama duraa jiraachaa tureef itti gafatamaa na godhee (lak 12-21)
9. Namotnii addaamii fi Muusee gidduu jiran eegi cubbuun hin lakka'amu ta'ee (Lak 13-14) bara san maaliif du'anii?
10. Jechoonni “hunda” fi “baayyee” fakkaattidhaa? (Lak 18-19, Isa 53:6, 11-12).

# Roomaa 6

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Cubbuun du'anii garuuu kiristoosiin jiraachuu | Cubbuun du'anii Waaqayyoof jiraachuu | Du'uufi ka'uu Kiristoos wajjin | Cubbuun du'anii garuuu Kiristoosin fayyan | Cuuphaa |
| 6:1-11 | 6:1-14 | 6:1-4<br>6:5-11 | 6:1-4<br>6:5-11 | 6:1-7<br><br>6:8-11<br>cubbuun akka hin binne |
| 6:12-14 | | 6:12-14 | 6:12-14 | 6:12-14 |
| Garboota qajeelummaa | Garbumma cubbuu irra gara garbaa Waaqayyootti | Garbummaa lameen | garboota qajeelummaa | Kiristaanni gabrummaa cubbu jalaa bahe |
| 6:15-23 | 6:15-23 | 6:15-19 | 6:15-19 | 6:15-19<br>gatii cubbuu fi gatii qajeelummaa |
| | | 6:20-23 | 6:20-23 | 6:20-23 |

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. Kkk

JECHA QABIYYEE A. Boqonnaan 6:1-8:39 jiru ilaalcha gumaa'e (gumi barruu) waa'ee walitti dhufeenya cubbuufi kiristaanummaa uuma. Kun dhimma barbaachisaadha sababni isaas wangeelli ayyaana eebba tolaa Waaqayyoo irratti hundaa'ee karaa Kiristoos (3:21-5:21) kanaafu cubbuun akkamitti amantoota miidhaa?

A. Boqnnaan 6 gaaffiilee lama irratti bu'ura'a. lak 1 fi 15. Lakkoofsi 1 fi 5:20 ni firooma, wayita lak 15 fi 6:14 firooman. Inni duraa akka mala jireenyaatti cubbuutti firooma; (henna ammaa) inni lammataa gocha cubbuu dhuunfaa ti. Lak 1-14 walabooma amantootaa cubbuu jalaa yoo ta'u lak 15-23 walabooma amantootaa Waaqayyoon tajaajiluu ilaallata akkuma dur cubbuu tajaajilan waliigalaan, hundumaaniifi garaa guutuudhaani.
B. Eebbifamni lameenii:

1. gita (akka fayyina qajeelummaani 3:21-5:21)
2. fakkeenya kiristoosummaa dagaagu
   a. 6:1-8:39 dhugaa kana xinamantiin ibse
   b. 12:1-15:13 hojiin ibse (mataduree addaa 6:4 ilaali)

C. Komnitaataroonni dhimma qajeelummaafi gita eebbaa akka hiikkaa kitaaba Quqlulluu baruu isaan gargaaruuf baqaqsu danda'u. Dhugumatti lameenu walduukaa gocha ayyaanaati (gita 1Qor 1:30; 6:11). Toftaan lameenu wal fakkaata- ayyaanni Waaqayyo jireenyaafi du'a Kiristoos keessaan muldhate isa amantiin argamu (Efs 2:8-9)

D. Boqonnaan kun kan barsiisu bilchina (cubbu dhabuummaa Yoh 3:6, 9; 5:18) ijoollee Waaqayyoo Kiristoosinidha. Boqonnaa 7 fi 1Yoh 1:8-2:1 cubbamuun amantootaa itti fufuu agarsiisa. Waldhabbiin ilaalcha Phaawuloos dhiifamarratti qabu dhimma haamilee wajjiin firooma. yihudooni, haaronni seera Muusee akka mirkansanii gaafachuudhaan jireenya Waaqayyoo barbaadu. Muraasni ilaalcha Phaawuloos akka hayyamaatti cubbuutti fayyadamu (lak 1, 15; 2Phex 3:15-16) Phaawuloos afuurri jiraataan, wanna alarra miti, hordoftoota Kiristoosiin fakkaatanijiraatan akka hoomishu ni amana. Dhugumatti garaagaruummaan Kakuu Moofaa Deb 27-28) fi kakuu haarawaa (Erm 31:31-34; Hiz 36:26- 27) is kanadha.

E. Cuuphaan agarsiisa qajeellumm/eebba dhugoma afuuraa qaama irrattiti. Roomaa keessatti lameen doktiriinaa eeb/qajeelummaa gitaafi eebba shaakalaa (Kiristoosin fakkaachuu) xiyyeen itti kennameera. Wajjiin awwaalame (lak 4) fi "isa wajjiin fannifame" cinaayina (lak6)

F. Furtuun ittin qorumsaafi cubbu jireenya Kiristaana keessaarra aanamu.
   1. Kiristoosin eenyu akka taate beeku. Maal akka siif hojjete beeku. Ati cubbuurra walaba. Ati cubbut du'aadha.
   2. Jireenya kee guyyuutti gita kee Kiristoosiin herregadhu.
   3. Nuyi kan ofi keenya miti. Gooftaa keenyaa tajaajilu/abbomamuu qabna. Nuyi isa nu kabajuufi nu jaallatu jaalalaan tajaajilla/abboomamna.
   4. Jireenyi Kiristaanaa jireenya umama gararraati. Akkuma fayyinaa kunis kennaa Waaqayyo isa karaa Kiristoosi. Humna isaa ni kakaasaa, ni kenna. qalbi diddirrannaafi amantiif ka'umsaafi itti fufiinsaan deebi kennu qabna.
   5. Cubbutti naannooftee hin taphatiin. Waan inni ta'etti of daangeess. Irraa gargal, baqadhu. qurumsa irra of hin buusiin.
   6. Cubbuun barmaatile cabuu danda'udha, garuuu yeroo fudhachuu, humnaafi fedha gaafachu danda'a.

## Qo'annoo jechaafi gaalee

### ROOMAA 6:1-7

**1Egaa ayyaanni Waaqayyoo akka baay'atuuf, cubbuutti jiraachuu itti fufnajennaa ree?**
**2Kun matumaa hin ta'u!Nuyi warri cubbuu jalaa duune, si'achi attamitti cubbuu jala**
**jiraanna ree? 3Yookiis nuyi warri Kristos Yesusitti dabalamuudh~af cuuphamne, du'a**
**isaattis isatti dabalamuudhaaf akka cuuphamne ni wallaaltanii ree? 4Nuyi**
**cuuphamuudhaan du'a isaatti isatti dabalamnee isaa wajjin awwaalamneerra; Kristos**
**humna abbaa isa ulfina-qabeessaan warra du' an keessaa akkuma kaafame, nus immoo**
**jireenya haaraa tti ni j iraanna. 5Akkuma du'a isaatti isaa wajjin walitti dabalamne,**
**akkasuma du'aa ka'uu isaattis isaa wajjin walitti ni dabalamna. 6Nuyi deebinee garba**
**cubbuu akka hin taanetti, dhagni inni cubbuu hojjetu akka badduu baafamuuf,**
**namummaan keenya inni moofaan isaa wajjin akka fannifame ni beekna. 7Namni yommuu**
**du'u humna cubbuu jalaa irl"ba'a.**

**6:1**

**KQSAH "Egaa Ayyaanni Waaqayyoo akka baayyatuuf cubbuutti jiraachuu itti fufna jennaaree?**

**KJHH "Akka ayyaanni baayyatuuf cubbuutti jiraachu qabnaa"**

| | |
|---|---|
| **KQSHH** | **"Akka ayyaanni baayyatuuf cubbuutti jiraachuu itti fufnaaree?** |
| **TIV** | **"Hanga cubbuutti jiraachu itti fufnen ayyaanni Waaqayyo ni dabalaaree?** |
| **KQJ** | **"Akka ayyaanni Waaqayyo ol guddatuuf nuyi cubbuu keessa turuun itti fufu qabaaree?** |

Kun (present active subjunctive) dha. Gaaffii ni gaafaa. Kiristaanni "obsaan turuu" ykn cubbuu "ammachuu" qabuu? jedha. Gaaffiin kunis gara 5:20ti duubatti nu deebisa. Phaawuloos waan aadbuura (dubbin tuqa)ti fayyadamee waa'ee ayyaana dogoggora jiru ibsuu yaale (1Yoh 3:6, 9:5:18) Ayyaanaafi araarri Waaqayyo jechuun jireenya gantummaaf hayyama kennuu jechuu miti. Wangeelli Phaawuloos fayyina tolaa akka kenna ayyaana Waawayyootti kara Kiristoos (3:24; 5:15, 17; 6:23) jedhu gaaffilee hedduu waa'ee qajeelummaa mala jireenyaa kaaseera. Akkamitti kenni tolaa qajeela hamilee fidaree? Qajeelummaafi eebbi adda hin bahan (Matt 7:24-27; Luq 8:21; 11:28; Yoh 13:17; Rom 2:13, Yon 1:22-25; 2:14-26) Qabxi kana irratti F.F Biruusee: Apostle of the Heart Set Free" kitaabasaa keessatti "cuuphaan kiristaanotaa jireenya isaani dulloomaa deebi'ee hin kaaneefi jireenya isaani amma kiristoosiin qaban giddu jiru walitti qabee dhaabbata: Innis isa duritti akka du'an, kanaafmoo kiristaana cuuphameef cuubbu keessa deemuun waan faayidaa hin qabne akka gabra walabooma deebi'ee gooftaasa durii jala turuu barbaaduuti. (Rom 6:1-4, 15- 23) ykn bosortii "seera dhirsaa" jalatti haftuuti" ful 281-82 (Rom 7:1-6) Kitaaba Jamsi S. Stewart "A Man in Christ" keessatti "The Locus Classical" jedhe warra gama yaada ergamicha jiran Rom 6 keessatt argama. Achitti Phaawuloos humnaafi jabinaan, duuti Kiristoos jechuun mantootaaf guutummatti cabbina cubbuu akka ta'e agarsiisa" ful 187-88

**6:2 "kun matumaa hin ta'u"** isa caaslugaan fedhe ykn kadhataaf itti fayyadame. Karaa Phaawuloos ittin gaaffilee aadbuuraa ittiin deebisedha. Rifaatuufi jeequmsa Phaawuloos namoota hin amaniin jiran irratti isa isaan ayyaana xureessaniifi dogoggoran irratti qabu agarsiisedha (3:4,6).

▣ **"nuyi warri cubbuu jalatti dune"** kun (aorist active indicative) dha. jechuun "duunee jirra" boqonnaa kana keessatti "cubbuun" irra deddeebi'ame jira. "Umama cubbamoo" keenya isa Addaam irraa dhaalle (Rom 5:12-21, 1Qor 15:21-22) agarsiisuufidha. Phaawuloos yaada du'aa irra deddeebi'e akka tuqatatti amantoonni walitti dhufeenya haarawaa Yesuus wajjiin qaban agarsiisuuf fayyadameera. Kana caala isaan gooftaa cubbuutti dhimma miti.

▣ **"si'achi jala jirranna"** kun "tarkaanfachu"dha. Dubbin tuqxii kun ykn amantii mala jireenya keenyaa (Efs 4:1; 5:2,15) ykn cubbuu mala jireenya keenya (lak 4) jala muruu barbaadeeti. Amantoonni cubbuutti hin gammadan.

**6:3-4 "warri cuuphamne …. du'a isaattis"** kun (aorist passive indicative)dha caaslugni kun hojii xumurame, xumurri isaas waan alaan kan ta'e asitti afuuricha, irratti kan xiyyeeffatudha. Yaada kana keessatti cinaayisumma qabu.

## MATADUREE ADDAA: CUUPHAA

Kurtiis Vayugaan, Hojii Ergamootaa, miiljalee gammachiiftuu ful 28 irraa ni qaba. "jechi Giriik 'cuuphaa' gochima ajaja nam sadaffaa agarsiisuu; jechi "qalbii diddiranna" gochima ajaja nam lammaffaati. Jijjiiramni "cuuphaa"ti godhamu kan agarsiisu fedhiin Pheexroos duraa qalbii diddiranna ta'uusaati." Kunis xiyye lallaba Yohaannis cuuphaa (Matt 3:2) fi Yesuus (Matt 4:17) Qalbii diddirannaan furtuu afuuraafi cuuphaan ammooo jijjiirama afuuraa kana alatti baafannaa fakkaata. Kakuun haarawaa waa'ee amantoota hin cuuphamnee homaa hin beeku waldootii ganamaaf cuuphaan hojii hawaasaa amantiiti. Haala kakuu hawaasa keessatti gaggeeffamu, Kiristoositti amanuu, dha malee toftaa fayyina miti.

Lallaba Pheexroos isa lammataa keessatti cuuphaa akka hin tuqamiin qalbii

diddiramaanilee hubadha. (Matt 3:13-18). Cuuphaan Yesuusiin abboomame (Matt 28:19). Gaaffii hammayyooma kan ta'e barbaachisummaan cuuphaan fayyinaaf jedhu kakuu haarawaa hin tuqamne; amantoonni hundi cuuphamu qabu. Haa ta'uti, raawwii irbaata quqlulluuf dhaabachuus ni barbaachisa. Fayyinni dhimma amantiiti, malee dhimma iddoo-sirrii, sagalee-sirriifi hojii safuu sirrii miti.

▣ **"gara Kiristoos Yesuusti"** Itti gayyadamni eis (gara) ergma guddaa Matt 28:19 irra wajjiin ni cinaaya, iddootti amantoonni haarawaa cuuphaman eis (gara) maqaa Abbaan, maqaa ilmaafi maqaa Afuura qulqulluun. Durgaallichis amanoota afuuraan cuuphamani gara qaama Kiristoositti dabalaman 1Qor 12:13 agarsiisuuf fayyade. Kun en (Kiristoosiin) isa jedhuun moggoyoodha. Lak 11 keessatti karaa Phaawuloos amantoota agarsiisuu filatu sanaanidha. Amantoonni Kiristoosiin jiraatu, deemuufi namoomu. Durgaalichi walitti dhiyeenya gamtaa kana agarsiisa, samii waloomaa, hiddaafi baalooma. Amantoonni Yesuus adda baafatanii du'a isattis walin ta'u (lak 6;8:17), du'aa ka'uu walin ta'u (lak 5). Waaqayyoof abboomamu isaatti walii ta'uufi Mootoma isattis walin "du'a isaattis…dabalamne" cuuphamuun keessa bu'atii du'aafi awwaalcha agarsiisa. (Lak 5 fi Qol 2:12) Yesuus cuuphaa akka dubbi dalgaati du'asaa ittin agarsiise (Marq 10:38-39, Luq 12:50). Asitti xiyyeen doktiriina cuuphaa osoo hin taanee kiristaanotaaf, haarawaa, walitti dhufeenya maxxameefi du'aafi awwaalcha Kiristoosdha. Amantonni cuuphaa Kiristoos, amala isaa, aarsaa ta'u isaa, ergamuu isaa addaan baafatu. Cubbuun amantoota irratti humna hin qabu.

**6:4 "Nuyi cuubamuudhaan du'a isaatti dabalamne."** Boqonnaa koma keessatti, akkuma amala barreeffama Phaawuloos, suna (wajjin) tisheesse itti fayydameera. (Efs 2:5-6) 1. Sun +Thapti =wajjin -awwalame, lak; !ol 2:12 fi yaadanno, 8 2. Sun+Stauroo=wajjin- biqile, lak 5 3. Sun+azo= wajjin- jiraata lak 8; 2Xim 2:11 (akkasumas wajjin du'eefi wajjin ka'ee qaba)

▣ **"nuyis ammooo jireenya haarawaatti ni jiraanna"** kun (aorist active subjunctive)dha. Fiiriin fayyinaa eeggamu eebbadha. Sababa amantoonni ayyaana Waaqayyoo karaa Kiristoos beekaniif jireenyi isaani addadha. Jireenyi keenya haarawaa fayyina nuuf hin fidu, garuuu innumtu bu'aa fayyinaafi. (lak 16, 19; fi Efs 2:8-9,10, Yonas 2:14:26) kun gaaffii ni ta'aa, hin ta'u amantii ykn hojii miti. Garuuu tartiiba deemsaatu jira.

## MATADUREE ADDAA : EEBBA

Kakuu Haaraa yogguu cubbamtoonni gara yesuusiitti qalbii diddiranaafi amantiin garagaalan battaluma san qajeelummaafi eebba akka argatan ni mirkaneessa. Kun kiristoosiin iddo saani isa haarawaadha. Qajeelummaan isaa isaanitti qica. (Rom 4) Isaanis qajeelaafi qulqullu ta'un isaanii labsama. (qoranno hojii Waaqayyoo) Kakuu Haaraa amantoota gara quqlullummaafi qajeelummaatti ni yaama. Lameen gita xinamantii hojii Kiristoos Yesuusiin xumurameefi amalaan Kiristoosiin fakkaachuuf yaamamuufi jireenya hoggayyu keessatti gochudha. Akkuma fayyinni kenna tolaafi gatii waan mala jireenyaa akka ta'e, daranimoo, eebbadha.

| **Yaada ka'umsaa** | **fakkeenya Kiristoos fakkaachuu** |
|---|---|
| HoE 20:23; 26:18 | Rom 6:19 Rom 15:16 |
| 2Qor 7:1 1Qor 1:2-3; 6:11 | 1Tas 3:13; 4:3-4, 7; 5:23 |
| 2Tas 2:13 | 2Xim 2:21 Ibroota 2:11; 10:10, 14; 13:12 |
| Ibr 12:14 1Phex 1:1 | 1Phex 1:15-16 |

▣ "Kiriistoos warra du'an keessaa kaafame" yaada kana keessatti fudhachuun hojiifi sagalee ilmaa

mirkansuuni Abbaadhaa ta'atee gurgudda lamaan ibsame.

- ▣ 1. Yesuus, du'aa keessaa ka'uusaa
- ▣ 2. Yesuus mirga abbaati ol ba'uusaa
- ▣ **"humna abbaa isa ulfina qabeess"** "ulfinaaf" mataduree addaa 3:23 ilaali. "Abbaa"f mataduree addaa 1:7 ilaali.

**6:5 "yoo"** kun (first class conditional sentence) dha isa kallattii barreessichaa ykn akeeka barruuf dhugaadha jedhamee tilmaama. Phaawuloos dubbistoonni isaa akka amantoota ta'e ni tilmaama. "isa wajjiin walitti ni dabalamna" kun (perfect active indicative) dha ture moo tokko ta'uuf itti fufe" ykn ture moo tokkummaan biqiluuf itti fufe' jedhame hiikkama. Dhugaan kun xinamantiin "obsuu" wajjiin walfakkeenya qaba. (Yoh 15 keessatti) yoo amantoonni du'a Yesuusiin adda bahan (Gal 2:19-20; Qol 2:20; 3:3-5), akka xinamantiin du'aa ka'uu isaattis adda ni bahu. (lak 10) Dubbiin dalgaa cuuphaa akka du'aatti dhiyaachuun (1) jireenya dulloomaa, Kakuu Moofaaf dune (2) afuuratti fayyine kakuu haarwa. Cuuphaan kiristaanaa akka cuuphaa isa kan Yohaannis cuuphaa miti, raajicha xumuraa Kakuu Moofaa. Cuuphaan carraa waldooli ganama amantoota haarawaa ittin amantisaanii hawaasaan gahan ture. Foorumulaan cuuphaa durii, kan kadhimanaan irra deebi'amu, "nin amana Yesuus Gooftaadha' (Rom 10:9-13) kan jedhu ture. Hawaasa beeksisuun waanuma jiraa, barmaatilee dur ta'aa turedha. Cuuphaan toftaa

dhiifamaa, fayyinaa ykn dhufaatii afuuraa miti, garuuu jila ittin hawaasa beeksisaniif waadaa galchanidha. (HoE 2:38) Haata'uti, akkasumas filannoo miti, Yesuus ajajeera (Matt 28:19-20), fi fakkeenya godhateera (Matt 3, Marq 1, Luq 3) fi akkasumas qaama lallaba ergamtootaafi adeemsa hojii ta'eera.

**6:6**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"namummaan keenyi inni moofaa isa wajjiin akka fannifame ni beekna.** |
| **KJHH** | **"dullummaan keenya isa wajjiin akka fannifame ni beekna.** |
| **KQSHH** | **"akka namummaan keenya inni durii isa wajjiin fannifame ni beekna.** |
| **TIV** | **"ni beekna, namummaan keenya dulloome du'ee Kiristos wajjiin fanniifameera.** |
| **KQJ** | **"namummaan keenya durii fannifamuusaa isa wajjiin hubachu qabna.** |

Kun (aorist passive indicative) jechuun" namummaan keenya inni moofaa isa dhumaaf afuuraan fannifameera. Dhugaan kun jireenya kiristaanaa injifannoon gaheef murteessaadha. Amantoonni walti dhufeenya harawaa cubbutti qaban hubachu qabu (Gal 2:20; 6:14). eenyummaan namootaa inni dulloomaa moofaa (Umama Addaan) Kiristoos wajjiin du'eera. (lak 7; Efs 4:22; fi Qol 3:9) Akka amantootaatti amma filannoo waa'ee cubbuu akka Addaan ka'umsaa qabna.

| | |
|---|---|
| **KQSAH, KJHH** | **"dhaqni inni cubbu hojjetu akka baddu baafamu"** |
| **KQSHH** | **"dhaqni inni cubbu du'ee akka badu"** |
| **TIV** | **" humni cubbamaan akka balleeffamuuf"** |
| **KQJ** | **"qaama cubbamaa ta'e balleessuudhaaf"** |

Phaawuloos jecha "dhaqna" (soma)jedhu gaalee genetivii kana yeroo heddu fayyadameera. 1. dhaqna inni cubbuu hojjete Rom 6:6 2. foon isa du'atti Rom 7:24 3. dhaqna foonii (Qol 2:11) Phaawuloos waa'ee jireenya bara kanaa cubbamaafi ganiinsa dubbata. Qaamni du'aa ka'uu Yesuus inni haarawaa qaama haarawaa bara qajeelummaati (2Qol 5:17) Dhaqnoomuun rakkoo miti (falaasama Giriikotaa) cubbuufi ganiinsa malee. Daqni amajaajii miti. Kiristaanonni dhaqna jireenya bara baraa keessatti jedhu amanticha ni mirkansu. (1Qor 15) Haata'uti, dhaqni dirree waraana qorumsaa, cubbuu fi dhuunfaati. Kun (aorist passive subjunctive)dha Galeen kun "fannifame" inni jedhu "hojjechu dhaaba" "humna dhabe" ykn "bu'aa dhabe "jechudha malee" dhabame jechu miti. Kun jec ha Phaawuloos

bareedaa, yeroo digdamii shan itti fayydamedha.  Mataduree addaa 3:3 ilaali.  dhaqni keenya akka haamileeti walaba, garuuu waldiddaa afuuraa itti fufee jiruuf garuuu dirree waraanaa ta'eera.  (lak 12:13; 5:12-21; 12:1-2).

6:7 Kun (aorist active participle) fi (perfect passive indicative ) dha jechunis "Inni Inni elu'e fi cubbuu irraa walaba ta'e" sababa amantoonni Kiristoosin uumama harawaa ta'aniif gabrummaa cubbuu jalaa walaboomaniiran, waan Addaam irraa kufaati dhaalanittis ni walaboomu (7:1-6)  Jechi Giriik addanatti "Walaba" ta'e kun boqonnaa duraafi iddoo kaanitti akka "qajeelatti" (ASV) hiikkamedha.  Yaada kana keessatti "walaboome" inni jedhu miira qaba (akka hiikka isaa HoE 13:39 keessaa).  Yaadni ergaa hiikkaa jechaa akka jijjiiru hin dagatiin.  Kun garuuu hiikka isaa guuboo jechootaa ykn hiikka teekinikaa isa jechuu miti.  Jechoonni hiikkaa hima keessatti qabatu; Himti moo boofata keessatti hiikkaa godhata.

## ROOMAA 6:8-11

**[8]Kristosii wajjin yoo duune garuuu, Kristosii wajjin immoo akka jiraannu ni amanna. 9Kristos warra du' an keessaa erga kaafamee, deebi'ee akka hin duune, duunis si'achi isa irratti gooftummaa akka hin qabne beekna. [10]Du'a al tokko, waa'ee cubbuutiif du'e; jireenya isaa ammaa immoo Waaqayyoof ni jiraata. [11]Isinis immoo akkasuma akka warra cubbuujalaa du'anii, karaa Kristos Yesus Waaqayyoof jiraataniitti of lakkaa'aa!**

▣ **6:8 "yoo" kun** (first class conditional sentence) dha, isa kallatti barreessichaan ykn akeeka barreeffamichaan dhugaadha jedhame ni tilmaama.  Cuuphaan amantootaa du'a nama Kiristoosiin ni fakkeessa.

▣ **"nuyi isa wajjiin ni jiraanna"** yaadni kun "asiifi amma" (1Yoh 1:7) ni gaafata, malee waan adda bahee fulduratti ta'u miti.  Lakkoofsi 5 du'a Kiristoositti hirmaachu keenya yoo dubbatu, lak 8 moo jireenya isaatti hirmaachuu keenya dubbata.  Kun muddama yaada mootummaa Waaqayyoo kitaaba Qulqulluu keessaa jiru dhaala.  Innis asiifi ama, darbee fuuladura.  Ayyaanni tolaa of to'annoo malee hayyama uumuu hin qabu. 6:9 "warra du'an keessaa kaafamuun" kun (aorist passive participle) dha. 6:4, (aorist passive indicative)   ilaali   Kakuu Haaraa sadeen Waaqa tokkummaa du'aa ka'auu Kiristoositti ni mirkansu.  (1) Afuura quqlulluu (Rom 8:11) (2) ilma  (Yoh 2:19-22; 10:17-18) fi irra deddeebi'auun (2) Abbaan (HoE 2:24, 32; 3:15, 26; 4:10; 5:30; 10:40; 13:30, 33, 34, 37; 17:31, Rom 6:4, 9)  Gochi Abbaadha mirkansa fudhatama Yesuus, jireenyasaa, du'asaafi barsii isaati.  Kun kallatti guddaa lallaba ergamtoota ganamaa ture.  Mataduree Addaa The kerygmao 1:2 irra jiru ilaali.

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"duuti kana caala irratti hin gooftomu"** |
| **KJHH, KQSHH** | **"duuti kana booda irratti humna hin qabaatu"** |
| **TIV** | **"duuti kanarra aangoo irratti hin qabaatu"** |
| **NKQJ** | **"duuti humna kanarra irratti hin qabaatu"** |

Gochimni kurievo jedhu jecha Kurios jedhu irraa yoo ta'u, "abbaa qabeenyummaa" "alaqaa" "dhirsa" ykn Gooftaa jechudha.  Yesuus amma du'arratti gooftaadha.  (Mul 1:18).  Humna du'aa cabsutti Yesuus isa jalqabaati (1Qor 15)!

**6:10 "du'a inni du'eef sun, du'a cubbuuti"** Yesuus biyya lafaa cubbuun guutamte keessa darbee garuuu inni hin cubbine, biyyi lafaa cubbmtuun garuuu isa fannifte.  (Ibro 10:10) Duuti Yesuus bakka bu'un ilmaan namootaaf du'e ulaagaa seeraafi waan hordofee jiru hunda haqe (Gal 3:13; Qol 2:13-14)

▣ **"takkuma hanga dhumaatti**" yaada kana keessatti Phaawuloos fannoo yesuusiif xiyyeeffanno kenna.  Duutii isaa inni cubbuuf si'a tokko du'e du'a cubbuu hordoftoota isaa miidha. Kitaabni Ibroota du'aa aarsaa takka ta'een kan Yesuusin hanga bara dhuma hin qabneti ta'e irratti xiyyeeffannoo kenna. Fayyinniifi dhiifamni takkituma godhame kunis hanga yoomumaatti ("takkitti" (ephapax) 7:27; 9:12;

10:10) fi takkuma hanga dhumaatti " [hapax], 6:4; 9:7, 26, 27, 28; 10:2; 12:26, 27) xumurame kun kan dhiyeenyatti xumurame aarsaa mirkanaati.

▣ **"Garuuu jireenya inni jiraate, Waaqayyoof jiraate"** lameen aorist lak 10 isa (present active indicative) lak 10b irra jiru wajjin morkatadha. Amantoonni Kiristoos wajjiin du'aniiru, amantoonni karaa Kiristoos Waaqayyoof jiraatu. Galmi wangeela dhiifama (qajeelummaa) qofa miti, Waaqayyoon tajaajiluu (eebbifamu) malee. Amantoonni akka tajaajilaniif fayyaniiru.

**6:11 "ufillee cubbuutti aka duutani ture of yaadadha**" kun (present middle imperative) dha. Kun abboomii ta'aa jiru, baratame amantoota irratti ta'edha. Kiristaanonni Kiristoosi bikkasaanii hojii inni hojjete beekuun jireenyasaanii guyyuuf murteessadha. Jechi "qalbifachu" (4:4,9) jedhu jecha herrega ta'eeti "of eeggannoon ida'uu" fi beekomsa Kiristoosin qabu (eebba gitaa) yoo hubachiisu, lak 12-13 moo isaan tarkaanfachuu danda'uu (eebbifame dagaaginaa) xiyyeeffannoo kenna. Mataduree addaa lak 4 ilaali.

## ROOMAA 6:12-14 12

**Ammas cubbuun warra kajeellaa fooniitiif abboomaman akka isin hin godhannetti, dhagna keessan isa du'e keessatti isa hin moosisinaa ! 13Bu' aa dhagna keessanii mi' a jal' inaa gochuudhaaf harka cubbuu jala hin galchinaa! Garuuu akka namoota warra du'a keessaa ba'anii jireenya argataniitti, Waaqayyoof of kennitanii, bu'aa dhagna keessanii mi'a qajeelinaa gochuudhaaf harka Waaqayyoo jala galchaa! 14Isin seera jalatti qabamtanii kan jiraattan utuu hin ta' in, ayyaana Waaqayyoo jala waan jiraattaniif cubbuun isin irratti gooftummaa hin qabaatu.**

**6:12 "Egaa cubbuun dhaqna keessan jiraataa irratti akka mootomu hin godhiinsaa"** kun (present active imperative) dha hiikkaansaas hojii adeemsa jiru dhaabsiisuu jechudha. Jechii "mootomuu", 5:17-21 fi 6:23 ti firooma. Phaawuloos yaada xmamantii hedduu namoomsee haasa'a. (1) duuti akka mootiitti mootame (5:14, 17; 6:23) (2) ayyaanni akka Mootiitti mootame, (5:21) fi (3) cubbuun akka mootiitti mootome (6:12, 14). Gaaffiin inni dhugaa eenyutu jireenya keessanii keessatti mootomeedha. Amantoonni filachuuf humna Kiristoosiin qabu. Wanni gaddisiisaan, namoota dhuunfaaf, waldoolee naannoof, mootummaa Waaqayyoof amantoonni yeroo ofii fi cubbuu keessaa filatan ayyaana komataati.

**6:13 "yaama dhaqna keessanii cubbuutti dabarsitanii kennuun hin deddeemiinaa**" kun (present active imperative) dha hiikkaansaas hojii adeemaa jiru dhaabsiisuu jechudha. Kun kan agarsiisu jireenya amantootaa keessa humni cubbuuf qophaa'eedha. (7:1, 1Yoh 1:8-2:1) Garuuu jireenyi cubbuu walitti dhufeenya amantoonni Kiristoosiin qabaniin dhabameera. Lak 1-11ti.

▣ **"akka meeshaatti"** jechi kun akka meeshaa waraanaatti" ilaallama. Dhaqni keenya akka dirree waraanaa qorumsaatti ilaallama. (lak 13013; 12:1-2; 1Qor 6:20; Rilp 1:20) Dhaqni keenya wangeela biyyatti muldhisa.

▣ **"garuuu ofii keessan Waaqayyotti of kennaa"** kun aorist active imperative (ariifachiisaa) dha hojii murteessaaf yaamicha godhame. (12:1) kana amantoonni fayyina amantiin godhu guru kanas bara jireenya isaanii guutuu itti fufanii godhuu qabu. Dinaayina lakkoofsa kanaa ilaalaa 1. gochima takkaafi lameen goochimaa fi ariifachiisaa( imperative)dha 2. Waraanni dubidalgaa ta'u a. meeshaa qajeelummaa hin taane b. meeshaalee qajeelummaa 3. amantoonni dhaqnasaanii cubbuutti ykn Waaqayyootti of kennu lakkoofsi kun amantoota agarsiisa- filannoon itti fufeera, lollis ittuma fufee jira.

**6:14 "cubbuun isinirratti gooftaa akka hin taane"** kun (future active indicative) dha, akka ariifachiisaa ti tajaajila. "cubbuun isinirratti gooftaa ta'uu hin qabu" cubbuun amantoota irratti gooftaa miti sababniisaas Kiristoos irratti maan hin gooftomneefi) (lak 9, Yoh 16:33).

**ROMAA 6:15-19**

**[15]Egaa seera jalatti qabamnee kan jiraannu utuu hin ta'in, ayyaana Waaqayyoo jala waan jiraannuuf, cubbuu hojjennuu ree? Kun matumaa hin ta'u. [16]Waan tokko of irratti gooftaa godhattanii harka isaa jala yoo of galchitan, isin wanta sanaaf garba akka taatan hin beektanii ree? Cubbuudhaaf yoo abboomamtan du'aaf, Waaqayyoofyoo abboomamtan qajeelinaaf ni bultu. [17]Waaqayyoon galanni haa ga'u! Isin dur garboota cubbuu turtan; amma garuuu qomoo barsiisa keenyaa isa itti kennamtan sanaaf garaa guutuudhaan abboomamtaniittu. [18]Cubbuu jalaa luba baatanii, hojjetaa qajeelinaa taataniittu. [19]Sababii dadhabbii keessaniif jedhee akka isin hubattanitti nan dubbadha; akkuma kanaan dura gad-dhiisatti jiraachuudhaaf bu'aa dhagna keessanii xuraa'ummaadhaa fi seera malee jiraachuu jala galchitanitti, amma immoo qulqullummaatti jiraachuudhaaf bu'aa dhagna keessanii qajeelina jala galchaa!**

**6:15** Gaaffiin lammataa aggaamame kun (walga'insa) 6:1 wajjiin baayyee walfakkaata. Deebiin lameen gaaffii adda addaa waa'ee walitti dhufeenya cubbuufi kiristaanaa kaasa. Lakkoofsi 1 waa'ee ayyaanaa akka hayyama cubbuuf hin tajaajileetti yoo ta'u, lak 15 fedhi kiristaana ittin cubbuu loluu, faccisuufi dhuunfaan hojjetuuti. haaluma walfakkaataan amantoonni Waaqayyoon fedhinnaa addaan isa tajaajiluu qaban akkuma inni dura cubbuutti isaan tajaajilee (6:14).

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH, KJHH TIV** | **"cubbuu haa hojjennuu"** |
| **KQSHH** | **"cubbuu hojjennuree"** |
| **JV** | **"cubbuutti gadhiifamneerra"** |

Hiikkaan wiiliyaamiifi Filiips lameen (aorist active subjunctive) kana akka (present active subjunctive) fakkaati lak 1 hiikkan. Kun xiyyeeffannoo fixaa miti. Hiikkaa filannoon dhiyaatan yaadadha (1) KJV, ASV, NIV_ "cubbu hojjennuuree?" (2) Hiikkaan Seentenaari _ "yakka cubbuu hojjennuree?" (3) RSV – "cubbuu gochuufiree? Gaaffiin ku Giriikitti xiyyeeffanno ta'eeti deebiin isaas "eeyyee"dha. Kun walga'insa Phaawuloos itti fayyadamee dhugaa baasudha. Lakkofsi kun xinamantii sobaa agarsiisa. Phaawuloos kana deebii isaa beekkameen "gonkumaa hin ta'u" jechuun deebise. Wangeelli Phaawuloos ayyaana tola Waaqayyoo inni jedhu akka malee hubatamee, barsiisoota sobaanis baayyeenis ni xureeffame.

**6:16** Gaaffichi deebii **"eeyyee"** eeggata. Namoonni waan ta'e ykn nam ta'e tajaajilu. Jireenya keessan irratti eenyutu mootomee; cubbu moo Waaqayyoo? Ajajama nam kamtu eenyuun akka tajaajilan agarsiisaa (gal 6:7-8)

**6:17 "Waaqayyoof galanni haa ga'u"** Phaawuloos irra deddeebi'ee Waaqayyo galateeffachu fiiga. Barreeffamni isaa kadhata isaa keessaa dhangalaasa, kadhanni isaa moo beekkomsa wangeelaa qabu keessaati. Mataduree addaa: kadhata, sagadaafi galata Phaawuloos Waaqayyoof 7:25 ilaalaa.

▣ **"isin turtan … taataniirtu**" kun imperfect tense gochima "to be" ti, isa waan dabreesaanii agarsiise, (garboota cubbuu) itti aanee (aoristtense) isa gantummaan isaan booji'amuu agarsiisedha.

▣ "**qomoo barsiisa keenyaa isa itti kennamtan sanaaf garaa guutuudhaan abboomamtaniitu"** yaadni kun, qajeelummaa amantiisaanii ilaallata, isa fakkeenya Kiristoos guyyumaati oofu. Jechi "barsiisa" jedhu barsiisa ergama ykn wangeela kan ilaallatudha.

▣ **"garaa"** mataduree addaa : Garaa 1:24

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"barsiisa keenya isa itti kennamtan sanaaf garaa guutuudhaan abbomamtaniitu"** |

| | |
|---|---|
| **KJHH** | **“doktiriina sanaaf isin akka fayyitan taataniirtu.”** |
| **KQSHH, NIV** | **“barsiisa sanaaf isa itti amanamtaniif”** |
| **TIV** | **“barsiisa isin argatan san keessa dhugaa jira”** |
| **NKQJ** | **“akkina barsiisaa isin akka beektan godhame”** |

## MATADUREE ADDAA : AKKITAA (TUPOS)

Rakkinni jecha tupos, jedhu hiikkaa hedduu qabu dha.

1. Mooltaniifi Miiligan, The Vocabulary of Greek New Testament ful 645
   a. akkina
   b. karoora
   c. akkitaa ykn akki barreeffamaa
   d. seerrata ykn babarruu
   e. ajaja ykn murtii
   f. akkaya dhaqna namaa aarsaa wareega fayyinaaf Waaqoliif kennamu.
   g. gochima sammuu seerama jijjiiruuf tajaajilu
2. Loo’uufi Nidaa (Greek-English Lexicon jil 2, ful 249
   a. dirmammuu (Yoh 20:25)
   b. fakkii (HoE 7:43)
   c. akkaya (Ibr 8:5)
   d. Fakkeenya (1Qor 10:6; Filp 3:17
   e. isa jalqabaa (Rom 5:14)
   f. gosa (HoE 23:25)
   g. qabiyyee (HoE 23:25)
3. Haaroldi K. Mooltan, The Analyitical Greek Lexicon Revised ful, 411
   a. afuufuu, cuuphuu, mallattoo (Yoh 20:25)
   b. daangeessuu
   c. fakkii (HoE 7:43)
   d. formulaa, sagantaa (Rom 6:17)
   e. akkitaa, fakkeessuu (HoE 23:25)
   f. suuraa, ginna (1Qor 10:11)
   g. fakkeenya eeggamu, sanyii (Rom 5:14; 1Qor 10:11)
   h. akkina akkayyaa (HoE 7:44; Ibr 8:5)

akkina akkayyaa (Filp 3:17; 1Tas 1:7; 2Tas 3:9; 1Xim 4:12; 1Phex 5:3) Yaada kanaan #1 gaarii fakkaata. Wangeelli doktirina (ameeniifi mala jireenya qaba. Fayyinni tola Kiristoos jireenya akka kan Kiristoos gaafata

6:18 “cubbuu jalaa luba baatan” kun (aorist passive participle) dha Wangeelli karaa hojii Kiristoos bikka bu’ummaa afuuraan amantoota walaboomsee jira. Amantoonni lameen adaba cubbuu (qajeelummaa( fi hacuuccaa cubbuuti (eebbifama lak 7 fi 22) walaboomanii jiru.

▣ “hojjetaa qajeelinaa taataniittu.” kun (aorist passive indicative) ta’eeti “isin qajeelummaati tajaajila galtaniitu.” mataduree addaa 1:17 ilaalaa. amantoonni Waaqayyoon tajaajiluuf walaboomanii jiru (lak 14, 19, 22; 7:4; 8:2) Galmi ayyaan tolaa jireenya Waaqummaati. Qajeelummaan lameen seera qabsiisuufi qajeeluma dhuunfaaf ta’udha. Waaqayyo akka namoota Biroo bira geenyuuf nu fayyisee, nu jijjiire! Ayyaanni nun hin dhaabbatu.

**6:19 “sababii dadhabbii keessaniif jedhee akka isin hubattaniitti na dubbadha**,” Phaawuloos amantoota Roomaa jiranitti dubbata. Inni rakko naannoo jiru dhagahe (hinaaffaa amantoota yihudaafi amantoota Ormaa giddu jiru) moo ykn dhugaa amantoota hundaa mirkanfataa? Phaawuloos gaalee kan dura amantoota hundaa mirkanfataa? Phaawuloos gaalee kana dura Roomaa 3:5 keessatti fayydame

akkuma Galaatiyaa 3:15ti fayyadame.  Lakkoofsi 19 fi lak 16 cinaayina qaba.  Phaawuloos qabxii xinamantii kana ixyyeeffannoof irra deebi’e.    Gariin gaalee kana jechuun Phaawuloos dubbii garbaa ta’uuti, “sababii dadhabbii foon keessanii” hiikka kana hin gitu.  Gabrummaan jaarraa duraa keessatti hawaasa biratti akka amajaajommaatti hin ilaallamne; keessattuu Roomaatti aadaa bara sanii ture.

▣ **“foon”** matduree addaa 1:3 ilaalaa
▣ **“qajeelummaatti jiraachuuf”** kun wangeela qajeelummaati (lak 22) Kakuu Haaraa jecha kana miira xinamantii lama fayyinatti firoomanitti fayydama (1) eebba gitaa, isa kenna gooftaa (kallattii akeekaan) gaafa fayyinaa qajeelumma amanti Kiristoos keessa kenname (HoE 26:18; 1Qor 1:2; 6:11; Efs 6:26-27; 1Tas 5:23; 2Tas 2:13; Ibr 10:10; 13:12; 1Phex 1:2) fi (2) eebba dagaaginaa isa hojii Waaqayyoo afuura qulqulluu keessaan dhufee jireenya amantootaa gara fakkeenyaafi bilchina Kiristoositti kan jijjiirudha.  (kallatti dhimmaan 2Qor 7:1; 1Tas 4:3, 7; 1Xim 2:15; 2Xim 2:21; Ibr 12:10, 14). Mataduree addaa Ebbifama 6:4 ilaalaa  Lameen kennaafi abboomidha.  Gita (akeeka) fi hojiidha (dhimma).  Agarsiiftudha (hima) fi ibsituu (ajaja).  Jalqaba irrattidhufa, hanga xumuraattihin ga’u (Filp 1:6; 2:12-13)

## ROOMAA 6:20-23

**[20] Garboota cubbuu yommuu turtan, qajeelinaa fi abboomamuu jalaa baatanii turtan.**
**[21]Egaa hojiin keessan yeroo sanaa ija attamii kenne ree? Ija inni kenne sanatti amma**
**yeella'aa jirtu; wanti kun hundinuu gara dhumaatti du'atti ni geessa. [22]Amma garuuu**
**cubbuu jalaa luba baatanii hojjetoota Waaqayyoo taataniittu, kunis qulqullummaadhaaf**
**ija isiniif godhata, gara dhumaattis jireenya bara baraatti ni gees sa. [23]Beenyaan nama**
**cubbuu hojjetuu du'a; kennaan Waaqayyoo inni Kristos Yesus gooftaa keenyaa wajjin tola kennamu garuuu jireenya bara baraa ti.**

**6:20-21** kun salphumatti faallaa lak 18 fi 19 dhiyeessa.  Amantoonni gooftaa tokko qofa tajaajilu danda’u (Luq 16:13) 6:22-23 lakkoofsi kun gatii dafqaa namni tajaajile tokkoof kaffalamu akkaataa deemsa isaa uuma.  Waaqayyoon haa Galatu mariin cubbuufi amantootaa kun ayyaana irratti xiyyeeffate raawwatame.  Dursi kenna fayyinaati.  Karaa walgargaara keenyaa, achii moo kenna jireenya kiristaanummaa, kunis karaa walgargaarsa keenyaa kan ta’edha.  Lameen keennaa kun karaa amantiifi qalbii diddirrannaa kan argamedha.

**6:22 “kunis qajeelummaadhaaf ija isinii godhata, gara dhumaattis jireenya bara baraatti ni geessa.”** Jechi “faayidaa” jedhu “bu’aa” lak 21 keessatti waan cubbuun fiduu agarsiisuuf itti fayydame, garuuu lak 22 keessatti bu’aa Waaqayyoon tajaajilu agarsiisa.  Faayidaan inni ariifachiisaan amantoonni Kiristoosiin fakkaachuusaaniiti.  Faayidaan dhuma hinqabne isa wajjiin ta’uufi akka isaa ta’udha bara baraan (1Yoh 3:2).  Yoo bu’aan ariifachiisaan hin qabne seeraan gaaffii kaasiisa (jireenya bara baraa Matt 7) “Firiin hin jiru, hiddi hinjiru!”

**6:23** kun dhimbiibbaa boqonnicha waliigalaati.  Phaawuloos filannicha gurraachaafi adiin lafa kaa’e.  Filannoon keenya _ cubbuufi du’a ykn karaa Kiristoosiin ayyaana tolasaafi jireenya bara baraa.  Hogbarruu ogumaa Kakuu Moofaa “karaa lama” jedhu wajjiin baayyee walfakkeenya ni qaba.  (Faarfannaa 1, Fak. 4; 10-19; Matt 7:13-14)

▣ **“Beenyaan nama cubbuu hojjetuu”** cubbuun akka namaatti namoomee: (1) abbaa garbaa (2) hogganaa waraanaa ykn (3) mootii gatii dafqaa kafalu (3:9; 5:21; 6:9, 14, 17)
▣ **“kenni Waaqayyoo inni tolaa jireenya bara baraati”** Jechi kun, “kenni tolaa” (charisma) hiikkame hidda ayyaana (charis) jedhurraati. (3:24, 5:15, 16, 17, Efs 2:8-9) yaadannoo 3:24 ilaalaa.

**Gaaffilee marii**

Kun ibsituu qajeelcha qo'annooti. Kanaaf hiikkaa kitaaba Quqlulluu keetiif itti gaafatamoodha. Tokkoon tokkoo keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, kitaabni qulqullu keetiifi afuurrii qulqulluu hiikkaa keessatti dursitoota. Ibsaa wajjin walitti laaquu hin qabu. Gaaffileen marii kunneen kan dhiyaatan dhimmoota muummee kutaa kanaa kan ta'an irratti akkaati yaadduuf akka si gargaaraniifi. Isaanis warra ilaalcha dadammaqsan malee ibsa barbaadan miti.

1. Akkamitti hojiiwwan gaariin fayyinatti firoomuu? (Efs 2:8-9,10)
2. Akkamitti cubbuun itti fufinsa jireenya amantootaa keessaa fayyinaan firoomaa (1Yoh 3:6, 9)?
3. Boqonnichi "cubbu maleeyumma qixaa" ni barsiisaa?
4. Akkamitti boqonnaa 6, boqonnaa 5 fi 7 ti firoomaa?
5. Cuuphaan maaliif asitti irratti marihatamee?
6. Kiristaanonni eenyummaa isaanii dulloomaa hambisuu danda'uu? Maaliif?
7. Maalidha henna lak 1-14 fi lak 15-23 keessa jiru kan agarsiisu?

## DABALATA TOKKO
## Kakuu Moofaa akka seenaatti

Kiristanummaa fi Yihudummaani seena amantitti. Isaaniis amantii saani haala seena irratti hundeessu (hiikaa isaani wajjin cinaatti). Rakkinichii kan inni dhufuu "seenaa" yookaan "qayyabanna seenaa" kan jedhu ibsuudhaafi yookaan ibsudhaaf yeroo yaalameeeti. Rakkinooni baay'een hiika barrumsaa Waaqayyumma ammayyaa irratti kan inni boqotuu seera barreefama ammayyaa yookaan yadannoo seena irratti yemmuu ta'uu innis kan inni argisisuu gara duubati deebi'ee baha dhihoo durii seera barrefama MacaafaQulqulluu irratti. Achi kan jiruu ilaalacha ta'u yerootti dhimmas ta'ee garagarummaa aadaa irratti jiraachuu dhiibbamuu isaa duwwaa miti. Haa ta'uu malee garaagarumaa seera barreefama dabalateeti. Akka ammayyaatti uummatoota lixaa nuyii warra durii bahaa dhihoo galumsaa toofta seera barreefamaa salphaatti hubachuu hin dandeenyu waan ta'eef kan nuti himnu galumsa seera seera barreefama warra lixaati.

Dhaloota Kiristoos fulduraa jarraa 19[ffaa] galumsa qayyabannaa Macaafa Qulqulluu Macaafa kakuu moofa akka seenatii fi gadi xiqqeessuu fi salphisuu kun shakkii seena (fudhachuu dhiisu ) hiika kakuu moofati fi sakkata'ina seena miidheera. Haali amma "hiika jechaa qulqulluu" kan ilaalate (Birivaardii Childiis) rogaa barreefami kakuu moofa ammaa irratti xiyyafachuuf gargaareera. Kun tilmaama kootiin riqaa ta'ee gargaarera. Jarmaanii fi jarraa dhibbaa 19 kufaati tarreefama guddaa. Nuyii qunamuun kan nurra jiru barreefama jecha qulqulluu innis utuu hin beekaamiin adeemsa seena kan nuu laate yaadaan fudhatamun isaa hin ta'a kan jedhudha.

Beektooni baay'een gara yadannoo seena kakuu moofatti deebi'a jiru. Dhugumatti kana jechuun isaan gara booda barreesitootni Yiwudoota barreefama beekkamaa fi fooya'iinsa godhame ganuuf miti, haa ta'u malee inni gara Kakuu Moofaatti seena fudhatama qabuu fi haala seena dhugaa galmichaa deebisu jechudha (hiika barrumsa Waaqayyumma wajjiin)

R. K Harrison in *The Expositor's Bible Commentary*, jildii 1, irratti kan argamu "seenaan Kakuu Moofaatii fi ibsa barreefama" keeyyata gargaaraadha.

> "Seenaa dorgomsisaa seera barreefamaa" warri durii kan isaan argisisaan warra Keexiyanoota irraa malee Iborooti durii baay'ee amansisaa, qabatamaa fi ragaa amansisaa qabu turan, seenaa warra baha dhiho. Kan akka seera uumamaatii fi seera keessa deebbi macaafoota kan kana fakkaatan qayyabana hisotaa kunnis gabatee barreeffama gosa murta'an irratti hunda'uun innis Maari, Nuzii fi Bogaazikohii bakkoota jedhaman of keessatti kan qabateetti kan argaman kan isaan argiisiisan dubbii jecha qulqulluu wal-qixa kan ta'e seera barreefama kan hin taane akka qabanidha. Akka uummata lixa dhihoo tokko tokko biratti. Bu'aa isaanitiis jedhamuu kan danda'amuu amansiisa haara fi bifa wal keessa galeen ilaaludha. Isaan aadaan Ibiiroota durrii kun akkeeka seena barreefama uumu kan isaan qaban" (fuula 232).

Anni keessumati kan Haar.Ke. Haarseeniin hojii isaa sababnii ani aja'ibsifadhuuf, inni dursa kan laate kakuu moofa haala bara sanaatti aadaa fi galumsa hiikuu saatiin.

Kutaallee mataakoon seera barreefama Yiwuudoota duriittiin (Seera uumama, Seera keessa deebbii fi Iyaasuu) kan biroo baha dhihoo seera barreefama warra durii seera ogummaa wajjiin hiika kan qabu walitti dhuufenya gochuu fi yaaleerra.

A. Barreefama seera uumamaa baha dhihoo durriin wal-cina kan ta'e
   1. Beekkamoo kan ta'an warra durii barreefama wal-cina deemu seera uumamaa 1-11 aadaa yoomi fi eessaa kan ta'an barreefama gabatee Ilbaati. Isaaniis kaaba Soriyaa tilmaaman Dhaloota Kiriistoos duraa bara 2500 umuri kan qabu warra Akadi'aan kan barreefame.
   2. Uumama
      a) Seera uumamaa wajjiin kan wal-qabate kan itti siqee gara yaada bal'aa Messopotomiyaati, Inuuma Ilishi, innis tilmaamaan Dhaloota Kiriistoos dura bara 1900-1700 kan ta'e Ashoorbaani Paal mana macaafa Naanawweedhaa fi kan

biroo bakkoota baay'eetti argamaniru. Barreefama gabataa Saabat Akadiyaan kan barreefamee jira, innis Mardookiin kan uumaman kan isaan ibsan

1) Waaqollii tolfama *Apsu* (qulqullu bishaan-dhiira) fi Tiiyaamat (kan ashaboo bishaan-dubartii) kan hin aboomamne ijoollee of-nyaatan qabu. Isaan lamaan waaqayyoolin dargagoota kana waaqayyolliin cal jechisuu in yaalu.
2) Inni tokkooffaan mucaan waaqayyoolli *Marduk*, Tiyamaattiin mo'achuuf gargaare innis qaama isheerraa lafa uume
3) *Marduk*eenyumaa hundeesse, kan biraa waaqayyoolli mo'ameirraa, Kinguu innis kan hiriyaa dhiiraa Tihimaati, du'a Apiisuu booda. Eenyummaan kan inni dhufee dhiiga Kinguutiin.
4) *Marduk*kan Babiloon Haantoon duraa-ta'aa ta'e.

b) "kan uumamaa mallattoo" gabataa barreefama duri, innis qul'aa dhiira fi dubartii muka ija qabeessa bukkee kan jiran bofniis naannoo qola mukaa itti marate, kallatti dubartittiin gattiitishee bukkeedhaan akka hasoofsisutti ta'e kan jirudha.

3. Bishaan badisaatiif uumama-kan Atirahasiis bara galma'ee kan waaqallii xixinnoo fincila yeroo ta'u, sababni isaa humnaan oli hojeechuudhaa fi namoota abba manaa fi haadha manaa torba uumu isanittin, isaan xixiqaan waaqolliin gocha argisiisudhaaf. Sababii isa (1) baay'ina namaatii fi (2) iyyuudhaan, lakkoofsii ijoollee nama kan isaan hir'ataan dhayichaan, kan isa lamaaffaa gogiinsaan dhumarratti lolaadhaan, innis Inililiin kan sagantefame. Kunnis kan wal-fakkaata beekkama haala duraa duuba isaatiin seera uumama 1-8 irratti ilaalameera. Qindeefama barreefama durii yeroo wal-fakkaatatti waktoollee kaa'a. Akka Inumaa Ilishii fi Gilgameesh Ipiiki tilmaamaan Dhaloota Kiristooos dura 1900- 1700 hundumtuu Akadiyaanidha.
4. Bishaan badisaa Nohi

a. Kan Sumeriyaan gabata barreeffama Kenipuur *Eridu Genesis*,jedhamee kan waamamu tilmaamaan Dhaloota Kiriistoos dura 1600 barri isa kan lakkaa'amu kanaf Zihusudiraa fi waa'ee lolaa dhufuu ibsa.

1) *Enka*,waaqa bishaani waa'ee lolaa dhufuu of-eegachiseera
2) *Zivsudra*,mooti-luba, doonni guddaa keessa taa'e ooleera
3) Lolaan guyyaa torba ture
4) Zusuudiraa foddaa doonichaa bane sinbiroota baay'ee gadi dhiise laftii gogaan jiraachuu isaa baruuf
5) Innis immoo doonicha gadi dhiisee yeroo ba'ee sangaa tokkoo fi hoolaa haarsa dhiyeesse.

b. Wa'een lolicha Babilonitti mamaksaa Summeeroota afuri irraa walitti qabame, innis Gilgameesh Apiki jedhame waamama. Inni guddaan yerootti kan agarsisuu tilmamaan Dhaloota Kiristoos dura 2500-2400 yemmu ta'u , qinda'uma barreefama durii garuu Akaadihooto booda irratti jedhu. Innis warra lolaa irraa hafaan ibsa, Yutinapiishiitim, innis Gilgameshii fi Yuuruk mootichaaf akkamitti lolaa guddaa irraa akka hafeef jireenya barabaraa akka laatame dubbata.

1. *Ea* Waaqa bishaanii, waa'ee lolaa dhufuu of eegachisa akkasumas Yuutinapiishitiim (akka warra Babiloonitti Ziyusudira jechudha) dooniin akka hojjeetamu in dubbata.
2. *Utnapishtim* fi maatiin isaa kan filatamaan mukaa fayyinaa wajjiin lolaa irraa oolan.
3. Lolaan guyyaa torbatti raawaate.
4. Doonichiis kaaba Faariis irra bu'e, gaara Beenizeer irra.
5. Innis sinbirroota adda addaa sadii gadi dhiise laftii gogaan akka jiruu baruudhaaf.

5. Seerri barreefama Mesoopotamoota waa'ee lolaa durii kan isaan ibsan kan burqan burqaa wal fakkaataa keessatti. Maqaan saani adda adda seenichi garuu wal

fakkaatadha. Fakkeenya kan ta'u Zivuusadiraa, *Atrahasis*, fi *Utnapishtim*hundumtu bakka kan bu'an motoota namootati.

6. Seenota wal-qixa, warra duraatiif seeri uumama dhugummaan isa utuu hin tamsa'iin dura haala turee irraa hubachuun in danda'ama (seera uumamaa 10-11) beekumsa Waaqayyoof muxannoo jireenyaan. Isaan kun seena dhugaa yadannoo inni guddaan foyyaa'eera akkasumas seenan afaani itti dabalameera, kunnis haali lolaa yeroo sanaa biyya lafaa guutuuti kan barratameedha. Kun Kan wal fakkatuu uumamaa duwwaa irratti kan ta'e miti, jedhamuu kan danda'u (Uumama 1:2) fi walitti dhufeenya namaa fi Hergamoota (uumamaa 6).
7. Yeroo abbotaa (giddugalessa Naahas)
   a. Qajeelcha gabatee barreefamaa-kan seera barreefama durii (aada Amonoota) fi barreefama nama  dhuunfaa Akadi'oota tilmaaman Dhaloota Kiriistoos dura bara 1700.
   b. Nuuz gabatee barreefama-mana galmee barreefama durii kan ta'an maatiin barreefama isaan kana (aadaa Hooriti yookaan Huriyaan) Akadi'aan kan barreefamee Nanawweerraa mayil 100 kaaba lixaa tilmaamaan Dhaloota Kiriistoos dura bara 1500-1300. Isaan kan galmessan kan maatiti fi seera ittiin bulmaata daldalaati. Dabalatan fakkeenya adda waltaan fuula 52-58 ilaali.
   c. Alalaak gabatee barreefama-barreefamni durii kaaba Soriyaa tilmaamaan Dhaloota Kiristoos dura  bara 2000.
   d. Tokko tokkoo seera uumamaa irratti maqoota argamaan gabatee barreefama dura-bu'aa irratti maqaan bakka galmeefameera, Seerug, Piilig  Taaraa, fi Naakoor. Kan biraan maqaan Macaafa Qulqulluu immoo kan barratameedha, Abirahaam, Yisihaq, Yaa'iqoob, Laabaa fi Yooseef.

8. "Wal-madaalchisuu seena qayyabanaa durii kan agarsiisan Keexiyaanoota irraa kan deebi'e kan Ibiroota durii baay'ee sirridha, qabatamaatti kan jedhuu fi galmesitoota itti gaafatamumaadhaan guutamanidha, seena ba'a dhihoo,"Ar.Ke Haarisaan, Macaafa Qulqulluu Hiis fuula 5.
9. Sakkata'iinsa seena boca durii Macaafa Qulqullu seena isaa lafaa ka'uudhaaf baay'ee kan  gargaaru ta'uun isaa baratameera. Ta'uus jecha of-eegannaa ka'uun isaa barbaachisaadha. Sakkata'iinsa seena boca durii raawwate amantiin kan irraatti gatamuu miti, sababni isaa
   a. Duraan dursee kan turee mala sakkata'iinsaa dadhabaa
   b. Baay'inaan, Baay'ee qabatamumma kan hin qabne hiikoota boca isaan kaanaan argaman irratti godhamuun saani
   c. Ba'a dhihoo duraa booda irraatti wali galteen tokkooyyuu dhabamuu isaa (akkasumayyuu tokkooffaan yabbuu kan ta'e  qubeela mukaa ta'uu isaati)

B. Tarrefama uumama John W. Walton's, *Ancient Israelite Literature in Its Cultural Context*. Grand Rapids, MI: Zondervan, 1990 fuula 23-24, 32-34.
   1. Barreefamni warra Gibxii uumamaa kan jalqabuu kan hin qidoofne waan waliin makkamaan bakka jirutti bishaanicha dura. Uumamnii kan ittin ilaalamu qinda'ummaa guddina qabu waliin makiinsa bishaan irraa ta'een.
   2. Barreefamni Gibxoota Meemfees irraa, uumamaan kan argame dubbii sagalee Nyaatahi irraatti.

C. Akkuma jiruutti Iyaasuun cinna ba'a dhihoo durii kan ta'u.
   1. Qoratoonni Arkiyoolojii akka argisisaanitti baay'een isaani gurguddoonni kan dhaabate jiru magaala Kana'aan kan diigaaniif batalummatti lamaata kan ijaaran tilmaamaan Dhaloota Kiristoos dura bara 1250
      a. Hazoor

b. Laakiish
c. Beeteel
d. Deebiir (duraan durse Keri’oz Seefar 15:15)

2. Tarreefama Macaafa Qulqulluu kan ta’e Arki’olojiin kufaati Yerusaleem jabeessu yookaan fudhachuu hin dandeenye (Iyaasu 6) sababni kun ta’eef bakkichi bakka gaarii waan hin taaneef:
   a. Haala qilleensa /bakkaa isaa
   b. Bakka sanatti ijaarsa booda irratti godhaman, wantoota duran turan gargaaramudhaan
   c. Umurii Tnfaa (Layer)sirritti agrsisuu dadhabuu
3. Arkiholojiin gaara Eebaal irratti haarsa argateera, innis tarii Iyaasu 8:30-31 (Seera keessa deebi 27:2-7) wajjiin kan wal qabatu. Innis Mishanahii (Taalmuud) irratti ibsa argame wajjiin baay’ee wal fakkaatadha.
4. Hugarettiti kan argaman barreefamni Raas Shaamiraa kan Kana’anoota Dhaloota Kiristoos dura bara 1400 amantaa fi jireenya kan argisisaan:
   a waaqeffannaan bifa baayye qabu (sirna waaqeffanna wal-horuu)
   b Eel Waaqayyumma isa gudda
   c kan Eel cinaan Asherahii turte (booda irratti cina Ba’aal taate) isheenis muka bocamee yookaan fakkeenya muka dhabateeti in waaqefamti turte kunnis (mukaa jireenya) kan argisiisu.
   d Ijoolleen isaani Ba’aal (Hadaad) ture, Waaqa qilleensa bishaanirra
   e Ba’aal waaqa tolfamaa Kana’anoota “ waaqa gudda” ta’e Anaati hiriyaa isa turte.
   f Ayyaani guddan isaan akka warra Gibxii Hisiisii fi Hosiriis ture
   g Waaqefannaan Ba’aal kan inni irratti xiyyafatuu naannumma irratti “bakkoota gurguddaa” yookaan hafaa dhagaa irratti ture (ejjituu halalumma)
   h Fakkeenya Ba’aal kan turan hawaala dhagaa tuullatti (Fakkeenya qaama dhiira)
5. Magalootni durii tarreefami sirriin barreesitoota bara sana wajjinidha kan isaan walitti dhufan, warra booda irra sireessan wajjiin utuu hin ta’iin:
   a. Yeruusaleem Jabuus jedhamee in waamama ture Iyaasu 15:8, 18:16, 28
   b. Keebiroon Keerihat-aarba jedhamee in waamama ture Iyaasu 14:15,15:13, 54 ,20:7,21:11
   c. Keeriyaat-Jeerim Bee’alay jedhamee in wamaama ture Iyaasu 15:9,10 Siidoon kan inni nuuf dubatamaa ture akka isa guddaa magaalaa Fiinqeeti Xiiroos osoo hin ta’iin Iyaasu 11:8, 13:6, 19:28 innis booda irratti magaalaa guddaa ta’e

**DABALATA LAMA**

**Seenaan kakuu moofa kan bara sana ba'a dhihoo aada isaani wajjiin yeroo wal bira qabamu**

**Burqaa Warra Mesopootamiya**

1. Akka baay'inaan barreefmoonni durii abbaan isaani yeroo hunduma mootii yookiin goota beekamaadha.
2. Haaloota sochii yeroo hundumaa (hololaa) akeeka babarreechuudhaan
3. Yeroo hunduuma alt'aa kan ta'ee tokkuyyu hin raawatamne
4. Yeroochatti akkeeki isaa ejjennoo dhaabata deggeruuf yookaan ka'umsa bitta haara ibsuuf ture
5. Seena wal-dhahee kan of keessatti qabatan
   a. Mo'icha guddaa akka argatanitti dadabalanni dhiiyeesu
   b. Duraan dursaani argannoo turee waan amma argamee godhani dhiyeesu
   c. Bifa sirri dha jedhanitti kan galmeessan
6. Haali barreefama isaani kan tajajilaa turee gocha hololaa qofaaf hin ture, garuu immoo kan dubbatuu (tarreessu) gochaa ture

**Burqaa warra Warra Gibxii**

1 Isaan cimaa kan ta'ee ilaalcha jireenya dhaabbata amanu, kunnis yeroo sanatti haala in raafamneen (haala in midhamnen).
2 Mootii fi maatiin isaa kan dhimma mata duree barreefamoota baay'ee turan
3 Akka barreefamoota Mesopootamiyaa baayinaan holola turan
   a Bifa dhugaa tokkooyyuu hin qaban
   b Bifa irra dibamee qabu

**Burqaa barsisoota (Rabbinical) isa boodarra)**

1 Qulqulluu sagalee isaatti bu'a qabbessa gochuudhaaf ga'umsaaf yaalameera, Kunnis kan irratti amanta jiru gara barreefamatti ceesisuuf, akkasumaas itti gaafatamuumaan kan guuutame keessisa yookaan seenaa barreefamayoomi fi eessa irratti hin xiyyaffatu
   a. *Halakha* kan inni irratti xiyyaafatu seera dhugaa fi jireenya irratti
   b. *Haggada*kan inni irratti xiyyeefatu raawwiidhaa fi jabina jireenya irratti
2 Pesher- foyyaa'insi gara booda garba Muut maramaa irraatti in mul'ata. Innis ramaddii kan maramaa galumsa gargaarama, haalota darban raawwatama argisisuu fi yommii fi eessa haala wakta'een. Yeroon Macheet bakka ga'umsa raajji (bara haara dhufuu dha).

Ba'a dhihoo durii galumsaa fi kan gara booda barreefama Yiyuudoota durse barreeffame Macaafa Qulqulluu kakuu moofa adda ta'uun isaa beekamadha. Kara baay'eedhaan galumsi kakuu moofa hagamillee barreefama barichaa wajjin amala yoo walirraa ergifataniyyuu adda kan ta'anidha, keessumatti haala seenaa isaa bifa ibsuun dhiyachuun isaa. Seenaa barreefama Ibiroota wajjiin kan inni walitti dhufuu dursa kan barreefame kan Kexiyaahootati.

Sirritti beekamuu kan qabu Seenaan barreeffama durii isa ammayyommee irraa seenaa barreeffama warra lixa adda kan ta'e ta'u isaati. Asitti rakkinni isa mudatuu hiikaa irratidha. Seenaan barreefama ammayyaa qabatamaa gochuudhaaf yaali godha, (holoola kan hin taane yoo danda'ame) akkasumas seena duraa duuba isaatiin galmeessu fi teessisuu, maal "sirri akka ta'e!" innis haala seenaa isa teessisee kan inni yaalu "sababaa fi bu'aa". Innis amala kan godhate barreefama irrattidha!

Seenaan warra ba'a dhihoo akka seenaa ammayyoomme waan hin taaneef inni kan dogogoreef sababaa, gadi-aana, yookaan kan hin amanamne godhee fudhachuun irra hin jiru. Loogii seena ammayyaa warra lixaa (dursa ejjenno) hin calaqisisuu, kan barreesitoota isaani. Seena Macaafa Qulqulluu matuma isaatti uumama adda (yaadaan fudhatamuu) adda kan ta'edha. Seenaan Macaafa Qulqullu ilaalamuu kan qabu barreeffama yaadaan fudhatamu ilaalcha amantitiin, akkasummas barumsa Waaqayyuummaatiif akkeeka, garuu immoo inni gati kan qabu seena tarreefamati.

Kun seeneeffama kakuu moofa fi baay'ee bu'a qabeessa, kan biraaf amantiin koo karaa ibsaa akka naaf ta'uuf. Macaafni Qulqulluun bifa seenaa ta'een akka dhiyaatuu yoo ta'e, eggaa kan isa eejjennoon

amantisaa warra hin amaneef gaafii cimaa qabaata. Akka Amantiin kooti kan darbe Arkiholooji fi Antiroopolojji seenaa dhugoomsuu irraatti miti. Haa ta'uu malee kun ergaa Macaafa Qulqulluu beeksiisuu fi in gargaara, akkasumaas karaa biraan gatii inni qabu in laataaf.

Goollabuudhaaf seenewwan naannoo yaadaan fudhatamutti in hojeetu, haa ta'uu malee seera hundee amantii fi wangellawumma.

**DABALATA SADI**
**Galumsaa fi hiika Seeneffama afaan warra Ibrootaa**

I. Dubbii Jalqabaa
   A. Kakuu moofatti fi haalotti kabiroon walitti dhuufeenya karaa galmee giddu jiru
      1. Kan biraan kan ba'a dhihoo seenaan barreefamichaa seena afaaniin darbudha.
         a. Waaqolli baay'ee (yeroo hundumaa Waaqayyoolli namumma, human uumamaa kan calaqisisaan, garuu keessa jireenya kan faallessan)
         b. Uumama walitti dabalamee irratti kan hunda'ee (Waaqayyoolli kan du'aniif kan ka'aan)
      2. Giriki-Roome bashananaa fi jajjabeessuudhaaf, haaloota seenaa haala dhaala uumamaa isa nu galmesu irra (Hoomer bifa baay'eedhaan kan qabatama kan Mesopotamiyoota kan calaqisisuu)
   B. Ta'u kan qabu jecha Jarmani sadan bifaan garaagarummaa inni qabu agarsiisaa yookaan hiika seenaa
      1 "Seenaa" haaloota galmeessuu (dhugaa akka jirutti)
      2 "Geschichetee," hiika haalootaa kunnis ilma namaatiif faayidaa inni qabu kan agarsiisuu
      3 "Heelsigeschiicheti" bifa adda ta'een kan agarsiisuu karoora oolchuu Waaqayyoo fi gochadha, adeemsa seenaa keessatti
   C. Kan Kakuu Moofaa fi kakuu haara "Geschiichet" dha, isaanis gara Helgeschiichete hubanno kanatti kan qajeelfaman. Isaanis kan filataman seeneffama barumsa Waaqayyumma haala seena qindoomina qabutti
      1 Haalota filataman qofa
      2 Duraa boodi akka barumsa Waaqayyuma barbaachisaa miti
      3 Haaloni kan ibsaman dhugaa wajjiin wal-qabatuu
   D. Seeneffamni baayinaan kan barratame galumsa Kakuu Moofaatti. 40% kan ta'u seeneffama kakuu moofa akka ta'e tilmaama. Kanaaf galumsicha hafuura qulqulluuf fayyada, ilma namaa kufeef Hergamoota Waaqayyo dabarsuudhaaf (qunamtiif) haa ta'uu malee innis kan ta'e bifa ibsaatiin miti (akka Ergamoota kakuu haaratti), haa ta'uu malee, wal-faana, walitti qabamaa yookaan kan filataman dedeebi'a/irra dedeebi'adha. Tokko gaafii isa itti fufuu qaba, kun maliif galma'ee jedhe maalif cimina itti kennuuf yaali godha jira? Akkeeki barumsa Waaqayyumma isa maali ?

      Kana jechuun garuu bifa kamiinille seenaa ulfina dhabsisuuf miti. Garuu, seenan ibsaaf akka tajaajiluu akka sarara riqaa ta'eera.

II. Seenefama Macaafa Qulqulluu
   A. Waaqayyoo addunyaa isaa irratti damaqaadha. Yaadan fudhatamuu barreesitoota Maacaafa Qulqulluu haaloota murta'aa filataniru, Waaqayyoon mul'isuuf. Waaqayyo kan kakuu moofa isa guddaa bifa amala Waaqayyooti.
   B. Seeneffamni tokko tokko karaa adda addatiin odeeffama
      1. Waaqayyo eenyudhaa, lafa irratti maal gocha jira
      2. Dhalli nama kan mul'atee, Waaqayyo namoota dhuunfaa fi kan biyya lafaa jaboota wajjiiin walitti dhuufenya inni godheen
      3. Akka fakkeenyaatti keessummatu mo'icha loltu Iyaasu ilaalun in danda'ama, innis raawwi kakuu isaa wajjin kan wal-fakkaate (Zakariyaas 1:7-8, 8:30-35).
   C. Seeneffamooti yeroo hundumaa wali wali isaani wal qabateera, guddaa kan ta'ee . Barreefama dhaabbataa gochuudhaaf kunnis qeenxee baruumsa Waaqayyumma dhugaa mul'isuudhaaf.

III. Seeneffami kan kakuu moofa geggeesitoota hiiktoota

A. Ibsa fooya'ee kan argate, kunnis tarreefama kan kakuu moofa gara hiikuutiin kan Douglas Stuart in *How to Read the Bible For All Its Worth*, fuula 83-84 irrattidha.

1. Seeneffamni kan kakuu moofa yeroo hundumaa kallatiidhaan seera ittin bulmaata barsisuu dhiisuun isa.
2. Seeneffamni kan kakuu moofa yeroo hundumaa seera ittin bulmaata yookaan seera ittin bulmaatoota kan inni barsisuu bakka biraa irratti argisisuu ta'u isa.
3. Seeneffamni kan isaan galmessaan maal akka ta'edha, yeroo sanatti maal ta'u akka qabu yookaan maal ta'uu akka qabaatu osoo hin ta'iin. Waan ta'eef, tokkon tokkoon seeneffamaa kan adda ta'ee nama dhuunfa seena amala gaarii hin qabu.
4. Namooti seeneffama keessaatti kan isaan godhan nuuf haganatti fakkeenya gaarii miti, irra deddebi'uudhaan inni faalladha.
5. Baay'een isaani seenaffamnii kakuu moofa amalli isaa mudaa kan hin qabne miiti, gochaa isaani dabalate
6. Nuufiis seeneffamni yeroo hundumaa dhuma irratti gaarii kan ta'ee fi hamaa kan ta'e nuti hin himamu. Nutu kan nuu eegnu Waaqayyo kallatiidhaan akkasumas iddo firditti kuta Maacaafa Qulqulluu biraa akka nuu barsiseetti irratti hundoofne murtii kennu (murteessuu) akka dandenyuuf
7. Seeneffamni hundumtuu kan filatamani fi kan hin raawwatamini dha. Tarrreefamni fayyaduu hundumtu yeroo hundumaa hin dubbatamne (Yohaaniis 21:25). Wantii Seeneffamaan ibsame yoo jiraate barreesa yaadan fudhatame nuyii akka beeknuuf bu'a-qabeessa ta'a jedhee kan yaadedha.
8. Seeneffamooti gaafii barrumsa Waaqayyummaa hundumaa deebisuudhaaf kan barreefame miti. Isaanis qopha qophaa, adda, kaayyoo murta'a qaba. Akkasumas kaayyoo murta'e irratti xiyyafatu, kan biroon bakka biraatti karaa biraan akka argamuuf dhiisu.
9. Seeneffamooti kun tarii ifatti in barsiisuu (waanta tokko ifatti ka'uudhaan) yookaan akka jirutti utuu hin ibsiin (wanta tokko utuu hin ibsiin akka jiruutti ka'uudhaan).
10. Bara dhumaatti Waaqayyo kan hundumaa Macaafa Qulqulluu seeneffama isa guddaa (goota)

B. Seeneffama hiikuudhaan kan biraa ibsa foyya'ee kan ta'e kan Walter Kaiser's *Toward Exegetical Theology*: dha.

> "Kan jecha qulqulluu bifa adda kutaa seeneffamaa kan ta'u yeroo hundumaa barreessaan jechii isa fi gochoolleen isaa namoota seeneffama keessa jiran isa guddaa ergaa amantii isaani akka deemsisaaniif eeyyamudha. Kanaaf nuuf kallatidhaan ibsa kan nuu dhiyeessu irraa jecha isa qulqulluu irraatti akka argamutti seera ittin bulmaataa yookaan kutoolle barsiisuu barreesichi cinaan ta'uus kallatiidhaan barnoota yookaan ibsa qorannoo kennuu irraa of qusata. Bu'aa isaatiis, bifa tarreefamaatiin fayidaa kan inni qabaatu guddaa kan ta'ee galumsa barreefama hubachudha. Kunnis seeneffama wajjiin kan inni wali galuu akkasumas barreessaan kutaa haala murta'ee maaliif akka fayyadame baruu, ifa kan ta'e duraa booda akka kaa'e. Amma akka kanatti hiikaaf lama lamaan ka'umsa kan ta'ani ergaan isaani yeroo qinda'uu fi fillaannoo tarreefamati, haasa yaada keessa galuu, namoota yookaan Ergamoota wanta waliin dha'amee keessatti. Kanaan oliittis namoota kanaani akkasumas haloota irratti kan jiru yaada gocha Waaqayyuumma dirqamatti murteessaa ta'uu qaba, barreesichii nama tokkoo yookaan garee murta'e uummatoota kan filataman duraa boodan arii irratti akka ta'anii iyyamuu isaa wajjiin kan wal-qabate, kana jechuun, mataa isaa kennu seeneffamichaa yoo gargar hin kutne (haala kanaan kan Waaqayyoo) kan raawwate keessatti tilmaama isaa" (fuula 205).

C. Seeneffama keessatti dhugaan kan argamu guutuma barreefama dhaabbataa malee tarreefama irratti miti. Barreeffamicha qulqulleessuu irraa of eegatan yookaan seeneffama kakuu moofa jireenya mataa ofitiif fayyadama irra oolchu.

IV. Hiikaa sadarkaalee lamaa

A. Kan Yaahiwee oolchu, gocha ibsa sanyii Abirahamiif
B. Fedhaa Yaahiwee tokkoon tokkoon jireenya amantoota keessatti (umuri hundumaan)
C. Xiyyaafannoon kan jalqaba "Waaqayyoon beekuu" (fayyinna) lammaffaan isa tajaajilu (kan kiristaana jireenya amanti, Roome 15:4, 1ffaa Qoronxoos 10:6-11).

**DABALATAA AFUR**
**RAAJII KAN AFAAN IBIROOTAA**

# I. Seensa

A. Bantuu ibsaa

1. Haawasni amananaan raajiicha akkamitti hiikuun akka irra jiru irrati wali hin galu. Dhugoonni kan biroon ejennoo dhaabbataa ta’een baroota giddutti ijaarameera, kun garuu miti.
2. Sirritti kan ibsaman baay’een sadarkaawwan Kakuu Moofaa jiru
    a. Monaarkii dura (mooticah Sa’ool dura)
        (1) Rajoota jedhaman kan waamaman namoota dhuunfaa
            a) Abirihaam _ Seer. Uum. 20:7
            b) Musee _ Seer. Lakk. 12:6-8, Keess. Deeb. 18:15, 34:10
            c) Aaroon _ Keess. Deeb. 7:1 (jecha fuudhaa Musee)
            d) Maariyaam _ Keess. Deeb 15:20
            e) Medaadinaa Ildaadi _ Seer. Lakk. 11:24-30
            f) Dibooraa _ Abboota firdii 4:4
            g) Maqaan isaa kan hin dha’amnee _ Seenaa. Bara 6:7-10
            h) Saamu’eel _ 1^ffaa Saamu. 3:20
        (2) Raajonni akka gareetti kan ibsaman – Kees. Deeb. 13:1-5, 18:20-22
        (3) Garreewwan raajootaa yookaan walga’iwwan – 1^ffaa Saamu. 10:5-15, 19:20, 1^ffaa Moot. 20:35, 41, 22:6, 10-13, 2^ffaa Moot.23, 7, 4:1, 38, 5:22, 6:1, k.k.f.
        (4) Masihiin raajii jedhamee waamameera _ Keess. Deeb. 18:15-18
    b. Macaafa keessatti kan hin ilaalamnee raajoota hidda mootummaa (mootiidhaaf kan dhi’aatan)
        (1) Gaadi _1^ffaa Saamu. 7:2, 12:25, 2^ffaa aamu. 24:11, 1^ffaa Seena baraa 29:29
        (2) Naataan – 2^ffaa Saamu. 7:2, 12:25, 1^ffaa mooto. 1:22
        (3) Ahijaa – 1^ffaa moot. 11:29
        (4) Jehuu – 1^ffaa Moot. 16:1, 7:12
        (5) Maqaan kan hin dha’amnee – 1^ffaa Moot. 18:4, 13, 20:13, 22
        (6) Eliyaas – 1^ffaa Mooto. 18, 2^ffaa Moot. 2
        (7) Milkiyaas – 1^ffaa Moot. 22
        (8) Elsa’I – 2^ffaa Moot. 2:8, 13
    c. Barreefamni durii raajoota (isaaniis sabaafis ta’ee mootidhaaf ni dhi’eessu), Isaayaas _Milkiyaas (Daani’eel irraa kan hafee)

## B. Jecha Macaafa Qulqulluu

1. ro’eh =raajii, 1^ffaa Saamu.9:9. Luqisiin kun kan argisiisuu Nabi gara jecha jedhuutti jijjirama godhamee dha, hiikii isaas”raajii” yoo ta’uu kan inni dhufee “waamuu” hundee jedhuu irrati. Ro’el jecha Ibiroota wali galaa “ilaaluu” dha. Namni kun karaawwan Waaqayyoo fi karoorawwan kan beekanii fi, tokkoon tokkoon dhimmaa irratti fedha Waaqayyoo cimsuu kan gaaffaatu ture.
2. hozeh = raajii, 2^ffaa Saamu. 24:11. Innis hundu dhuma irraa ro’el wajjin wal fakkaataa dha. Innis Ibiroota irraa jecha darbee darbee “mul’ataan ilaluu” dha. Bifa keeyata hin murtoofneetiini irra deddeebi’ee fayyadama irra kan oolu raajoota argisiisuudhaaf.
3. nabi’ = raajii, gochama Akaadiyaa irraa nabu= “waamuu” wajjin kan adeemuu, akkasumas kan Arabiffaa naba’a = “labsuu.” Kun baay’ee kan baratamee jecha Kakuu Moofaa yeroo ta’u raajii mogaasuudhaaf. Innis yero dhibba sadii fayyadama irra ooleera. Hundeen jechaa inni sirriin hin beekamu, garuu “waamuu” filannoo wayyuu

kan ammaa fakkaata. Filannoon wayyuu kan dhufee kan fakkaatuu ibsa Yaahiwwee irraati, Museen Farihoonii wajjin karaa Aroon walitti dhufeenya jiru (Seer. Ba'u 4:10-16, 7:1, Keess. Deeb. 5:5). Raajiin Waaqayyoodhaaf kan dubbatuu dha, sabaaf, (Amos 3:8, Ermi. 1:7, 17, Hisqe. 3:4).

4. Jechi sadanuu guutumaatti muudama raajuumaatiif faayida irra ooleera 1[ffaa] Seena 29:29, Samu'eel ro'eh, Naataan –Nabi, fi Gaadi- Hozeh.
5. ish ha –'elohim, "nama Waaqayyoo," mogaasa bal'aa ta'een Waaqayyoof kan dubbatuudha. Innis yeroo 76 Kakuu Moofaa keessatti "raajii" miira jedhuun faayidaa irra ooleera.
6. "Raajii" jechi jedhu ka'umsi isaa Girikii dha. Innis kan dhufee (1)Pro = "duraan" yookaan, (2)Phemi = "dubbachuu."

## II. Hiikaa raajii

A. "Raajii" jechi jedhu ingilliffa caalaa Ibirootaan dirree hiika bal'aa ta'ee qaba. Yihudoonni macaafa seenaa kan ta'an mallattoo itti godhaniiru, Iyyaasuu dha hanga mootootaati (Ruut irraa kan hafe) "raajoota durii." Lamanuu, Abirahaam (Seer. Uum. 20:7, Faarf. 105:5) fi Musee (Keess. Deeb. 18:18) akka raajootaatti waamuu turan (Maarihaamiin dabalatee, Ba'uu 15:20). Kanaaf, hiika tilmaamaa ingilliffaa irraa of eegadhaa!

B. "Raajummaan haala naamusa qabuun kan hiikamuu hiika qofa kan fudhatuu hubannoo seenaati, dirqamsiifamuu afuuraa irraa, kaayyoo afuuraa, haala hirmaanaa afuuraa (hiikii Macaafa Qulqulluu galmee jechootaa jildi3, fuula 896).

C. "Raajicha, falaasama yookaan mala barumsa afuuraa miti, haa ta'uu malee kan giddu galeessa kakuuti, sagalee Waaqayyoo saba Waaqayyootiif kan dhi'eessuu, kan amma haraa'umsa gochuudhaan isa dhufu bifa kan qabachiisu ("Raajiichaa fi raajii," insayikilopidiya Judaayikaa, jildi 13, fuula 1152)

## III. Kaayyoo raajii

A. Raajiin Waaqayyo saba isaatti karaa inni ittiin dubbatuu dha, kan haala irra jiran yoomessaa fi abdii geggeefamaa kan kennuu fi innis jireenya isaanitii fi tibba addunyaa akka to'atuu kan ittiin argisiisu. Ergaan isaanii hundeedhuma irraa kan tokkumaati. Jechuun ifachuudhaaf, jabeessuuf, amantiidhaa fi qalbi jijjiranaa fiduudhaaf, fi saba Waaqayyootiif waa'ee mataa isaaf waa'ee karoora isaati beeksiisuudhaaf. Innis kan dubbatuu fi filannoo Waaqayyoo ifatti argisiisa (Ba'uu. 13:1, 3, 18:20-22). Innis akka galma tokkootti kan fudhatamuu Masihicha argisisuudhaaf.

B. Raachichi yeroo hundumaa yeroo mataa isaati kan seenaa yookaan jeqamsa barumsa afuuraa fudhatee yoomessa bara dhumaatiif wixinessa. Barri dhumaa kunnis ilaalcha seenaatiin (raawwii xumuraatiin) Israa'elii fi waamicha kan afuuraa fi abdii kakuutiif miira addaati.

C. Muudamni raajichaa madaallii isaa kan eegee fakkaata (Ermi. 18:18) akkasumas hangafa lubbichaa kan bakka bu'uu dha, fedha Waaqayyoo akka karaa ittiin beekuuti. Sagalee Waaqayyoo kan kennuu ergaa sagalee Uriimii fi Tumiimi irra caaleera. Seerri muudama raajichaa Israa'eloota biratti Milkiyaas irratti dhaabbateera (yookaan macaafa seenaa). Waggaa 400 fi hin godhamne, hanga Yohannis cuuphaati. Kan Kakuu Haaraa "Raajii" kennaan Kakuu Moofaa wajjin akkamitti akka deemuu mirkanaa'aa miti. Raajoonni Kakuu Haaraa (Hoji.erga. 11:27-28, 13:1, 14:29, 32, 37, 15:32, 1[ffaa] Qoro 12:10, 28, 29, Efe. 4:11)

ibsa mul’ata haaraa miti haa ta’uu malee dabalanii kan dubbatani fi kan fuulduratti kan dubbatan, fedhii Waaqayyoo haala yerooti wajjin.

D. Raajiin amaluma isaati wantota hundumaa kan of keessatti qabatuu yookaan dursee kan beekamu miti. Raajuun muudama isaa fi ergaa isaa karaa ittiin mirkanaa’uudha, ha ta’uu male beekamuu kan qabuu “…2% irra kan xinaatee raajiin Kakuu Moofaa kan Masihiiti. 5% irra kan xiqqaatee keessumatti kan inni ibsuu bara Kakuu Haaraati. 1% irra kan xiqqaatee tibbaa gara fuula duraatti dhufan kan argisiisuu dha” (Fii dhaa fi Situwartii, Macaafa Qulqulluu faayidaa isaa guutuu wajjin dubbisuu, fuula 166).

E. Raajootni Waaqayyoon saba isaatiif yeroo bakka bu’an, lubboonni immoo sabichaaf Waaqayyoodhaaf bakka bu’u. Kun ibsa walitti qabamee ibsamee dha. Kan akka Imbaaqoom kan fakkaataan adda kan ta’aanis jiru, gaaffii Waaqayyoo kan dhi’eessan.

F. Raajoota hubachuudhaaf kan nama rakkisan keessaa sababi tokkoo, macaafni isaanii akkamitti akka caasefaman waan hin beekneef. Macaafa seenaa miti. Ergaa fakkaatu, ha ta’uu malee yeroo hundumaa inni tokkoo karaa inni eeguu miti. Yeroo hundumaa ifa kan ta’ee kan seenaa yoomessaa, qindaa’umni yeroo yookaan kutaan ifa ta’ee haasaa gidduu hin jiraatu, inni rakkisaa kan ta’uu (1)Macaaficha of irra taa’uu tokkoon dubbisuu (2)Yaada ijo mata-duree tokkoon tokkoon isaati tarreefama isaa qopheessuu, fi (3)Dhugaa giddu galleessaa yookaan yaada barreessichaa tokkoon tokkoon haasaa cimsuu dha.

## IV. Amalawwan raajii

A. Kakuu Moofaan “raachiichaa” fi “raajii” kan jedhan yaad-rimeewwan guddachaa kan dhufan fakkaata. Duraan tokkummaan raajoota Israa’eel guddaachaa dhufeera, kan akka Eliyaas yookaan Elsa’ii kan jiran dhageefatummaa cimaa kan qabaatan geggeesitoota. “Ijoolee raajootaa” gaaleen jedhu al tokko tokkoo faayida irra kan oolu garee kana mogaasuufi dha (2ffaa Moot. 2). Kan yeroo raajoota amala isaanii miira gadi fagoodhaan bifa fudhachuu qaba ture (1ffaa Saamu. 10:10-13, 19:18-24).

B. Ta’us, yeroon kun dafee darbe, gara raajoota dhuunfaati. Raajootni kun turaniiru (lamaanuu dhugaa fi soba) mootii wajjin kan mul’atanii fi mana mootummaa kan jiraatan (Gaadi, Naataan). Dabalatanis, mataa isaanii kan danda’an turan, altokko tokkoo walummaa galatti haala hawaasa Israa’el wajjin kan wal qabatan (Amoos). Lamaanuu dhirootnis dubbartoonnis turaniru (2ffaa Mooto.22:14).

C. Raajichi yeroo hundaa dhuufaati isaa kan ibsu ture, namichaan yookaan sabichaan haala deebii batalumatti keessa ta’e. Hojiin raajichaa yeroo hundumaa guutumaa karoora Waaqayyoo, innis saba isaatiif kan qabuu, deebii namootaatinis dhiibbaan kan irra hin geenye akka hin dachaane argisiisuu ture. Kun kan guutummaa karoora raawwii baha dhi’oo duriitiin raajoota Israa’el giddutti adda ture. Raajuudhaa fi amanamummaan kakuu ergaan raajii tuqaa giddu galeessa lama ture (Fii fi Situwarti, fuula 150 ilaali). Kun kan argisiisuu raajonni irra gudeessa xiyyaafannoo isaanii kan gamta’aan ta’uu isaati. Inni yeroo hundumaa, haa ta’uu malee kan hin ammatamne bifa hin taaneen saba Israa’eeliif ni dhi’eessu turan.

D. Baay’een isaanii wantoota raajii jechaan turee kan isaan dhi’eesan. Booda irratti ergaa isaa irraa, macaafa seenaa irraa yookaan kan biroo ogbaruu kan baha dhi’oo wajjin walitti makuu kan jalqaban, amma garuu kan hin arganne. Kan jechaanii ta’uu irraa sababa ta’ef, akka

hololooti akka barreefamee kan caasefame miti. Macaafa kana kallattiidhaan dubbisuuf rakkisaa godheera, kan adda ta'e seenaa yomeessaa hubachuudhaaf rakkisoo dha.

E. Raajootni gareewwan adda addaa fayyadamu: ergaa isaanii dabarsuuf
   1. Wal-cinaan ta'uu mana murtii – Waaqayyo saba isaa gara mana murtiitti ni geessa, innis yeroo hundumaa waa'ee dhimma wal hiikuuti, Yahiwween haadha manaa isaa (Israa'eel)fudhachuu dhiisuu isaan, kan hin amanamnee waan taateef (Hosee 4, Mikiyaas 6).
   2. Faarsa bakka hawaalaatti nama du'eef faarfatamu – safartuun addaa kun amala ergaa fi gosa isaa "gadda guddaa" boca addaatiin adda baaseera (Isaa.5, Imbaqoom 2).
   3. Ibsa eebba kakuu – haali uumama kakuu cimsi itti kennameera, kanaaf bu'aan inni fidu, karaa sirrii fi alta'aa ta'e lamaaninuu, gara fuul duratti ilaalaeera (Keess. Deeb.27-29)

## V. Adda kan godhuu akka macaafa qulqulluutti raachicha dhugaa mirkaneeffachuuf

A. Keessa. Deebii 13:1-5 (kan raajaman/mallattolleen qulqullummaa Waaqa tokkichaa wajjin wal qabatu)

B. Keessa. Deebi 18:9-22 (raajoota sobduu/raajoota dhugaa)

C. Lamaanuu dhiroota fi dubartooti akka raajichaati yookaan raajittitti ni waamamu ni mogaafamu
   1. Maariyaam – Ba'uu 15
   2. Dibooraa – Abboota Firdii 4:4-6
   3. Huldaahi –2ffaa Mooto. 22:14-20, 2ffaa Seenaa bara 34:22-28

D. Akka aadaa naannoo sanatti sanaatti raajootni kan mirkaneefataman jireenya afuuraan. Israa'el kan mirkaneefatan
   1. Qorannoo barumsa afuuraa – fayyadama maqaa Yaahiwwee
   2. Qorannoo seena-qabeessa – kan raajamee sirri

## VI. Raajii hiikuudhaaf qajeelfama gargaaran

A. Raajii isa olaanaa (qopheessaa) yaada barbaadi, tokkoon tokkoon barreefama qabiyye barreefamaa waaqa tolfamaa isa gara fuulduraa gaaffachuu seenaa yoomessaa galmeessuun. Innis yeroo hundumaa kan inni of keessatti qabatuu Israa'eel kakuu Musee karaa ta'een cabsuu isaati.

B. Dubbi hundumaa dubbissi hiikii, kuticha qofa osoo hin ta'in, taarrefama yaada ijoo. Dubbii naannoo wajjin akkamitti akka walitti firoomu ilaali. Tarreefama yaada-ijoo guutummaa macaafichaa kaa'ii (ramaddii barreefamaatii fi sadarkaa keeyataatiin).

C. Hiika sirrii (akkuma jirutti) akka yaadatti qabadhu, barreefama isaan waan tokkoo fayyadama fakkiduun amma si fayyadanitti, isa booda qooqa fakkiduu hololoon kaa'uuf yaalii.

D. Gochawwan wal fakkaataan tarreessi, seenaa yoomessaa fi qabiyyee keeyata wal cinaan. Kun kan baha dhi'oo durii ta'uu yaadaachuuf mirkaneefadhu, kan lixaa yookaan kan ammayyaa og baruu osoo hin ta'in.

E. Kan raajaman of eegannoon ilaalii
    1. Isaan homaa of keessatti osoo hin qabatiin guyyaa barresichaati?
    2. Isaan duraa duuba yerootiin seenaa Israa'eeliin raawwataameeraa?
    3. Isaan sichii kan tibba dhufuuti?
    4. Isaan bara isaanitti kan raawwatamanii fi gara fuulduratti kan raawwatamanii dhaa?
    5. Deebii kee akka sii geggeessaniif barreesitoota Macaafa Qulqulluu hiyyamiif, barreesitoota ammayyaa osoo hin taane.

F. Yaada adda ta'an (karaawwan)
    1. Raajichi (kan raajamee) haala deebii ilaaleera
    2. Raariichi kan dubbatamee eenyutti akka ta'ee mirkanefatetaa (kanaaf maaliif)?
    3. Raawwata baay'eedhaaf carraan jiraa, lamanuu macaafa qulqulluudhaa fi/yookaan seenaadhaan?
    4. Barreessitootni Kakuu Haaraa karaa yaada afuuraan liqimfamuutiin Masihii Kakuu Moofaatti bakkoota baay'eetti ilaaluu danda'aniiru, nuuf ifaa kan hin taane. Isaanis ramaddii wali galaatiin yookaan tapha jechaatiin kan fayyadaman fakkaata. Yaada afuuraan liqimfamuu keenya waan hin taaneef xinhima kana isaaniif yoo dhiifne kan wayyu ta'a.

## VII. Macaafoota gargaaraan


1. Qajeelfama raajii Macaafa Qulqulluu Kaarli. E. Armeringii fi W.Wardii Gaasko
2. Macaafa Qulqulluu faayidaa isaa guutuu wajjin waa'ee dubbisuu Gordeen Fii fi Daagilas Situwarti
3. Garboota koo raajoota Edwardi. J. Yaangi
4. Maraashaa fi meeshaa ittiin qeenxa'an: raajii macaafa qulqulluutti fi bara dhumaa qooqaa irra deebi'aanii yaaduu D.Birenti Sandi
5. Seera Kakuu Moofaa cabsuu, D.Birinti Sandi fi Ronaldi L. JC, Jr.

**DABALATAA SHAN**
**RAAJII KAKUU HAARAA**

I. Raajiin Kakuu Haaraa akka raajii Kakuu Moofaa wal fakkaataa miti (BDB 611), innis Yaahiwwee irraa kan ta'ee mul'ata yaada afuuraan liqimfamuu, hiika barsiisootaa kan qabu(Hoji. Erg.3:18, 21, Room.16:26). Raajoota qofa dha qulqulluu sagalee isaa barreessuu kan danda'an.

A. Museen raajii jedhamee waamameera (Keess. Deeb. 18:15-21).

B. Macaafa seenaa (Iyyaasuu –mootota [Ruut irraa kan hafe] "raajoota duraanii" jedhamani waamamaniiru (Hoji.erg. 3:24).

C. Raajootni bakka Lubbootaa ni qabatu, Waaqayyoo biraa akka burqaa odeefannootti(Isaayaasi – Milkiyaas)

D. Safartuu Ibirootaa(kanoon) ramaddii lamaffaa (raajoota) dha (Maat. 5:17, 22:40, Luqaas 16:16, 24:25, 27, Room.3:21).

II. Yaad'rimee Kakuu Haaraatiin karaan adda addaa baay'ee ta'an faayidaa irra oolaniiru.

A. Gara raajoota Kakuu Moofaatii fi ergaa yaada afuuraan liqimfamuu ilaaluudhaan (Maati. 2:23, 5:12, 11:13, 13:14, Room.1:2)

B. Ergaa nama dhuunfaa tokkoof ta'ee eeruun, garee tokkummaa caalaa (jechuun, raajootni Kakuu Moofaa duraan dursanii Israa'elitti ture kan dubbatan)

C. Kan lamaanu Yohannis cuuphaaf (Maat. 11:9, 14:5, 21:26, Luqaa. 1:76) fi Yesus akka labsituu mootummaa Waaqayyootti (Maati. 13:57, 21:11, 46, Luqaa. 4:24, 7:16, 13:33, 24:19). Yesuus immoo raajoota irra akka caaluu cimsa itti laateera (Maat. 11:9, 12:41, Luqaa. 7:26).

D. Raajoota kan biroo Kakuu Haaraan
   1. Kan Yesuus jireenya gara fuul-duraa, wangeela Luqaas keessatti akka galmeefame (jechuun, yaadannoowwan Maariyaam)
      a. Elsaabeet (Luqaa. 1:41-42)
      b. Zakkariyaas (Luqaa.1:67-79)
      c. Simi'oon (Luqaa. 2:25-35)
      d. Haannaa (Luqaa. 2:36)
   2. Kan ciigoo agarsiisa raajii Yoha. 11:51)

E. Wangeela kan labsan kan ilaalatuu (tarreefama kennaa labsuu 1$^{ffaa}$ Qoro. 12:28-29, Efe.4:11)

F. Itti fufiinsa kan qabuu kennaa waldaa kiristaanaa kan ilaalatu (Maat.23:34, Hoji.Erg. 13:1, 15:32, Room.12:6, 1$^{ffaa}$ Qoro. 12:10, 28-29, 13:2, Efe.4:11). Kun al tokko tokkoo gara dubartootaati argisiisuu ni danda'a (Luqaa. 2:36, Hoji.erg. 2:17, 1$^{ffaa}$ Qoro 11:4-5).

G. Macaafa bara dhumaa kan ta'ee mul'ata Yohannis argisiisa (Mul'a. 1:3, 22:7, 10, 18, 19)

III. Raajoota Kakuu Haaraa

A. Isaan mul'ata yaada afuuraan liqimfamuu hin kennan, raajootni Kakuu Moofaa gochaa akka turan miira wal fakkaataan (jechuun, sagalee qulqulluu). Kun ibsa ta'uu kan danda'uu dha, "amantii" sababa gaalee jedhuutiin (jechuun, kan xumurame miira wangeelaa) Hoji.Erg. 6:7, 13:8, 14:22, Galaa. 1:23, 3:23, 6:10, Filli.1:27, Yihudaa 3, 20 faayida irra ooleera.

Yaad-rimeen kun ifaa dha, Yihuda 3 irratti faayidaa irra kan oolee guutummaa gaalee irraa kan ka'ee, "qulqullootaaf al tokkoo raawwatee waa'ee amantaa kennamee." "Raawwatee al tokkoo" kan ta'e amantaa kan argisiisuu dhugaawwan, doktiriniiwwan, yaad-rimmeewwan, ilaalcha lafaa barumsa kiristaanumaati. Kun al tokko kan kennamee cimsa macaafa qulqulluuti, akka barumsa afuuraati yaada afuuraan liqimfamuu daangeessuu, barreefamoota Kakuu Haaraan, kanaaf isa booda gosa kamiin iyyuu barreefamoota akka ibsaati godhee fudhachuu dhiisuu dha. Waan hiiki isaa ifa hin taanee kan karaa gara garaatiin hiikamuu danda'u, kan hin mirkaneeffanne, fi bakka ifa hin taanee Kakuu Haaraatti ni argamu, amantootni garuu amantiidhaan kan cimsan "kan barbaachiisu" waan hundaa, amantiidhaa fi raawwiidhaaf Kakuu Haaraan ifa kan ta'an hamma ga'aadhaan of keessatti qabachuu dha. Yaad-rimeen kun akka ta'uutti ibsameera, "kan rog-sadee mul'ataa" kan jedhamu

1. Waaqayyoo mataa isaa mul'iseera, seenaan yeroo fi bakkaa (mul'ata)
2. Inni kan murtaa'aan barreesitoota namootaa fillateera, gocha isaa galmeessuu fi ibsuuf (yaada afuuraan liqimfamuu)
3. Inni afuura isaa kenneera, sammuu fi laphee namootaa akka banuuf, barrefamonni kun akka gargaara, kan murtaa'ee osoo hin ta'in kiristana fayyaa fi bu'a qabeessa jireenyi isaa ga'aa kan ta'e (ibsa). Tuqaa kana kan ta'u yaada afuuraan liqimfamuun barreefama qulqulluu sagalee isaan kan murtaa'ee ta'uuni dha.

   Kana booda barreefama leenjiwwani dabalataan, mul'atoota, yookaan ibsitootni hin jiraatan. Safartuun (fudhatama kan qabu qulqulluun sagalee isaa) cufameera.Waaqayyoodhaaf deebii ta'uu ha laanuu bira kan nu barbaachisuu dhugaa hunda qabna. Dhugaan kunnis kan fooya'ee kan mul'atuu wali galtee barreefama Macaafa Qulqulluu yookaan qajeelummaa fi gaarumaan amantooti wali galtee dhabuu dha. Eenyu iyyuu barreessan ammayyaa yookaan dubbataan sadarkaa geggeessa afuuraa hin qabaatu, barreesitootni qulqulluu sagalee isaa qabaachaa akka turan.

B. Kara tokko tokkoon raajootni Kakuu Haaraa raajoota Kakuu Moofaa wajjin wal fakkaatu.
   1. Gara fuul duraatti kan ta'uu raajuudhaan, (Phaawuloos, Hoji.erg. 27:22, Agaboos, Hoji.Erg. 11:27-28, 2:10-11, kan biroon maqaan isaanii kan hin ibsamne raajoota, Hoji.Erg. 20:23).
   2. Firdii beeksiisu (Phaawuloos Hoji.erga13:11, 28:25-28)
   3. Gochi wal fakkaataan tibba tokko akka ta'utti kan argisiisu(Agabos, Hoji.Erg. 21:11)
C. Al tokko tokko dhugaa wangeelaa karaa raajiitiin ni labsuu (Hoj.Erg. 11:27-28, 20:23, 21:10-11), kun garuu xiyyaafannoo dursu miti. 1ffaa Qorontos irra kan jiruu raajiin hundeedhumaan wangeela babbalisuuf (cf. 14:24,39).

D. Isaan kan afuura qulqulluu kan yericha meeshalee ibsaati. Kan yeroo fi hojiin kan mul'atuu raawwii dhugaa Waaqayyoo haala tokko tokkoon, aadaa, yookaan sa'aa fi yeroo (1ffaa Qoro 14:3).

E. Isaan isa durii kan Phaawuloos waldaa kiristaanaa hirmaatoota damaqoo turan (1ffaa Qoro. 11:4-5, 12:28, 29, 13:29, , 14:1, 3, 4, 5, 6, 22, 24, 29, 31, 32, 37, 39, Efe.2:20, 3:5, 4:11, 1ffaa Teso. 5:20) kanaaf Didache irratti eerameera. (Jalqaba jaarraa 1ffaa yookaan jaarraa lamaffaa, yeroo hin mirkaneefatamneeti) fi lamaffaa dhaa fi jaarraa sadaffaa Montaniziim Afrikaa kaabaa.

IV. Kennawwan Kakuu Haaraa raawwateeraa?

A. Gaaffii kana deebisuun rakkisaa dha. Dhimmicha ibsa kennuun ni barbaachiisa, kaayyoo kennawwan ibsuudhaan. Isaan wangeela ka'umsa lallabuudhaaf jajjabina moo yookaan waldaan kiristaanaa mata isheetii fi biyya lafaa bade akka tajaajiltuu karaa itti fufiinsa qabaii?

B. Inni tokkoo seenaa waldaa kiristaanaa ilaaluun irra jiraata, gaaffii deebisuuf yookaan Kakuu Haaraa mataa isaati? Kakuu Haaraadhaan kan argisiisu kam iyuu hin jiru, kennawwan afuuraa kan yeroo ta’uu isaaniin. 1[ffaa] Qoro. 13:8-13 dhimma kana hubachuudhaaf fayyadamuuf kan yaalaan kan dubbifamichaa kan aboo yaadi wal dha’eera, innis jaalala irraa kan hafee wanti hundumtuu akka darbuu cimsa kan laatuu dha.

C. Annis nan qoraman ture, Kakuu Haaraan kanaan booda seenaa waldaa kiristaanaa osoo hin taane, aboo kan qabu, amantootni kennawwan isaanii itti fufiinsa akka qaban jabeessuutu irra jiraata. Ta’es, aadaan hiika irratti dhiibba akka qabu nan amana. Al tokko tokkoo baay’ee ifa kan ta’aan barreefamootni kanaan booda hoji irra akka oolan hin godhaman (jechuun, dhunguu qulqulluu, dubartootni haguugii uffachuu, mana keessatti wal ga’ii waldaa kiristaanaa, k.k.f). Aadaan waldaa kiristaanaa irraatti dhiibbaa kan geesisuu yoo ta’e, egaa seenaan waldaa kiristaanaas?

D. Kun akkanumatti ibsamee deebi’uu kan danda’uu gaaffii miti. Amantootni tokko tokkoo “dhaabbachuu isaa” yoo wal falmaan kan biroon immoo “dhaabbachuu dhiisuu isaa” ni ibsu. Naannoo kanatti, akka dhimma hikkaawwan baay’ee kan biroo, lapheen amanaa dhimma isa olaanaa dha. Kakuu Haaraan kan hiiki isaa ifa hin taanee kan gara garaatiin hiikamuu dandaa’uu fi kan aadaati. Rakkisaa ta’uu kan danda’u, barreefamoota kami kan aadaa/seenaa dhiibbaa irra geesisuu akka danda’uu fi isaan kam immoo hundumaaf yeroodhaa fi aadaa ta’uu isaanii murteessuuf (Fii fi Situwarti Macaafa Qulqulluu faayida isaa hunda waliin waa’ee dubbisuu, fuula 14-19 fi 69-77). Kan bilisaa fi itti gaaffatamummaa mareen isaan Room.14:1-15:13 fi 1[ffaa] Qoro. 8-10 irratti kan argaman ol aanookan ta’an as irratti. Gaafficha akkamittideebisuun akka nurra jiru karaa lamaan kan fayyadu ta’a.

1. Amanaan tokkoon tokkoon isaa ifa qabuun adeemutu irra jira.Waaqayyoo laphee keenyaa fi yaada keenya eega.
2. Tokkoon tokkoon amanaa amantoota kan biroo amantiidhaan hubachuun akka deddeebi’an hiyyamuutu irra jiraata. Daangaa Macaafa Qulqulluu irratti wal danda’uun jiraachuutu irra jira. Waaqayyoo wali wali isaanii akka jaallatan ni barbaada, inni akka godhe.

E. Dhimma kana guduunfuuf, kiristanumaan kan amantii kan jireenya jaalalaati, guutuu kan ta’e barumsa afuuraa osoo hin taane. Isa wajjin kan qabnu walitti dhufeenyi kunnis kan biroo wajjin walitti dhufeenya qabnu irratti dhiibban geggeesu baay’ee kan fayyaduu dha, ragaa murtaa’ee yookiin geggeefama dhumaa caalaa.

**DABALATAA JA'A**
**DUBBII DACHAA AFAAN IBROOTAA**

I. SEENSA

A. Kan akkasii ogbaruun Kakuu Moofaa 1/3 hojeeteera. Inni addumaan "raajoota" biraa kan baratamee dha. (Hageedhaa fi Milkiyaas irraa kan hafe hunduu dubbi dacha qabateera) akkasumas kan Ibiroota Macaafa Qulqulluu fudhatama qabu (safartuu) "kan barreefamaa" kutaawwan.

B. Inni dubbii dacha ingiliffaa irra baay'ee adda. Dubbiin dacha ingilliffaa guddachaa kan inni dhufee dubbi dacha Girikii fi Laatinii irraati, innis duraan dursee sagalee irratti kan hundaa'e. dubbiin dacha Ibiroota dubbi dacha Kana'anootaa wajjin hedduu kan wal irraa fudhatu qaba. Dubbiin dachaa baha dhi'oo kan ittiin jabeessan galhima yookaan qooqa hin qabu (rukkutaa garuu qaba).

C. Israa'el irraa gara Kaaba Ugaaritti (Ras Shamiraa) argannoo boca durii dibbi dacha Kakuu Moofaa akka gargaaranii fi beektoota gargaareera. Dubbiin dacha kun Dhaloota Kristoos dura jaarraa kudha shanaffaa dubbii dacha Macaafa Qulqulluu wajjin wal qabata ifaa ta'e qaba.

**II. Wali gala amala dubbi dacha**

A. Kan cuunfamee dha.

B. Inni dhugaa, miira, muxannoo wantoota sammu keessatti fakki uuman ibsuudhaaf yaala.

C. Inni duraan dursee kan barreefamaa ture, kan jechaanii osoo hin taane. Qindeefamni isaa ol ka'aadha. Caaseemani kunnis kan inni mul'isuu
1. Galhimawwan wal madaalan (wal cinaan)
2. Tapha jechaa
3. Tapha sagalee

III. Caasefama R. K.Harseen seensa Kakuu Moofaa fuula 965-975

A. Phaaphaasi Robeerti Lowuz macaafa isaa keessatti, barnoota qulqulluu dubbii dacha Ibirootaa (1753) dubbi dacha Macaafa Qulqulluu akka yaada bifa wal madaalaa galhimaa qabsiisuudhaan kan dursu ture. Hiiki ingilliffaa ammayyaa kan isaan irraa ijaaraman galhima dubbi dacha argisiisuudhaaf.
1. Wal fakkaatee _ galhimii isaa wal fakkaataa kan ta'ee yaada jecha adda addaatiin ibsu:
    a) Faarf. 3:1, 49:1, 83:14, 103:13
    b) Fakkeenya 19:5, 20:1
    c) Isaayaas 3:1, 10
    d) Amoos 5:24, 8:10
2. Faallaa – sararrii isaa yaada wal falleessu ibsu, faallaa alta'aa fi sirrii kan ta'ee teesisuun :
    a) Faarfannaa 1:6, 90:6
    b) Fakkeenya 1:29, 10:1, 12, 15:1, 19:4
3. Wal makaa – kan itti fufan lama yookaan sadii sararri yaada isaa gabisu – Faarf. 1:1-2, 19:7-9, 29:1-2
4. Kan wal makee – dubbiin dacha garee ergicha kan isaan dabarsan achi gadii fi achi ol kan ta'e tartiiba duraa boodaatiin. Tuqaa guddaan kan argamuu gareen isaa gidduu irratti.

B. Birigi macaafa isaa keessatti qayyabannaa qulqulluu sagalee isaa seensa wali gala (1899) dubbiin dacha Ibirootaa yaada bal'aa kennuudhaaf sadarkaa itti fufuu qopheessera:
1. Fakkeenyi – galhimi tokkooffaan akkuma jiruttii fi fakkiduun lamaffaan, faarfa. 42:1, 103:3.
2. Kan haalaa yookaan kan ittiin ba'aan kan fakkaatuu – galhimichi itti dabalaa bifa deemuun dhugaa ibsa Faarf. 19:7-14, 29:1-2, 103:20-22.

3. Kan of jaallatuu waan namootni biraan godhan keessa galuu hin barbanne – galhima itti fufiinsa ta'ee yeroo hundumaa yoo xinaate afur, isaanis sarara isaa irratti caasefama keessaa kan walitti firooman 1 hanga 4 fi 2 hanga 3 –Faarf. 30:8-10a

C. J.B. Gireyii macaafa isaa keessatti, bifa dubbii dacha Ibirootaa (1915) yaad-rimee galhima madaalu kan ta'an ni guddisu,
   1. Madaalli xumurame – sarara tokkooffaa kan qabu tokkoon tokkoon jechi sarara lamaffaa irratti kan argamu jecha yeroo irra deebi'amu yookaan madaalawwaa yeroo ta'u – Faarfa. 83:14 fi Isaa. 1:3
   2. Kan hin xumuramne galhima madaalaa dheerina wal fakkaataa osoo hin qabaatiin Faarf. 59:16, 75:6

D. Har'a Ibirootatti kan itti fannoojedhamee kan waamamuu garee caasefama barreefamaa beekamtii argachuun guddachaa dhufeera innis mallattoo kan inni itti godhu wal cina galhimaa lakkoosfa hir'uu yeroo ta'uu, boca birciqoo sa'a tokkoo qaba, giddu galeessi boca isaa cimsa kan inni itti laatu.

E. Dubbi dachaa keessatti walumaa gala kan argaman gosa garee sagalee, ha ta'uu malee dubbii dacha warra bahaa keessatti yeroo hundumaa kan hin argamne
   1. Qubeetti kan fayyadamuu (hiphoo, Faarfa.9, 34, 37, 119, Fakke. 31:10, Faaru Ermi. 1-4)
   2. Dubbifamaatti kan fayyadamuu (kan dubbifamaa, Faafr. 6:8, 27:7, 122:6, Isaa 1:18-26)
   3. Dubbachiistuutti kan fayyadamuu (kan dubbachiiftuu Uum. 49:17, Ba'uu 14:14, Hisq 27:27)
   4. Irra deddeebi'ee kan fayyadamuu, sagalee wal fakkaataa kan qaban jechoota garuu hiika adda addaa kan qabaatan
   5. Jechawwan yeroo jedhaman akkuma mogaafamanitti wantoota kan qaban jecha sagalee qabuun fayyadamuu
   6. Bantuu adda ta'ee fi cuftuu (hundumaa kan of keessatti qabatu)

F. Kakuu Moofaa keessa dubbi dacha gosa heeddu qaba. Warri tokko tokkoo isa wajjin kan adeeman warri tokko tokkoo immoo boca isaati wajjin kan adeemanii dha.
   1. Faarfannaa kennamuu – Seer. Lakk. 21:17-18
   2. Faarfaannaa hojii – (eerameera garuu hin galmeefamne Abboota firdi 9:22), Isaa. 16:10, Ermi 25:30, 48:33
   3. Walaloo yookiin faarfannaa seenaa wayii himu (walaloo gootumaa) – Seera lakk. 21:27-30, Isaa 23:16
   4. Faarfannaa dhugaati – alta'aa Isaa 5:11-13, Amos 6:4, fi kan sirri ta'ee Isaa 22:13
   5. Walaloo jaalalaa – Macaafa weedu weedoota, hiphoo cidhaa, abboota firdi 14:10-18, faarfannaa cidhaa Faarf. 45
   6. Gadaa- faarfannaa boo'ichaa (eerameera garuu) hin galmeefamne, 2$^{ffaa}$ Saamu.1:17 fi 2$^{ffaa}$ Seena 35:25) 2$^{ffaa}$ Saamu. 3:33, Faarf, 27, 28, Ermi 9:17-22, Faaruu, Hisqel. 19:1-14, 26-17-18, Nayimi. 3:15-19
   7. Faarfannaa lolaa – Seer. Uum. 4:23-24, Ba'u 15:1-18, 20, Seer. Lakk. 10:35-36, 21-14-15, Iyaa. 10:13, Abbo.Firdi 5:1-13, 11:34, 1$^{ffaa}$ Saam. 18:6, 2$^{ffaa}$ Saamu. 1:18, Isaa. 47:1-15, 37:21
   8. Eebba addaa yookaan eebba geggeessaa – Seer.uum. 49, Seer.lakk. 6:24-26, Keessa.deeb. 32, 2$^{ffaa}$ Saamu.23:1-7
   9. Barreefama moortuu – Bala'aam Seer. Lakk. 24:3-9
   10. Walaloo qulqullaa'an – faarfaanna
   11. Walaloo walqaxamuraa (acrostic )- Farfa. 9, 34, 37, 119, Fakke. 31:10 fi Faaruu 1-4
   12. Abaarsa – Seer.lakk. 21-22-30
   13. Walaloo ceephoo – Isaa 14:1-22, 47;1-15, Hisq28-1-23
   14. Macaafa walaloo lolaa (Jaashaar) – Seer. Lakk. 21:14-15, Iyas. 10:12-13, 2$^{ffaa}$ Saamu. 1:18

**IV. Qajeelfama dubbii dacha Ibirootaa hiikuudhaaf**

A. Buusaa yookaan dhugaa giddu galeessa kutaa sanaa barbaadi (kun holooloo keessatti akka keeyataati.) RSV hiika ammayyaa jalqabaa ture, dubbi dachaa buusaa buusaadhaan adda baasuudhaaf. Hubannoo jabaa hubachuudhaaf hiikoota ammayyaa wal dorgomsiisi.
B. Qooqa fakkiduu irratti fi holoolodhaan ibsi. Ogbaruun akka kanaa baay’ee kan of keessatti qabatee ta’uu yaadadhuu, wanti baay’een isa dubbisuun akka guutamu itti dabalameera.
C. Dhimma dheeraa ta’ee kan qabatan walaloo qabiyyee kan barreefamaati waajin walitti firoomsuu kee mirkaneefadhu (yeroo baay’ee macaafa guutuu) fi seenaa Yoomessaa.
D. Aboota firdii 4 fi 5 baay’ee kan gargaaranii dha, dubbiin dacha akkamitti seenaa akka ibsan ilaaluuf. Abbootni firdii 4 holooloo dha, akkasumas abbooti Firdi 5 dubbii dachaati, tibba wal fakkaatuu (dabalataanis Ba’uu 14 fi 15 wal dorgomsiisi)
E. Kan itti dabalaman gosa walcinaan adda baasuudhaaf yaali, wal fakkaataa yoo ta’ee, faallaa, yookaan wal makaa. Kun baay’ee faayida qabees

**DABALATAA TORBA**
**OGBARUU OGUMMAA IBIROOTAA**

I. Shaarbee
   A. Gosa barreefama baratameeti, kan durii baha dhi'o o ®.J.Willihams, "ogummaa baha dhi'oo durii," galmee jechootaa hiika macaafa qulqulluu, dabalataan)
      1. Mesipotaamiyaa (1ffaa Mooto. 4:30-31, Isaa. 47:10, Daan.1:20, 2:2)
         a. Sumeriyaa kan guddatee aadaan ogummaa qaba, lamanuu fakkeenyannis ta'ee walaloo seenaatiin (barreefamoota Nipuur).
         b. Fakkenyi ogummaa Babiloon lubba irraa/moortuu wajjin wal qabata. Saffuu irratti kan xiyyaafatuu miti (W.J. Lambert, ogbaruu ogumaa barreefamaa Babiloon).innis Isiraa'eliin kan jiru sharpee guddachaa ture miti.
         c. Soriyaannis aadaa ogummaa qaba, fakkenya tokkoo kan nuuf ta'uu barumsa Ahiku'ar dha. Inni gorsaa Seenakireem ture (Dhaloota Kristoos dura704-681).
      2. Gibxii (1ffaa Mooto. 4:30, Seer. Uum.41:8, Isaa. 19:11-12)
         a. "Barumsa Viziyer Pitahi-Hotep," naannoo Dhaloota Kristoos dura bara 2450 kan barreefame. Barsiisi isaa keeyaataan ture, bifa fakkeenyaatiin osoo hin taane. Isaan kan isaan caaseefaman abbaa irraa gara mucaatti ture, akkasumas immoo, "barsiisa Meeri – Ka-re," nannoo bara 2200 (Laasor, Hubardii, Buush, qo'annoo wali galaa Kakuu Moofaa, fuula 533).
         b. Ogummaa Amen –Em- Opet, naannoo bara 1200 kan barreefame, Fakkee.22:17-24:12 wajjin baay'ee wal fakkaata.
      3. Fiinqee (Hizq.27:8-9, 28:3-5)
         a. Argama Ugareetitti ta'een Fiinqeedhaa fi ogummaa Ibirootaa gidduu walitti dhufeenyi eegame jiraachuu argisiseera, keessayyuu safartuu qusanoon. Baay'een isaani macaafa qulqulluudhaan ogummaa ogbaruu kan qaban kan hin baratamne bocowwaani fi jecha darbe darbee amma hubachuudhaaf mijaa'aa ta'eera, Raas-Shaamira (Ugareet) kan godhamee kan durii argama qorannoo boca durii irraa kan ka'e.
         b. Weeduun weedootaa kan fiingee faarfannaa cidhaa wajjin baay'ee wal fakkaata, wasps jedhamanii kan waamaniif tilmaamaan Dhaloota Kristoos durabara 600 kan barreefaman.
      4. Kana'aan (jechuun, Edoom, Ermi.49:7, Abidiyu 8) – Olbirayiti mul'iseera, Ibirootaa fi Kana'aaniin ogummaan ogbaruu keessayyuu barreefamoota Raas Shaamiraatiin Ugaareeti irraa gidduu isaanitti wal fakkeenyi akka jiru, isaanis tilmaamaan Dhaloota Kristoos dura jaarraa 15ffaa kan barreefame.
         a. Yeroo hundaa jechooni wal fakkaatoon lamaan ni ta'u
         b. Galagaltoon jiraachuu
         c. Barreefama mataa duraa qabu
         d. Nootaa muuziqaa qabuu
      5. Qulqulluu sagalee isaa ogummaa ogbaruu kan Isiraa'eel kan hin taanee barreefamoota baay'ee of keessatti qabata:
         a. Iyoob Edoom irraa
         b. Aguur Maasaa irraa (Sahudi Arabiyaa kan turee mootii Israa'eel (Uum. 25:14 fi 1ffaa Seenaa 1:30)
         c. Limu'eel Maasaa irraa
      6. Macaafni Yihudootaaa lama kan Macaafa Qulqulluu dhugaa hin taane jiru, gosa sharpee kana kan qoodatan.
         a. Macaafa lallabaa (ogumaa Been Siraak)
         b. Ogummaa Solomoon (ogummaa)
   B. Amala og baruu
      1. Durummaadhaan gosa adda adda ta'aanii dha

a. Qajeelfa fakkeenyaanii, gammachuuf, jireenya milkaa'aa (olaantummaadhaan afaaniin, Fakke. 1:8, 4:1)
   1) Gabaabaa
   2) Salphaatti aadaadhaan kan hubatan (muxanoo baratame)
   3) Yaada kan kakaasuu – ibsawwan dhugaa himaa
   4) Yeroo hundumaa faallaa kan fayyadaman
   5) Dhugaa wali gala ta'ee garuu yeroo hundumaa adda ba'anii hoji irra kan hin oole
b. Mata duree adda, hojii barreefamaa guddisaa fi cimsaa kan dhufan (barreefama guyyaa guyyaa) akka Iyoob, lallaba fi Yoonaas.
   1) Haasaa dheeraa kan nama tokkoon godhamuu
   2) Haasaa (kan afaanii yookaan kan barreefame)
   3) Barreefama gabaabaa (dhimma tokko irratti)
   4) Jireenya irratti gaaffiillee fi icitii irratti kan xiyyafatanii dha
   5) Namootni gurguddoon haala barumsa afuuraa dandamachuuf fedhi qabu turan.
c. Kan ogummaa fakkiduu namumeessaa ta'uu (yeroo hundaa saala dhalaa). Ogummaa jechi jedhu dubartiin ture.
   1) Fakkeenya irratti itti fufeenyaan ogummaan kan isheen mul'atuu akka dubartiitti(cf. 1:8-9:18)
      (a) Bifa sirriin
         i. 1:20-33
         ii. 4:6-9
         iii. 8:1-36
         iv. 9:1-6
      (b) Alta'aa
         i. 7:1-27
         ii. 9:13-18
   2) Fakkeenya 8:22-31 ogummaan akka namumeessaa uumama duraa ta'eera, isaanis Waaqayyoo waan hundumaa kan uume (3:19-20, Faarf.104:24, Ermi. 10:12). Kun tarii kan Yohannis kan logos (Loogoos) jalqabi fayyadamaa ta'a Yoha. 1:1 irratti, Yesuus Masihii ilaaluudhaaf.
   3) Kunnis Lallaba 24 irratti dabalataan in mul'ata.

2. Ogbaruun kun kan adda ta'ee dha, seeraa fi raajoota (Er.18:18) achummaan kan nama dhuunfa malee sabaaf kan ga'u miti.kan seenaa yookaan seera waaqeffannaa kan eeruu hin qabu. Inni durummaan kan xiyyafatuu kan guyyaa guyyaa, milkaa'aa, gammachiisaa, jireenya safuu irratti.
3. Macaafa qulqulluun ogbaruu ogummaa ollaa naannoo wajjin caasefamuu irratti wali gala, qabiyyeen osoo hin taane.Waaqni dhugaa tokko hundee dha, ogummaan Macaafa Qulqulluu hunduu kan irratti hundaa'ee (Fakkeenya Seer.Uum.41:38-39, Iyoob 12:13, 28:28, Fakke.1:7, 9:10, Faarf.111:10).Babiloon Apisuu, EA yookaan Marduuk ture. Gibxitti Tooz ture.
4. Ogummaan Ibirootaa baay'ee hojii irra kan oolu ture. Inni kan irratti hundaa'ee muxannoo irraa malee mul'ata adda hin qabu ture. Inni kan inni xiyyaafatuu jireenya mulkaa'aa nama dhuunfaa tokko irratti ture (jireenyi hundumtuu, qulqulludhaa fi kan amantaa kan hin taane). Inni kan afuuraa "gosa firdii hojiin mul'atuu ture" dha.
5. Ogbaruun ogummaa yaada namootaa, muxannoo fi sababa itti yaaduun, fayyadamuu, inni guutummaa biyya lafaa, qaama aadaati. Inni kan Waaqa tokko kan amantii ilaalcha biyya lafaati, yeroo hundaa cimsan kan hin fudhatamne, sunnis ogummaa Israa'el kan ibsaa godhe.

II. Ka'umsawwan yaadamuu qaban
   A. Ogbaruun ogummaa Israa'elitti guddachuu kan danda'e kan kan biroo bifa mul'inaatiin akka fillanootti yookaan madaalitti ta'eeti. (Erm.18:18, Hiz.7:26)
      1. Luba- Seera- boca (kan walitti qabate)

2. Raajaa- nama tajaajila gorsa amansiisaa ta'ee kennuu danda'u – yaada keessaa (kan of keessatti qabate)
3. Ogeessa – ogummaa – kan hojiini, milkaa'aa jireenya guyyaa guyyaa (kan dhuunfaa)
4. Israa'eeliin raajootni dubartoota akka turan hundumaa (Maariyaam, Huldaahi) akkasumas immoo dubartootni ogeetiin turaniiru (2ffaa Saamu. 14:1-21, 20 14-22).

B. Kan akkassi ogbaruun guddachaa dhufuu kan danda'e :
   1. Akka seenaa afaanii abidaan naannoo namootni jiranitti
   2. Akka aadaa maatitti, gara mucoollii dhiiraatti akka darbu
   3. Mana mootummaa mootii keessatti kan raawwatamanii fi kan deggeraman:
      a. Daawiti faarfannaa wajjin wal qabata
      b. Solomooni fakkeenya wajjin wal qabata ((1ffaa Mooto. 4:29-34, Faarf.72 fi 127, Fakke.1:1, 10:1, 25:1)
      c. Hizqeel ogbaruu ogumaa qopheessuudhaan wal qabata (Fakke. 25:1)

III. Kaayyoo

A. Inni hundeedhumaan kan "akkami" xiyyaafanoo dha, gammachuudhaaniifi milkaa'uumadhaan. Inni durummaan nama dhuunfaa irratti kan xiyyaafatee dha.inni kan inni hundaa'ee
   1. Muxannoo dhaloota darbanii
   2. Argama sababa fi bu'aa, jireenya keessatti
   3. Waaqayyoof amanamuun badhaasa akka qabu (Kees.Deeb.27-29)

B. Inni karaa haawasichaa ture, dhaloota dhufaniif geggeessa fi lammiwwan dhugaa daddabarsuu fi bakka leenjii.

C. Ogumaa Kakuu Moofaa, ammam illee isa yeroo hundumaa ibsuu yoo baatees, Waaqni kakuu jireenya hundumaa irratti ni ilaala. Ibirootaatti lakkosfi ramaddii malee kan qulqulla'ee fi biyya lafaa gidduu hin ture. Jireenyi hundumtuu kan qulqullaa'e ture.

D. Inni kan aadaa barumsa afuuraa kan dandamatuu fi kan madaallii ture. Ogessoonni bilisaan kan yaadan turan, dhugaa macaafan kan hin hojjetamne. "Maaliif," "akkamitti," maal ta'ina?" jedhanii gaaffachuuf ija jabaatu turan.

IV. Furtuwwan hiikaa

A. Barreefamoota fakkeenyoota gagabaa
   1. Dhugaa ibsuudhaf faayida irra kan oolan kan jireenya wantoota barataman barbaadi.
   2. Dhugaa giddu galeessa ibsa himaa salphaadhaan ibsi.
   3. Qabiyyee barreefama isaa dubbifama wal cinaa mata-duree wal fakkaataadhaan barbaaduudhaaf hin gargaaru.

B. Kutawwan barreefama dhedheeraa
   1. Dhugaa giddu galeessa guutuu ibsuudhaaf mirkaneefadhu.
   2. Lakkoofsota isaa qabiyyee barreefamichaa irraa adda baaftee hin fudhatiin.
   3. Kan barreefamichaa tibba seenaa yookaan sababa isaa ilaali.

C. Wantoota salphaa hirina hiikaa (Fii fi Situwarti, Macaafa Qulqulluu faayidaa isaa guutuu wajjin waa'ee dubbisuu fuula 207)
   1. Namootni guutummaa macaafa ogummaa hin dubbisan (kan akka Iyoobii fi macaafa lallabaa) akkasumas dhuga giddu galeessa hin barbaadan ha ta'uu malee kutaa macaafichaa qabiyyee barreefama isaa irraa osoo harkisanii akkuma jirutti jireenya ammayyaatiin hoji irra ni oolchu.
   2. Namootni shaarpee barreefamaa addummaa isaa hin hubatan. Kun heeddu kan of keessatti qabatee fakkiduu baha dhi'oo durii ogbaruu dha.

3. Fakkeenyootni  ibsa dhugaa wali galaati. Isaan barreefama bal'aa yeroo ta'an dhugaa adda ta'ee qabaachuu dhiisuu danda'u sababa isaatti, yeroo isaatti, ibsa dhugaa.

V. Fakkeenyawwan macaafa qulqulluu
   A. Kakuu Moofaa
      1. Iyoob
      2. Faarf. 1, 19, 32, 34, 37,  (hiphoo), 49, 78, 104, 107, 110, 112-119 (hiphoo), 127-128, 133, 147, 148
      3. Fakkeenyawwan
      4. Macaafa lallabaa
      5. Weeduu weedoota
      6. Faaruu(hiphoo)
      7. Yoonaas
   B. Kan kana fakkaatan safartuu (macaafawwan qulqulluu fudhatama qaban)
      1. Xoobiiti
      2. Ogummaa Biin Siraak (lallaba)
      3. Ogummaa Solomoon (macaafa ogummaa)
      4. IV Maqaabiyaa
   C. Kakuu Haaraa
      1. Luqisii Yesuusii fi fakkeenya isaa
      2. Macaafa Yaaqoob

**DABALATAA SADEET**
**BARREEFAMOOTA BARA DHUMAA (APOOKALIPTIK)**

(Mata dureen addaa kun kan inni fudhatamee ibsa yaada bal'aa koo macaafa mul'ataa irraati)

I. Mul'atii shaarpe barreefama addaa Yihudootaati, raajii bara dhumaa, (Apokaaliptiki). Innis yeroo hundumaa faayida irra kan oolu yeroo dhiphinaan guutu dha, gara kutannoo ibsuudhaaf, jechuun Waaqayyo akka seenaa to'atuu fi saba mataa isaatiif fayyina akka fidu. Barreefamni akka kanaa amala isaati
   A. Wali gala olaantummaa Waaqayyoo miira cimaa (kan murnaa fi murtii dursaa)
   B. Waan hamaa fi gaarii gidduu kan jiru wal'aansoo, bara ammaatii fi bara dhufuu (kan lamanuu)
   C. Kan icitii jecha addaa fayyadamuu (yeroo hundumaa Kakuu Moofaa irraa yookaan brreeffama kakuu lamaan giddu galeessa turan ogbaruu kan Yihudootaa Apokaliptik)
   D. Halluwwan, lakkofsoota, lubbu qabeeyyi, al tokko tokkoos lubbu qabeeyyii/namoota fayyadamu
   E. Giddu galuu maleekaa bifa mul'ataa fi abjuun fayyadamuun yeroo hundumaa garuu giddu galuu kan maleekaa
   F. Dursuun kan inni irratti xiyyafatuu bara dhumaa irrati (bara haaraa)
   G. Kan murtaa'aan walitti qabama fakkeenya fayyadamuu, dhugaa osoo hin taanee, ergaa bara dhumaa dabarsuudhaaf
   H. Shaarbeen akka kanaa fakkeenyooti muraasi
      1. Kakuu Moofaa
         a. Isaayaas 24-27, 56-66
         b. Hizqel 37-48
         c. Daani'eel 7-12
         d. Iyu'eel 2:28-3:21
         e. Zakkaariyas 1-6, 12-14
      2. Kakuu Haaraa
         a. Maatihos 24, Maari 13, Luqaa. 21 fi 1ffaa Qoro 15 (karaa wal fakkaataadhaan)
         b. 2ffaa Teso. 2 (karaa heeedduudhaan)
         c. Mul'ata (boqonnaa 4-22)
      3. Kanoni kan hin taane (D.S.Russeel irraa, ergaa fi mala kan Yihudootaa Apokaliptiki, fuula 37-38 irraa kan fudhatame)
         a. 1ffaa Heenook, 2ffaa Heenook (dhoksaaa Heenook)
         b. Macaafa Jubilis
         c. Dubbii afaani Sibiliin III, IV, V
         d. Kan kakuu abboota kudha lamaani
         e. Faarfannaa Solomoon
         f. Ibsa Musee
         g. Aarsaa ta'u Isaayaas
         h. Apokalipsi Musee (jireenya Addaamii fi Heewaan)
         i. Apokalpisi Abirahaam
         j. Kakuu Abirahaam
         k. II Isdiraas (IV Isdiraas)
         l. Baarook II, III

   I. Shaarbe kana irratti miira lamatu jira. Innis dhugaa kan ilaalatuu kan akka duraa fi aantee amala lama kan qabu kan faallawwani, yookaan yaadoota walin morkatanii dha (barreefama Yohannis keessatti baay'ee kan baratamanii dha) gidduutti
      1. Samii – ardii

2. Bara hamaa (nama hamaa fi ergamaa hamaa) – bara tolaa haaraa (namoota gaarii fi ergamoota gaarii)
3. Jiraachuu kan ammaa- jiraachuu isa dhufuu

J. Isaan kun hundumtuu garii isaan itti geggeessan Waaqayyoo fiduuf kan jiru gonfachuu dha. Addunyaan kun Waaqayyoo akka inni ta’uu kan inni barbaade miti, ha ta’uu malee fedha isaa gochuun, hojii isaatiif, karoorri isaa itti fufeera, Eden Gannatiitti kan jalqabee gamtaa firoomaa deebiisuuf. Kan Kiristoos karoora Waaqayyoo seenaa keessatti tibba jijjiramni cimaan tokko itti uumameedha, ha ta’uu malee hundumtuu dhufaatiin kan ammaa amala lama kan qabuu fidu.

## BALATAA SAGAL
## FAKKEENYAWWAN (KAN SEENAA)

**I. Fakkeenyawwan**

A. Wangeelonni kan barreefaman jireenya Yesuus booda waggaa dheeraa tureetti. Barreesitootni wangeelaa (gargaarsa afuura qulqulluu) haala aadaatiin kan baratame dubbi afaaniin kan wal qabateedha. Barsisoonni jechaan dhi’eessuudhaan ni barsiisu turan. Yesuusis xinhima jechaa kanaa ittiin barsiisuudhaafis fudhateera. Beekumsaaf kan ta’uu, barumsa isaa isa kamiifi yookaan lallaba isaa raawwatee nuuf hin barreesine. Yaadachuuf akka ta’utti, kenninsii barnootaa irra ha deebi’amu, ha guduunfamuu, fi ibsis itti godhama ture. Barreesitootni wangeelaa ragaa yaadannoo kanaa irratti fayyadamuu isaanii itti fufaniiru. Fakkenyootni inni tokkooffaan mala akka kanaati. Fakkeenyawwan ibsuudhaaf ni rakkisa:

> "Fakkeenyootni caalaatti ibsamuudhaaf kan danda’an bifa hiikaa lama akka qabaatan seenawwan, dhugan bifa seenaa kanaa kan itti qabatamuu daawiiti gargaaruu kenna" kan Yesuusii fi galmee jechoota irraa kan fudhatamee fuula 594
>
> "Fakkeenyi jechama yookaan seenaa dha, jechuun inni dubbatu cimsa itti laachuu waan barbaade irratti tuqaa isaa kan itti deddeebi’ee barsifata jireenyaa argisiisa fudhachuudhaan." Suuraa Macaafa Qulqulluu Zondorvaa irraa Insayikilopidiyaa irraa kan fudhatameefuula 590

B. "Fakkeenya" jechi jedhuu yeroo Yesuusitti hubannoo akkamii qabaachaa akka turee sirritti ibsuudhaaf rakkisaa dha
   1. Warri tokko tokkoo kan isaan jedhan, inni kan inni calaqisiisu jecha Ibirootaa mashal yeroo ta’uu, innis bifa hiphooti (Maari 3:23), jecha gamnootaa (Fakkeenyawwan, Luqaa. 4:23), jechama gabaabaa (Mari. 7:15) yookaan jechama dhoksaa ("jechama dhokataa").
   2. Kan biroon hiika seenaa gabaabaadhaa wajjin hanga murtaa’ee wal qabsiisu.

C. Inni tokko sagalee isaa akkamitti akka ibsu irratti yoo murteesees, tokko sadaffaa oli kan Yesuus kan barreefamee barnootni isaa boca fakkeenyaa qabateera. Kun irra guddeessa shaarbee barreefama Kakuu Haaraati. Fakkeenyootni dhugumatti dhugaa Yesuus dubbi mirkaneessanii dha. inni tokkoo hiika lamaffaa kan inni fudhatuu yoo ta’ee gosa seenaa gabaabaa adda addaa heedduu qabu
   1. Seenaa salphaa (Luqaa. 13:6-9)
   2. Seenaa wal-xaxaa (Luqaa. 15:11-32)
   3. Seenaa wal falleessuu (Luqaa. 16:1-8, 18:1-8)
   4. Kan ramaddii/kan Aligoorii (Maati 13:24-30, 47-50, Luqaa. 8:4-8,  11-15, 10:25-37, 14:16-24, 29-19, Yoha. 10, 15:1-8)

D. Fakkeenyooti adda addaa kun wantoota akka ta’utti qabuuf, inni tokko jechama kana hiikuudhaaf kan qabaatuu sadarkaawwan hedduudha. Sadarkaa jalqabaa kan ta’ee shaarbee Macaafa Qulqulluu hundumaa hoji irra kan oolan geggeefama hiika wali galaati. Qajeelfamni tokko tokkoo
   1. Guutummaa kaayyoo macaafichaa adda baasuu, yookaan yoo xinnaate guddaa kan ta’ee ramaddii barreefamaa
   2. Dhageefatoota jalqabaa adda baasuu. Yeroo hundumaa fakkeenya wal fakkaataa garee adda addaati fi kennuu danda’a, fakkeenyaaf
      a. Luqaas 15 irratti kan jiruu hoolaan bade cubbamoota argisiisa
      b. Maati. 18 irratti kan jiru hoolaan bade duuka buutoota argisiisa
   3. Qabiyyeen barrefama dhi’oo fakkeenya kanaa hubachuudhaaf mirkaneefadhu. Yesuus yookaan barreessaan wangeelaa yeroo hundumaa tuqaa isa guddaa ni dubbatu (yeroo hundumaa dhumma fakkeenyaa irratti yookaan isa booda battalumatti)

4. Kan fakkeenyichaa yaada giddu-galeessaa hima ibsa tokkootiin ibsi. Fakkeenyooti yeroo hundumaa lama yookaan kalatti amala gurguddaa sadii qabaatu. Yeroo hundumaa dhugaan ibsame tokkoo, kaayyoo yookaan tuqaa (seenaa) qabaata, tokkoon tokkoon kallatti amalaa.
5. Dubbifama wal cinaa wangeeloota kan biroo achi irraas macaafa Kakuu Haaraa kan biroo fi macaafa Kakuu Moofaa irratti ilaali.

E. Inni lamaffaan sadarkaan qajeelfama hiikaa wantoota kan fakkeenyaa wajjin keessumatti kan wajjin deemanii dha.
1. Fakkeenya isaa deebi'ii deddebi'ii dubbisi (yoo danda'amee dhageefadhuu). Isaan kun kan kennaman kan jecha hoji irra oolanitti malee kan ibsa bal'aa barreefamaa miti.
2. Baay'een isaanii fakkeenyootni dhugaa giddu galeessa tokko qofa qabaata, kan isaan walitti firoomanis kan lamaanuu Yesuusii fi/yookaan kan seenaa abbaa wangeelaa fi kan barreefama qabiyyee barreefamaa wajjini dha.
3. Tarreefama hiikuu irraa of eegadhu. Isaan yeroo hundaa kutaa seenaa yoomeessaa qofa dha.
4. Fakkeenyootni dhugaa akka hin taanee yaadadhu. Isaan kan jireenya fakkaatan kan wal fakkaatan yoo ta'an, yeroo hundumaa gurra guddiftuu dha, tuqicha (dhugicha) qabachuudhaaf.
5. Kan jaarraa tokkooffaa dhageefatootni Yihudii kan hubatan kan seenichaa isa olaanaa tuqawwan irratti. Isa booda kan miciramee yookaan kan ajaa'ibsiisu barbaadi. Innis yeroo hundumaa kan argamuu dhumaa seenichaa irratti (A. Barkiley Mikilisen, Macaafa Qulqulluu hiikuu, fuula 221-224).
6. Fakkeenyootni hundumtuu kan kennaman deebii miiraatiif. Deebiin sunnis yeroo hundumaa kan firoomuu "mootummaa Waaqayyoo" kan jedhuu yaad-rimee wajjini dha. Yesuus Masihichii mootummaa isa haaraa kan eebbisu ture (Maati. 21:31, Luqaa. 17:21). Isa kan dhaga'aani ammuma iyyuu deebii gochuufitu irra jiraataa!

   Mootumaan isaa immoo kan dhufu ture (Maati.25). kan nama tokkoo gara fuulduraatti kan murtaa'uu yeroo isaatti Yesuusiif akkamitti deebii akka kenneefi dha. Fakkeenyi mootummaa kan ibsan Yesuusiin kan bira ga'amee mootumicha haaraa dha. Isaanis namuusa isaatii fi gaaffii jijjirama hundee duuka-buutummaadhaaf ni ibsu, wanti tokko illee akka ture hin ta'u. Hundumtuu haala jijjirama hundeetiin haaraadhaa fi Yesuus irratti kan xiyyaafatuu dha!
7. Fakkeenyotni yeroo hundumaa tuqaa isaa yookaan dhugaa giddu galeessa isaa hin ibsan. Hiktooni yeroo hundumaa qabiyyee barreefamichaa furtuu isaa barbaaduutu irra jiraata, kunnis ka'umsuma irraa fi haala aadaatiin ifa kan ta'an dhugaa giddugaleessanii: amma garuu nuuf ifa kan hin ta'in.

F. Sadarkaan sadaffaan yeroo hundumaa kan walin nama dha'uu kan ta'ee fakkeenya dhoksa dhugaati. Yesuus irra deddeebi'ee dhokkachuu fakkeenyoota dubbateera (Maati 13:9-15, Maari 4:9-13, Luqaa. 8:8-10, Yoha. 10:6, 16:25). Innis kan inni wajjin adeemuu Isaayaas 6:9-10 wajjin. Lapheen dhageefataa sadarkaan hubannaa isaa ni murteessa (Maati 11:15, 3:9, 15, 16, 43, Maari 4:9, 23, 33, 34, 7:16, 8:18, Luqaa 8:8, 9:44, 14:35).

   Ta'us inni immoo ta'uun kan irra jiru sabichi (Maati 15:10, Maari 7:14) fi Fariisonni (Maati 21:25, Maari 12:12, Luqaa. 20:19) Yesuus kan inni qabuu sirritti akka hubatan yeroo ta'uu, ha ta'u malee amantiidhaa fi qalbi jijjirannaadhaan deebii kennuuf diduu isaaniti. Karaa tokkooni fakkeenyi lafa kana dhugaa dha (Maati 13, Maari.4, Luqaa 8).

   Fakkeenyootni dhugaa kan itti dhokkatan yookaan karaa ibsaa turan (Maati 13:16-17, 16:12, 17:13, Luqaa. 8:10, 10:23-24).

Giranti Osboriin, hiika jajjalaa, fuula 239, tuqaa isaa teesiseera

"Fakkeenyootni 'mala faallaa' dha, akkasumas kan isaan hojjetan mala adda ta'e, dhageefatoota irratti dhaabbachuudhaan gareen tokko tokkoo (geggeesitooni, namootni, duuka buutootnni) fakkeenyawwanii faallaa isaati kan isaan rukkutan." Duuka buutuuni illee yeroo hundumaa fakkeenya isaas ta'ee barumsa isaa hin hubatan (Maati 15:16, Maari. 6:52, 8:17-18, 21, 9:32, Luqaa. 9:45, 18:34, Yoha. 12:16).

G. Sadarkaa sadaffaan akkuma kana kan walin dha'amee dha. Innis kan inni dubbatuu dhugaa fakkeenya giddu galeessaa irratti. Baay'een hiktootni ammayyaa mormaniiru (akkuma kana mirkaneessuudhaan) hiika Fakkeenya Aligoorii. Aligoori, yaada bal'aa gara dhugaa seeraa ibsuutti jijjira. Malli hiika kanaa seenaa yoomeessaa, kan barreefama yoomessaa yookaaan yaada barreessaa irratti hin xiyyaafatu, ha ta'uu malee yaada hiiktootaa dhi'eessa barreefamicha osoo hin taane.

Ta'us, fudhachuun kan nurra jiru fakkeenyoota Yesuus hiikee gara Aligoritti yookaan yoo xinaate gara ramaddiitti baay'ee kan dhi'aatan ta'uu isaaniti. Yesuus ibsa yaada bal'aa isaa fayyadameera, isaanif ibsuudhaaf (sanyicha facaaftuun, Maati. 13, Maari. 4, Luqaa. 8 qotee bulaa hamaa, Maati. 21, Maari. 12, Luqaa. 20).

Fakkenyootni tokko tokkoodhugaa guddaa tokko qabu. Fakkeenya gaarii kan nuuf ta'u fakkenya mucaa isa badeeti (Luqaa. 15:11-32). Jaalalli abbaa isaatii fi rakkisaa ta'uun ilma isaa isa xiqqaa qofa miti ha ta'uu haala mucaa isaa isa guddaati malee hiika guutuu kan argamsiisu

Luqisiin gargaaruu qoratoota afaaniifi hiika Macaafa Qulqulluu Piteer Koterali f Maksii Terner,

> "Adolfii fi Gulicheer ture kan biroo irra kan caalee barnoota Kakuu Haaraa, fakkeenya barsiisaa Yesuus qabaachaa kan ture ga'ee isaa hubachuuf yaalii murteessaa ta'ee kan godhe. Fakkeenyootni bifa hamaa ta'een Aligoorii gochuudhaaf itti dabalamee furtuu isaa barbaaduuf jalqabamee ture kunnis hiika isaanii dhugaa argachuuf kutne akka keessa galuu kan nu dandeesisuu Joormiyaas ifa akka godhe garuu, 'fakkeenyoota kan ajaa'ibsiisaa fi hiika tarreefamaa hin qabatamne walaba baasuudhaaf yaalii inni godhee gara dogogora hamaa irratti isa gate.' Dogogorri isaa, fakkeenya hubachuun kan irra jiraatu yaada qeenxee tokkoo cimsuutu irra ture, ha ta'uu malee yaadichi hanga danda'ameetti gadi fagoo ta'uu qaba" (fuula 308).

Luqisiin gargaaruu kan biraan, hiika jajjalaa irraa Giraanti Osborniin:

> "Hedduu kan argisisan galmeeseera, fakkeenyawwan Aligoorii ta'uu isaanii, ammam illee to'anaa yaada barreesichaa jalaa yoo ta'anis. Biloming (1990) sirridhumatti ni falma, fakkeenyoota keessa tuqaa heedduun akka jiran hundumtuu kallattii amalaa hedduu qabu, isaan dhugumatti Aligoorii kan ta'an. Kun gosa gurra guddiftuuti, innis 'tuqaa tokkoo irraa' xinhima caalaa gara dhugaatti kan dhi'aate" (fuula 240).

H. Fakkeenyootni faayida irra ooluu kan qaban dhugaa dooktrinii barsiisuudhaa fi yookaan yaada bal'aa dhugaa doktirinii ibsuudhaafii? Hiktootni heedduun dhiibbaa irra geggeesisuu fi walin dha'amuun irra ga'eera, fakkeenyoota mala Aligoritiin hiikuun, kunnis yaada guddaa Yesuus irraa yookaan barreesitoota wangeelaa irraa, walitti dhufeenya tokko kan hin qabne irratti doktrinii hundeessuudhaaf kan isaan dandeesisu. Hiikii yaada barreessaa wajjin dirqamatti wal qabachuutu irra jiraata. Yesuusi fi barreesitootni wangeelaa yaada afuuraatiin liqimfamu jala turan, hiikni garuu hin ture.

Ta'us fakkeenyootni bifa hamaadhaan akka malee faayida irra oolanii ammas taanaan dhugaa kan sochosan, dooktrinii dhugaa ta'uu isaatiin ittiin barsiisuudhaaf tajaajilaa jiru.

“Fakkeenyootni doktrinii barsiisuu, akkasumas isaan barreefama doktriniitii fi raawwatanii hin tajaajilan kan jedhuu yaadi sirri miti…bu’aan keenya mul’atee ragaa barumsa gooftaa keenyaatiin, fi Kakuu Haaraan kan hafan wajjin mirkaneessuutu nurra jiraata. Fakkeenyootni of eegannaa ta’uun doktirinii argisiisuudhaaf, muxannoo kiristaanootaa ibsuudhaaf, hiikoota hoji irra oolan barsiisuuf faayida irra ooluu danda’au.” Pirotestaantiin hiika Macaafa Qulqulluu (fuula 285).

II. Walumatti qabaatti hiika fakkeenyaa irratti of eegachiisa kan callaqisiisan luqissii sadii ha laadhu.
   A. Macaaa qulqulluu faayidaa isaa guutuu wajjin waa’ee dubbisuu Gordeen Fii fi Doyuug Su’artii irraa kan fudhatan “Fakkeenyootni waldaa kiristaanaatti akka malee carraan hiikuu mudateera, mulatatti fufee sadarkaa lamaffaadhaan” (Fuula 135).
   B. Macaafa Qulqulluu hubachuu fi hoji irra oolchuu J.Robertson M.K Wilkiin irraa kan fudhaame, “Fakkeenyoota kan hin dubbanne burqaa eebba hin dubbatamne ta’ee ture, beekumsa saba Waaqayyoo gabbisuudhaaf, dhugaa afuuraa kan ilaalate. Yeroo wal fakkaataatis, fakkeenyooti burqaa jequumsa hin dubbatamne ta’ee ture, dooktrinii waldaa kiristaanaa hojii irra oolchuu irratti” (fuula 164).

   C. Hiika jajjalaa irraa Giranti Oosborni irraa kan fudhatamee:
   “Fakkeenyootni qulqulluu sagalee isaa irraa baay’ee bifa ol jedheen hiika wal dha’aa kan irratti godhamee kutaa macaafaa keessaa…baay’ee kan wal jijjiruu ta’ee hubachuudhaaf baay’ee kan nama rakkisuu shaarpee macaafa qulqullu. Fakkeenyooti dandeetti qunqmtii kan qaban baay’ee kan ol jedheedha, muxannoo guyyaa guyyaa irratti kan hundaa’ee kan ittiin dorgoman yookaan seenaa waan uumaniif. Ta’us, seenaan sun mataan isaa hiika heedduu qabaachuu danda’a, akkasumas dubbisaan ammayyaa isa hiikuudhaaf rakkoo baay’ee ni qabaata, dhageefatootni durii akka qabaatan” (fuula 235).

## DABALATA KUDHAN
## HIIKA JECHOOTAA

**Addoption(Mucummaa).** Kun ilaalcha duraan ture yeroo ta'u, Yesus Waaqayyummaa wajjin walitti dhufeenya qabu dha'a. yaadi isaa inni jalqabaa kan bu'ureeffattu Yesuus karaa kamiinuu nama yeroo ta'u mucummaa kan argate Waaqayyoon karaa bifa kan biraatiin jechuunis cuubaadhaan (Mat 3:17 Marq 1:1) yookiin (Rom 1:14) irratti bu'uureeffatee kan ilaalameedhaan. Yesuus kara bifa fakkeenyaa ta'een karaa kanaan akka jiraatte Waaqayyos karaa ta'umsa tokko tokkootiin ( cuubaadhaa fi du'aa ka'uumsaan) ilma mataa isaa akka ta'eef (Rom 1:14 Filp 2:9) haala ilaallateen ni agarsiisa. Beeksisni amantii kun jaarra 8ffaa tti kan ture ilaalcha waldalee kiristaanaa warra xiqqataa kan ture dha. Waaqni nama ta'e (the incarnation) agarsiisuu manna garagalche namni akkamiin akka Waaqa akka ta'e agarsiisa.

Waaqa kan ta'e Yesus Ilmi, Waaqayyummaa duraan ture jireenya fakkeenyummaa jiraachuu isaatiin Waaqayyo hulfina laateef jechuun jechaan ibsuuf ni rakkisa. Inni durumaanuu Waaqayyo erga ta'e akkamiin hulfina badhaafamaa? Innis hulfina Waaqayyummaa duraan durse jiru utuu qabuu akkmiin ulfinni dabalataa kennamaaf? Dhugumaan kana irra ga'uudhaaf nu rakkisa. Jechuunis Abbaan Yesuusiin bifa adda ta'een fedhii abbaa isaa raawwachuudhaan ulfaachuu isaa agarsiisuudhaaf ta'a.

**Alexsanderya scholl (Barsiisa Aleksaanderiyaa).** Hiiki Macaafa Qulqulluu gosa akkasii Aleksanderiya Gibxiitti jaarraa 2 ffaa tti kan jalqabameedha. Bu'uura kan taasifates qajeelfama hiika kan Fiiloo yeroo ta'u duuka buutuu isaa kan ta'e kan Plaatoo fayyadama. Mala fakkeenyummaas jedhamuudhaan beekama. Hanga bara haarominaattis waldaa kiristaanaatti itti hojjetamaa tureera. Beektonni hiikichaas Origeni fi Awugistiin. Ibsa dabalataatiif macaafa Moises Siliva, *waldaan kiristaanaa Macaafa Qulqulluu dogoggorsitee hiikteetti ta'innaa?* Isa jedhu dubbisi ( bara harraaraa 1987)

**Alexandrinus** (**Aleksaanderinus).** Kun jaarraa 5ffaa Aleksaanderiyaatti kan argame barreeffama arkaan barreeffame yeroo ta'u, keessa issatti Kakuu Moofaa, Kan mullata(Apocrypha) fi Kakuu Haaraa harka heedduu kan of keessatti kan haammatedha. Barreeffamichi hiikaa Kakuu Haaraa kan Giriikii kan ilaallateen kan caqasamu isa olaanaadha. (Maatewoos, Yohaannis, 2Qorontoos kutaa tokko tokkoottii kan fhafe) kitaabni kun maqaan isaa addaa "A" kan jedhamee fi barreeffamin kan biraa barreffamni kan Vatikan maqaan isaa addaa "B" kan jedhame. Dubbisa irratti yeroo walii galu karaa beektota Kitaaba Qulqulluu sirna seer lugaa keessatti akka isa bakka guddaa qabu taasifamanii fudhatamu.

**Allegory (carraaqqii hiika dhokataa baruuf taasifamu).** Hiiki Kitaaba Quluqulluu gosa akkasii jalqaba kan babbal'ate Aleksaanderiyaa amantii Yihudotaatiin. Iddoo olaanaa qabataa kan dhufe Fiiloo Alksaanderichaatiin. Fedhiin bu'uura amantii isaa caaffanno Qulqullaa'oon akkuma akka amantii namaa fi falaasamatti seeraatti fiduudhaan yoomessa seena qabeessa Kitaaba Qulqulluu (yeroo fi bakka) qabiyyee hoog baruu dhiisuudhaan. Caaffata Qulqullaa'oo keessatti hiika dhokataa argaman qoruu irratti xiyyeeffata. Yesuus Wangeela Maateewoos 13 irratti akkasumas Phaawuluus Galaatiyaa 4 irraatti dhugaa ibsuudhaaf fakkeenya jarri itti fayyadaman ni agarsiisa garuu kun bifa fakkeenyaa kan qabuu utuu hin ta'in bifa hoog barruu kan qabateedha.

**Analytical lexicon (Xiinxallii tarreeffama jechhootaa)** Kun tooftaa qo'annoo isa tokkoffaa yeroo ta'u tarreeffama jechoota Giriikii Kakuu Haaraa keessatti argaman addaan baasuuf gargaara. Tartiiba qubee qubee afaan Giriikii irratti hundaa'uun boocaa fi hiika isa olaana kan qabatedha. Amantoota afaan Giriikii hin dubbifneef hiika addaa waliin qabsiisee kaa'uudhaan seerluga Kakuu Haaraa keessatti afaan Giriikiitiin jiruuf tarreeffama hoogbarruu hubachuuf dandeessisa.

**Analogy of scripture(Walfakkeenya caaffata qulqullaa'oo)** Himin kun hubachiisuuf kan inni barbaadu guutumma Kitaaba Qulqulluu sagalee Waaqayyoo akka ta'ee fi waliin kan mormu osoo hin taane wal deeggaruuf akka ta'e hubachiisuudhaaf. Haalaan kan qindaa'e dhiyeessi akkasii sagalicha haala bu'uura ta'een walitti dhiyeessuun kaa'uudhaan kuta Kitaaba Qulqulluu hiika.

**Ambiguity (waan hiika tokko caalaa qabaatee karaa gara garaatiin hiikamu hiiki isaas shakkisiisaa ta'e).** Kun kan inni agarsiisu hiika shakki qabeessa kan qaban kuusaa barreeffamootaa yeroo ta'u hiika lamaa fi isaa ol yommuu qabaatu yookiin lamaa fi isaa ol kan ta'an tibba tokkicha caqasuudhaaf kan mudatudha. Yohaannis ta'e jedhee tooftaa kanatti fayyadameera.

**Anthropomorphic ()** hiiki gosa akkasii ilma namaa wajjin kan walqabate kan agarsiisu yeroo ta'u jechi isaa inni hundeen afaanii kan amantii Waaqayyo wajjin kan qabu walitti dhufeenya. Jechi isaa inni jalqabaa kan dhufe kan Girikii irraa dhufe yeroo ta'u ilma namaa jechuudha. Hiiki isaa nuyi waa'ee Waaqayyo kan dubbannu loqoda kan namummaa jechudhaa. Haala Waaqayyo bifa hawwaasumaatiin jechoota xiin sammuutiin ilmaan namootaa waliin (Seera Umamaa 38, 1Mototaa 29: 19-23) akka barreesse isa dubbate jechuudhaa. Dhugumaan kun walfakkeenya qofaadha. Sanas ta'e kana ilmaan namootaa malee itti dhimma b a'uuf akka danddeenyu gareen yookiin jechi hin jiru. Kanaafuu beekumsi nuyi waa'ee Waaqayyoo qabnu dhugaa irratti hundaa'ee muurtaa'ina akka qabu agarsiisa.

**Antiochian school (barumsisa Antsokotaa).** Malli hiika Macaafa Qulqulluu gosni akkasii warraa Asoorotaa kan ta'an Antsookotaan jaarraa 3ffaatti kan baballate yeroo ta'u, mala fakkeenyumma isa kan warra Antsookotaatiin kan wal falleessudha. Bu'uurri amantii isaas seenaa hiika kan seenaa isa kan Kitaaba Quqlqulluu irratti xiyyeeffata. Kitaaba Qulqulluu akkuma hogbarru isa kan ilma namaatti hiika. Barsiifni kun Kiristoos amala lama qaba isa jedhu barsiisa Nisxirichaa fi yookiin amala tokko qaba (waaqa guutuu fi nama guutuu) barnoota jedhuu gidduutti walii galtee dhabuu isa ka'e keessa galee akka ture ni beekama. Booda waldaa kiristaanaa Roomaan akka barumsa dogoggoraatti waan fudhatameef gara Persiyaatti yeroo demee lammaffaa ijaaramuudhaaf yoo yaalames ejjennoo gaarii kan ta'e utuu hin qabaatin hafeera. Qajeelfamni hiika bu'uuraa garu hiika kan seera qabu akka ta'uudhaaf Luterii fi Kalviiniif geggeessitoota haaromsaa (reformation) faayidaa irra ooluu danda'eera.

**Antithetical (kan faallaa).** Kun sadii keessaa gosa isa tokkoffaa kan ibsu mala kan barreeffamaa yeroo ta'u himoonni kan Ibrootaa karaa dubbii dacha kan walitti firooman agarsiisa. Hiikin isaanii kan walitti hindhufne hidd dubbii dacha walitti firoma isanii agarsiisaa. (Fak 10:1, 15:1)

**Apocalyptic litireture.**( hoogbarruu kan mullataa) kun harka caalaan karaa bifa adda ta'een gosa hogbarruu kan Yihuudotaati. Barreeffamni icciti gosa akkasii kan amma amma taasifamuudha. Qabiyyeen barreffamichaas Waaqayyo biyya lafaa akka uume guutummaan isees kan isaa akka taate furuu akka danda'u agarsiisee Israa'eeliidhaaf kaayyoo adda ta'e akka akka qabaatuu fi isheedhaaf akka of eeggatu agarsiisa. Hogbarrichi moo'ichu inni dhumaa kan argamu hirree Waaqayyo akka ta'e cimsee dubbata.

Barreeffamichi baay'ee kan fakkenyaan guutamee tilmaama yookiin abjuu irratti kan hundaa'e jechoota iccitiitu isatti baay'ata. Yeroo baay'ee dhugaa halluudhaan, lakkoofsotaan, haala tilmaama yookiin abjuu irratti kan hundaa'e, karaa ergamoota giddugaleessa godhateen, karaa jecha dhokattaatiin kan mul'atu ta'ee yeroo baay'ee hamaa fi gaarii gidduudhaan akka karaa billaa qarlamaa addaan hiree darba.

Gosi fakkeenyota kanaa tokko tokko tokkoffaa Kakuu Moofaa Ezk boqonnaa 36-48, Dan boqonnaa 7-12, Zakriyaasii fi Kakuu Haaraa immoo Mat 24; Mar 13; 2Tesl 2 fi Mullata Yohaannis irratti.

**Apologist (apologetics). (dhiifama gaafachuu)** kun hundeen jecha Grikii "ittisa seera qabeessa"kan jedhudha. Barumsa kan Kitaaba Qulqulluu keessaa kutaa barumsaa keessaa isa tokko yeroo ta'u amantii kiristaanaatiif walmorkiif ragaa ta'a.

**Prior (isa duraa).** Jechi sun duraan kan ittiin adeemsifame itti galiinsaa wajjin walitti dhufeenya cimaa kan qabudha. Akkaataan yaadii isaa karaan itti deeme duraan dursee kan ba'nii fi hiika fudhannee, qajeelfamoota, yookiis ejjennoowwan hundaa'uudhaan akka dhugaatti fudhachuudhaan itti fufuudha. Qorannoo dabalataa kamiinuu maleedhaa fi ibsa malee kan fudhannu jechuudha.

**Arianism**. (**Ariyoosummaa).** Ariyoos Aleksaanderyaa Gibxitti waldaa kiristaanaa Presbiterianiitt jaarraa 3 ffaa fi 4ffaatti kan turedha. Jabeessee kan ittiin morku Fak 8:22-31 irra jecha jiru yeroo ta'u, Yesuus duraanuu akka ture yoo fudhates Waaqayyummaa isaa ganeera. (Abbaa wajjin wal qixxaachuun irra hin jiru jedha) Phaaphaasii Alksaanderiyaa irraa mormiin kan isa mudate yeroo ta'u kuns bara haraaraa 318 kaasee walmorkii waggoota heedduudhaaf turedha. Ariyoosummaan keessumaayyuu bu'uura amantii waldaa kiristaanaa kan ba'aa ta'ee fudhatamee ture. Bara haraaraa 325tti beektonni Niqiyaatti walitti qabaman Ariyoosiin ifatanii walqixxummaa Waaqayyummaa Ilmaa cimsaniiru.

**Aristotle**. (Aristootilii). Falaasa Girikii ishee durii yeeroo ta'u baratаa Platoo fi Barsiisaa Elekisaanderi isa guddichaati ti. Dhiibbaan isaa amma ammaatti qo'annoo ammayyaa fi barsiisa irratti kan jabaatedha. Sababni kun itti ta'es hubbannaa fi mala barsiisaa karaa qabateen xiyyeefannoo waan kenneedhaaf. Kunis mala qo'annoo saaynsii isa tokko akka ta'e ni beekama.

**Autographs**. Kun mogaafama barreeffamoota Kitaaba Qulqulluu warren jalqabaatiif kan keennameedha.Barreeffamoonnii jalqabaa haraakaan barreeffaman kun guutummaa guututti badaniiru.Kan amma jiran warrabbilee waraabbilee qofaadha.Kunis qabiyyeen barreeffamoota kanaa kuniif qooqa Ibraayisxii fi kan Grikii gidduutti garaagarummaa akka uumamu taasiiseera.

**Bezae.** Kun jaarraa 6ffaatti keessa kan ture barreeffama qooqa Griikii fi laatiiniiti. Mallattoo "D" kan jedhu yoo qabaatu, Wangeeloota, hojii ergamootaa fi walii gala ergaa tokko tokko o kan of keessaa qabuudha.Kana malees barreeffamoota hedduu garaa garaa kan of keessaa qabuudha.Kitaabaa Qulqulluu Afaan Ingliizii King James jedhu kessattii hammatamuu waan qabaniif bu'uura kaa'eera.Yookiinis akka ka'umsaatti garagaarera.

**Bias** (**gama tokkoof looguu).** Jechii kun kan inni agarsiisuu,waan tokko irratti ykn Ilaalcha jalqaba ture irratti loogii ykn yaada hin sochoone qabaachuudha.Sammuun waanta tokkoon kan qabame yoo ta'e loogii taasiisuun isaa kan hin oollee ta'uu issaa nutty agarsiisa. murtii miciirama jalqaba sammuu keessa ture kan agarsiisuudha.

**Biblilical Authority**.(Aangoo Abbummaa Kitaaba Qulqulluu), Jechii kun karaa adda ta'een faayidaa irra kan ooluudha.Kana jechuunis barreessaan inni jalqabaa, baraa isaatti maal jechuu akka fedheefii amma bara keenyatti haala akkamiitiiin hojii irra oolchuu akka dandeenyu isa jiru kan haammateedha. Aangoo Abbummaa Kitaaba Qulqulluu kan inni agarasiisu Kitaaba Qulqulluu mataa isaa qofa abbaa aangoo keenya inni ta'e kan agrasiisudha.Kan ta'e ta'ee faalamnii hiikaa akka hin uumamneef hiika Kitaaba Qulqulluu karaa seena hordoofufii seer-luga karaa hordoofen qofa murteessuun ni gaha.

**Canon**. Heera.Jechii kun barrefamoota afuuraa ti jedhamanii kan itti amanaman ibsuuf kan itti dhimma bahameedha. Kunis barreeffamoota Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa lammanuu ilaalchisee kan itti dhimma bahameedha.

**Christocentric** (**Giddugaleeffama Kiristoos)**. Jechii kun kan inni itti gargaarame Yesuusiin gidduu gala ta'u isaa agarsiisuufidha.Jecha kana kan ani itti fayyadame guutummaa Kitaaba Qulqulluu keessatti yaada gooftummaa Yesuusii waliin walitti qabsisee agarssiisuufanidha.Kakuun Moofaan

garaa isaatti kan xiyyeeffatee agarssisuudha.Inniis xumura jecha isaa fi galmaasaati.(Matt 5:17-48 Ilaalii) .

**Commentary. (**Hiika Ibsituu).Kun Macaafa qo'annoo adda ta'eedha.Barreefamoota Kitaaba Qulqulluu ta'aniif seena duda dubaa bu'ura ta'e kan keenudha.Eegaa kutaa macaafichaa tokkoon tokkoon isaa ibsuuf kan yaaluudha.Tokkoo tokko haala raawwiitti hiilamuusaa irraati kan xiyyeeffatanu yammuu ta'anu, kaan ammo haala teekniikaa barreeffamichaa irratti xiyyeefatu.Kitaabooleen ibsituu akkasii kunneen baayyee fayida qabeessa. Haa ta'u malee garuu, isaanii duraa , namni qo'atu sun qo'annoo mataa isaa gaggeessuun isa irra ni eegama.Macaafooleen ibsituuwwaan kanneen kana namni fudhachuu dandda'u kan isaaf ta'u gadi fageenyaan qo'atee ta'uu qaba.Kanaafis ibsituwwaan adda addaa eejjeennoo barnoota kitaaba Qulqulluu adda addaa waliin madaalee ilaalutu filatamaadha.

